... Haadhni isaa sossobanii dadhabanii jaarsan isa gaafachiisan. Inni garuu bakka obboleeyyan kiyya itti kufan argumaleen, 'isaan yoo kufan natu isaan kaasa, ani yoon kufe isaantu ol qabee na hirkisa; biraa hin hafu," jedhee dide. Diddaa isaa yoo argan haati imaanan namatti laatanii ijoollee dhiiraa isaanii sadan ebbisanii; ija isaanii imimmaanin guutamee miira isaanii himu ofirraa sukkuumaa, imimmaan fuula isaanii guutee kokkeetti gadi yaa'u wandaboon ofirraa haxaa'aa fi onnee isaanii sodaan hoollattu obsiin ittisaa garaan haadhaa osoo diduu isaan gaggeessan. Obboleeyyan isaa lameenirra imaanaan kan laatame reefu dargaggeessa lafaa ba'uu fi dirree waraanaa argee kan hin beekne waan tureefi...

Kitaabicha Keessaa Kan Fuudhame

RAABSAA
Mana Kitaabaa Elellee
Buufata Otobusii Kutaa Biyyaa (Markaatoo)
Bilb. 0911 64-10-66

ISBN 978-99944-963-0-3
9 789994 496303 >

Gatii: 120.00

SEENAA GOOTOTA OROMOO *fi* KAAN

Shallamaa Kabbee

Seenaa

GOOTOTA OROMOO *fi* KAAN



Shallamaa Kabbee

Seenaa Gootota Oromoo

fi

Kaan

Maxxansa fooyya'aa 4^ffaa^; *Seenaa Dabalataa Waliin*

Shallamaa Kabbee Jimaa Kallachaa

©Shallamaa Kabbee Jimaa, 2011.

©Mirgi abbummaa kan eegame!

Maxxansa 1ffaa, 2007.

Maxxansa 2ffaa, 2009 (kan fooyya'e).

Maxxansa 3ffaa, 2009.

Maxxansa 4ffaa, 2011(irra deebiin kan fooyya'e)

Bilbila; +251911763959

facebook; sheleme k jima

email; shelemek@yahoo.com

Finfinnee, Itophiyaa.

Waa'ee barreessichaa

Salaale, aanaa Warra Jaarsotti ganda Hoosee keessatti dhalatee guddate. Barnoota sadarkaa tokkoffaa Fiichee Abiyoot Firee, Qacammee fi Hoosetti barate. Kan sadarkaa 2ffaa ammoo Qarree Go'aa, Fiichee fi Kuyyuutti hordofee xumure. Digrii jalqabaa afaan Ingilizii fi Ogbarruun Yunvarsitii Finfinneetii yoo ebbifamu, digrii 2ffaa isaa Ogbarruu afaan Ingiliziin fudhateera.

Barnoota xumuree hojii akka jalqabeen koolleejjii keessatti afaan Ingilizii fi afaan Oromoo barsiisaa ture. Mana barnoota sadarkaa lammaffaa keessattis afaan Ingilizii barsiisun duuka buutota ciccimoo hedduu egere addunyaa jijjiiruu danda'an horateera.Gaazexeessaa fi ogeessa koomuniikeeshinii ta'ees biyyi waan fakkaattu qalbiin suuraa kaafateera. Ammas gaazexeessummaa fi barreessummaan biyya isaa tajaajilaa jira.

Gumaacha barreessichaa; 'English in Use; Volume 1-3', Caas-luga Afaan Oromoo, 'Afaan Oromo Linguistics', 'English for Communications', 'Writing Skills in Afaan Oromoo', 'Business English', akkasumas Seenaa Gootota Oromoo fi Kaani fi dhiyeenyammoo 'Oromo Nationalism' gabaarra oolchera.

Galata

Wareegamtoota fi sabboontota, qeerroo fi qarree maraaf!

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

1.Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu ----------7
2.Agarii Tulluu----------22
3.Sheeh Tolaa----------52
4.Dajjaazmaach Gabramaaryaam Gaarii Godaanaa----------55
5. Fiitawraarii Haabtagiyoorgiis Diinagdee ----------57
6. Fiitawraarii Gabayyoo Gurmuu----------61
7. Abuna Pheexroos/Magarsaa Badhaasaa/ ----------67
8. Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa----------75
9. Koloneel Abdiisaa Aagaa----------77
10.Garbii Bultoo ----------81
11.Fiitawraarii Dhugumaa Jaldeessoo----------84
12.Maammoo Mazammir ----------88
13.Haylamaaryaam Gammadaa----------96
14.Hajii Adam Saaddoo----------102
15. Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa----------106
16. Koloneel Alamuu Qixxeessaa----------109
17.Balaay Zallaqaa Qilxuu(Abbaa Koostir)----------115
18.Abbichuu Bayyanaa Qorichoo----------124
19. Sheek Abdulkariim Ibraahim Hamiid----------145
20. Fiitawraarii Firrisaa Shuuramuu----------154
21. Jeneraal Huseen Bunee Daraaraa----------161
22.Koloneel Galaan Urgeessaa----------173
23.Taayyee Tafarraa Gumaa ----------179

24.Guddinaa Tumsaa ----------183
25.Baaroo Tumsaa----------190
26.Oliiqaa Dingil Bookaa; goota baddaa Sayyoo----------197
27. Elemoo Qilxuu ----------204
28. Kabbadaa Buzunash ----------207
29. Ahmad Taqii Sheek Mohaammad Rashiid ----------216
30. Jeneraal Waaqoo Guutuu----------220
31.Haylee Fidaa Kumaa: abbaa qubee ----------234
32. Tasfaayee Dinqaa Yaaddessaa----------242
33. Mohaammad Zaakir Meeyraa----------245
34.Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo----------250
35.Garasuu Dhukii----------253
36. Leenjisoo Diigaa ----------255
37. Bakar Waaree----------261
38. Abiishee Garbaa ----------267
39. Baqqalaa Mokonnon----------270
40. Koloneel Aliyyii Cirrii----------274
41. Koloneel Hyiluu Rggaasaa----------282
42. Goobanaa Daaccee----------288
43. Fitawraarii Muluu Hasanuu----------309
44. Dooluu Jiloo----------315
45.Xulaa Duubee----------322
46.Badhaadha Dilgaasaa----------326
47.Guutamaa Hawaas----------332
48. Laggasaa Wagii----------335
49. Magarsaa Barii----------338

50.Nadhii Gammadaa----------341
51.Kumalaa Jaatanii Alii Tandhuu----------343
52. Badhoo Dachaasaa----------347
53.Aslii Oromoo----------354
54.Warqituu, mootii Walloo----------357
55. Abbaa Jifaar----------359
56. Mahaammad Alii fi Iyyaasuu----------361
57. Warra Leeqaa----------366
58.Zawdee Jaankaa, Alamuu fi Haaylamaaryaam Maammoo----------369

Wabiilee

Seensa

Ummanni Oromoo ummata seenaa guddaa qabu ta'ee osoo jiruu, seenan isaa kaanin xiqqeeffamee nutti himamaa guddanneerra. Kun ammoo nutis irratti hojjechaa akka hin turre kan muul'isu. Hojjennus awwaallamaa ture. Kan ormaa dhiisnee, ofiifuu cimina ummata keenyaa baasuf barreessinee kaa'uf wanti hojjenne ammallee reefu kichuudha.

Oromoon biyya ijaaruu keessattis taanan shoorri inni tabate jabaadha. Qoodni abbaa biyyummaa isaas eenyumaa gadi kan isa taasisuu miti.Ummata keessummaa ykn darabduus miti. Biyyaaf wareegamuu irrattis taanan adda dureedha. Galata hin qabu malee. Oromoon qabsoo ofiin of bulchuu gurguddoo gaggeessera. Qabsichi sirnoota bittaa toora birootii ka'aniin qofa osoo hin taane ilmaanuma isaatin illee cabaa fi duubatti deebi'aa ture.

Kitaabni kun seenaa namoota beekkamoo Oromoof dhuunfaa fi gareen gumaacha taasisanii fi qabsoo inni gaggeesses kan duubatti mucuceessanii ormatti guguran kaasun seenaa Oromoo ilaala. Mirga ofiin of bulchuuf osoo qabsaa'uu dabarsanii kan isa kennanis maalif akka ta'e kitaaba kana keessatti kaasen xiinxaluuf yaala. Barreeffama qorannoo seenaa kana keessatti hamman milkaa'ee odeeffannoo argadhe qofan deemuu danda'e. Booru nama seenaa Oromoo qoratuuf garuu hojiin kuni ka'umsa gaarii ta'a jedheen amana.

Qabsoon Oromoo takkaa fulduratti deemaa, takkaammoo duubatti sirgigaachaa waan tureef; rakkoo fi cimina ture xiinxaluuf mata-duree kitaaba kanaa "Seenaa Gootota Oromoo fi Kaan" jedheenira.

Dubbisa gaarii

1. Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu

Taaddasaan godina Shawaa Kaabaa; Salaale aanaa Hidhabuu Abootetti Siree Madihaane'aalamii iddoo jedhamutti abbaasaa Birruu Kennee fi haadhasaa aadde Boontuu Waaqjiraarraa bara 1914 dhalate.

Taaddasaan haadha warraasaa aadde Warqaababaa Madihin irraa ijoollee; Almaaz (Misraaq) Taaddasaa, Tsahaay Taaddasaa, Ballaxee Taadasaa, Kaasaa I Taaddasaa, Kaasaa II Taadasaa(guddifannaa), Muusee Taadasaa fi Maartaa Taadasaa horateera.

Harargee Galamsotti aadde Lulee Warqee Diinagdee, Taaddasaadhaf Darajee Taaddasaa da'uu himti. Ijoollen Taaddasaa kan aadde Warqaababaarraa dhalatan garuu dubbichi akka sirrii hin ta'in falmu. Hundaafuu ani kana caalaa dubbii maatii keessa seenuu hin barbaadu waan ta'eef; kanumaan irra darbeera.

Muusee fi Maartaa Taaddasaan bara Faranjootaa Muddee 2017 Raadiyoon Finfinnee waliin turmaata taasisaniin Ameerikaa Waashiingitan akka jiraatan ibsaniiru.

Obbo Birruun weerara Xaaliiyaanii qolachuuf manaa ba'anii faashistoota fi baandotaan rukutamanii dirree waraanarratti kufan. Haati

warraasaanis rifaatun ji'oota 3f dhukkubsachaa ega turanii booda addunyaa tanarraa boqatan. Taaddasaanis ijoollummaatti abbaa fi haadha malee hafe. Umrii kanattis akka daa'imman kaanii haadha fi abbaatti beela fi dheebuu isaa osoo hin himatin guddate.

Taaddasaan faashistoota Salaale qabatan hiriyoota isaa waliin bosona seenun ba'aa gala dhoorke. Xaaliyaanonnii baandota Salaaletti fayyadamuun Taaddasaafaa to'annoo jala oolchunis hidhaaf Somaaliiyaatti dabarsanii geessan.Ega hidhaa keessatti dararamaa turaniin booda xumura Waraana Addunyaa IIffaa irratti gareen Faashistootaa gaafa injifatamanii baqatan, Taaddasaan loltoota Ingilizii Faashistoota karaa Baha Afrikaatii ari'an keessatti miseensa ta'ee hiriirun dandeettii fi aarii qabuuf isaanitti argisiise.

Ingiliizoonni dandeettii isaa arganis leenjii loltummaa Keeniyaa Mombaasaa dhaqee akka argatuuf isa ergan. Leenjichas gaafa xumuru ajajaa shantamaa ta'uun muudame.

Taaddasaan Faashistoonni hanga biyyaa baatutti goota lafa qabatee lole ture. Shaalaqaa ykn kumalaan 3^{ffaa} Itiyoophiyaa gaafa hundeeffamu innis miseensa fi ajajaa addichaa ta'uun Shaalaqaa Baashaa ta'ee muudame. Amajjii 1934 Shaalaqaa 3ffaa irraa gara Baha Itiyoophiyaa loltoota adda Harargee jiranitti jijjiirramee itti aanaa ajajaa dhibbaa ta'ec muudame. Baruma kana Wiirtuu Leenjii Hoolotaa Gannat seenuunis barnoota loltummaa ega barateen booda hojii hojjechaa ture.

Waggoota sadiin booda bara 1937 wiirtichatti deebi'ee barsiisummaan tajaajilaas ture. Waggaa lamaan booda bara 1939 birgeedin 4^{ffaan} yoo hundeeffamu shaalaqaa 23^{ffaa} keessatti ajajaa itti aanaa ta'uun ergama loltummaa fudhate. Birgeedii 24ffaa keessattis yeroo baay'ee osoo hin turin aangon meejarummaa kennameef. Waggoota sadii fi ji'oota 8 booda ammoo birgeedii 3ffaa keessatti itti aanaa bulchiinsaa ta'uunis muudameet ture.

Humni poolisii biyyattii gaafa gurmaa'u bara 1947 Taaddasaan umriin isaa 33 ture. Umriisaa kanaanis aangoo Leetnaal Koloneelummaatin leenjisaa poolisii ammayyaa Itiyoophiyaa ta'ee nama muudamuu danda'e ture. Poolisoota daddafee qaqqabaa ykn humna addaa yeroo jalqabaatif leenjisee kan ebbisiises Taaddasaa ture.

Taaddasaan bara 1951 aangoo guutuu koloneelummaa argate. Waggoota 4 booda raawwii hojii barootii hojii isaatti galmeessiseen Onkololeessa 21,1955 aangoon Birgaadeer Janaraalummaa laatameef.

Hojii idilee irratti ramadame; biyyasaa tajaajiluu ciminaan hanga bara 1959; hamma mana hidhaa galutti gaggeessaan qoodasaa ba'aa turee. Hojii mootummaan alatti jijjiirramni barnootan dhufa jedhee kan amanu Taaddasaan pireezdaantii raayyaa qubee (yefidel serawit) biyyoolessaa ta'uun Oromoon akka baratuuf gumaacha guddaa taasisaa ture.

Eenyummaan Taaddasaa abbootii taayitaa Haylasillaasee tokko tokko biratti hin beekkamu ture.Dhalataa Manzees isa se'u ture jedhama. Muummicha ministiraa sirnichaa kan ture Akliiluu Haabtawaldis Taaddasaa Birruu mana isaatti yaamee irbaata nyaachaa osoo jiranuu,"Taaddasaa ati ummata hundaan baradhaa baradhaa jetta. Keessattuu Oromoon, akkanattuu akka galaanaa baay'atu.Ummanni Oromoo akka baratu gorsuun gaarii miti. Nuti ummata kana bituuf waggoota 100 nutti fudhateera. Ati isa waggaa 100 abbootin keenya itti dadhabani guyyoota muraasatti bishaan nyaachisuufi. Yoo baratan lammiilen kun nuuf waan hin ajajamneef barnoota dhoorkun ammoo gaaffii mirgaa akka hin gaafanne godha. Kanaaf of eeggannoo godhi; isa baradhaa baradhaa jettu kanas itti yaadi." yoo jedhuun miirri Taaddasaa Oromoof dhiyoo ture tuqamee madaa'e.

Taaddasaan irbaata mana Akliilutti affeerrame dhiisee nan jarjaraan biraa ba'ee deeme.Dubbiin waraana lafa jalaa jibbiinsa

Oromoorrattigaggeeffamu Taaddasaa teessisuu waan dhoorkef ifaa ifatti qabsoo jalqabe. Waldaan Maccaa fi Tuulamaas akka jajjabaatuf halkanii guyyaa hojjechaa ture.

Gochaan gaarii fi gootummaa isaa gaafa leellifamaa deemu sodaan kan guutame mootummaan Haylasillaasee Taaddasaan akka to'annoo seeraa jala oolee ragaan itti fufaannamu ta'ee raga sobaatin adabbiin du'aa itti murtaa'e.

Taaddasaan biyya keessattis ta'e alatti dhagayamtummaa fi beekamtii qaba waan tureef dubbichi dubbii biraa nutti kaasan murtoo hidhaa umrii guututti jijjiirun akka hidhaan dabarsu itti murteessan.Hidhaadhaa yoo gadi lakkifamu namoota gurmeessee hidhannootti seene. Haata'uutii duuka buutota hedduu kaayyoo isaa har'a ifa ba'e hubachuu danda'an hamma barbaade horachuu hin dandeenye ture.

Jeneraal Taaddasaa Birruu fi Koloneel Hayiluu Raggaasa

Suuran kun gaazexaa Addis Zaman kan Gurraandhala 1967 maxxanfame irraa kan fudhatame. Gaazexichi suuraa gootota kanneenii kan qabatee ba'e maqaa isaanii xureessuf ture. Akka goototiin kanneen Dargiin lafa qonnaan bultootaf hiruu isaa morman fakkeessee qabamuu

isaanii ittiin beeksisuuf ture.Kaayyon qabsoo isaanii garuu Oromoo bilisa baasuf ture, miseensota Maccaa fi Tuulamaatti fayyadamuun ummata bira ga'uun.

Janaraal Taaddasaa Birruu yeroo sana Baha Oromiyaatti qabsoo jalqaban; adda qabsoo lammaffaa jiddugala Oromiyaatti banuuf namoota 15 hin caalle of duuba kaasanii ji'a Amajjii keessa bara 1967 bosona lixa Shawaa seenan.

Maccaafi Tuulamni garee siyaasaa kamiifuu ta'e amantaaf kan hin qoodne ture. Miseensonni waldichaas siyaasa fi amantaan kan hin qooddamne turan. Ogeessi loltummaa jabdichi Leeftinaant Jaagamaa Keelloo, Pireezidaantii Itiyoophiyaa Girmaa Walda Giyoorgiis, Dooktar Nagaasoo Gidaadaa, Dooktar Moggaa Firdiisaa, Hayilasillaasee Waldiyaa, Abbaa biyyaa Abbaa Joobir, Galaasaa Dilboo, Leencoo Lataa fi kanneen biros hundeessitoota waldichaa keessaa warren jalqabaa ta'uun ni dubbatama.

Maqaa waldichaatin gaaddisa tokkummaa jalatti hiriiranis siyaasan garuu dhumarras ta'u jarri tokkummaa yaadaa hin qaban ture. Kanaafis seenaa tokkoon tokkoon isaanii ilaalun ni danda'ama.Ani garuu maxxansa kana keessatti hunda ilaaluu baadhus seenan isaanii agarsiistuu akka ta'uu fi waanan ka'eef akka naaf gabbisu qofan muraasa isaanii keessaa fudhee ilaala. Fulduratti garuu qabsoo Oromoo keessatti hunda ilaalun dirqma ta'a.

Waldaan Maccaafi Tuulamaa Oromoon akka wal jaalatee tokkummaan dhaabbatu, seenan isaa akka gabbatu, aadan isaa akka dagaagu fi afaan isaa akka sirnaan beekamtii argatu ciminaan hojjeteera.Ummanni Oromoo cunqursaa garee biyyattii keessa ture muul'isuun akka cunqursaa sabaatti akka hin fudhatamneef hojii guddaa hojjeteera.Amma ammaatti mallattoon paartilee siyaasaa Oromoo

bakka buuna jedhanii socho'an marti isaanii, asxaan itti fayyadaman Odaa akka ta'uu Waldaan Maccaa fi Tuulamaa adda durummaan hojjeteera.

Jeneraal Taaddasaa Birruu fi miseensota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa irratti ragaan maqaa isaanii xureessu sobaan irratti gurmeeffamee yoo hidhaman inni jalaa miliqee ega harkaa ba'een booda, jalqaba iddoon itti hidhaman Finfinneetti ture. Itti aansees Galamso Harargeetti hidhaan isaa ta'e.

Qabsoo ummata Oromoo yeroo sanii waliin wal qabatee Waldaan Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa akka hangafaatti ilaallamuu isaa eenyuma jalaa waan dhokatu miti. Waldaan kun yeroof maqaa wal gargaarsaatiin ejjennoo haa jalqabu malee, yeroon booda ejjennoo siyaasummaa qabachuun qabsoo ummata Oromoorratti xiyyeefanno isaa cimsachaa deemeet ture.

Waldaan Wal Gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa yeroo sanatti, sanyiin Oromoo ta'anii qondaaltota sirna mootummaa Haylasillaasee keessatti iddoo garagaraa hojjetaniif gaaffii miseensummaa dhiyeessaniif keessaa B/J Taddasaa Birruun isa tokko ture. Jalqabarratti akkuma miseensa loltoota Ingilizii keessa jijjiiramee dhufeen, sirni mootummichaa dhugumaan ummata Oromoof waan dhaabbate itti fakkatee, yoon miseensa waldaa kanaa ta'e, ilaalchi qooddaa sabaa ummamuu danda'a, jechuudhaan shakkee akka dide ni dubbatama.

Muummicha ministeera yeroo sanii Akiliil Hatewald, B/J Taddasaa Birruu irbaata mana isaatti afferee osoo taphachaa jiraanuu Taaddasaaf akeekkachiisni laate yaada isaa akka jijjiiru isa taasise.Birgaadeer Jeneraal Taddasaa Birruu koree duula qubee waan tureef akka ummanni oromoo baratee doofummaa keessaa bahuuf tattaaffii inni gochaa ture daraan cimaa waan ta'eef muummicha kana sodaachisuun hin hafne.

Jeneralli kun Oromoo ta'uusaas waan hin shakkineef baradhaa jechuun gaarii akka ta'ee; garuu eenyu barsiisun akka irra jiraatu. Duulli raayyaa qubee guutuu biyyattii sochii jalqabame ture.

B/J Taddasaa Birruun akka Waldaa Maccaa fi Tuulamaatti miseensummaan dabalamuuf karaa bal'aa kan baneef dubbii doorsisoo muummicha ministeera yeroo sanii Akiliiluu Hatewaldi.Sana boodas, miseensummaaf onnee guutun eeyyamamee, dhugaa jirus baasee miseensota waldichaatti hime.Jecha muummichi ministeera sun jedheen eeruudhaan, "Wuskiin fuuldura kootti buufamee jiru dhiiga natti fakkate.Gonkumaa miirakoo to'achuu waan hin dandeenyeef, wuskiin naaf buufame ammoo ani bar qorichaan fudhachaa jiraam, kanaafuu hin dhugu jechuudhaan dhiiseen bahe." jedhanii akka turaan ni yaadatama.

Bara 1966 keessa waldichi akkuma tasaa gara sochii siyaasa ol'aanaatti cee'uu isaatin miseensota lakkoofsan hedduu ta'an horachuu danda'e. Jijjiramni dhufe kunis bu'uurri isaa haasawa dadammaqiinsaa B/J Taddasaa Birruun taasiseeni.

Haasofni Jeneraalichaa waa'ee muummichi ministeeraa , abbootii taayitaa mootummaa kan turan, loltoota sadarkaa ol'aanaa gahanii fi Oromoo gara dhaabbilee barnoota ol'aanoo galan lakkoofsi isaanii akka hir'atu kan jedhu bakka Jeneraalli kun jirutti wal gahii gaggeeffame irratti ibsamuu isaas eeraniit turan.

Yeroon booda shira abbootiin taayitaa ol'aanoo mootummaa Haylasillaasee qopheessaniin B/J Taddasaa Birruu fi ajajaa dhibbaa Maammoo Mazamir, namoota lakkoofsan 7 ta'an waliin gara mana hidhaa "Alem Baqqanyitti" darbataman. Xaxoo fi yakka B/J Taddasaa Birruu fi jaallan isaa hafan ittiin himatamaan,

> Heera mootumaa diiguudhaan, tokkumaa ummata Itoophaa yeroo dheeraa cimee ture kan fashaleessu holola sobaa oofuudhaan ummata jeequmsaaf kakaastan. Bakka wal ga'ii hundatti uummata mootummaarratti meeshaa waraanaa qabatanii akka kaka'aan Taaddasaan yoo dubbatu, kanneen hafaan immoo ajajaa fi yaada isaa irratti walii galaniiru.

Himata Birgaadeer Janaraal Taddasaa Birruu fi jaallaan hafaan irratti qindaa'eef Jeneraalli kun callisee ilaalun hin teenye. Iyyata,"Bilisummaa ummata tokkoo wantootni guutuu akka ta'u godhaan baay'ee ta'aan illee, qabxii guddaan garuu seera baheen murtii madaallamaan wal qixa fayyadamuudha. Carraa koo haa ta'uu, yookaan waanaan sanyiidhaan adda ta'eef yoo ta'e garuu hin barre.

Dur Itoophiyaanonni kanneen biroo hanga har'aatti seeraan ajaja Girmaawii mootii mootichaan kennamutti fayyadamaa turan. Anaaf waan kun hin fayyadne. Himatamuu fi hidhamuun koos na gaddisisuu irra darbee warreen ana fakkatan illee abdi kan kutachiisudha. Heera mootummaa keeyyata 3 (a)irratti akka ibsutti muuduu fi angoo irraa buusuu kan danda'u mootii mootichaa qofa jedha.Seera adabbii lakk.126 gulantaan kan mulqamu ajaja mana murtitiin jedhee lafa kaa'a.Kan koo garuu kanaan ala aangoo himattota kiyyaatiin qofa gulantaan koo akka waan narraa mulqameetti ummata Itoophiyaaf gazexaadhaan ibsame.

Kunis kan ibsu seerri anaaf kan hin hojjenne ta'uu isaati.Hanga har'aatti qondaaltootni aangoo anaan walfakkatu qaban "Alem baqqanyitti" hidhamanii hin beekan. Anarratti garuu dabni kun narratti rawwate. "Alem baqqanyittan" hidhamee argama. Daba kanas kabajamoo mana murtitti iyyadheen achitti hidhamuun kee sirridha jedhamee murtiidhaan akkan jiru ni yaadatama.

Barumsaan kan duubatti hafan sabni Oromoo akka baratu waanan godheef saba addaan qoodde jedhamee dhimma bu'uura hin qabne; kaniin ani hin hojjetin, har'a jaarraa 20ffaa keessatti yeroo ummanni addunyaa hundi sanyiidhan, amantiidhan, gosaan fi saalaan osoo wal hin qoodin tokkumaa isaanii cimsatanii gara fuulduraatti tarkaanfataa jiraan kanatti ana irratti yaadni akkanaa dulloomaan kun, ummata amma jirus ta'ee,dhaloota dhufu osoo hin gaddisisin kan hin hafne." jechuun qabxiilee kanaa fi kanneen kana fakkatan hedduu barreessudhaa gara mana murtii ol'aanaa yeroo sanaatti dhiyeeffateera.

Manni murtii Ol'aanaanis, ragaan qabaan murtii isaa murteesse. Murtiin kunis miila qabsoo ummata Oromoo yeroo sanatti madeessera. B/J Taddasaa Birruu fi Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazamir du'aan akka adabamaan, Kanneen hafan ja'an ammo hidhaa cimaa waggota gara garaatiin akka hidhaman irratti murtaa'e. Murtiin obbo Hayilamaaryaam Gammadaa, sababa dhukkubsatani mana yaalaa jiraniif bira darbamee yeroon booda akka irratti murteessaan walii galan.

Murtii du'aa kan mirkaneessu ykn raggaasisu mootii Haylasillaasee waan tureef, kanneen biroo akkuma jirutti mirkaneessee, kan B/J Taddasaa Birruu murtii du'arraa gara hidhaa umri guututti jijjiirame. Jeneraal fonqolcha mootummaa Hayla Sillaasee irratti Muddee 5 bara 1953 gaggeeffame ol'aantummaadhan kan fashaleesse waan ta'eef, isa akka olmaatti lakka'eetis jedhama.

Murtiin Maammoo Mazamir akkuma itti cimetti itti fufee, walakkaa bara 1962 mana hidhaa Finfinneetti argamu "Alem baqqaany" jedhamee waammamu keessatti akka fannifamee du'u taasifame.

B/J Taddasaa Birruu erga murtiin hidhaa umri guututti jijjirameefii gara magalaa Hararitti akka ergamee hidhamu taasifame. Baay'ee osoo hin

turin mana h dhaa magalaa Hararii gara mana hidhaa Galamsootti jijjirame. Taaten kun carraa addaa Jeneraala kanaa fi ummata Oromoof uume.

Taddasaa Birruu hidhamaa amanamummaan socho'aa waan tureef, carraa ummata waliin wal argee qabsoo ummata Oromoo bifa haaraa ta'een fininsuu eegalu argate. Haalli gaarin ummameef tokko ummanni Harargee yeroo sana qabsoo diddaa gabrummaa finiinsaa turan waan jiraniifi ture. Keessattu gootichi ilmi Oromoo Elemoo Qilxuun bosona Carcar galuudhaan lammi isaa waanjoo gabroomsaa jalaa baasuuf tattaaffii cimaa gochaa yeroo jiru ture. B/J Taddasaa Birruu qunnamtii isaa dhoksaan Elemoo Qilxuu waliin goc ia, ummanni naannoo sanii ammoo akka barataniif gorsaa ture.

Akkuma yeroo kamuu ummata Oromoorraa dhalatee yookin nyaatee guddatee maqaa Taaddasaafaatin daldalatee bu'aa buufachaa kan ture hedduudha. Taaddasaafaan ummataaf yoo qabsaa'an; aduu qurri yoo itti jijjiirramu maqaa isaanitiin hataa kan turan baay'edha. Taaddasaan waan ummata miidhu osoo hin raawwatin akkana godheen kan maqaa isaa xureessuuf yaales lakkoofsa hin qabu.

Fulbaana 2,1966 sirni H/sillaasee waan kufeef Dargiin B/J Taddasaa Birruu fi hidhamtootni biroos akka hiikkaman ajaja dabarse.Ammallee sirni Dargii ummataaf akka hin taane kan hubate Jeneraalli kun, cunqursaa yeroo dheeradhaaf ummata Oromoorra ture faccisuuf qabsoo hidhannoo filatee bosonatti galuudhaan sirna Dargii wajjiinis walfalmuu eegale.

Onkololeessa 23,1959 yaalii fonqolcha mootummaa Haaylasillaasee irrati taasifame irratti;

1. Birgadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu, walitti qabaa,

2. Birgaadeer Jeneraal Daawit Abdii, miseensa,
3. Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa, miseensa,
4. Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, qaboyaa'ii,
5. Loltuu Lammeessaa Boruu, dhukaasaa matarayyeesii fi miseensa,
6. Obbo Sayfa Tasammaa,miseensa,
7. Obbo Daadhii Fayyisaa,miseensa,
8. Obbo Makoonnan Wasanuu,miseensa,
9. Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa, miseensa ta'uun hirmaataniiru. (Taaddesee Teelee 2004:7-8)

Warreen kanneen hundi isaanii ijoollee Oromoo fi miseensa Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaati. Onkololeessa 12 fi 22, 1959 mana jireenyaa Taaddasaa Birruutti walga'anii mootummaa Haylasillaasee aangoraa buusuf meeshaalee waraanaas qopheeffatanii guyyaa ayyaanaa dhaloota Haylasillaasee eeggachuun balaa qaqqabsiisuuf turan. Guyyaan dhaloota mootichaas Onkololeessa 23 waan tureef baruma 1959 miseensota fonqolcha mooticharratti raawwachuuf qophaa'an galgala toora sa'aa 1:30 konkolaataa lojii Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu yaaphatanii masaraa seenan.

Kabaja ayyaanichaafis loltoonni kibuur zabanyaa agarsiisa waltajjii fi eegumsa mooraa masaraatif taasisuuf qophaa'anii turan. Loltoota kanneenis kana ajaju Taaddasaa waan tureef rakkina tokko malee dhimma ka'aniif raawwachuun isaanitti hin ulfaatu ture. Haata'uutii ajajaan eegduu masaraa loltoota miseensa lafoo 50 qopheessuun isaa waan itti himeef, 'eegdonni biroo hin barbaachisaniitii hin ta'uun', yaadni kaayyoo isaa fashaleessu duuban ka'ee isa gaddisiise.

Taaddasaanis jaallewwan isaa waliin manatti deebi'anii maatii isaanitti nagaa ega dhaamaniin booda gara bosonaa Subbaa; Mannaagashaa seenan. Kunis Onkololeessa 23,1959 ture. Hamma galgala Sadaasa 4,

1959ttis achuma turanii qeesii Madihaane'aalamii Mannaagashaa erguun Haylasillaasen araara uumanii guyyaa biroo eegutti ka'an.

Sadaasa 5,1959 poolisoonni miseensa nageenya mootichaa 5; Kumalaa Lammeessaa Badhaanetiin(hiriyaa Taaddaasaa turan) duurfamu xalayaa kutichaa barreeffame, kan akka meeshaa waraanaa isa harka jiru akka deebisu dirqisiisu harka ga'e. Taaddasaa Birruunis poolisootichi akka alatti isaan eegan itti himee meeshaa waraanaa fudhatee ba'uun 2 ajjeessee, 2 madeesse. Isaan miliquu danda'an yoo qawwee isaanii gatanii miliqan Taaddasaan qawwee saaman walitti guuree miiltowwan isaatif hire. Taaddasaa waliin gaafas akka Maartaa fi Muusen jedhanitti (Finfinnee Raadiyoo; 2017) Haaylamaariyaam (miseensa kibiir zabanyaa) fi Camadaa (miseensa humna poolisii dafee) waliin turan.

Taaddasaan karaa mana duubatiin yoo ba'an loltoota mana isaanii marsan kuma lamaa ol bira darbaniit ba'an. Ega isaan ba'aniin booda dhukaasni akkaataa dhabe. Manni isaanii dhoqqee waan tureef dhooban isaa manatti jijjigee yoo harca'u dhukkeen uffifameera. Intalti Taaddasaa Birruu hangafti Tsahaay; mana amantaa Ortodooksii fi phaaphaasii bara sanaaf bilbilaa turan. Ijoollen kaan akka rasaasni isaan hin dhoofne lafarra garaadhan ciisaniiru.

Amma Taaddasaan qabamanitti maatin isaa marti buufata poolisii 6nyaa jedhamutti hidhameet tureera. Taaddasaa kan qabsiise miseensa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa kan turanii fi ayyaanni kan irra bule turan. (Finfinnee Raadiyoo; 2017). Taaddasaas bakka dhukkubsatee ciisotti mootummaaf dabarsee kan laate namichuma kana. Maatin Taaddasaa gaafa isaan qabaman mana isaanitti deebifamaniiru.

Taaddasee Teelee (2004:9) akka jedhutti Maammoo Mazammir boombii harkaa 2 fi shugguxii hidhatanii Siinimaa Finfinnee seenanii akka dhukaasa banan Taaddasaan ajajanii Sadaasa 8 bara 1959

tiikkeetii kutatee seenun ibsaan dhaamee fiilmin yoo jalqabamu boombii harkaa qabu dhoosee namoonni 21 akka madaa'an taasisee bosonatti deebi'eera. Taaddasaan bosona seenuu isaatinis eegumsi masaraaf taasifamu harka sadiin akka dabalu ta'e. Eegdonnii fi jaleewwan hoggantootaa dachaan dabalamaniiru. Balaa qaqqabuu danda'u sodaachun. Bataskaana Haylasillaasen itti waaqeffatutti hordoftoonni amantichaa gaafa seenan sakatta'iinsi cimeet taasifamaa ture.

Sadaasa 5 bara 1959 hamma Sadaasa 13 bara 1959tti bosona ganda qonnaan bultoota Meeccaa Carreechaa ega turaniin booda qabamanii mana murtiitti dhiyaatan. Sadaasa 1959 hamma Adoolessa 26 bara 1960tti falmaas turan.Turtii ji'oota 23 boodas Adoolessa 26 bara 1960 mana murtiitti dhiyaatanii murtoon irratti laatame. Murtoon laatames;

- Birgadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu, rasaasaan reebbamanii akka ajjeeffaman,
- Birgaadeer Jeneraal Daawit Abdii, murtoo hidhaa cimaa waggaa 3n akka adabaman,
- Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman,
- Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, fannifamanii akka ajjeeffaman,
- Loltuu Lammeessaa Boruu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 5n akka adabaman
- Obbo Sayfuu Tasammaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Daadhii Fayyisaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Makoonnan Wasanuu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 7n akka adabaman

- Obbo Haylamaaryaam Gammadaa, sababii dhukkubaatin hospitaala waan turaniif yoo fayyan murtoof akka dhiyaatan ture.

Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruunis oliyyannoon mooticha fulduratti dhiyaatee murtoon du'aa akka irraa haqamee fi fonqolcha mootummaa Mangistuu Nawaay fashaleessufis oolman Taaddasaa guddaa akka ta'e itti himamee aangon Birgaadeerummaa fi badhaasnis sanuma sababeeffachuun akka ta'e itti himamee . Lafa qonnaa isaa Carcar jirus deemee qotuun akka jireenya isaa gaggeeffatu Sadaasa 23 bara 1963 itti murtaa'e.Taaddasaanis turtii ji'oota 9n booda Fulbaana bara 1964 Carcarii Finfinneetti deebi'uun maatii ofii waliin jiraachuu jalqabe.

Mengistuu Haylamaariyaam (2004:130) akka jedhutti yaalii fonqolcha mootummaa bara 1953n booda Haylasillaasen garaa hanquu kan qabuuf miseensota Maccaa fi Tuulamaa kanneen ta'an Jeneraal Daawit Abdii,Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu fi Shaambal Maammoo Mazammir irratti ture.

Fiqrasillaasee Wagdarras (2006:197) ammo akka jedhutti, yakkoota addaddaatin bara Haylasillaasee mana hidhaa keessa kan turan Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu fi abbaa seeraa murtii waraanaa kanta'e Koloneel Hayluu Raggaasaa Dargiin bilisa baasee osoo jiruu dhiibbaa Baaroo Tumsaatin bara 1968 bosona Mannaagashaa seenaniit turan.Taaddasaa Birruunis hawaasa toorichaa biratti fudhatama, dhagayamtummaa fi jaalala guddaa qaba waan tureef Dargiin hollateet ture.Haata'uutii garuu jiraachuu fi jiraachuu' dhabuu isaatinis waan wal qabatuuf ciniinnatee komaandoo afaan Oromoo danda'an itti erguun duuka buutota ega ta'aniin booda Taaddasaa fi jaallewwan isaa qabanii waajjira Dargiif dabarsanii laatan.

Mootummaan Haylasillaasee Dargiin bakka gaafa bu'amu mootummaan Dargiis osoo nuwaliin hojjetteen isa affeeret ture. Gurraandhala 25 bara 1967 labsiin lafaa gaafa ba'u Taaddasaan Gurraandhala 27 deebi'ee bosona seene.

Dargiin mormiin natti baay'achuun hin hafuun Bitootessa 2 bara 1967 Taaddasaafaa qabee hidhuun Bitootessa 5 bara 1967 Koloneel Axnaafuu Abaatee fulduratti dhiyeesse. Murtoon adabbii du'aas seera malee loltoota Dargiin itti murtaa'ee, dhaaba gamootti hirkatanii akka dhaabbatan taasifamee rasaasan erga takkaa waxalamanii ajjeefaman. Koloneel Axnaafuu Abaatee booda ofumaafuu Dargiin isa nyaatera.

Taaddasaan mana ho'aa fi maatii isaa guutuu ummata Oromoof goota aarsaa kaffalee kaffalchiise. Asittis achittis yaadannoof waan jalqabbii ta'an hojjetamaa jiru. Oolmaa Taaddasaan ummata isaaf oole bakka bu'uu baatus, yaadannoof manni barumsaa sadarkaa 1ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu; Gullallee naannoo Inqulaal Faabrikaa, Hoteela Imbiltaa duubatti Ganna kana ijaarrameefii ebbifameera.

Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu yoomiyyuu goota hin irraanfatamne; abbaa qabsoo ummata Oromoo ta'ee darbeera.

Dhaaltonni qabsoo fi kaayyoo Taaddee amma; "Taaddee Birruu dur rasaasni dadhabe, har'a saanduqat gadi qabe." jedhaniit sirbuuf.

2. Agarii Tulluu

Salaalc hundatu amma ammaatti isa yaadatee waa'ee isaa dubbata. Faarsa. Agariin gabaabaa,magaala, funyaan konkona, bareeda abbaa goofareeti. Dhqabbataan tiksee malee nama jaba qalbii jabaa hin fakkaatu.

Fuulli isaa gammachuun guutee seeqni fuula isaa guuturraa yeroo mara waan hin dhabamneef onneesaa namuufuu injifatamuu hin feene ittiin haguugera. Namoonni eenummaa isaa beekan Agariin gara laafessa akka ta'e ni dubbatu.

Dhaabbanni isaa gabaabbachuu isaarraa kan ka'e akkamiin miseensa Kibuurzabanyaa akka ta'e nama dhiba. Garuu kan gubbaa isaa osoo hin taane kan garaa isaa arganii ta'uu hin oolu. Loltuu kan ta'e jaalatee hin turre. Abbootin lafaa ummata Salaaletti yoo tabatanii fi roorrisan argeeti.

Garaan waan argeen gammaduu didee waan isa aarsef, waan argee dhagayurraa da'annaa godhate. Qabsoo bara jireenya isaatti ittiin beeknufis ka'umsa kan ta'eef loltummaa isaati. Hammeenya sirnichaas kan caalman itti bare karra masaraa yeroo eegu nama ba'uu fi galuuf ulfinaa fi salphina kenname yeroo itti argetti ture.

Obboleeyyan sadan; **Jimaa Tulluu, Hirkoo Tulluu** fi **Agarii Tulluu** gadaamessa tokkoo dhalatanii waliin guddatan. Jimaan angafa isaaniti.

Hirkoon kan itti aanu. Agariin ammo quxusicha.Hirkoon nama xiiqin guuttame qeerransa guyyaan nama ciniinu. Hundi isaanii amma isaa hin ga'ani. Agariin kan hirkoo caalc mala, gamnumaa fi tooftaani malee xiiqinii miti. Jimaan garuu nama nagaa itti dubbatanis nama garagaree hin ilaalle nama obsa qabu ture.

Abbaaan isaanii abbootii lafaa tajaajilaa waan tureef, waan hojjete mara isaanii galchee ofii harka duwwaa galee ijoollen isaa beela'aa guddatan.Kanaanuu ijoollummaatti irraa du'e. Kan isaan dhaalchisee du'es iyyummaa fi gabrummaa ture.

Maarree ijoollen Tulluus hammeenya sirnichaa ganda namaa deemanii osoo hin taane manuma isaanitii barataa guddatan. Agariin ganda abbaa lafaa tokkotti. tiksummaan mindeeffamee hojjechaa ture.Agariinis gabrummaan kan jilba isa qabatte ijoollummaatti ture.

Agariin ijoollummaa isaatti tiksummaan yoo hojjetu nama garaa isaaf hin bulle, arrabsamus nama gadi aantummaan itti hin dhagayamne; nama garaa jabaataa ture.Takkee arrabsoorras darbanii isa reebu ture.

Gaafa aaru yeroon isaa ganna taanan nama jabaas ta'e hiriyoota isaan yoo walitti bu'u laga guutee gootuu qabuu fi darbamutti of gatee daakan biraa kutee bada ture.Yeroo kaan ammo muka fiixerra koree yoo gadi isaan ilaalaa itti kolfu baay'ee aaru ture.

Ijoollummaatti qaamni isaa qaqallii ture gaafa dargaggoomu jabaatee arrabsoo namoota isa xuqaniif shimala isaatin deebii laachuu jalqabe. Jibbiinsi abbootii lafaaf qabuu fi tuffiin isaa caalman calaqqisiifamuun

itti fufe. Mana abbaa lafaa itti mindeeffamee hojjetu gadhiisee gara namoota yeroo sana bosona seenanii deemuf garaan isa kutate.

Agarii dura garuu bosonatti deddeebi'aa kan ture obboleessa isaa Hirkoo ture.Agariinis itti makamee, dargaggoonni Tulluu ijoollummaa isaanitiin bosona Dagam, Baraasoo, Gudaalii, Leemmanii fi Yaabannoo iddoo jireenya isaanii godhatan.

Abbootin lafaa Salaalee ummanni lafa irratti dhalatee guddate dhiisee akka Baaletti baqate.Hammeenya garaa jabinaa kanammoo raawwachaa kan turan abbootii taayitaa gara birootii dhufan qofa osoo hin taane namootumti dhalataa Salaalee ta'anis cubbuu guddaa irratti oolaa turan.

Abbootin lafaa lafa faradoo irra kaachisan kan qaban yoo ta'u iyyeeyyin Salaalee garuu hamma bakka awwaalchaa lafa geechuyyuu hin qaban ture.

Kanneen keessaa Fiitawraarii Amdee Abarraa isa tokko ture. Fiitawraarii Amdee Abarraa mana jireenya qonnaan bultoota Dagamii fi Abootee doozaraan diigun qonna ammayyaa fi horsiisa loonii itti babal'ifachaa ture.

Qonnaan bultoonni jireenyi itti hadhaayee Salaale gadhiisanii Baaletti gala turanis miilan imalaa akkanaan madaa garaa isaanii baafachaa turan;

Ati yaa Amdee Abarraa

Maalif qotte maasaa lagarraa

Iyyeessa fixxe lafarraa

Siif yaa argu ayyaanni warraa

Bosonas siif dhiisee deemee

Tamboollee yoo siif bitte gurgurtee

Agariin roorroo qonnaan bultootaa argaa guddates leenjii loltummaa argachuuf Kibuurzananyaatti yoo makamu umriin isaa 20 hin guunne ture. Kunis bara 1950n jalqabarra ture. Leenjii loltummaa yoo argatu amalli isaa tasgabbaa'ee kan salphaatti aaru isa hin dhiisisne. Gubbaan isaa garalaafessa keessa isaa ammo aarii saamicha lafa qonnaan bultootatu guutee ture. Leenjii loltummaa argachuun isaa jabina qaamaa,sammuu, gamnumaa fi dammaqina akka horatu isa gargaarera. Gurri isaas shokokii tagoondatuu hin dabarsu ture.

Kibuurzabanyummaan masaraa Hayilasillaasee yoo eegu kan qonnaan bultoota gara jabummaan lafa isaanitirraa ari'atan gaafa dhufan garaan isaa ni gubata ture.Inni biyya gadi lakkisee loltummaatti makamus isaan gaafa isa argan yuffii isaanii ibsuuf ture. Jilbiibbin deemee fi garaan lafarra ciisee akka kophee isaanii dhungatus ni fedu ture Agariin garuu gaafa tokkoon ilkaan itti ciniinnachaa ture.

Isaan sanyii lakkaa'anii qabeenya biyyaa fi human namaatti yoo cubbuu oolan ijji barbaree fakkaatee, garaan mukukkula ulfaa'ee, sammuun aarii haaloo ba'uun isa machaa'a. Bineeyyii Salaaletti tabatanii akka tulluutti guddisanii of ilaalan jigsuuf garaan akka korma hidhaadhaa kutee isa boorata. Akka dubartii ciniinsun itti hammaatee yaadan dhiphata.

Meeshaa hidhate hiriyaa garaa godhees waa'ee itti himata. Maalif sirna Haylasillaasee fi jaloota isaa akka tajaajilu of gaafata. Sochii warraaqsaa fi fonqolcha Muddeetin walqabatee miseensonni raayyaa akka wal hin amanneef walii waliin akka wal eegu taasifamee waan tureef Agariin waa'ee garaasaa namatti himachuun sirrii akka hin turre ni beeka ture.

Kaan kophee dhungatee fi odoo odeessee taayitaa nama fedhu ture. Gateettii tokkoorra ejjetee mataa namaarra dhaabbatee biddeena nyaachun waanuma barame ture. Hammi ta'e ammo sodaattuu garaaf bulte. Kan akka Agarii kan dhiigni isaa aarin daffe jiraatus waltajjiin irratti wal argan hin turre ture.

Agariin aarii cubbuu qonnaan bultootatarra ga'uun guutames miseensa Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa ta'e. Olaanaa Zoogaa ; Gizzitinna Gizoot.

Namoota akka isaa aarii qabanis kan argate waldichuma keessatti ture. Waldichi wal gargaarsa hawaasummaa fi diinagdeef hundaa'us mirgi namaa kadhaan akka bar asana keessa akka hin mirkanoofne waan baraniif waldichi gaaffii isaa gara siyaasatti geeddaruu fi cimsuu itti fufe. Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruun kan walbare walduma kana keessatti ture. Agariin loltuu haaraa,Taaddasaan ammoo nama taayitaa guddaarra ture waan ta'eef karaan biraa isaan dura ittiin wal beekan hin turre. Dhalattoota toora tokkoo ta'anis. Agariin Leemman Sillaasetti,Taaddasaan ammoo Abootetti dhalate. Jarri lamaanuu lafti dhaloota isaanii baay'ee walirraa fagoo miti.

Sochii warraaqsaa fi fonqolcha Muddee irratti Jeneraal Taaddasaan taayitaa Koloneelummaan Mangistuu Nawaay waan mooticha irratti yaade akka hin milkoofne taasise. Mootichis taayitaa ol'aanaa Birgaadeer Jeneraalummaa kennaniifii raayyaa biyyoolessaatti hoogganaa olaanaa ta'uun hojjechaa ture.

Guyyaan dhaloota Haylasillaasee Onkololeessa 23 bara 1959 yoo kabajamu Waldaan Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa mooticharratti balaa buusun aangorraa buusuf namoota icciitichi itti himamee qophaa'an keessaa Agariin isa tokko ture.

Humni nageenya mootichaas icciiticha waan irra ga'eef mana Taaddasaatti marse.Inni garuu mana hin turre.Kaanis qabamanii hidhaman.Rasaasni takka osoo hin dhuka'in miiran malee qophii ga'aan kan irratti hin taasifamne fonqolchichi galma osoo hin ga'in fashalaa'ee miseensonni waldichaa hidhaaf saaxilaman.

Agariinis masaraa gallakkisee bosonatti bade.Eenyumaa amanuu waan hin barbaannef gaafa tokko eertun qabamuun kiyya hin hafuun ture.Hiriyoonni isaa fi jaallewwanis gaafa hidhaman garaan obese akka taa'us yeroo hin laannef ture.Fonqolchi guddichi milkaa'uu baatus abbootii lafaa qonnaan bultoota Salaaletti mankaraarsan faccisuu garuu akka danda'u waan bareef,karra masaraa Hayilasillaasee banaa gatee qawwee M1 isaa gateettitti baattatee qajeele.

Salaale goota faarsee jabeessu, raqa arrabsee mataa cabsu, sirbee sagalee,yeedaloo fi walaloo bareedan bara egeree faarsu biratti, Agariin beekamtii argachuuf yeroo dheeraa itti hin fudhanne.

Nama nagaa reebee maallaqa hin saamu ture.Gochaan isaa qonnaan bultoota biratti deeggarsa yoo isa goonfachiisu, abbootii seeraa,bulchitoota godinichaa fi aanaa garuu dubbichi irriiba dhoorke.Yoo wal argan mata dureen marii isaanii isuma ta'e.

Agarii qabuun ykn ajjeesun badhaasni argamu salphaa waan hin taanef namoonni hedduun yaadanis qaamanis isa argachuuf rafanii buluu dadhaban. Agariin bakka jiru garuu namuu beekuu hin dandeenye. Agariif da'annoo ta'ee kan ture qonnaan ultoota isa jaalatani. Gaaffii isaanii gaaffii godhatee waan ka'eef. Magaalaa jira yoo jedhan baadiyyaa,baadiyyaa jira yoo jedhan ammo magaalaa oola. Isaantu isa arguu dhabe malee inni isaanuma waliin oolee gala. Abbootin lafaa isa barbaannee yoo milkoofne lubb uun yoo ta'uu baate ammoo ajjeesne

reeffa isaa fuunan dhaadatan mana isaanii seenee waan qabanii fi gadhiisan isaan wallaalchisa.

Abbootin lafaa fi abbootin taayitaa waan godhan wallaalanii jibbiinsan yoo waa'ee isaa haasa'aa oolanii bulan,tikseen horii yoo bobba'u, qonnaan bultoonni yoo hojii qonnaa hojjetanii fi ayyaana waggaa irratti gdota isaanii .aarsaa sirbu.Agarii yoo argitan fidaanis ummata cinqaa turan.Ummanni garuu gala hidhee,rasaasa kan qabu rasaasa kennee fi kan dhabe ammo akka Salaalummaa isaatti isa faarsaa oolee bula.

Abbootin taayitaa yeroo sanaa Agarii qabanii of harka galchuu dadhabnaan haadha isaa qabanii mana hidhaatti darban.Ilmi ishee kan ba'aa gala isaan dhoorke eessa akka jiru ishee gaafatan.Yoo nagaan harka kennate akka dhiifamni taasifamuu fi ishiinis akka gadi lakkifamtu. Takkee sodaachisoon bakka jiru baasisuu yaale,takkee ammo sossobbiin garaa laaffifachuun gaafatu.Kan isaan rasaasan dadhaban haati qunxuuxxee akka ijoollummaa isaatti akk lolteenii deebistu ykn yaada jijjiirsistu ishee gaafatu Haati Agarii garaatti kolfaa Agarii dhaluu isheetin boonti.

Haadha Agarii hidhanii hiiku.Dararaa itti baay'isu. Agariinis duuk aa isaanii bu'ee ooltee guyyaa isaanii hordofuun isaan dhiphisa. Abbootii lafaa isaa fi warra isaa mankaraarsan keessaa Giraazmaach Nagaash Abeebee isa tokko ture. Agariinis abbaa lafichaa ofirraa gorse gorse yoo dadhabu yoo qabaate qarshii 2,000 yoo dhabe ammo qarshii 1,000 akka qopheessee isa eegu abbaa Giraazmaach Abeebee Kuusaa itti erga. Abbaan lafichaa garuu dubbicha fudhachuu dide.

Tuffiinis anatu isaa gadi ta'ee isaaf jilbiinfataan wal agarsiisnan daffe. Agariinis akkuma abbaan laficha mana jirutti itti seenee boombiin mana irratti gubee namoonnis akka abidda irraa hin dhaamsine "M1" isaatin irraa eegee qarqara dhaabbatee labooba abiddichaa qaqqaammachaa

turee fi geerraraa fi daffaa turee biraa deeme. Sanaan boodas abbootin lafaa Leemman Sillaasee dur abbaa isaa fi namoota toora isaatti qonnaan bultoqtatti tabachaa turan sodaatanii qayee isaanii gatanii magaalaa Fiichetti baqatan.

Agariitti aaree kan ture bulchaan Kuyyuu;Fiitawraarii Radee Wandimmaaganyehu Mikaa'ila Caangetti ummata walitti qabee Agarii baasaa fidaan afarsaataa teechise. Ummata cinqaa jiraachuu isaa Agariin dhagayee galgala keessaa 4:00tti iddoo Fiitawraarin jirutti argamee eegdota isaa rasaasan waxalee gaara Eegdurratti ba'ee "Agarii Tulluu jechaan ana" jedhee itti gadi lallabee "M1" isaa dhukaasee biraa kute.Afarsaatadhaan Agarii argachuuf yeroo hedduu yoo hawaasa cinqanis isaanuma jidduutti argamees qoosee itti haasa'ee beeka.

Hawaasa keessaa Agarii nama qabeef abbootin taayitaa waantaa tokkoo fi meeshaa hidhannoo guutuu waliin akka badhaasatti kennuuf waadaa galanii turan.Agariin garuu oduu guyyaa guyyaan haasa'amte ni dhagaya ture.Inni garuu akka abbootii lafaa adabutti cimsee isaan adabuu hin barbaadu ture.Isaan bira dhaqee rasaasa irsaasa hin qabneen ofitti dhukaasaa fi isaanis akka itti dhukaasan meeshaa isaatin isaan yaalchisee.

Agariin hin kufu,meeshan inuma dhuka'a. Agarii Tulluu rasaasni hin dhayu jedhanii akka amanan isaan taasise.Tooftaa bareeda kana leenjii loltummaa keessatti barate ture.Ummannis Agariin akka rasaasni isa hin dhoofne waabeekaa hojjechiifateeran oduun biyya waliin ga'ame. Qonnaan bultoota badhaasa fedhanii mitii abbootin taayitaatuu birratanii lafa seenan dhaban.

Abbootin taayitaa Kuyyuu guyyaa gabaa namoonni hedduun itti argaman eeganii Agarii baasan afarsaataa teessisuuf akka ta'e dhagaya.Yona guyyaa gabayichaatin dura iddoo gabaa sana dhaqee

fakkii seexanaa waan fakkaatu muka dhaabee wayaa itti uwwisee biraa deema.

Namoonni waan gurguran fe'anii fi baatar , kaanis bittaaf gabaa ba'an waan mukaa fi hucuun hojjetame argan rifatanii waan wallaalan.Tokko itti siqee wayicha irraa olqabee yoo ilaalu innis rifatee waan arge namoota isa waliin jiranitti hima.Dubbichi namoota hundaan waan waliin ga'ameef gabaan osoo hin dhaabbatin adda bittintee galte.Abbootin taayitaa afarsaataaf iddoo gabaatti argamanis nama dhabanii waan Agariin hojjetee deeme arganii waan wallaalanii joonja'an.

Fiitawraarii Muluu Hasanuu garuu gochaa Agarii akka raajitti osoo hin lakkaa'in "Qawwee naaf kennaa namittii gabaabduu tana natu qabee fidaa" jedhee dhaadate. Muluufis Dimootfeerin Ameerikaa 5 laatameef. Duuka buutota isaa obbo Burruusee, obbo Tasammaa fi obo Dabalee hidhachiisee Agarii barbaachatti ka'e.

Toora dhaloota isaa Leemman Sillaasee jiraattota cinqanee akka callee lafarra isa barbaade. Muluun Agarii qabuuf aanan Giraar Jaarsoo, Dagam, Yaayyaa Guullallee, Kuyyuu, Warra Jaarsoo fi Aboote isa hin hafne. Barbaacha guddaa boodanis bakki Agariin jiru baramee marsuun dhukaasni baname.

Agariin duuka buutota Muluu keessaa tokko rasaasan rukutee yoo madeessu, rifatanii adda bittinan.Muluun yeroo kana itti aanaa bulchaa Kuyyuu ture.Hattuu qabee adabuun namni isaan qixxaatus hin turre jedhama.Agariin garuu hattuu miti.Salphaan qabees hidhaatti galchuun abjuu malee waan isaaf dhugoomu hin turre.Fiitawraarin Agarii waliin wallolee dhukaasa banuu isaatin loltoota isa waliin hiriiran jalaa madaa'uu fi du'aan dhabuu qofa ture. Salaales Muluun meeshaa hidhate akka deebisuuf sirbee ture;

Ana Rabbitu na baasee

Dabalee Guraaraa yaasee

Burruusee dheeffatu baasee

Qawwee awraajjaa galchi Mulee

Muluun, Agarii qabuuf dhaadate milkaa'uu dhabee harka duwwaa maqaan isaas bade Kuyyuutti deebi'ee guyyoota 5 booda Agariin hoolaa qalatee nyaate,kallee ishee gurguruuf magaalaa Garba Gurraachaa ba'e.

Daldalaa kallee fakkaatas ture.Qawwee isaa uffata dirritee fi kallee keessa dhokseet baata ture. Fiitawraarii Muluunis magaaluma keessa duuka buutota isaa waliin socho'aa ture. Agariinis kallee bitee jijjiirraa qarshii 50 dhabee akka rakkate Muluu gaafata. Muluunis iyyeessi wayaa bututaa nama uffate kana tuffiin ilaalee maallaqa Agarii irraa fidee, jijjiirraa gaafatame kennaaf. Fiitawraariin homaa hin shakkine ture.

Torbee dhuma sanattis Baaranbaraas Nugusuu Asaamminaw Agarii natu qabaan geerraruu eegale. Salaale dubbicha dhagaye. Agariis geerrarsichi gurra isa bu'ee qophaa'ee taa'e. "Ani qophaa'eraan qophaa'ii na'eegin' nama itti erge. Waa'ee gabaabbinaa fi qallina Agarii abbootin taayitaa haasa'an qaaman kan akka Agarii isaan keessa waan jiran itti hin fakkaatu. Hayilasillaasenuu gabaabaa fi qal'aa ture.

Garuu taayitaan isaa eenyummaa qaama isaa jalaa dhoksee guddiseetti itti muul'isa ture. Agariin iyyeessa, sanyiin isaa akka abbootii lafaa sanneenii ittiin of lakkaa'an namuma qomoo qabuu ta'ee itti hin muul'anne.Aangoo akka isaanis hin qabu. Garuu kutattuu ilma Salaalee, iyyeessa jaalatu. Agariin ummata biratti jaalatama argachuun

isaa fi gurri isaa guddachuu isaatti baay'ee aaru. Maqaan isaa kan isaanii caalaa faarfama.

Agariin toora sa'aa 11:00 horiin qayeetti ega deebi'ee booda, tiksoonni fi hojjettoonni Baalanbaraas horiitti marga darbanii tiksaa jiru. Baalanbaraas ammoo bullukkoo isaa uffatee qawwee isaas ofitti hirkisee karra dura taa'aa ture. Iyyeessi wayaa ciccitaa uffatee qanqala baate itti dhiyaatee lafatti kufee lafa dhungata.Iyyeessi wayaa dirritaa kunis haadhi isaa akka Fittaal jiraattu, aduun itti dhiyee fi daandin isaa ammo saamtota waan qabuuf dallaa baalanbaraas jala bulee barii akka deemu isa gaafata.

Baalanbaraasis akkuma aadaa biyyaatti akka mana seenee bulu isaaf eeyyamee, irbaanni hamma nyaatamutti tabni jalqabama. Matadureen isaanis Agarii Tulluu ture. Innis caqasaa ega tureen booda shugguxii mudhiitti hidhate wayaa bututaa keessaa baasee laphee Baalanbaraasitti qadaadee akka hin shokoksine itti hima. Qawwee baalanbaraasis irraa fidee duuka buutota isaa waliin oofee kutaa takkatti isaan naqa.

Haadha warraa baalanbaraasis kaasee bakka qawwee fi meeshan waraanaa jiru basin itti gamee, isheenis fiddee laattif. Maallaqa argate giiphitti naqatee, meeshaa waraanas saanduquma waliin qopheessee, M1 isaa hiikkamee qanqala baatu keessaa tures baasee isaanuma fulduratti walitti hidhee "Agarii jechuun ana" jedhaan. Itti himuu baatus harka gaafa isaan kennisiisu isa baraniiru. Agariin dhukaasa kallattiin bane kan isa waraanu malee kan kadhattuu wayii fakkaatee itti dhufu godhee hin tilmaamne ture.

Taraaroochin Yaanqaxaqqaxee Tiwlid jildii 2ffaarratti Sisaay Nugusuu (1990:133) irratti akka barreessetti "...amma maal isinii wayya" jedhee Agariin Baalanbaraasitti yoo itti baacu;

> "Gooftaakoo, maal jedheen sin qabaan geerrare? Waan harka kiyyaan argadhe. Ati akka Waaqaa hojii namaa lakkooftee namaaf kanfalta,ati namaa miti humna guddaa Rabbirraa siif keenname qabdaa" jedhee deebisaaf.
>
> Agariinis, "Ani si hin ajjeesu! Dhiifama siif godheera. Xalayaa kana bulchaa awraajichaa; Fiitawraarii Maammoo Bashee bira Fiichee ba'iitii waanan si godhes guutuusaa itti himi.Dubbichi akka Salaale guututti odeeffamun barbaada. Kana yoo raawwachuu baatte achuma Fiichee dhufee bakka seentan seenen biyya isinitti kofalchiisa" jedhee akeekkachiisee biraa deema.

Baaranbaraas Nugusuunis akkuma ajajameen ganamaa Fiichee ba'ee bulchaa awraajjichaatti hima. Waljajjabeessuu malee waan godhan dhabanii haasenyi isaanii waa'ee Agarii ta'e. Kophaatti ni sodaatu. Yoo baay'atanii walga'an ammoo ni geerraru. Agariin abalu gaafa akkanaa iddoo akkanaattin ajjeesa jedhee odeessisuun hollannaa itti naqa. Ummanni Salaalee Agariin waan dubbate akka raawwatu ni amanu. Nisirbuuf. Isa faarsu. Abbootin taayitaa ammo tibba sana sodaan lafa seenan dhabu. Agarii akka bakakkaatti lakkaa'u. Asii dhufe osoo hin jedhin lubbuu itti guraara.

Yeroo tokko abbootin taayitaa magaalaa Fiichee; Komaandoo hoteela Haamare Hayiluutti walitti qabamanii kolfaa tabatu. Haasa'a isaanii jidduutti maqaan Agarii afaan isaanitii hin bu'u.Warreen sodaatan afaan keessa qaqqabachaa sodaattuu akka hin jedhamne qofaaf haasa'a isaanitti makatu.Warreen uleen isaa irra hin geenye tuffiin itti qoosaa

haasa'u.Mala akkamiitin isa qabuun akka danda'amus baasanii buusu.Kaan aarin sagalee ol fuudhanii afachuun dhaadatu.

Agariinis suufii isaa uffatee bareedee,rifeensa isaa sirreeffatee achuma hoteela Haamare Hayiluu keessa ture.Waan isaan haasa'an guutuu isaa dhagayaa ture. Abbootin taayitaa sunneen akka achitti walga'an dhaga'eet keetton argame ture.Yoo isaan isa hamatan inni baankoonitti garagaree keessummeessituu waliin nama biro fakkaatee haasa'aa ture.Isheenis maqaa isaa malee qaaman Agarii hin beektu waan tureef tabachaa turte.Agariin ni kolfa isheenis.Goota haalli ittiin sammuu keenya keessatti fakkeessinu gargar waan ta'eef,qaaman jajjaba seeti ture.

Agariin hamma abbootin taayitaa dhuganii fi nyaatan keessummeessittiin herreega akka hojjettuuf gaafatee kaffalaaf. Kun bara sana keessa waanuma barame ture. Abbootiin taayitaa ijaan akka isa argan godhanii alaala taa'anii affeerun. Maallaqa giiphii keessaa osoo hin qabaatin affeerramuuf hoteela abbootin taayitaa seenan lakkoofsa hin qabanis ture. Agariin herreega isaa fi kan abbootii taayitaa kanfalee ega xumuree booda waraqaa xiqqoorratti ergaa barreessee keessummeessittiin ega inni deemee booda akka isaanif laattu akeekkachiisee itti kennee biraa deema.

Abbootin taayitichaa waan fayyadaman fayyadamanii ega xumuraniin booda harka walitti rukutanii keessummeessittii waamun herreegni meeqa akka ta'e gaafatu. Isheenis akka kanfalame itti yoo himtu nama isaan affeere barbaacha bakka taa'anii ijaan qilimmisu. Isheenis akkuma ajajamteen xalayaa Agariin laatef kennitiif. Abbootin taaytichaa kennaa abbaan dhimmaa laatef itti fakkaatee jarjarsuun bananii dubbisan. Waraqittiirrattis ergaan barreeffame, "Ana Agarii Tulluudha. Affeerraa xiqqoo tana isin argee waanin isin affeeref dhiifama." Jetti. Sodaan du'aa hoteelicha sochoosee abbootin

taayitichaa waan qabanii gadhiisan dhaban. Inni dura dhaadatu amma afaan qabatee gaaddidduu ofii amanuu dadhabe. Ammaa amma balaan nurratti bu'aanis boqeen isaan guute.

Agariin akka iddoo tokko taa'ee isaan eeguu magaalaa Fiichee wandaboo ishee irraa baasanii qullaa dhaabun sakatta'an; Agariin hin jiru. Takkaa Dagam, Kuyyuu,. Giraar Jaarsoo, Leemman Sillaasee bu'u.Sakatta'iinsi gaafa cimus Finfinnee ba'ee taa'a. Haati Agarii mankaraarsuun itti baay'ate Leemman Sillaasee gadhiistee magaalaa Fiichetti galtee turte. Agariin diinqa haadha isaa seence akka hin dhokanne abbootin taayitaa osoo beekanuu baay'ee isaan rakkisaa turan.

Qabaniis hidhaatti darban.Guyyoota sadiif mana hidhaatti dhiphisaa ega turaniin booda Agarii arge namni jedhu waan dhabameef hidhaadhaa gadi ishee baasan.Agariin yeroo sana Dagam ture.

Garba Gurraachatti dhaadachuu fi hordoffiin itti baay'annaan, mana bulchichaa galgala deemee karrarratti "Qooda mana keessa teessee dhaadattu koottu walii baanaa" jedhee xalayaa barreesse bakkaa fi yeroo irra kaa'ee karrarratti maxxansee biraa deema.Guyyaan beellamaa ga'ee.Agariin da'annoo isaa gaararra godhatee yeroodhan isaan eege.Bakka jira jedhanitti tiriikaa ibsee kaa'ee waan tureef,loltoonni isa qabuuf dhaqan Agariin achi jiraan iddoo tiriikittiin iftu qabachuuf dhama'aa turan.

Agariin balaa itti buusuu osoo danda'uu hidhattoota jireenyaf jedhanii bulchicha jala kaatan mararfatee rasaasa takka osoo hin dhukaasin isaan cinaa darbee deeme.Tiriikittiin bakka iftu qabachuuf sodaan guuttamaniis ta'u muudama waan fedhaniif gangalatanii tiriikittii bira ga'an.Tiriikittiin human fixachaa waan turteef ifti ishii dadhabaa deemaa ture.Agarii booji'uun itti ulfaatus tiriikaa ilkaan baastee itti

kolfaa turte garuu dhumarra booji'achuu danda'aniiru. Gochaan Agarii kan isaan dhibee bowwoo itti ta'es kolfaa qayee isaanitti deebi'aniiru.

Namichi jalqaba masiinqoo isaatin Agarii faarsaa ture isa ganee Agariin Arjootti jaalallee akka qabatee jiraatu eertuu kenne.Agarii sababiin ittiin ganeef badhaasni waantaa tokkoo waan gara lamaatti guddatee fi kennaan maallaqaas qarshii 10,000 waan ta'eefi ture.

Sababii kennichi baay'ateefin namoota hedduutu isa ganee bakka oolu jalaa himaa ture.Agariinis marfamuu fi da'annoo qotachuu isaanii waan bareef dhukaasa jararratti banuun namoota manattii keessa turan ficcisiisuu akka ta'e hubatee mala malate.

Boonbi fi qawwee isaa jalaan hidhatee, wandaboo dubartii gubbaan uffatee, naxalaa gubbaan gadi dadhiisee, shaashii mataatti hidhatee, kophee dubartiis kaa'atee, dubartii bareeda fakkaatee balbalaan ba'ee deeme. Isa ajjeesuf warren qophaa'anis jaalalleen isaa baaten nyaaran walii dhaamanii innis amma ba'aan dhukaasa bananii ajjeesus nama gadi ba'u eegutti riphanii afuura dhokfatan.

Kan dura dhayee madeesse ykn ajjeese badhaasa fudhachuuf hunduu gorora liqimsaa turan. Dubbiin garuu foggisoo ta'e. Dhukaasanii ajjeesurraa dheeffutti ka'an. Boonbii fi dhukaasa duuka buutota isaa waliin itti gadi roobse. Azmaarichi sodaateti malee kan akka dubartiitti uffatee ba'e Agarii ta'uu isaa beeket ture. Loltootni isa booji'uuf dhaqan hedduun isaanii yoo madaa'anii fi du'an garee Agarii keessaa namni tokko jalaa du'eera. Dhukaasan muddee waan qabeefis reeffi isaa harka diinota isaatti akka hin kufne taasisee awwaallateera.

Azmaarin Agarii qabsiisuf dhama'u kun gaafa tokko odeeffannoo guurratee abbootii taayitaan ga'uuf osoo fiiguu karaatti isa eegee harkaan isa qabe. Agarsiiftuu dirree waraanatiin isa hordofaa ture.

Alaalaa rasaasan rukutee ajjeesuu osoo danda'uu harkaan isa qabe.Azmaarichi Agarii harkatti akka kufe gaafa baru rifaatun battalumatti buqqee shiroo fakkaate.

Agariinis fageenyatti isa fuudhee deemee boolla akka qotu azmaaricha ajaja. Azmaarichis waan ajajame dafqi irra citaa raawwate."Seenitii boollichi akka si ga'u keessa ciisii ilaali" jedheen Agariin.Azmaarichi kadhatus Agariin rasaasa takkaan isa ajjeesee ofiin akka of awwaalu isa taasise.

Azmaaricha malee waa'ee isaa basaasaa oolanii Kumaandoo ba'uun abbootii taayitaan oduu ga'aanii obboleeyyan turan 2 akeekkachiisee yoo dadhabu manatti itti seenee tarkaanfii irratti fudhateera.Gochaan Agarii kun namoonni isa basaasan akka adabatanii taa'an kan dhaamaa ture yoo ta'u,abbootin taayitaas akka sodaan lafa seenan dhaban isaan godheera. Agariif ammo beekamtii gar malee dabaleet ture.

Jaanahooy Dabralibaanos ayyaana waggaa taabotni itti ba'u kabajuuf yoo achitti argamu, oduu ture gurra isa seena. Namoonni ayyaanicha kabajuuf argamanis akka durii hin turre. Salaale akka durii hin sirbu, hin dakkaru, hin tabatu. Bulchicha ofitti waames dhugaa jiru gaafata. Bulchichis Agariin bosona akka seene itti hima. Haylasillaasen garuu 'hagareew/ warri biyyaa ' bosona galeen yaadicha hubatee rifata.

Ajajaa human poolisii kan ture Jeneraal Yilmaa Shibashiis yaamsisee "Salaale bosona yoo seenu maal eegda? wayaa irraa baasii reebi"n ajaja dabarsa. Jeneraalichis ajaja darbeefin poolisii human addaa gadi erge. Abbootin taayitaas deeggarsa argachuu isaanitiin gammadanii Agarii barbaachi caalman itti fufe. Humni poolisii kunis poolisii barataa amantaa fakkaatee isa hordofu irratti ramadee, poolisichi waggoota sadii oliif ba'aa gala Agarii hordofaa tureera.

hin bulin gurra Agarii seena. Galgala gaafa tokkos osoo ishiin hin yaadin manatti dhaqee abbaan warrichaa callisee akka ciisu ajajee, marqaa naaf marqiin ajajee, bishaan okkotee yoo daffu qaama isheetti naqee, qawwee dhirsa ishee osoo hin taane qaamni ishee bishaan akka dhugu itti himee biraa deema. Abbaan ishees ofitti fudhatee yaalaa fi Agariinis falmaa tureera.

Salaale Agarii kan jaalatee of keessatti dhoksee qabachaa ture rasaasni isa hin dhawu waan jedhuun sodaachifamee osoo hin taane, gaaffii hawaasummaa, mirga fayyadamtummaa diinagdee, walqixxummaa siyaasaa fi gaaffii ofiin of bulchuu inni qabatee ka'een abdii godhatanii ture.

Agariin hordooffiini fi to'annaan waan itti cimeef maqaa fi iddoo bakkaa bakkatti jijjiirrachuu jalqabe.Qeesii faakkaatee marata marata.Uffata dubartii uffatee uubboo keessa meeshaa isaa kaa'atee deema.

Kadhattuu fakkaatee waaroo uffatee qanqala kadhaa baatee namoonni isa hordofan akka isa hin qabne waan isaan wallaalchisaa tureera.Farshaanaa fakkaates mana farsoo oolee oduu funaannatee karaa fi tooftaa geeddarata. Namoonni isa hordofanis waan inni fakkaate jedhaman mara hidhanii sakatta'aa turan.Agariin garuu isaan keessa hin jiru.Salaale Agarii mararfates akkanaan sirbeef ture.

Kuyyuu hin robin yaa cabbii(2x)
Nafseetti faradanii,
Agarii Tulluu baasi yaa Rabbii.
****
Yaa hoolota Oborii
hoolota Amdee gugurraa sanii,
Shiboo irra maranii
harka Agarii ibidda sanii.
****

Yaa haadhatoo yaa Tarrafuu
Tokko du'ee 2tti hafuu
2 du'ee maalitti hafuu
Agarii Tulluu, Jimaa Tulluu, Hirkoo Tulluu
namni dagatu, lafti fannoo isaanii
Dagam hin dagattu.
****
Kuulle dhale iyya-indaaqqoo,
iyya-andaaqqoo gara boodaa.
siifan dhabe lafa Abbaa koo,
Lafa Abbaa koo kan dhalootaa.
****
xuqanii nu kaasanii
biyyaa nu calaasani,
xuxxuqaan biyyee kaasaa
xuqaan kanniisa kaasaa,
maal abbaa isaanii nu xuqu?
awaal-diigessaa nu'uu !
****
Nan deema bariitee
nan bula yoo dhiitee.
Halkan ka'ee boo'aa
nami bultiin miitee.
****
Kuullen dhale
iyya indaaqqoo,
iyya indaaqqoo gara boodaa.
Siifan dhabe
lafa abbaa koo,
lafa abbaa koo kan dhalootaa.
****
yoo utubaa dhaaban
samiitu jigen se'ee,
yoo wadaroo hidhan
Waaqatu gad bu'en se'ee,
Agarii! yaa Agarii,
edaa guyyaa keetu ga'ee
Salaalee cidha ba'ec!

Gooticha qabuun kan itti ulfaate bulchiinsi yeroo sanaa, sakatta'iinsa fi to'annoon Agarii qabuuf duulli taasifamu magaalaa Fiichee keessatti cimeet ture. Gaafa tokko galgala obbo Taaddasaa Haabtamikaa'el, ga'eessa jiraataa Fiichee harka poolisoota Agarii adamsan harkatti kufa.

Dhaabadhuun yoo meeshaa foffoloqqoqaa itti dhaadatan hin dhaabbadhuun didee isaanii gamnaan maqaa isa gaafatanii waan isa amanuu didaniif gara mana isaatti akka qajeelu gochuun warra olla isaatirraa akka Agarii hin taane qulqulleeffatan. Dogoggoraan nama gooticha fakkaatu qaban. Manas geessanii daa'ima isaa gaafatan abbaa ishee ta'uu isaa fi maqaanis Taaddasaa ta'uu itti himnaan dhiifama isa gaafatanii gadi isa lakkisanii deeman.

Agariin bakka oole hin bulu ture.Finfinnee toora Qacanee Madhaanc'aalamii jiraachaa akka tures ni himama.As oole yoo jedhanii isa hordofan inni karaa birootin ba'ee miliqaa ture.Konkolaataa fee'isaa dhaabsisanii yoo sakatta'an inni sharaa keessa dhokatee jala darba.

Walitti dhukaasaniis yeroon jidduu isaanii darbaa ture akka jiru ni himama.Miilan haa deemuu,koochoo qabaatee yaa balali'uu,xiyyaaran haa darbuu,maalin akka jala miliqaa ture poolisii isarratti ramadamee yeroo dheeraaf isa hordofaa turettuu hiibboo cimaa itti ta'eet ture.Hiriyaa isaatti bakka oolu fi bulu hin himatu.Nama hin amanu.Ni shakka.Baay'ee of eeggata.

Jalqaba bara 1962 Agariin abbootii taayitaarratti soda guddaa uumee waan tureef,abbootin taayitaa Salaale bu'anis ta'e Abbaya gama cee'uf deeman lafa Salaalerratti eegumsi cimaan akka taasifamuuf gochaa turan. Abbootiin taayitaa Salaale bulchanis akkam nama tokkicha qabuu dadhabduun arrabsamaa tura.Karaa tokkoon sodan isaan keessa jiraatus arrabsoon waan isaanii gamee fi taayitaa isaanitirraa akka hin kaafamneef jecha duulli Agariirratti gaggeeffamu baay'ee cimeet

ture.Salaales humni poolisii gooticha barbaachaf qophaa'aniin weeraramteet turte.

Humna addaa isa qabuuf duraan dhaqan inni duursee ilaaltuu adda waraanaan tulluurra halaala jirurra taa'ee arguun akkasiin itti sirbisiisee;

Nutis isin agarree, isinis dhuftanii;

Hin deebitanii Agarii dhabne jettanii,

****

Hawaasni dabarsee akka isa hin laannes yoo sirbu, akkanaan sirbaafii ture;

Agarii yaa korma koo

Sifaan qalamaa hoo'dhu morma koo

***

Ati yaa Amdee Abarraa,

Maaf qotte maasii lagarraa,

Hiyyeessi bade lafarraa,

Si haa argu ayyaani warraa

Humni poolisii addaa booda ergame garuu leenjii ga'aa kan qabu, meeshaa waraanaa ammayyaa kan hidhatee fi lakkoofsan baay'ee ture. Agariittis du'a murteessee, ofittis abaarsa kan baattate ture. Sulultaa amma Qarree Gohaatti karaa cufee qabate. Hawaasa keessas basaastummaan poolisii baay'en bobba'e. Agariin garuu Salaalee

ba'uun itti hin ulfaanne. Salaalettis akka hin deebine murteesset ba'e ture.

Qacanee namoota wayaa dhayan fakkaatanii hiriyoota isaa dhokatanis Finfinneetti gaafa deebi'u mana niitattii da'annoo icciitii isaanii taatetti guruun hiriyoonni isaa eessa akka dhaqan gaafatee yoo akka isaan hin dhufne shakku ergaa waraqaarratti barreessee akka itti keennitu itti himee gara Wallaggaa deeme. Ergaa sanarrattis Salaaletti eegumsii fi to'annaan humna mootummaa waan cimeef deemuuf akka murteesse fi hoteela boqatus maqaa dhayee irratti barreesset ture jedhama. Qabsoo hidhannoo isaa itti aanus achuma godhachuuf ture jedhama.

Manni dubartii icciitii isaa akka qooddattuu fi boqata isaa akka taate himamuuf kan toora Qacanee jiraattin shakkamte, hiriyoonni Agarii bira seenanii waraqichi akkuma isaan harka galeen, manichi poolisootan marfamee waan tureef isaanis harka hin kenninuun dhukaasa bananii wareeggaman.Ergaan Agariis harka poolisootaa gale.Wallaggas nama haaloo isa ba'uu barbaadu fi bifa isaa sirriitti beeku qabatanii hooteelichatti eeggatan. Agariin hin jiru.Garuu hamma dhufutti obsaan eeggatanii namichi isa beeku sun kunootin ijaan poolisootatti yoo himu utaalanii isa qaban.Boombii darbachuutti fi tarkaanfii fudhachuutti cimaa akka ta'e duursa itti himamee waan tureef poolisootichi gateettii fi harka isaa saamsanii isa qaban.Qawwees baafatanii akka hin sochoone isa godhan.

Agariin Salaale gadhiisee Wallagga deemuu isaatti Salaale aare akkanaan sirbeef ture;

Agarii yaa Agarii,

Dheeffi nama hin baasu garagarii.

Wallaggattis kan keettoo ta'ee isa qabsiise aadde Siddisuu turte jedhama.Qabamuu Agariitin Salaale gaabbes akkanaan sirbeef:

Siddisuu tan gamaa addaatu maali jennaan,

galabaa garbuuti jettee.

Kan didichu maali jennaan faradoota tooti jettee.

Kan ususu maali jennaan garadoota tooti jettee.

Nagoyyomsiteeti malee

Hoolaa naa qalteeti malee

Cooma naa murteeti malee

Waadaa naa galteet nagantee

Hooman dhukaasuu dadhabe

Shugguxiin fannootti jiraa

Muzgeerin hirkootti jiraa

Sumatu kutatee naganee?!

Saganu ayyaanni biyyaa!

Otoo alamiin nagalchee,

Siifan godhaayyu silaa.

Reeffakee kuulii baachisee

Dhiigakee saree nyaachisee

Siifan godha yoo alamiin nagalchee!

Maalan godheen Agarii Tulluu osoo hin taane Birhaanuu Asfaaw akka ta'es itti hima. Kiisii isaattis poolisootichi harka isaanii yoo seessisan eeyyama daldala barbaree kan ittiin baafate argatan. Haata'uutii garuu eertuu waan qabaniif Agarii gadhiisuu hin barbaanne.Saamsanii isa qaban.Eertun isaan qabatanii Wallagga dhaqanis dhugumaa Agarii ta'uu imimmaan isa hudhaa dhugaa ba'e.

Yeroo qabamutti Wallagga gadi lakkisee gara Walloo deemuf qophiirra akka turetu himama. Haata'uutii garuu karoora isaa osoo milkaa'ee lafa yaade osoo hin ga'in Gurraandhala 8 bara 1962 qabame.

Agariin waggoota 3 guutuf Salaale akka bakakkaa ganni itti ulfaatee amma dhufeen didichuu, 'waanjoo gabrummaa hin baadhu iyyoo dideen' mootummaa bara sanaatti bowwoo mataa itti ta'ee ture. Qabamuu isaatin qonnaan bultoonni yoo marrimaan isaan madaa'ee eelu abbootiin lafaa fi abbootin taayitaa garaa dhiiban ammo gammachuun garaan isaanii dhadhaa dhugaa ture.

Qabsoo qindaa'aa gaggeessuf humni qophaa'e hin turre. Kophaa ofii ammo mootummaa meeshaa ammayyaa hidhate waliin kana caalaa loluun ulfaataa ture.Waldaan Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa isaafii mitii hoggantoota waldichaafuu irbaata ibiddaa ta'uurraa isaan hin hanbisne.Warraaqsi ummata bilisa baasuf gurmaa'e waan hin turreef kan aaree isaa gamte kophuma qawwee argateen bosona seena ture.Qomoo lakkaa'ee namni dhiifama godhuuf hin turre.

Agariin gaaddisa Salaalee yoo ta'ee roorroo hawaasarraa ittisaa turee harka poolisootatiin yoo qabamu umriin isaa 27 qofa ture.Mucaa godhachuun isaas dubbatamaa waan tureef bulchaan awraajjaa fuudhee daa'ima isaa itti argisiise.Mucaan isaas reefu waggaa tokko guuta ture.

Agariinis qabamee mucaa isaa arguu isaatin gammachuu guddaatu itti dhagayame ture.Harka diina isaatti kufuu isaatin aarus.Bulchichi mucaa isaa kan itti argisiise mucaa isaatin sodaachifamee boombii fi meeshaa dhokse akka awwaalaa baasu fi kan namoota bira jirus lallabuuf ture.Agariin garuu kan awwaale keessaa muraasa baasee,kan hiriyoota isaa hidhachiise maqaa osoo hin dhayin mucaa isaa dhungatee biraa deeme.

Agarii hidhaatti galchanis abbootin lafaa fi abbootin taayitaa irriiba guutuu rafuu hin dandeenye ture.Maaltu beeka gaafa tokko hidhaa sibiilaa harkaa fi miilarraa kutee,mana hidhaa cabsee,poolisootan dhukaasa walitti bane hunda ajjeesa ta'a.Kanaaf hamma dhumaatti sodaarraa bilisa of baasuf jecha murtoo du'aa itti murteessun sammuu isaanitti deddeeb'ee ka'aa ture.

Manni murtii Fiichee dhaddacha ji'a tokkoo ega Agarii deddeebiseen booda murtoon ariifachiisaa murtaa'e. Agarii fannisanii akka ajjeesaniif.Biyya haqa dhabde keessatti goota ajjeesuf dhaddachi ariifachiifame.

Himanni ittiin mana murtiitti dhiyaate;

1. Qabeenya namaa saamuun,
2. Qabeenya namaa gubuun barbadeessuu fi
3. Nama ajjeesuni ture.

Obboleeyyan Agarii; Hirkoo Tulluu fi Jimaa Tulluurrattis murtoon adabbii du'aa itti murtaa'e. Hirkoon Agarii waliin bosona seenuu isaatin (Agarii dura to'annoo jala oole). Jimaan garuu qawwee ittiin mataa isaa eegu tokkichi harkatti argamuu isaatin isattis duuti murtaa'e.

Jimaan nama nagaati. Hojii qonnaa fi saanqaa ykn balbala miidhagsee tolchuun beekama ture. Amalli isaatis adda jedhama, callisaa fi tasgabbaa'aa nama obsa baay'ee qabu. Nama baay'es gaddisiisee kan ture waa'ee Jimaa ture. Lameen garuu qabsaa'ota waan turaniif duuti akka isaanif hin oolle ni beeku ture.

Abbootin taayitaa garuu sanyiin Agarii akka lafarratti hafu hin barbaadan waan tureef sadan isaanituu du'aa itti murteessisan. Maaltu beeka Jimaan obboleeyyan isaa dhabes yoo hin ajjeeffamne haaloo ba'uu fi dhiiga dhiigan deebisuuf bosona seena ta'a. Abbootin taayitaa dhimma kanaan irriiba dhabuu hin feene Jimaas fannisiisan.

Adabbiin du'ichaa akka gaggeeffamuuf magaalaa Dagamitti mukti fannoo qophaa'e. Ummannis akka ilaaluf dirqiin itti laatamee yaamame. Fannoon guyyaa tokkoon dura haati Agarii gala harka ishiitin qophaa'e kan dhumaa akka nyaataniif mana hidhaa Fiichee fuutee buutee.

Gadda keessa jirtu qaamni ishee gogee, yaaddon itti baay'ate dhugaa ba'a. Garuu haadha gootaa waan taatef mudhii jabeeffattee hidhattee, akka isa fulduratti hin boonye imimmaan ishee akka manatti fixattee fuula gogfattee ciniinnattee mana hidhichaatti yoo wal gaafatan kan itti iyyanii fi halaalaa kan itti wal ilaalanitti Agariin yaamamee ba'e. Ilma ishee haati gaafa argitu imimmaan ishee hudhaa;

> "Ilmakoo! Wadaroo siif qopheessaniiru. Obboleeyyan kee waliin si fannisu. Mukeen dararanni deessan irratti raawwatus sadan keessaniifuu isinii qopheessaniiru. Hamma bara baraatti nagaan naaf ta'aa. Baay'en isin jaaldhaayyu" jettee gala itti hiixatte. Walsalaaffachuuf ijaara dallaa sibiilatu jidduu ture. *Taraaroochin Yaanqaxaqqaxee Tiwlidd jildii 2ffaa (1990:151)*

Agariin haadha isaa mucaa ishee sooru dhabdee kophaatti haftee rakkattu yaadan suuraa kaasee hinqirfatee boo'e.Garuu haati isaa akka garaan caalman hin hammaannef garaa jabeeffatee gala haati laattef fudhatee biraa sokke.Agariin ija ishee fulduraa gara mana hidhichaatti deebi'us isheen garuu iyyummaa Agarii bosonatti baase,ilmaan ishee dhabsiise yaadaa ija ishee gara dukkana mana hidhichaatti Agarii duukaa dawwooftee dhaabbachuun ergite.Mana onatti galuu hin barbaanne.Ilmaan sadi gaafa tokkotti saamamuuf deemti. Galtus maal gooti.Nyaanni akkamitti liqimfamaaf,gaafa isaan deessuu akkasitti hin ciniinfanne.Deessee maseente.

Guyyaan Dagamitti gabaan dhaabbattu gaafaWiixataa waan tureef abbootin taayitaa fi abbootin lafaa karaa tokkoon, hawaasni ammo karaa birootin dhaabbatanii murtoo du'aa ilaalun jalqabame.Hawaasni harki caalu gaddaa fi ciniinsuu du'aatin guuttameera.Obboleeyyan sadanuu mukaa fi wadaroo isaanii qophaa'e jala akka dhaabbatan taasifaman.Reebichii fi daddarbaan qaama isaanii laaffiseera.

Agarii namoonni baay'en maqaan malee qaaman hin beekan ture.Kan isa beekus ta'e kan reefu isa arge hunduu morma akka indaaqqoo bakka bultii laallachuuf oliif gadi raastuu isaan ilaaluf qilimmisu.

Agariin afuurri isaa osoo hin ba'inii fi arrabni isaa osoo hin gogin jecha dhumaa akka dubbatu bulchaan awraajjaa eeyyameef. Si'a tokko gara abbootii taayitaa fi abbootii lafaatti garagaree isaan ilaale.Hedduu isaanii jilbiinfachiisee of jalatti bulcheera. Ilkaan itti ciniinnatu. Du'us hin gaabbun ija tuffiin lafaa ol isaan kaase.Akka tasaa ijji isaa Fiitawraarii Muluu Hasanuurra qubatte. Akka seequu ta'eet,"Muluu na dubbisuu dandeessaa?" jedheen.Muluunis maal naan jechuufi laatan itti siqe.Muluun Agarii qabuuf yoo dhama'utti Agariin jalaa miliqaa itti

qoosaa tureera. "Gaafa tokko birrii 50 naaf jijjiirtettaam ,yaadattaa?" jedheen.

Muluunis,"Sobduu eessatti si'argeen?" jedhee deebisnaafin, Agariinis "Kallee hoolaa baadhee...nama kallee bitu fakkaadhee..." jedhee mallattoo isaa waliin yoo itti himu Fiitawraarin bakka dhaabbatetti gogee hafe.Dafqi qaama isaan xuruuruu jalqabe.Amma waan ta'aa jiru itti fakkaate.

"Waaqa sodaadheni malee jaloota kee waliinan guyyaa saafadhaan magaalaa Garba Gurraachatti isin fixee deemayyu" jedhee yoo dubbatu Fiitawraarin aaree bakka taa'aa turetti deebi'ee taa'e.Bulchaan awraajjaa carraa dubbachuu kan laatef gochaan Agariin raawwate sirrii akka hin turre hawaasatti akka dubbatuuf malee akka abbootii lafaa arrabsuuf hin turre.Agariittis aaree ammas akka hin gaabbinee mirkaneeffate.Agariinis akka waan takkaa hin gaabbinee fi obboleessi isaa Hirkoonis taanan waan garaa isaa akka raawwate itti hime.Jimaan garuu isaanuma waliin dhalachuu isaatin duuti akka itti murtaa'es jala murc ija babaasaa dubbate.Kanaafis gatii harka isaanii akka rabbirraa argatan dabaleef.

Bulchaan awraajjichaa tarii Agariin geerraruu yoo fedhe isa gaafate.Agariin hojii isaa Salaale guutun akka beeku fi geerraruu akka hin barbaanne itti himuun geerraruu yoo fedhan abbootin taayitaa fi abbootin lafaa akka geerraran gaafadhuun funyoo isaatti siqee dhaabbate.

Obboleeyyan sadan namoota biroo lama waliin guyyaa tokkotti **Dagam**; **Sillaasee Tasammee** bakka jedhamutti fannifaman. Wadaroon Hirkoon itti fannifame cite Hirkoon lafatti kufe. Haalli akkanaa yoo uumame dhiifamatu godhama ture. Waaqni aangoo namaa olitti qabu murtoo namaa akka jijjiiretti lakkaa'ama ture. Jaarsoliin dhiifamni akka

godhamuuf lafatti kufanii bulchaa gaafatan. Abootin taayitaa garuu sanyiin isaanii akka bade irriba gaarii akka rafaniif wadaroo biraatin deebi'ee akka fannifamu taasisan. Namni sanyii isaanii yaamsisu akka hin jiraanne taasisanis Agariifaanti yoo fannifaman daa'ima waggaa tokkoo kan ture; Salamoon Agarii guddatee abbaa ijoollee ta'ee Agarii fi obboleeyyan isaa bakka buusee yaamsiseera.

Ijoollen Jimaa Tulluus haaloo namni akka irratti hin baanef maqaa abbaa isaanii jijjiirratanii Ayyalaa Mangashaa fi Ababaayyahu Birraatuu jedhanii of moggaasanii jiraachaa turan.Daa'ima kan hin horatin Hirkoo Tulluu qofa ture.

Gara fulduraatti namni akka hin fincille,kan dhagayee fi kan arge akka haasa'uuf reeffi obboleeyyanii Dagamitti fannifamee guyyaa gabayaa sana guyyaa guutuu oole.Gara galgalaas buusifamee iddoo dhaloota isaanii Leemman Sillaasetti geeffamee sadanuu tarreen awwaallaman.Gaafa awwaalcha isaanis hawaasni akka goota gaggeessutti geerraree,daffee fi quuqama isaa baafatee boo'ef.Yoo fannifaman argee namni mataan gadi cabee ture daffee yoo boo'uf aarin imimmaan jaalalaatin ba'eef.

Du'a Agariin boodas gaabbii fi garaa hanquu isaanii sirbitoonni Salaalee akkanaan sirbaniif;

Agarii Tulluu dhiira madfiin dadhabe

Amma wadarootu gadi qabe

*****

3. Sheeh Tolaa

Qabsoo seenaa Oromoo Walloo keessatti Sheeh Tolaan nama iddoo olaanaa qabu. Isheetuu Irranaa (2001: 249) akka barreessetti Paruutiin Sheek Tolaa jechuun yoo isa waamu, Arshiibaald ammoo Toliihaa jedhee akka seenaa isaa barreesse kaasa. Barreessan Barkileey jedhamu ammoo Taalaa jechuudhan seenaa isaa barreesse.

Sheeh Tolaan Kibba Walloo iddoo Doddotaa jedhamtutti dhalate. Akaakayyuun isaa Sheeh Yasuuf Qaanqee (Abbaa Asiyyaa) jedhamu.

Taklatsaadiq Makuriyaa (1984:391) akka kitaaba isaa "Atsee Yohaannis inna Ye Itiyoophiyaa andinnat" keessatti kaa'etti, qabsoo farra cunqursaa Sheeh Tolaan kan jalqabe bara 1878 Minilik IIffaa fi Atsee Yohaannis waliigaltee Booruumeedaa taasisanii Walloon akka cuuphamu yoo ajaja dabarsan ture.Bara sana Oromoon Walloo amantaa Islaamaa irraa Kiristaanummaatti akka amantaa jijjiirratu, Masgiida diigee akka mana sagada Kiristaanaa ijaaru fi loltoota mootichaafis galaa akka safaru itti murtaa'e.Walloonis dubbicha mormee Sheeh Tolaanis fincilicha hoggantummaan duurse.

Waraana Bakkee irratti loltoonni mootichaa, Oromoo Walloo irratti hubaatii yoo geessisan, Sheeh Tolaan Oromoo Walloo fincile qabatee gara Qaallootti maqe. Oromoon Walloo; Hasan Wadaajoo fi Sheeh Tolaan yoo hogganaman,loltoonni mootichaa ammoo Raas Mashashaa fi Raas Mikaa'eliin hogganamanii waraanni baname.Waraanni mootichaas injifatamee duubatti deebi'uun dheeffan. Atsee Yohaannisis hoggantoonni fi loltoonni isaa injifatamuu isaaniniin aaree dhiigni isa daffe. Huseen Ahimad(1988:391)

Sheeh Tolaan gammoojjii Qaallu keessa humna isaa cimsatee of ijaaree turuun isaa Atsee Yohaannis baay'ee yaaddesse.

Sadaasa 1880 Atsee Yohaannis mooticha Mikaa'el waliin ta'uun Oromoo Walloo qabachuuf weerara taasisus Walloon waan ofirraa qolateef osoo hin milkoofne karoorri isaa jalaa fashalaa'era.

1880n booda fincila Oromoon Raayya taasise, Sheeh Tolaan adda durummaan hogganeera.Atsee Yohaannis biyyootii Awrooppaa deeggarsa meeshaalee fi ogeeyyii waraanaa gaafachuuf xalayaa Hagayya 1,1877 barreesse, Adihaanaa Mangista'aab waraqaa qorannoo "Atse Yohannes IV and Kasa" mata-duree jedhuun dhiyeesse keessatti rakkoo Oromoon Walloo irraan ga'e caqaseera.

Bara 1885 Oromoon Warra Imanuu; Abbaa Jabalii fi aadde Mastaawatiin hogganamee fincila Oromoo Walloo gaggeessu keessatti Sheek Tolaan iddoo olaanaa qaba ture.

Tooftan waraana Sheeh Tolaa kan Atsee Yohaannisiin kan adda isa godhu, duubatti deebi'aa dagachiisee rukutuu isaa qofa hin turre. Haala mijataa yoo argatu hamma dhumaatti ari'ee tumuu isaa ture. Akka ragaattis kan ka'u Oromoon Walloo Sheeh Tolaan hogganamu ajajaa loltoota Atsee Yohaannis; Bajiroond Nawxee dirree waraanaa Kilkkilloo irratti loltoota Atsee hunda waliin barbadeessuu isaatu himama.

Sheeh Tolaan diina isaa jabdicha kan ta'e, Atsee Yohaannis injifachuuf Mahaadistoota Sudaan deeggaree mootichi dirree waraana irratti ajjeeffame Matammaa irratti hirmaate ture. Atsee Yohaannisiin haala kanaan adda ba'anis Minilik waraana Adwaan booda loltoota Sheeh Tolaa barbadeessuf Wallootti duulet ture. Milkiin garuu isa waliin hin turre.Ajjeesunis ta'e raayyaa isaa rukutuun garuu hin danda'amneef.Maqaa isaa balleessuf Sheeh Tolaan Adwaa irratti Xaaliyaanota deeggaree Itiyoophiyaanota waraanera jedhamee haasa'amus dubbichi garuu dhara ta'uun isaa qulqullaa'era.

Atsee Minilik Sheeh Tolaa salphaan injifachuun akka hin danda'amne yoo baru, lola isaarra araara wayyaan Sheeh Nuurii nama jedhamu (dhalataa Oromoo Yajjuu) jaarsummaa itti ergee araarfachuun Yifaat keessatti lafti laatameefii jiraachuu jalqabe.

Sheeh Tolaan araarri Minilik Iffaan Darbuushotaa waliin taasise akka milkaa'uf diipploomaatii ta'ee filatamuun tajaajilcera.Araarichis sababii inni keessa jiruun milkaa'uu danda'e.

Sheeh Tolaan bulchaa Carcar godhamee Minilik Iffaan muudamee barcumarra yoo taa'u, Lij Iyyaasuu waliin walitti dhufeenya gaarii fi cimaa uumun weerara koloneeffattummaa biyyootin Awrooppaa Afrikaa irratti gaggeessan irratti Somaaliiyaan finciltee akka kaatuf ergamee akka ture Huseen Ahimad Kontii Rooziinii wabeeffachuun barreessera. Lij Iyyaasun aangoo irraa Tafariin yoo buufamu, Sheeh Tolaan deeggartummaa fi walitti dhufeenya cimaa Iyyaasuu waliin qabuun shakkamee mana hidhaatti dedeebi'ee darbamaa ture.

Sheeh Tolaan dhumarra bulchaa koonyaa Carcar ta'ee hojjechaa osoo jiruu bara 1934 du'aan boqatee, Goorotti awwaallameera.

4. Dajjaazmaach Gabramaaryaam Gaarii Godaanaa

Dajjaazmaach Gabramaaryaam Gaarii Godaanaa bara 1874 Shawaa Kibba Lixaa; Sadan Sooddotti dhalate. Carraa barnoota bara sanaa warri isaa abbootii lafaa Oromoo waan ta'aniif argachuu danda'eera. Barnoota sadarkaa tokkoffaa kan mana amantaa Ortodoksii keessatti laatamu ega xumureen booda magaalaa Finfinneetti masaraa Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo (Abbaa Nafsoo) keessatti hojii to'attummaa mana nyaataa hojjechuu jalqabe.

Magaalaa Finfinnee keessa ishii ega sirriitti bareen booda tajaajilaa Atsee Haylasillaasee ta'uunis jireenyi itti fufe. Bakki dhufeeyis eenyummaa isaa jalaa haguugee dhokse. Oromummaarra sabummaan biroo keetin itti maxxanfame. Amanamtummaan isaa ija isaanii yoo seenu, kibur zabanyaa /waardiyyaa masaraa taasifame. Shaakallii loltummaa argatetti fayyadamuunis booddee miseensa raayyummaatti makame.

Ilmi Raas Mikaa'el; Lij Iyyaasun Zawdituu fi Tafarii ykn Haylasillaasen yeroo wal-dhabbiirra turan, waraana Sagalee iirratti duulee waan tureef Dajjazmaach Gabramaaryaam rukutamee madaa'e.Sila osoo Lij Iyyaasuu deeggaree jiraatee tarii seenaan Haylasillaasee geeddaramee aangof hin ga'u ture.Haata'uutii garuu Lij Iyyaasun lafatti ejjetee lolus mirgi kan isaanii hin turreetii injifatamee harka diina isaatti kufe.

Dajjazmaach ega miseensa raayyaa ta'een booda, bulchaa ykn "indaraasee" kutaa bulchiinsa Harargee yeroo sanaa ta'ee muudamuun tajaajilaa ture.Dirqamaa fi tajaajiltummaa isaa ega xumuree boodas Finfinneetti deebi'ee Ministira Ittisa biyyaa ta'uun muudamee hojjechaa ture.

1927 Musoloonii waliin mootummaan Itiyoophiyaa dirree waraanaa Walwalirratti yoo walitti bu'u, "Itiyoophiyaanonni waan nu muufachiisaniif isaan bakka bu'uun dhiifama nu haagaafatu" jedhee mootummaan Xaaliyaan Ministeera Raayyaa Ittisaa kan ture Dajjaazmaach Gabramaaryaam ergaan tuffii fakkaatu qaqqaba. Dajjazmaach garuu 'du'a kiyyaan booddee malee dubbichi gonkumaa hin ta'uun' diddaa isaa biyya isaa bakka bu'ee deebii ifaa fi quubsaa ta'e ergeef. Sababii kanarraayis kan ka'e dhimmichi gara "Liig oof Neeshin" geeffama.

Aariin Xaaliyaanotaa 'tuffatamneen' daangaa bittaa isaanii babal'ifachuuf miila isaanii gara biyya jiddu galeessatti yoo diriirfatan Dajjazmaach Gabramaaryaam raayyaa isaa hiriirsee meeshaalee waraanaa biyya alaatii fichisiisun hidhachiise. Humni Xaaliiyaanii babal'achaa gaafa dhufu Dajjazmaach Gabramaaryaam ajaja abbaa aangummaa isaatin cinaatti Wallootti duulee duulchisee raayyaa diinaa faccisee loltoota Itiyoophiyaa Maaycaw jiranitti makamuun achittis loltoota Xaaliiyaanii ba'aa gala dhoorkan.

Dajjazmaach Gabramaaryaam loltoota Xaaliiyaanii waggaa 40 guutuu weeraraaf qophaa'aa turanii fi aarii injifatamuu bara Adwaa qaban ba'achuuf dhufan 'dura dhaabbadhuun loli' jedhamee Haylasillaasen qajeelfamni yoo kennamuuf ija hin sukkuummanne ture jedhama. Hoggantummaani fi amanamummaan inni raayyaa isaaf qabu hamma lubbuun isaa dabartutti. Of wareega malee miseensa raayyaa isaa tokkollee dabarsee nama laatu hin turre. Amma arrabni isaa goguttuu.

Dirreewwan waraanaa gara jaatamaatti siqan irratti hirmaatee eenyummaa isaa mirkaneessee Xaaliyaanota bishaan dheebossee akka raachaa hollachiisee, Itiyoophiyaanotaaf ammo gaachana bilisummaa ta'eera. Meeshaalee waraanaa ammayyaa harka Xaaliyaanitirraa booji'ee raayyaa biyyasaa hidhachiisera.

Xaaliyaanin kutannoo gootota Itiyoophiyaanotaa; jaalala isaan biyya isaanitiif qaban arguun, loltoota lafoon fulduratti dhiibuu dadhabnaan xiyyaaran summii firfirsanii boombii akka cabbii gannaa gadi roobsan.

Dajjazmaach Gabramaaryaamis yeroo sanatti waraana Boondee irratti madfiin osoo Xaaliiyaanii fuldureen kiphee itti bu'aa jiranuu boombii xiyyaararraa darbameen madaa'ee kufe. Madaa ofiis qoorfachaa dirreewwan waraanaa biroorratti hirmaachun seenaa biroo hojjetus namni yaadatee hin katabneef, seenaa lafaa waaqni dhugaa ba'uuf garuu biyya isaatif hojjetee darbeera. Kanaaf ammoo Arsiin ragaadha; Boqqojjiin. Dajjazmaach Gabramaaryaam ega Boonderratti madaa'ee booda, iddoon inni Xaaliyaanin ija walitti babaase jedhamu Boqqojjiidha. Dirree waraanaa kanarrattis raayyan Itiyoophiyaa Dajjaazmaachin hogganamus ta'e baandonnii fi Xaaliyaanonni hedduun wareega guddaa kanfalaniiru.

Boqqojjiin booda lafti Dajjazmaach Gabramaaryaam Gaarii Godaanaa Xaaliiyaanii fi baandota itti faccise lafa dhaloota isaa; Shawaa Kibba Lixaa Sadan Sooddoo ture. Sooddottis dubbiin akka dur ta'uu didde. Dajjazmaach Gabramaaryaamis tabba ba'ee ededa utaaluu dadhabe, madaan itti hammaattee mudaa muddii itti taate. Riphee osoo dhukaasuus rasaasa matrayyeesii Xaaliyaanirraa dhuka'een rukutamee kufe. Gootni boqonnaan isaa du'aatii, biyya jaalatuuf baay'ee hojjechuu osoo danda'uu duti mogolee qabdee ofitti isa harkifatte .

5. Fiitawraarii Haabtagiyoorgiis Diinagdee

Fiitawraarii Haabtagiyoorgiis yookin Qusce Diinagdee abbaa isaa obbo Diinagnee Botoraa fi haadha isaa Amadiinaa irraa bara 1844 godina Shawaa Lixaa aanaa Dandii; ganda Bodaa (Tuqaa Gandii) keessatti dhalate.Bara 1919 ammoo bakka dhugaa dhaqe.

Mucaa waggaa 14 bara ture; bara 1859 Goobanaan Caboo weeraree yeroo qabatetti, obboleettii isaa hangafa waliin holqa Faliixoo jedhamu keessa dhokateet ture.Booji'amees raayyaa Minilik keessatti guddate.

Ilmi Oromoo kun waa gaafatamee mala waan hin dhabnee fi dubbiin isa bira ga'ee hiikoo hin arganne waan hin turreef, maqaa masoo isaa Abbaa Malaa jedhamuun sirna bulchiinsa mootummaa Minilik II keessatti kabajaa fi beekamtii guddaa qaba ture.

Umrii isaa ijoollummaatti barnoota amantaa baratee qubee Saabaa lakkaa'e, sadarkaa namoota bara sana keessa baratan jedhamanii keessa galeera. Oromummaan isaa baay'ee irraa beekama ture jedhama.Onnataa fi kan hin sodaanne, xiiqin nama deemu tures jedha seenan isaa.

Seenaa Itiyoophiyaa ijaaruu keessatti namoota bakka olaanaa qaban keessaa Fiitawraariin isa tokko ture. Beekumsa bulchiinsaa fi tooftaa waraanatiin bara Minilik II keessa kan itti qaqabu hin turre. Waraana Adwaa irratti adda dureen loltoota Xaaliiyaanii jidduu seenee adda bittinsee goota hollachiise. Ega waraanni Adwaa injifannoon goolabamee booda gorsaa Minilik ta'ee hojjeteera.

Mala beekaa fi sammuun isaa qaruutee dubbii hubatu waan tureefi.Gorsa mootichaaf laaten cinaatti gootummaan isaa dirree waraanaa Adwaa irratti muul'ise ilaallamee Ministeera Raayyaa Ittisaa fi abbaa seeras ta'uun muudamee hojjechaa tureera.

Isheetuu Irranaa (2001:248) akka kaa'etti Haabta Giyoorgis Diinagdee taayitaa Fiitawraarummaan bulchaa koonyaa Cuqqaalaa fi Caboo ta'ee hojjeteera.

1897-98 lafa babal'ifannaa Booranaa hamma Keeniyaatti qabachuuf taasifame duursummaan hogganeera. Manni maree ministirootaa yeroo jalqabaatif yoo hundeeffamus ministeera raayyaa fi walitti qabaa mana marichaa ta'ee muudameera. Siyaasa keessatti garuu shoorri olaanan inni tabate 1911-1917 ture.

Ingiliizonni karaa Keeniyaatiin daangaa Itiyoophiyaa qaxxaamuranii gaafa seenan Booranaa fi Ummattoonni naannoo Kibbaa walitti bu'an.Wal dhabbii kanarraayis kan ka'e Ingiliizonni jidduutti waan du'aniif, 'lafti lammiilen keenya irratti du'anii fi dhiigni isaanii irratti dhangala'e gadi hin dhiisnutii nuuf ta'uu qaba, siidaas irratti ijaarranna' jechuun Fiitawraarii gaaffii doorsisoo fakkaatun gaafatan.

Fiitawraariinis irra keessaa dhikkisee kolfee 'isinis Alamaayyahu Tewodroos Landan geessitanii ajjeestaniittuu lafa siidaa irratti

ijaarrannu Landanii nuuf kennaa' jedhee Ingiliizota qaanfachiisee abshaalummaan qoreen qoree hin waraanun ofirraa deebise.

Ingiliizonnis Itiyoophiyaa qabachuuf karoora yeroo dheeraa qabaatanis dubbichi 'eenyutu eenyuu gadii' waan jedhu waan fakkaatufa afaan qabatanii miila dhufaniin Keeniyaatti deebi'an.

Fiitawraarin Minilikiif hayyuu siyaasaa,ogeessa bilchiinsaa, goota dirree waraanaa fi gorsaa isaa ta'us dubbiin dubbii sanyummaa taatee,gaafa Minilik dhibamee sireerra ciisu 'sareen gara karraa, rakkataan gara warraa' akka jedhu namni keenya, Minilik Lij Iyyaasuu yaamsisee taayitaa biyya bulchuu harka buuse. Baras dargaggeessa kan ture Haylasillaasen Lij Iyyaasuu waraanee waraansisee.Haabta Giyoorgis Raas Tafarii deeggaruunis Iyyaasun akka aangorraa bu'u taasiseera jedhama. Sababiin isaa ammo Haabta Giyoorgis,bara bulchiinsa mootummaa sanaa keessa waan guddaa hojjetus, carraan isaa akkuma Oromoo kaanii ture. Akka shankooraa alaanfatamee xuuxamee gatame.Jalqabarra jaalala qabaatanis boodden isaanii garuu Minilik waliin jibba ture. Haabta Giyoorgis sababii kolaafameefis dhala osoo hin horatin darbe.

Raas Tafariin Zawdituu mankaraarsee ofii barcuma Minilikirra quruurratee taa'e. Abjuu sodaa yaada taa'aa bule malee Minilikis, ilmaan isaa aangoo saamamuun isaanii garuu hin oollef. Uummata biyyattiitis dukkana garbummaatti dhiisee ofiifis boolla seene. Ofii isaatii Kiristaana Ortodoksii ta'us waldandeettin amantaa akka jiraatu fedhii guddaa qaba ture.

6. Fiitawraarii Gabayyoo Gurmuu

Fiitawraarii Gabayyoon, waraana Adwaa duras ta'e Adwaarratti goota akkam cimaa akka ture hubachuuf kitaabota seenaa gaggaragalchuun dirqama ta'a. Taklatsaadiq Makuriyaa (1983) Atsee Minilikii fi Tokkummaa Itiyoophiyaa keessatti waa'ee Gabayyoo yoo kaasu, raayyan Itiyoophiyaa wal duraa duuban walqaqqabee waraanni waan eegalameef Jeneraal Albartoonii madfii fi qawween lolaa turee waraanni itti cimnaan boombiin Shaarpneel akka dhukaafamuuf ajaje. Kanas taasisuun isaa loltoonni Itiyoophiyaa akka sodaatanii deebi'aniif ture. Sababii dhoohinsa boombii kanaanis loltoota Itiyoophiyaa hedduutu dhume.

Loltootni Itiyoophiyaa duubattis dheeffuu gaafa jalqaban Fiitawraarii Gabayyoo kallattii Ambaalaagee sanaan dura cabsee kan ture, loltoota isaatif adda duree ta'uun dura bu'ee loltoota of duuba hiriirsee waraanatti lixe. Isa waliinis loltoota Mikaa'el 3,000 hanga 4,000 ta'an, loltoota Fiitawraarii Taklee 3,000 fi loltootni Fiitawraarii Tafarii 1,500 ta'an duuban isa qaqqabanii duukaa bu'an. Waraanichis cimaa waan dhufeef loltoota dabalataa karaa bitaatin Itiyoophiyaanonni galchuu jalqaban.

Jeneraal Albartooninis Baataaliyoonin dabalataa akka ergamuuf ajaje. Loltoonni Iteegee Xaayituu madfoota Hankiins jedhaman ja'a erguun hamma ta'e dhukaasanis loltoota Xaaliiyaanii irratti garuu hubaatii geessisuu hin dandeenye; deeggarsa taasisus.

Baataaliyoonin Albertoonin yaame, qaqqabees loltoota Itiyoophiyaa hamma ta'e duubatti siqfatan. Uffata diimaa uffatee kan ture Fiit Awraarii Gabayyoo aaree loltootatti fuula isaa garagalfatuun "Fiit Awraarii Gabayyoo haala akkamiitin akka du'e namni lubbuun

Shawaatti deebi'e seenaakoo haa himu" jedhee waraanichatti lixee lolaa ega tureen booda rukutameé karra Kidaana Mihirat fulduratti kufe.

Waalalliny Immiruu(1997:244) ammo waa'ee Fiit Awraarii Gabayyoo yoo barreessu, loltuu Xaaliiyaanii kan turee fi qabamee Finfinneetti geeffamee kan ture Joovaanii Teedoonii, yaadannoo isaa irratti akka katabetti, loltoonni Itiyoophiyaa dhukaasa madfoota Xaaliyaanitiin rukutamanii yoo kufanii fi kaanis yoo dheeffan Gabayyoon aaree 'sodaattota! Akkamitti dheeffitu? Akkattin du'e qayeetti gaafa deebitan dhugaa ba'aa!' jedhee fardasaa guskee madfii laboobu jidduu seene. Kutannoo isaas loltoonni Itiyoophiyaa arganii duukaa ka'uun, loltoota Xaaliiyaanii fi baandota madfii Itiyoophiyaanotatti dhukaasan kaan ajjeesanii kaan booji'anii of harka galchanii to'atan.

Da'annoo Xaaliiyaanii Ambaalaagee diigee injifannoon kan goolabe, waraana dirree Maqaleerratti hirmaatee harka kan madaa'e fi waraana guddicha Adwaa irrattis qooda isaa ba'achuun aarsaa bilisummaa biyya isaatif kanfaluun, lubbuun isaa dabarteetti.Kunis onnattummaan machaa'ee, farda isaarraa utaalee morma loltuu Xaaliiyaanii tokkoti rarra'ee ega hudhee ajjeesen booda, Fiit Awraarii Gabayyoon kan wareeggame.

Kanaafi Fiit Awraariin gootata Adwaa irratti Xaaliiyaanii faccisan keessaa hangafa, maqaa isa jechisiisu kan gonfate. Adwaan Oromoo biratti hiika akkamii qaba warreen jedhaniifis taanan Oromoon waraana Adwaa irratti hirmaataa fi hogganaas akka ture seenan Gabayyoo ragaadha.Oromoota Adwaa irratti loltoota Itiyoophiyaa hogganuun hirmaatan keessaa Fiitawraarii Gabayyoo, Raas Makonnin fi Xaayituufaanti isaan jajjaboodha.

Seenaa biyyaatti kan baroota durii keessatti akka Adwaa Oromoofis ta'e Itiyoophiyaanotaaf beekamtii ija addunyaa biratti gonfachiise hin

jiru ture. Haamilee bittootaa kan gadi cabse, mataa gurraachotaa gita bittaa jala jiran edaa kunis jiraan ol qabanii akka deeman kan taasise ture. Afrikaanota cunqursaa jala jiraniif keessattuu bakkalcha barii ture jechuun ni danda'ama.

Adwaa irratti loltoota Xaaliiyaanii fi Itiyoophiyaa jidduutti waraanni mudate Ambaalaagee irratti ture, Sadaasa 29, 1988. Da'annaa toora sanaas duursee kan qabate raayyaa Xaaliiyaanii kan hogganu Kumalaa Toozeelee ture. Loltoonni Toozelee madfii dhukaasaa Itiyoophiyaanotatti tuffiin itti qoosaa aarsaa turan.

Gara Itiyoophiyaan hoogganaa olaanaa raayyaa kan ture Raas Makoonnan, Xaaliiyaaniin da'annoo qabate akka nagaan gadhiisu mari'ataa ture. Addicha hogganaa kan ture Fiitawraarii Gabayyahu garuu dhukkubbii isaa ciniinnatee danda'uun gaangee isaa yaaphatee sakarsaa, ulee qabatee loltoota Itiyoophiyaa "Jabaadhaa , kan rasaasa fixattan goraaden, ykn eebon haleelaa!" jedhee jajjabeessun duursa biyyaaf kennuun onnee guutuun gaara Ambaalaageetti qoncoorrataa ba'ee raayyaa Xaaliiyaanii barbadeesse. Toozeeleen Itiyoophiyaanota ija tuffiin ilaalaa turus, hoggantoota Xaaliiyaanii dirree waraanichaarratti du'an keessaa isa tokko ture.Baahiruu Zawdee (1999:89)

Fiit Awraarii Gabayyoon dirree waraana Ambaalaageetti gaafa ergamu loltoota Raas Mokonnon akka hordofuu fi deeggaruuf ture.Haata'uutii adda durummaan waraanicha hoogganuun Itiyoophiyaa injifannoo kan gonfatachiisee garuu isa ture.

Haalli teessuma lafa Ambaalaagee gaarren waan ta'eef Itiyoophiyaanota haala teessuma biyya isaanii beekaniif, meeshaa waraanaa ammayyaa fi leenjii loltummaa ga'aa dhabanis hunduu isaanif salphaa ture.

Diina isaanitiif garuu ni ulfaataa. Xaaliyaanonni dhukaasa madfii Fitawraarii Gabayyootin mandi'anii yaa kottee nubaasi jedhan. Gareen Fitawraarii kaan dhakaa gaaraa loltoota Xaaliyaanitti yoo fonqolchanii irra yaasan, kaan kuta goruun hogganaan isaanii Toozoliin osoo hin hafin osoo dheeffuu ajjeeffameera.

Gochaan Fitawraarii Gabayyoo kunis Xaaliyaanota mataa lafa laalchisee, gurraachi adii injifachuu akka danda'u dhugaa ba'e. Afrikaanotaafuu dubbichi akeeka fi dhaamsa guddaa qaba ture.

Fiit Awraarii Gabayyoo Gurmuu osoo hin caalamin caaluu, osoo hin rukutamin rukutuu fi osoo diinni hin qophaa'in daaraa dhahuun beekama. Dirree waraana Adwaa irrattis injifannoo boonsaa argameef faaya kan ta'e Fiit Awraarii Gabayyoodha.

Adwaa irratti hoggantoonni raayyaa waraana Itiyoophiyaa bakka bu'an Xaaliiyaanii eenyutu natuqaan ofittummaan biyya weerarte dursanii rukutuuf eenyumtuu qophaa'aa hin turre jedhama. Fiit Awraarin garuu 'karaa cabe haa yaasu, duuti gabroomuu fi weeraramuu caalu hin jiru' jechuun diinarratti duursee haleellaa goota bane.

Taklatsaadiq Makuriyaas (1936) waa'ee Gabayyoo yoo barreessu, loltoonni Itiyoophiyaa geerraraa gaara Goosas yoo ga'an, Xaaliyaanonni isaan eegan.

Baandonnii fi Xaaliyaanonni kallattiin isaan irra turan allayyaa waan tureef gara itti dheeffan dhabuun lolli sa'aa dheeraa fudhate gaggeeffamee reeffi tuullamee namni lubbuun jiru lafa ejjetu dhabee reeffarra deemaa ture.

Fiitawraarii Gabayyoos, Qanyaazmaach Taaffasaa waliin ta'ee geerraraa fi sirbaa Xaaliiyaanii faccisaa ture. Dirree waraanaa kanarratti rasaasan rukutamees madaa'era.

Taklatsaadiq Makuriyaa (1936) akka barreessetti, "Ajajdoonni waraanaa Itiyoophiyaa gamana ta'anii Fitawraarii Gabayyoo dirree waraana laboobatti kophaa yoo ergan isa ajjeechisanii, isaan du'a jalaa baqachuu isaanii ture. Haata'uutii gaafa inni Ambaalaagerratti mirga injifannoo argatu gaabbanii osoon ani duulee jiraadhen aaraniiru" jedha.

Raas Mokkonninis, Fitawraarii Gabayyoon dirree waraana Ambaalaagee adda durummaan duursuu isaatin aangon kiyya tuqameen, faarfamuurra akka hidhamu taasiseet ture. Fitawraarii Gabayyoonis afaan tolee gamnumaan irra darbe. Azmaaronnis,

የአድዋ ስላሴን ጠላት አረከሰው

ገበየሁ በሞቴ ግባና ቀድሰው

Hiikkaan isaa,

Sillaasee Adwaa xureessee diinni

Gabayyoo, siin du'aa, seenii afuuran qulleessii

jechuun lafa diinni irra qubatee mitii, bataskaanayyuu ni qulleessa jechuun humna gootummaa caalaa isa gonfachiisan. Azmaaronni goota kana cabsanii yoo faarsanis ;

ከነፍጥ ጎበዝ አየሁ

/

ከአሸክር ገበየሁ

Hiikkaan isaas;

Loltuun loltuu caalu Ayyahu

Duuka buutotaa keessaa Gabayyoo

jechuun loltoota keessaa gootummaan kan lubbuu isaa laatuf osoo hin taane nama biroof, duuka bu'ummaani fi ergamtummaan ammoo isa garaadhan lolc Gabayyoof kennamee hojii isaatti bishaan naquunis yaalameera.

Du'a Gabayyoon booda Baalchaa Abbaa Nabsoo gootummaa Gabayyoon argisiise dabaluun, maqaa loltoota Itiyoophiyaa faarfachiisee diinas facciseera.

ገበየሁ ቢሞት ተተካ ባልቻ

መድፍ አግባቂ ብቻ ለብቻ

Hiikkaan isaas;

Gabayyoon duunan Baalchan bakka bu'ee

Madfii gaggalagalchaan kophaa ka'e.

Adwaa iirratti loltummaanis ta'e hoggantummaan hirmaachun injifannoo ummata Itiyoophiyaa kan gonfachiisan keessaa, ijoollen haawwan gadaamessa Oromiyaa keessaa ba'an adda duree akka turan, seenaa Fiit Awraarii Gabayyoo irraa hubachuu ni dandeenya.Namni dhugaa jiru fudhachuu diduuf qalbii isaa qadaadee cufus.

7. Abuna Pheexroos /Magarsaa Badhaasaa/

Xaaliyaanonni 1888 Adwaarratti ega injifatamaniin booda waggoota muraasaf babal'ifannaa lafaa Kaaba Baha Afrikaatti gaggeessan akka dhaabuu jedhaniit turan. Yeroo sanas aangoo kan qabate muummeen ministiraa Xaaliiyaanii Dii Ruudiiniim, isa dura kan ture Fraancheeskoo Kriispiin imaammata hordofu jijjiiret ture.

Bajata babal'ifannoo lafaaf biyyisaa qabattes walakkaan akka hir'atu godheera. Adwaan dura mataa gadi cabfatee kan ture mormaan garee Komuniistii Xaaliiyaaniin lafa Afrikaa gita bittaan qabatte, akka gadhiistu gaafate.Kun hundi garuu yeroof kan ture malee kan itti fufu ta'uu hin dandeenye.

Xaaliyaaninis Itiyoophiyaa malee irriibni ishee qabuu hin dandeenyetii faayidaa ishee kabachiifachuuf maree diippiloomaasii jalqabde. Keessas basaasun haala biyyattiin irra jirtu qorachuuf. Turtii waggaa hin turre keessattis araarri bu'e. Xaaliiyaaniinis Itiyoophiyaatti Leegaasiyoonii ykn bakka bu'aa ishee biyya yeroo jalqabaatif hundeessite taate.

Maarshaal Ruudoolf Graaziyaaniin, Itiyoophiyaa yoo milkaa'e ummata ishee waliin, yoo ta'uu baatemmoo biyyattii ummata isheen ala harka Musoloonii galchuuf waadaa galeet lafa Itiyoophiyaa ejjete. Haata'uutii garuu weerara bara 1928 Xaaliiyaaniin Itiyoophiyaa irratti gaggeessite yaadannoo injifannoo Adwaa tureera. Xaaliyaanonni maqaa isaanii xuraa'e qulqulleessuf, Itiyoophiyaanonni ammo seenaa dheeraa kan abbootii isaanii irra deebi'uuf. Del Boka 1969: 113

Balaay Haabta Sillaasee maqaa Abuna Pheexroos guyyaa keessa mogga'eefi. Eenyummaá isaa dhoksuuf shira taasifame. Magarsaa Badhaasaa ammoo kan warri baasef. Maqaa Oromummaa isaati. Abuna Pheexroos ammoo maqaa kiristaanummaa. Abun, dur Koosoo barr iddoo jedhamtutti godina Shawaa Kaabaa toora magaalaa Fiichetti haadha isaa Yekibwaa Badhaasaa irraa bara 1875 dhalate.

Abuna Pheexroos abbaa amantaa Ortodoksiiti. Xaaliyaanonni Adwaarratti injifatamanii qophii waggootii 40n booda Itiyoophiyaa gabroomsu fi gita bittaa jala galchuuf, yoo dhufanii magaalaa fi baadiyyaa qabatan Abun namootin diina isaanii akka ari'atan barsiisaa ture.

Sababii kanaanis Faashist Xaaliyaanonni akeekkachiisa ajjeechaa yeroo hedduu dhaamaniifiru. Abun lammiilee Itiyoophiyaan 'jabaadhaa lolaa' gaafa jedhee labsanii fi Xaaliyaanin ija Itiyoophiyaanotaa fuldura dhaabbachuu yoo dadhaban, 'taayitaan paatriyaarkummaa fi faayidaalen dhuunfaa wanti barbaadu marti akka guutamuuf' waadan galuuf.

Abun garuu 'garaaf osoo hin taane sammuu kiyyaafin bula, aangon Rabbirraa naaf kennameera, isintu abbaa biyyaa ta'ee waa naaf kennaa?sila anaayyu abbaan biyyaa' jechuun yaada diina isaa qeeqee tuffatee deebise.

Abun lubummaan hordoftoota amantichaa tajaajilaa turuun, Alceksaandiriyaa deemun barnoota amantichaa hordofuun phaaphaasummaan muudame. Phaaphaasii giddugaleessa fi baha Itiyoophiyaas ta uun tajaajileera. Abuna Phaawloos barataa Abuna Pheexroos ture.Pheexróos toora dhaloota isaa Dabralibaanositti barsiisaa amantichaa ta'uunis tajaajilaa ture.

Iddoowwan Abun itti hojjechaa ture Fiichee,Walaayittaa fi Baatuun isaan inni dhaabbattummaan wangeela fi jaalala biyyaa itti barsiise. Xaaliyaanin gaafa Kaaba Itiyoophiyaa weerartu luboonni hedduun baandaa yoo ta'an kaan harka kennatanii nagaan gabbarreet jiraanna jedhanii yoo adabatanii taa'an, Abun garuu summii loltoonni Xaaliiyaanii garajabummaan gadi roobsanii Itiyoophiyaanonni bay'en du'anii, hedduun isaanii ammo yoo madaa'aanii of wallaalan, yaalaa fi jajjabeessaa ture.

Abun sossobbii Xaaliyaanotaa fudhachuu fi garaa isaatif buluu waan dideef mana hidhaatti darbame.Carraa dhumaa lubbuun jiraachuf Xaaliyaanonni 'isinii kenninee kunoo hawaasa walitti qabame kana fulduratti dhiifama gaafadhaatii hidhaa keessaa bilisa ba'aa' jennaanin mmas Abun diddaa isaa ifoomse.

Hawaasa addabaaba'iitti qabame fuldurattis Xaaliyaanin biyya gabroomsuf akka dhufte fi lammiilen biyyattiis mirga isaatif jabinaan akka lolanii gabrummaa jalaa ba'an barsiise. Barnoota haaromsaati. Hoggantoonni Xaaliiyaaniis dubbichaan haamileen isaan cabee. Waan yaadanis salphaan harka laachuu dide. Biyya bituun salphaa ta'uu didee ulfaate. Aarin mar'imaan isaan gubatees eele.Sanaan booda Xaaliyaanonni 'ega diddee' kan jedhan baandota itti gadhiisanii rasaasan Adoolessa 22 bara 1928 isa ajjeesan.

Namni tokko yoo du'e, kaan waan jiilu se'an malee ibidda ramaxa ta`aa dubbichi akka deemu shakkanis sirriitti quba hin qaban ture.

Fakkeenyummaan Abun, baras dargaggoo fi shamarran hedduuf ta'ee qabsoo diddaa gabroomsaa Xaaliyaanitti isaan kakaase. Gootummaa fi fakkeenyummaan gaarii jaalala inni biyya isaaf qabus dhugaa ba`uuf siidaan isaa jalqabaa Adoolessa 16 bara 1939 ega boqotee waggaa 10 booda maqaa fi taayitaa abbaa amantummaa Abunaan ijaarrameef.

Siidaan kun ijaarramee waggoota 60n booda yoo haaromfamu Abuna Pheexrosis Paatriyaarkummaan laatameefii Hagayya 22 bara 1997 ebbifameera.

Siidichi sababii hojii daandii baburaatif ka'us, kabajaan muuziyamii keessa of eeggannoon kaa'amee bakka durii isaatti deebi'uun seenaa inni hojjetee darbe; jaalala biyyaa addabaaba'ii dhaabbatee lammiiletti labsa.

Lammiilee yeroo sana bakka guddaarra akka isaatti turanii mitii kan Xaaliyaanitti karaa himeyyuu faayidaa argateera. Abun garuu faayidaa ofiirra jaalala biyyaa duurse.Aangoo isaanis hin barbaanne.Ulfina

lammiin alaas gonkumaa hin yaadne.Amantaan kan abbaati,hojiin isaa garuu kan biyyaati.

Seenaan Abuna Pheexroos birmadummaa Itiyoophiyaa keessatti gumaache olaantummaa waan qabuuf "UNESCO"n seenaa goototii jaarraa durii jechuun beekamtii kennuufin sadarkaa jalqabaarra isa kaa'un maqaa isaa galmeessera. Manni amantaa kiristaanaa; Ootodoksiis gootummaan isaa caalman ifee beekamuu akka qabu itti walii galuun siidaa yaadannoo isaa Piyaassaatii karaa buufata konkolaataa biyyoolessaa (magaalaa Finfinnee keessa) geessurratti argamuun alatti manni amantichaa bataskaana maqaa isaatin ijaarsiseefira.

Amantaatti makamuuf kan murteesse umrii isaa 24tti ture. Dhaloonni isaa maatii qonnaan bultoota irraayi. 1910 mana amantaa Ortodoksii; Dabra Mankaratitti lallabummaan Walaayittaatti ergama. Bara 1920 ammoo gadaamii Maarqoos, Aleeksaandiriyaa Gibx yaamamuun namoota 4n abbaa amantummaan Abuna fudhatan keessaa isa tokko ture. Sanaan boodas jiddu gala Bahaatti amantaa lallabaa ture.

Bara Xaaliiyaaniin biyya weerartu bara 1927 mooticha Hayilasillaasee waliin gara dirree waraana Kaabatti abbootii amantaa duulan keessaa Abuna Pheexroos isa tokko ture. Achittis namoota madaa'an kunuunsaa fi jajjabeessaa ture. Xaaliiyaaniin tarkaanfii haleellaa fi ajjeechaa namootii homaa hin balleessinerratti yoo fudhatu ijaan argee garaan isa aarera. Kun ammoo bay'ee garaa isa booresse.

Xaaliiyaaniin Maaycaw irratti injifattee gara jiddu gala biyyattiitti dhiibaa gaafa dhuftu Abuna Pheexroos gadaamii Dabra Libaanos Seene. Achi taa'unis biyyi isaa weeraramuu isheetin gaddaa fi yaadda'aa ture. Finfinneetti abbootin amantaa duursummaa qaban

weerara Xaaliiyaanii maal goonan yoo fudhatan Abuna Pheexroos garuu diddaan dhaabbate.

Xaaliyaanonnis Abun beekamtii qabuun 'dhiibbaa uumun isaa hin oolun' sossobbiitti ka'an. Namas itti ergan. Xalayaas. Abun garuu gara jabummaan Xaaliyaanin lammiilee biyyattii ajjeesuu isaanitti gubatee aaree waan tureef lakkiin sossobbii isaanii dide.Ofiifis gaafas du'a ofitti murteesse.

Abun carraa argate maraan loltoota Itiyoophiyaas ta'e kan Xaaliiyaanii waa'ee barbaachisummaa nageenyaa isaanitti laallabaa ture. Bara 1928 garuu garaan isaa weeraraa fi ajjeechaa jarri raawwatanitti marrimaanii gubatee ture. Hawaasnis weeraraa fi ajjeechaa jaraa akka hadheeffatu fi balaaleffatee fincilu cimsee lallabuun bilisummaaf akka wareeggaman kakaasaa ture.

Xaaliiyaaniin dhiitee bariitee maal akka dubbatu, eenyu waliin maal akka hojjatu, eessa akka oolu fi maal akka yaadu isa hordofaa turte. Aarinis qabamee akka hidhamu ajajni darbe.Murtoo dhumaa isaan fudhachuuf karooran duras, "Adda baaba'iitti ba'iitii, Xaaliiyaaniin Itiyoophiyaa akka bulchitu amani. Loltoonni fi gootonni biyyattii weerara Xaaliiyaanii falmanis sirrii akka hin taane fi hojii isaaniis akka dhaaban himiitii sigadhiisna" yoo jedhaniin Abunis;

> Imimmaan ilmaan biyya kiyyaa gaazii keessanii fi maashinootaa olaantummaa keessanii fi biyyattii bulchuu akka dandeessan garaan kiyya naaf hin fudhatu. Cubbuu keessan kan gara jabeessummaa kana yoonan hin balaaleffanne akkamittan, maal jedheenis Rabbi fuldura danda'ee dhaabbadha?

Ajjechaa isaa gaggeessuf ykn tarkaanfii irratti fudhachuuf yaadan, 'tarii fincilli nurratti ka'aa laatan?' Xaaliyaanonni sodaa fi dhiphina cimaarra

turan. Haata'uutii dubbiin mudaamuddii waan itti ta'eef, gara adda baaba'iitti namoonni hedduun bakka walitti qabamanitti ji'a Adoolessaa 1928 ajjeechan isaa yoo gaggeeffamuuf deemu, dhaamsa isaa isa dhumaa arrabni isaa osoo hin gogin akkas jedhe; " Ilmaan biyyakoo, gootonni Xaaliiyaaniin falmaa jiran kan isiniif dhaabbatan, kan mirga keessaniif lolan malee akka Xaaliiyaaniin jettu shororkitoota; nagaa biyya isaanii jibbanii miti.Warri badii jara isinii fi anaa fuldura jirtu tana.

Jara fageenyaa, biyya nagaa fi jaalala qabdu weeraruuf dhufan. Waaqni jabina lammiilee isheetif akka laatu nan kadhas, nan abdadhas. Lammiinkoo weeraraaf akka hin jilbiinfannes nan amana. Bulchiinsa weerartuufis akka hin saramne qalbiin kiyya natti hima. Lafaa fi lammiilee ishees olaantummaan Faashistii akka hin fudhanne imaanaa irra kaa'era. Yoo kun ta'e garuu ekeraan kootuu ni balaaleffata."

Abuuna Pheexroos waan fedha garaa isaa, Xaaliiyaanii mormuun ega dubbatee booda teessorra teessifamee loltoota baay'erraa rasaasa itti dhukaafameen ajjeeffame. Du'a isaa Itiyoophiyaanonni dhagayanis mormii fi fincilaan gootota cinaa hiriiranii haleellan Xaaliiyaanii irratti gaggeeffamu caalman itti fufe. Jalqabbiin qabsoo isaanis 1933 xumura argatee Itiyoophiyaanis gita bittaa jalaa bilisa baate. 1938s siidan gootummaa Abuna Pheexroos ibsu bulchiinsa magaalaa Finfinnee duuba, bataskaana Goorgisii jala daandii Markaatoo geessurra adda baaba'iirra dhaabbameera. Oromumma isaa garuu namni dubbachuu fedhuu baatus, kutataa ilma biyyaa ta'uu isaa hundatu afaan guutee dubbataaf. Kunoo seechi nu baruu danda'u.

Tseggaayee Gabra Madinis tabaa fi walaloo mi'aawaa irratti barreessee seenaa fi gochaa gootummaa Abuun hawaasa dhandhamachiisera. Bataskaanni Ortodoksiis qulqulluu jetteenitti.Maqaa isaatinis bataskaana magaalaa Finfinnee keessa toora Wiingeetitti ijaarsistees

jirti. Jaalala inni biyyaa qabus sirriitti ibseera. Biyyaaf jaalala qaburraa kan ka'ees, ormi faayidaa dhuunfaaf biyya yoo gurguratu inni garuu qabeenyarra jaalala biyyaa fi lammiileef qaburraa kan ka'e lubbuu isaa wareegera.

8. Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa

Gootota Oromoo baroota duraaniti. Eenyummaan goota kanaa akkuma kaanii micciirtotaan geeddarameera. Guraagetti hidda dhaloota isaa kan micciirame.Oromoo waan guddaa hojjetee eenyummaan isaa jalaa dhokfame. Haata'uutii dhugaan dibamaa ture gaafa ba'u, Oromoo ta'uu isaa hubanna.Kanas godina Shawaa Kibba Lixaa toora dhaloota isaa dhaqanii mirkaneessun ni danda'ama. Ragaan barreessichi Waajjira Aada fi Turiizimii godinachaarraa argates Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa abbaa isaa obbo Wayyaa Obsee Qumbii; Oromoo Sadan Sooddoo fi haadhasaa aadde Birqee Jiloo Godaanaa; Oromoo Sooddoo kan gosa Roobee irraa bara 1902 dhalate.

Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa barnoota bu'uuraa ykn Qeesii barachuun beekumsa baras horatamuu danda'u horateera. Gombisa guskii bay'ee kan isa waliin danda'ee farda yaaphatu hin turre.Barnoonni bu'uuraa argates Finfinnee eessuma isaa Dajjaazmaach Gabra Maaryaam Gaarii Godaanaa bira gaafa ba'u siyaasni maal akka ta'e akka salphaatti akka hubatuuf isa gargaarera.

Gabra Maaryaam Gaarii Godaanaa, Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaaf eessumatti kan ooluf yoo ta'u, gara siyaasaa fi loltummaatti kan isa fidee fi fakkeenyummaan isaas gootuma kana.

Seenan Dajjaazmaach yoomiyyuu seenaa Itiyoophiyaa keessatti dagatamuu kan hin dandeenye. Ogeessa madfii fi lafaa butaa dhukaastuu isaasi. Beekumsi isaa kunis bara riphanii lolanitti sirriitti itti fayyadamuun lammiilee isaa Faashistii jalaa baasuf qabsaa'uf isa gargaarera. Madfii hiikee deebisee hidhuun kan isaan ga'u tokkollee hin turre. Ajajaan waraanaa yeroo sanaa kan ture Raas Dastaa Daamxaw baay'ee isa jeja ture.

Waraana kibba Itiyoophiyaa Dinuun irratti loltootni Xaaliiyaanii xiyyaaran summii yoo firfirsanii balaa geessisan, Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa loltoota Xaaliiyaanii fi baandota hedduu harka kennisiisee booji'uun meeshas irraa fudhachuuf beekumsi isaa meeshaa madfiirratti qabu garee loltoota Itiyoophiyaa baay'ee fayyadeera.

Boondee keessattis dhukaasni madfii isaa, Xaaliyaanota gootota Itiyoophiyaa riphanii lolaa turan barbaadan, Konkolaattota isaanii waliin daaratti jijjiiree isaan hanbiseera. Haaloo kanaa ba'uuf taankonni duuban dhufanis isaanis bittinsee obonbolleessatti kennee dhukkeetti make. Gootummaanis hanga 1929[tti] loltoota Xaaliiyaanii dhaabera. Haati warraa isaa aadde Ilfinash Maammoo,'jabaadhu' jechaanii turte.Abbaa warraa cimaa waliin haadhi warraa cimtuun jirtiin dhuguma.

Bara 1902 dhalatee umriisaa guutuu biyyasaa tajaajilaa ega tureen booda umriisaa 44[llaattu] addunyaa tanarraa bara 1946 boqateera.Xaaliiyaanii jalaa biyyisaa yoo bilisa baatu ija isaatin argeera.Loltuu, masaraa keessatti tajaajilaa fi bulchaa kutaalee biyyaas ta'ee hojjeteera.

Dirree waraana Maaycaw irratti duulun ga'ee gootummaa biyya isaatif gumaacha guddaa mataa isaa ba'ateera. Xaaliyaanin biyya yoo weerartu Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa goota adda durummaan lubbuu isaa soda malee kennee lole.

9. Koloneel Abdiisaa Aagaa

Koloneel Abdiisaa Aagaa abbaa isaa Baashaa Abbaa Fodee fi haadha isaa Shaakkanee Caakkaa irraa dhalate. Abdiisan magaala furdaa, dheeraa fi fuula qajeelu ture. Abdiisaan gosa Leeqaa keessaa Wallagga Lixaa Najjoo Kidaana Mirat iddoo jedhamtutti dhalate.

Koloneel,Wiirtuu leenjii Hoolotatti leenji'ee hojii gootummaa jalqabe.Sadarkaa ajajaa Shantamaarra gaafa jiru, Xaaliyaanin somooddoo fi qaanii waraana Adwaarratti isheerra qaqqabe haaloo ba'uuf qophii baroota dheeran booda gaafa biyya weerartu, gootota akka isaa waliin weerara Xaaliiyaanii karaa Naqamtee qolachuuf Finfinneedhaa garas qajeelan.

Xaaliyaaninis buufata ishee Bonayyaatti godhattee waan turteef buufatuma kanarratti halceellaa qaqqabsiisun xiyyaarota 5 gubanii daaratti jijjiiranii takka kaatee jalaa miliqxe.

Injifannoo buufata Bonayyaarratti ega gonfataniin booda weerartoota Xaaliiyaanii Gimbii turan waraanuf deemanii lola cimaan ega ta'een booda Abdiisan rukutamee madaa'e.Akka yaalamuuf Jimmattis gaafa geeffamu Xaaliyaanonni quba qabu ture. Kanaafis baandota isaanii mana yaalaa keessa turanitti Xaaliyaanonni himatanii Abdiisan iceiitin gara Finfinneetti yaalaf haa deemu jedhamee "riifariin" barreeffameefii Abdiisan yaalaf Finfinnee ba'e.

Abdiisan yaala isaa fixate gaafa ba'us eegumsi cimaan isarratti akka taasifamu ta'e. Ji'a Gurraandhala keessa bara 1928 Finfinneetti Giraaziyaanii irratti boombiin darbatamee madaa'ee waan tureef 'dubbicha kan qindeesse Abdiisadha' jechuun to'annoo jala akka oolu taasifame.Dubbiin balaa ajajaa olaanaa Xaaliiyaanii madeesse bobddee badiin hin ooltu ta'a jedhanii Abdiisan Xaaliyaan Room geeffame. Nama sodaatan akkasuma godhu. Akka qurxummii bishaan keessaa baasanii, gootas lammiirraa maqsu.

Abdiisan manni hidhaa Xaaliyaanitti keessa ture Aniyoonnoo jedhama. Abdiisan mana hidhattii keessatti waardiyyootan ibiddaa fi cidii waan ta'eef walitti bu'iinsi isaanii du'aatii waardiyyoota mana hidhattiitif sababii ta'e. Waardiyyoonni Aniyoonnoo waan isa dadhabaniif gara mana hidhaa birootti jijjiiramee to'annoo cimaan akka taasifamuuf ajajni darbe. Abdiisan amalli diddaa isaa waan cimeef, ammas gara mana hidhaa biro Kaanboo Internaatee jedhamtutti geeffame.

'Kormi biyyaa ba'e hin baroodun' Abdiisaa biratti hin hojjenne. Biyyaa baafamus Xaaliyaanittis gootummaa fi diddaa hin bitamuu isaa agarsiisaa ture. Manni hidhaa itti jijjiirramee fuulli waardiyyootaa xalaa itti baasus Abdiisan adabatee taa'ee guyyaa du'asaa eeggachuu nama danda'u hin turre. Uffata halkaniif akka uffatee rafu kennameef tatarsaasee walitti diree, foo'ee itti rarra'ee gamoo itti hidhamee bu'uun hiriyoota isaa of duukaa kaasee miliqe.

Baadiyyaa bosona Xaaliiyaanii keessa hiriyoota isaa waliin osoo deemanuu abbaa fi ilma ta'anii horii kan tiksanitti goranii galaa irraa fudhatanii beela ba'an. Jarichi qawwees qabu ture. Qawwicha akka kennaniif Abdiisaafaanti abbaa fi ilma gaafatanis jarri waan didaniif itti utaalee harkaa micciirun Abdiisan harkaa fide. Miliquuf abbaa fi ilmi fardarratti wal wuddeellatanii gaafa gulufan Abdiisan lameenuu rasaasan fardarraa qolobee lafaan dhahe. Sodaan Abdiisaafaa diinatti nu

himu jedhaniiti ture. Kormi biyyaa bahe reefu caalman sagalee ol qabee baroode. Abdiisan biyyasaatti akkuma goota ture, Xaaliyaanittis mataa gadi hin qabanne.

Abdiisaan abbaa fardaa ajjeesee fardicha koree gulufaa osoo deemuu firoonni namicha, fardicha eessaa akka fidan isaan gaafannaan ergisaan akka kennaniif itti himanii bira darbu. Bosona Saambiichiinoo keessatti Faashistii Xaaliyaanirratti fincilan cinaa hiriirees, qabsoo biyyatti eegale achittis itti fufe. Hiriyoonni isaas Meejar Antooniyoo maqaa jedhu isaa moggaasan. Qawwee ga'aas argachuuf jecha manneen hidhaa fi kuusaa meeshaalee weeraruun meeshaalee waraanaa hedduu booji'aniiru.

Waraana Addunyaa 2ffaa keessatti Itiyoophiyaanota bakka bu'uun Faashist Xaaliiyaanii biyyasheetti waraanera. Faashistii fi Naaziin gaafa injifataman Abdiisaa fi hiriyoonni isaa loltoota Ingiliizitti makamuun tajaajilaa turaniiru.

Waggoota 10 ol biyya alaatti dabarsuun biyyatti yoo deebi'a mootummaan oggasii ga'umsasaa waan argee fi dandeettin isaa cimaa ta'uusaa waan bareef Abdiisan Wiirtuu Leenjii Hoolotaatti mindeeffamee hojjechaa tureera. Koloneel Mangistuu Haylamaariyaam carraa Abdiisaa Aagan leenji'uu argateera.

Sayd Baarred Itiyoophiyaa yoo weeraru Abdiisaa Aagaa dirree waraanaa inni ajajaa turerratti loltoota weerartuu Sumaaliyaa hedduu guyyaa tokkotti booji'uu dadda'eera.

Aadaa seenaa ofii gootonni hiriyoota isaa turan barreeffatanii kaa'achuu dhabanis, Abdiisan ala waan tureef fakkaata ooltee guyyaa isaa barreesse kaa'ata ture. Sababuma kanarraa kan ka'e yaadannoo isaa

gammoojjota Xaaliiyaanii keessatti dabarse "በአ.ማለ.ያ በረሃዎች" mata-duree jedhuun kitaaba ofii barreeffatee lafa kaa'ee darbeera.

Koloneel Abdiisan dhalatee waggaa 70ffaa isaatti Onkololeessa 3 bara 1970 Finfinneetti addunyaa tanarraa boqate.

10.Garbii Bultoo

Xaaliiyaanii weeraruuf dhufan qabee gabroomfachuun hojii qonnaa hojjisiifataa turuun mootummaa biyyattii barasii Haylasillaasef kennuun badhaasa fudhachuu danda'eera.

Adii gabroobsun, Garbii Bultoo Itiyoophiyaanota keessayii mitii Afrikaanota keessayyuu nama jalqabaati.

Garbii Bultoo godina Shawaa Lixaa lafa gootummaan beekamtu baldha Sibaa Hunquree jedhamtutti aanaa Meettaa Roobitti 1903, abbaa isaa obbo Bultoo Daalachaa Bosee fi haadha isaa aadde Baksaa Horaa Daadhii irraayi kan dhalate.

Abbaan Garbii; obbo Bultoon weerartoonni bulchiinsa isaanii yeroo babal'ifataa jiranitti mormaa waan turaniif Xaaliyaanota harkatti lubbuun isaanii dabarte. Gootichi Garbiinis weerara Xaaliyaanotaatin keessisaa madaa'ee kan ture caalman abbaan isaa gaafa ajjeeffamu, Xaaliyaanota irratti xiiqi fi aarin hidhii ciniinnatee bosona seenee isaa adamsuu jalqabe.

1929 obbolessa isaa duukaa wiirtuu waraana Xaaliiyaanii Qacamaa cabsanii seenun, mancaasanii diina isaanii qaanfachiisun lammii isaanif

gaachana ta'uu mirkaneessan. Bara 1931 wiirtuu Xaaliiyaanii Meettaa Roobitti argamu diiganii Xaaliyaanotatti bowwoo mataa itti ta'an. Meettaa Roobitii gara Gindabarat; Macca deemanii Xaaliiyaanii waraanaa osoo jiranuu obboleessi Garbii; Hundeen rasaasan biraa dhahamee kufe.Aarsaa lubbuus biyyaaf kanfale. Dubbichi caalman Garbii waan aarsee marrimaan gubeef jibbiinsi Faashistiif qabu ittuu hadhaawe fool jedhe.

Bakka ga'etti meeshaa booji'ee fi bitateen raayyaa isaa cimsatee loltoota 300 guuttate. Garbii fi raayyan isaa Meettaa Roobitti osoo dahoo qabatanii loltoota Xaaliiyaanii eeggataa jiranuu dagachiisanii Faashistonni hogganaa isaanii Tiintii Boochen duurfaman Garbiifaa irratti dhukaasa banan. Dubbiin cimnaa gammoojjii keessa gara Salaaletti ce'an. Dubbiin hawaasatti roorrisuu Faashistii waan cimeefis yeroodhaf lafa dhalootasaatti deebi'ee callisee waan taa'e fakkeessee Xaaliiyaanii dagachiisee turuun 1933 Meettaa Roobii wiirtuu Faashistii Shinoo irratti dhukaasa banee Xaaliyaanota hunda isaanii boji'e. Meettanis Garbii goota isaanii,

Garbii gootichakoo qeerransa abbaa Gurree
Xaaliiyaanii qullaa dhaabe hiikkachiisee surree

jechuun sirba baasaniifii sirbaafii turan.

Haadha warraasaa waliin gootota duule keessaa Garbiin isa tokko. Haadhi warraa isaa aadde Ababaa Balaachaw jedhamu. Aadde Ababaan goota turte. Goota deemmii Xaaliyaanota dhorkite. Meettaan gootummaa Garbii, kan haadha warraa isaa fi obboleessa isaa Gindabarat irratti loltoota Xaaliiyaanii harkatti du'ef yoo sirban,

Garbii obboleessa Hundee
Ababaa waliin diina mudde

jechuun haamilee laachafii turan jedhama. Ayyaaloo Mokonnon(2005:51) sirboota gootummaa Garbii faarsan kan hawaasni yeroo sanaa jechaa ture bifa wal fakkaatun kaa'era.

Bara 1933 gootichi hawaasa Meettaa waliin ta'uun loltoota Xaaliiyaanii hedduu booji'ee hojii qonnaa fi humnaa hojjechiifataa akka ture odeeffannoon Waajjira Aadafi Turiizimii Meettaa Roobirraa argadhe dhugaa baha.

Loltoota booji'e 15 Haylasillaasef dabarsee kennee gahee loltummaa fi aarsaa biyya isaatif kanfaleef muudamni Shaalaqummaan isaaf kennemee, iddoon jireenyas Finfinnee keessaa Shagoleetii kennameefit ture. Haata'uutii lafa dhalootasaa Meettaa fi hawaasa toorasaa irraa fagaachun waan isaaf ta'uu dadhabee fi yaaddon waan isa teessisuu dideef Meettatti deebi'ee, lafa dhalatee guddatetti umriisaa 37ffaatti bara 1940 dhukkubsatee lubbuun isaa dabarte.

10. Fiitawuraarii Dhugumaa Jaldeessoo

Dhugumaan raayyaa Kumsaa Morodaa biratti fudhatamaa fi jaalatama ega horateen booda kaayyon isaa kutaa bulchiinsa mataa isaa bilisa taate hundeessuu ture.Kutaalee kaan bilisa baasuun yeroo waan fudhatuuf ofii isaatii bilisa ta'ee kaanis deeggaruun abjuu isaa ture.

Dhugumaan abbaa isaa obbo Jaldeessoo Namee fi haadha isaa aadde Danbalee Baroo irraa 1863 godina Wallagga bahaa; Limmuu, Qay Hamusitti dhalate. Ayyaaloo Mokonnon (2005:53)

Dhugumaan, Atse Minilik Iffaan daangaa bulchiinsa isaa yoo babal'ifatu ykn yoo weerara gaggeessu reefu dargaggeessa lafaa ba'aa ture. Waan sirnichi hawaasarra qaqqabsiisaa turetti aarii cimaan dargaggeessa 'afachuun' guutame. Warri isaa harka qalleeyyii fi hojjetanii warra abbootii lafaatin maatii saamaman turan.Innis taanan akkuma warra isaa human isaa abbootii lafaaf balleessaa ture.

Hacuuccaa fi saamicha hawaasa toora dhaloota isaarra ga'uun kan aare Dhugumaan, dargaggoo onnatee fincilu barbaadus argachuun garuu abjuu dhugoomuu dadhabe jalaa ta'e. Dhibeen eenyummaas isa dararte. Fincilee loluun waan achitti ta'uufii diddefis gara magaalaa Naqamteetti qajeele. Naqamtettis masaraa hogganaa Leeqaa Naqamtee kan ture masaraa Kumsaa Morodaatti hojii argatee hojjechuu jalqabe. Yeroon kunis yeroo leenjii loltummaa argatee fincilaaf qophaa'us ta'eef. Mootichis cimina hojii Dhugumaa ega argee booda ofitti siiqsee icciitii qooddachuunii jalqabe. Icciitin saamichaa duraan beeku har'ammoo ittuu ifee itti muul'ate.

Abbootin lafaa Shawaa fi hogganaan Walloo Raas Mikaa'el Sagalee irratti gaafa walmuddan Dajjaazmaach Kumsaa Morodaan hogganamee

Dhugumaan garas duulaf qajeelet ture.Gootummaan isaas waan dirree sanarratti mirkanaa'ef aangon Baaranbaraasummaa kennameef.

1928 loltoota Xaaliyaanitti mudaamuddii cimaa itti ta'ee teessoo dhaabbii isaan dhoorket ture. Dhugumaa Jaldeessoo dirree waraana Maaycaw irratti loltoota Leeqaa Naqamtee 600 hoogganee duulera.

Summii xiyyaaronni Xaaliiyaanii firfirsan dandamatanii waraanarratti hirmaachun qabeenya Xaaliyaanotaa hedduu isaa mancaasanii, hedduu isaanii booji'anii, kaan ammoo ajjeesaniiru. Xaaliyaanin isaan caalaa human gaafa cimsattee dhuftu innis Finfinneetti deebi'e. Qabsoon jiddugaleessan gaggeeffamu itti fufe.

Finfinneerraa Naqamtetti deebi'uuf Shawaa Lixaa keessa karaarra osoo jiranuu tasa saamtonni dhukaasa bananii loltoota Dhugumaan hogganurra balaa qaqqabsiisan. Meeshaaleen waraanaa fi hoggantoonni isaas rasaasan rukutamanii kufan. Dhugumaanis miila Tigraay; Maaycawii isa deebiste rukutamee madaa'e.

Gaafa inni Maaycawitti Xaaliiyaanii waraanuu deemetti Xaaliyaanonni naanna'anii Naqamtee qabatanii isa eegan. Fedhiin Dhugumaa bulchiinsa mataasaa hundeessuu akka ta'eee fi jaalatee Kumsaatti akka hin makamne kan hubatan Xaaliyaanonnis Amuruu, Giddaa Kiiramuu, Limmuu fi Ibantuu haa bulchuun Dhugumaaf dhiisan. Dhugumaanis masaraa fi jiddu gala bulchiinsa isaa aanaa Limmuu Qay Hamus godhachuun bataskaana ijaarsifatee jiraachuu jalqabe. Dhugumaan jibbiinsa sirna sanaaf jibbiinsa qabaatus Xaaliyaanotatti garuu baandummaan hin galle ture. Of danda'eetuma bulchiinsa mataa ofii uummatee jararraayis adda cite lafa bulchiinsa isaa gaggeessaa ture.

Dhugumaan, namoota Oromoo gadi aantummaan ilaalan dhugaa jiru itti himee gorsee, barsiisee, kan galuufi dide ammo akka eenyummaa

ummatichaa baranii fi eenyumtuu eenyuu gadi akka hin taane haala barsiisun adabee fi yoo didanii ilaalcha isaanii nafxanyummaan roorrisnu malee jedhanii didan ari'aa tureera.

Qonnaan bultoonni qotanii akka gumbii guuttatanii sooroman, iyyummaa jalaa akka ba'anii fi lafti bosonni irraa ciramee manca'e bosonaan akka uwwifamu toora masaraa isaatti bosona heektaara 35 irratti dhaabun maqaa isaatin moggaasee fakkeenyummaan akka ka'u of taasiseera.

Masaraan Dhugumaa Jaldeessoo, bataskaanni Sillaasee inni ofii ijaarsifate, bosonnii inni dhaabsisee fi da'oon inni diina ittiin ofirraa qolachuuf qotate Wallagga bahaatti amma amma hambaalee do'ataman keessaa isa tokko isa tasiseera.

Dhugumaan lallabni amantii Ortodoksii bataskaana inni ijaarsisee afaan Oromoon akka ta'u baay'ee dhama'aa ture. Waaqa isaatti afaan ofiitin kadhaa fi galata isaa ga'achuuf jechaa fi innis ta'e dhalattoonni toora sanaa afaan biroo baay'ee waan hin dandeenyef afaan isaanitiin akka ta'u abbootii amantaa amansiisuf yaalaa ture.Battala sanatti yaadni isaa dhugoomuu baatus har'aaf garuu gaaffii bu'uuraa kaa'ee waan darbeef manneen amantaa Oromiyaa keessa jiranii fi ka Oromootaa keessatti afaan Oromoon lallabamaa jira.

Waraanni Addunyaa IIffaa gaafa dhumatutti Haylasillaasen loltoota Ingiliziin deeggaramee gaafa biyyatti deebi'u, Xaaliyaanotaan waliigalee biyya ganeeran himanni itti baname. Dhugumaan murtoo isaa hordofuuf namoota isa qabanii Haylasillaasee fulduratti dhiyeessuf ergamaniin, "Danda'ee hin deemu. Baay'ee na dhukkubaatii na baadhaa!?" jedheen. Duursee qophaa'ee siree ittiin baattamu irra Birrii Xagaraa irra naqee itillee irra afuun koree ciisunis ba'aan jaratti akka ulfaatu godhe.

Finfinnee yoo ga'us qarshicha haree qanqalatti naqee haadha warraa Haylasillaasee; Manan fulduratti matta'aa isaa gadi naqa. Dubbiinis Haylasillaasee bira ga'ee osoo itti hin cimin salphaan hiikkamee ba'ee qa'ee isaatti deebi'e. Dhugumaan Haylasillaasee tuffachuunis, "Maal Haylasillaasedha tun? Walatta sillaasedha malee!!" jedheen jedhama.

Waraanni Addunyaa IIffaan xumuramee Xaaliyaaninis biyya gallakkistee ega baaten booda waggoota 10f lubbuun turee du'e.Awwaalli isaas bataskaana ijaarsifatetti ta'e.

12. Maammoo Mazammir (1929-1962)

Maammoo Mazammir godina Shawaa Lixaa aanaa Tokkee Kuttaayee, magaalaa Gudaritti abbaa isaa Mazammir Haabtee Dorii fi haadha isaa Uumee Gurmeessaa Nagawoo irraa 1929 dhalate.Maammon warroomee abbaa ijoollee lamaas ta'uu danda'eet ture.

Warri isaa hubannoon barnootaf qaban cimaa waan tureef sadarkaa tokkoffaa magaalaa Ambotti ega baratee xumureen booda, isa itti aanu hordofuuf magaalaa Finfinnee mana barnootaa Tafarii Makoonnin durii; Koollejjii Teeknikaa fi Ogummaa Inxooxxoo amma ittiin yaamamu seenun barnootasaa hordofaa ture.

Leenjii barsiisotaatif barattoonni ciccimoon sadarkaa 2ffaa irraa wayita filataman Maammonis qormaata calallii darbee barsiisummaaf Koolleejii Leenjii Barsiisota Hararirtti kennamutti makamuun baratee barsiisummaan leenji'ee tajaajiluu jalqabe. Loltuu ta'uuf fedhii guddaa qabas waan tureef Akkaadaamii Leenjii Loltummaa Harar seenee leenjii kennamaa tureen qabxii olaanaa galmeessisuu isaatin barsiisaa ta'ee akka hojjetuuf mindeeffamee hojjetaa ture.

Tiyaatira Oromoo isa jalqabaa barreessee kan gumaache Maammoo Mazammiri.

Maammon barsiisaa Akkaadaamii Leenjii Loltummaa Hararitti wayita barsiisu, cimina hojii isaa irraa kan ka'e dhibbaalaa ta'uun maalummaa loltummaas dhandhamateera. Hojii isaatin cimaa waan tureef taayitaa Kolonelummaa hamma miseensa raayyaa keessa turetti gonfateera.Hojii isaatin nama cimaa ta'uu isaatin Akkaadamichi carraa barnoota qalamaa kenneefii Yunvarsitii Finfinnee seenun seeran digrii jalqabaatin 1954 ebbifameera.

Miseensa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa ta'uun seenan Oromoo akka ifa ba'u, Afaan Oromoo akka addabaaba'iitti dubbatamu, aadan ummatichaa akka odaa fi akka qilxuutti akka dagaaguf ciminaan afaan guuttatee onneen barsiisaa ture. Maammoo Mazaamir osoo barnootaaf mooraa Yunversiitii Finfinnee jiruu, Oromoota waliin gurmaa'uun Waldaa Maccaa fi Tuulama jalatti mirga uummata Oromoo kabachiisuuf sochii jalqabuun akka danda'amu odeeffannoo argate. Yeroo kanarraa jalqabees barattoota mooraa Yunversiitii finfinnee turan, warren Waldaa Maccaa fi Tuulamaatti makaman keessaa Maammoo Mazaamir isaan hangafa jechuun ni danda'ama.

Maammoo Mazaamir hanga murtoon du'aa itti murtaa'ee fannifamanitti sochii guddaa fi bu'a qabeessa ta'e seenaa uummata Oromoo keessatti raawwatee akka darbe, miseensonni Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessa turan kanneen amma lubbuun jiran kabajaa fi jaalala guddaadhan raga ba'uuf. Maammoo Mazaamir bara jireenya isaa harka caalu, kitaaba seenaa fi siyaasaa dubbisaa akka dabarsee fi uummata Oromoo cunqursaa jala jiruuf sagalee ta'uudhaan waltajjii garaa garaa irratti falmii ciccimoo taasisaa akka ture michuun isaa obbo Tasfaayee Digaagaa ragaa ba'u.

Seenaa Oromoo qorachuu nama jaalatu, eenyummaa isaatin nama boonu fi mataa ol qabatee nama deemu ture. Haalli Maammoo yaaddoo kan itti ta'e mootummaan Haylasillaasee hordoftuu itti ramachiisee

ragaa sobaatin balleessummaan itti murteessisee magaalaa Finfinneetti akka fannifamu ta'e. Morma isaatti wadaroo kaa'uf kan ajajame Oromoo ture.

Namichi garuu marartoo irraa kan ka'e harki urgufamnaan Maammon ofitti yaamee gurratti ususaa, "Ati gochaa kana raawwachuu diddus,anaaf duuti hin haftu.Atis ajajamtee ajaja didaa jirtaatii duuti siifis qophaa'era.Kanaaf qooda lubbuun nama hedduu dhumu funyicha morma na kaa'i" jedheenii namicha jajjabeessee fannifame.

Waa'een uummata Oromoo fi Oromummaa akka lafaa ka'u kan hin feene mootummaan Hayilasillaasee himata dharaa; Gurraandhala 10 bara 1960 uummata siniimaa Ampiir keessatti walitti qabaman irratti boombii darbatee namoota hedduu irratti miidhaa geessiseera jedhamuun himatamee Gurraandhala 28,1962 murtoon du'aa itti murtaa'e. Himata dharaa ragaa hin qabneen himatamee 1969 mana hidhaa "alam baqqaany" keessatti fannifame. Shira abbootii taayitaa Haylasillaasee qopheessaniin Birgaadeer Jeneraal Taddasaa Birruu fi ajajaa dhibbaa Maammoo Mazamir, namoota lakkoofsaan 7 ta'aan waliin gara mana hidhaa Alem Baqqanyitti darbataman. Xaxoo yakki B/J Taddasaa Birruu fi jaallan hafan ittiin himatamaan,

> Heera mootumaa diiguudhaan, tokkumaa ummata Itoophaa yeroo dheeraa cimee ture kan fashaleessu holola sobaa oofuudhaan ummata jeequmsaaf kakaastaan.Bakka wal ga'ii hundatti uummata mootummaarratti meeshaa waraanaa qabatanii akka kaka'aan Taaddasaan yoo dubbatu, kanneen hafaan immoo ajajaa fi yaada isaa irratti walii galaniiru.

Himata irratti qindaa'eef ijoollen Oromoo garuu callisanii ilaalun hin teenye.Deebis qopheeffachuun gara mana murtii ol'aanaa yeroo sanaatti

iyyatan; "Bilisummaa ummata tokkoo wantootni guutuu ākkata'u godhaan baay'ee ta'aan illee, qabxii guddaan garuu seera baheen murtii madaallamaan wal qixa fayyadamuudha. Carraa koo haa tauu,yookaan waanaan sanyiidhaan adda ta'eef ta'ee hin barre.Dur Itoophiyaanonni kanneen biro hanga har'aatti seeraan ajaja Girmaawii mootii mootichaan kennamutti fayyadamaa turan.

Anaaf waan kun hin fayyadnee himatamuu fi hidhamuun koo na gaddisisuu irra darbee warreen ana fakkataan illee abdi kan kutachiisudha.Heera mootummaa keeyyata 3(a)irratti akka ibsutti muuduu fi angoo irraa buusuu kan danda'u mootii mootichaa qofa jedha.Seera adabbii lakk.126 gulantaan kan mulqamu ajaja mana murtitiin jedhee lafa kaa'a.Kan koo garuu kanaan ala aangoo himattota kiyyaatiin qofa gulantaan koo akka waan narraa mulqameetti ummata Itoophiyaaf gazexaadhaan ibsame.Kunis kan ibsu seerri anaaf kan hin hojjenne ta'uusaati.Hanga har'aatti qondaaltootni aangoo anaan wal fakkatu qaban "Alem baqqanyitti" hidhamanii hin beekan. Anarratti garuu dabni kun narratti rawwate. "Alem baqqanyittaan" hidhamee argama.

Daba kanas kabajamoo mana murtitti iyyadheen achitti hidhamuun kee sirridha jedhamee murtiidhaan akkaan jiru ni yaadatama.Barumsaan kan duubatti hafan sabni oromoo akka baratu waanan godheef saba addaan qoodde jedhamee dhimma bu'uura hin qabne; kaniin ani hin hojjetin har'a jaarraa 20ffaa keessatti yeroo ummanni addunyaa hundi sanyiidhaan, amantiidhaan, gosaan, saalaan osoo wal hin qoodin tokkumaa isaanii cimsatanii gara fuulduraatti tarkaanfataa jiraan kanatti anarratti yaadni akkanaa dulloomaan kun ummata amma jirus ta'ee,dhaloota dhufu osoo hin gaddisisin kan hin hafne."

Manni murtii Ol'aanaans garuu faallaa iyyata isaanitiin B/J Taddasaa Birruu fi ajajaa dhibbaa Maammoo Mazamir du'aan akka adabamaan,

kanneen hafaan jahaan ammo hidhaa cimaa waggota gara garaatiin akka hidhamaan murta'e.Murtii du'aa kan mirkaneessu ykn raggaasisu mootii H/sillaasee waan tureef, kanneen biroo akkuma jirutti mirkaneessee, kan B/J Taddasaa Birruu murtii du'arraa gara hidhaa umri guututti jijjiiref. Murtiin Maammoo Mazamir akkuma itti cimetti itti fufee, walakkaa bara 1962 mana hidhaa Finfinneetti argamu Alem baqqany jedhamee waammamu keessatti akka fannifamee du'u taasifame.

Onkololeessa 23,1959 yaalii fonqolchaa taasifamerratti Oromoo fi miseensa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessaa warren hirmaataniiru jedhaman;

1/Birgadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu,walitti qabaa

2/Birgaadeer Jeneraal Daawit Abdii, miseensa

3/Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa, miseensa

4/Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, qaboyaa'ii

5/Loltuu Lammeessaa Boruu,dhukaasaa matarayyeesii fi miseensa

6/Obbo Sayfa Tasammaa,miseensa

7/Obbo Daadhii Fayyisaa,miseensa

8/Obbo Makoonnan Wasanuu,miseensa

9/Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa, miseensa; hirmaataniiru. (Taaddesee Teelee 2004:7-8)

Ilmaan Oromoo kanneen Onkololeessa 12,1959 fi Onkololeessa 22, 1959 mana jireenyaa Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruutti walga'anii mootummaa Haylasillaasee aangorraa buusuf meeshaalee waraanaas qopheeffatanii guyyaa ayyaanaa dhaloota Haylasillaasee eeggachuun balaa qaqqabsiisuuf turan.

Guyyaan dhaloota mootichaas Onkololeessa 23 waan tureef 1959 miseensota fonqolcha mooticharratti raawwachuuf qophaa'an galgala toora sa'aa 1:30 konkolaataa hojii Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu yaaphatanii masaraa seenan.

Kabaja ayyaanichaafis loltoonni Kibuur Zabanyaa agarsiisa fi eegumsa qophichaaf taasisuuf qophaa'anii turan.Loltoota kanneenis kana ajaju Taaddasaa waan tureef rakkina tokko malee dhimma ka'aniif raawwachuun isaanitti hin ulfaatu ture. Haata'uutii ajajaan eegduu masaraa loltoota miseensa lafoo kan ta'an 50 qopheessuu isaa waan itti himeef, eegdonni biroo akka hin barbaachifne itti himee, yaadni kaayyoo isaanii fashaleessu duuban ka'ee isaan gaddisiise.

Jaallewwan kaayyon jalaa fashalaa'e manatti deebi'anii maatii isaanitti nagaa ega dhaamanii bosonaa Subbaa; Mannaagashaa seenan.Kunis Onkololeessa 23,1959 ture. Hamma galgala Sadaasa 4,1959ttis achuma turanii qeesii Madihaane'aalamii Mannaagashaa erguun mootii Haylasillaasen araara uumanii guyyaa biroo eegutti ka'an.

Taaddasee Teelee (2004:9) akka jedhutti Maammoo Mazammir boombii harkaa 2 fi shugguxii hidhatanii Siinimaa Finfinnee seenanii akka dhukaasa banan Taaddasaan ajajanii Sadaasa 8,1959 tiikkeetii kutatee seenun ibsaan dhaamee fiilmin yoo jalqabamu boombii harkaa qabu dhoosee namoonni 21 akka madaa'an taasisee bosonatti deebi'eera. Taaddasaan bosona seenuu isaatinis eegumsi masaraaf taasifamu harka sadiin akka dabalu ta'e. Eegdonnii fi jaleewwan hoggantootaa dachaan dabalamaniiru. Balaa qaqqabuu danda'u sodaachun. Bataskaana Haylasillaasen itti waaqeffatutti hordoftoonni amantichaa gaafa seenan sakatta'iinsi cimeet taasifamaa ture.

Sadaasa 5 bara 1959 hamma Sadaasa 13 bara 1959tti bosona ganda qonnaan bultoota Meeccaa Carreechaa ega turaniin booda qabamanii

mana murtiitti dhiyaatan. Sadaasa 1959 hamma Adoolessa 26 bara 1960tti falmaas turan.Turtii ji'oota 23 boodas Adoolessa 26 bara 1960 mana murtiitti dhiyaatanii murtoon irratti laatame. Murtoon laatames;

- Birgadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu,rasaasan reebbamanii akka ajjeeffaman,
- Birgaadeer Jeneraal Daawit Abdii, murtoo hidhaa cimaa waggaa 3n akka adabaman,
- Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman,
- Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, fannifamanii akka ajjeeffaman,
- Loltuu Lammeessaa Boruu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 5n akka adabaman
- Obbo Sayfuu Tasammaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Daadhii Fayyisaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Makoonnan Wasanuu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 7n akka adabaman
- Obbo Haylamaaryaam Gammadaa, sababii dhukkubaatin hospitaala waan turaniif yoo fayyan murtoof akka dhiyaatan ture.

Mengistuu Haylamaariyaam (2004:130) akka jedhutti yaalii fonqolcha mootummaa Hayilasillaaserratti 1953 taasifameen booda Haylasillaasen garaa hanquu kan qabuuf miseensota Maccaa fi Tuulamaa kanneen ta'an Jeneraal Daawit Abdii, Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu fi Shaambal Maammoo Mazammir irratti ture.Dargiin mormiin natti baay'achuun hin hafuun Bitootessa 2 bara 1967 Taaddasaafaa qabee hidhuun Bitootessa 5 bara 1967 Koloneel Axnaafuu Abaatee fulduratti dhiyeesse.

Murtoon adabbii du'aas seera malee loltoota Dargiin itti murtaa'ee, dhaaba gamootti hirkatanii akka dhaabbatan taasifamee rasaasan erga

takkaa waxalamanii ajjeefaman. Koloneel Axnaafuu Abaatee booda ofumaafuu Dargiin isa nyaatera. Wayita fannifamuuf wadaroon mormasaa seenee rarraafamee miilli waan irra dhaabbate qabachuuf wixxirfatutti, yada fi jecha isaa xumuraa akka dubbatu eeyyamameefii jennaan, Maammon akkas jedhe,

> Dhiigni kiyya ulfina Ummata Oromoof aarsan kan kanfalame malee dhiiga tasa dhangala'ee miti. Dhiiga kiyyaa fi dhiigni Oromoota hedduu fuldurattis dhangala'uun, Oromoon mirga isaa kabachiisun isaa hin oolu.Ani gidiraa kamuu isin irratti hin raawwanne! Ummanni Itiyoophiyaa booru bilisa ba'ee ofiin of bulcha! Qaanii tokko malees afaan isaatin dubbatee seenaa isaa barreeffata! Murtoon isin narratti raga sobaatin fudhattan, ooltee hin bultu! Harka mootii keessan Haylasillaaseefi harka xuraawaa keessan keessa dhiigni kiyyaa fi hawaasa cunqurfamaa irriiba isiniif hin laattu! Bilisa ba'uuf iyyu! Kana ani ija kiyyaan arguu baadhus isinirratti waan raawwatuuf isin garuu ni argitu! Galoon qabsoo cunqurfamootaa booru isin nyaatti! Kan harka keessanii argadhaa!"

jedhee raajii dubbatee yoo isaan abaaru, isa fannisiisuf abbootin taayitaa taa'anii itti qoosaa turan, aaranii iyyuun kan irra dhaabbate jalaa akka fuudhamu jala deemtota isaanitiif ajaja dabarsan. Wadaroon morma Maammoof uumamte kokkee keessasaa seentee afuura akka hin baafanneef dhiphistee lubbuu keessaa baste. Oromoonni bara sanaa qabsoo Oromoo fiixa ba'uu dadhaben yaadda'anii fi gaddanii waaqa isaan uumetti muufatan. Nafxanyoonni sirna Haylasillaasee gaggeessan, 'yaaddon nurraa buutenii fi seechi mataan Oromoo gadi cabeen' gammachuun guutamanii bakkicha gadi lakkisanii deeman. Dhiigni isaas iyyee, booddee sirna isa fannise Dargiin isaan nyaate.

13. Haylamaaryaam Gammadaa

Haylamaaryaam Gammadaa Shawaa Kaabaa aanaa Jiddaa ganda Boganjootti abbaa isaa Gammadaa Masqalee fi haadhasaa aadde Ka'adee Addaamuu irraa bara 1907 dhalate.

Umuriin isaa akkuma barnootaaf ga'eenis gara magaalaa Finfinnee geeffamuun, mana barnootaa Daagmaawii Minilik seenee barnoota akka jalqabu taasifame. Haata'u malee yeroo sanatti Xaaliiyaaniin biyya waan weerarteef, barnoota isaa gidduutti kutuun hiriyoota isaa waliin falmii weerartuu xaaliyanii waliin taasifamaa ture keessatti qooda fudhachuu jalqabe. Faashistiin loluufis loltoota Raas Abbabaa Aragaay Bacharee cinaa hiriiree lammii isaa bilisa baasuf qabsootti makame.

Yeroo dheeraas osoo hin turin qabsoorra osoo jiruus, magaaluma Finfinnee keessatti qabamuun mana hidhaa weerartuu Xaaliiyaanii; Somaaliiyaa bakka Dananee jedhamutti ergamuun waggaa sadi dabarse. Boodas akka Xaaliiyaaniin biyyaa baaten gara Finfinnee deebi'e bultii uummachuun abbaa ijoollee lamaa ta'eera. Ministeera Hojii bara sanaatti Baalee, Shawaa, Harargee, Arsii, Sidaamoo, Kafaa, Iluu Abbaa Booraa fi Walloo fi Tigray keessatti mootummaan isa mindeessee hojjechaat ture.

Biyyattiin hacuuccaa, mala bulchiinsa jallaa ummata Oromoo irratti mootummaa yeroo sana tureen fe'amee jiruu fi walumaa gala waa'ee Itoophiyaa guutuu hubannaa gaarii argachuu danda'eet ture.

Sababii qabsoo diddaa qalbiin gabroomuu inni taasisuun, Haylamaaryaam bara 1959 halkan manaa qabamee hidhaatti darbamee, rukuttaan sukkuumamaa turee. Akka miidhamee gaafa arganis 'seechi homaa hin fiduun' mana hidhaa keessaa gadi isa lakkisanii karaarratti isa darban.

Innis sababii rukuttaan itti hammaatee qaamni isa miidhamee turerraa kan ka'e, dhibamee sireerratti ega kufeen booda hiriyoonni isaa isa gaafachuu yoo mana isaa dhaqan, isaa fi hiriyoota isaatis duuti akka hin oolle fi yaadni isaanii garuu labata dhufuuf akka darbu hojjechuun akka barbaachisu himuun Waxabajjii 24 bara 1962 addunyaa tanarraa boqate.

Warqinaa Abbaa Soorii (2008:128) akka jedhutti gootummaan Hayilamaariyaam Gammadaa; du'a isaa torban tokkoon dura sireen baattamee osoo deemuu qabsoon jalqabame galma ga'u malee akka hin oolle himaaat ture;

> Mootummaan kun kaayyoo keenya waan balleesse itti fakkaateetu nu darara. Kaayyon keenya garuu akka bofa hudduu lixxeeti, yoo harkisan ni citti, yoo dhiisanis ni lixxi. Hadhaan isaa qaama keessa faca'eera.

Malli bulchiinsi jallaan, looginsi sanyii, dhiittaa mirga dhala namaa, Oromoon lafa itti dhalatee jiraachaa jiru irratti tuffatamuu fi maqaa hin malleefiin waamamuun isaa obbo Haayilamaariyam Gammadaa kutaalee Oromiyaa adda addaa keessatti argaa ture sun, boqonnaa laateefii akka inni hojii isaa qalbiin ciisee hojjatu taasiisuu hin dandeenye.

Rakkoo keessaa Oromoo baasuu kan danda'u, Oromoo malee qaamni biraan jiraachuu akka hin dandeenye hubachuuf yeroo itti hin fudhanne. Isa kaanfis of irraa jalqabuun akka isa irra jiru murteessuun hojii mootummaa yeroo dheeraaf hojjachaa ture gad lakkisuun dhuunfaan hojii abukatummaa seeraa hojjachuu jalqabe.

Hojiin isaa kunis barnootaan kan deeggarame akka ta'uuf, guyyaa hojjachaa galgala ammoo barnoota seeraa Yuunivarsiitii Finfinnee ammaatti barachuu jalqabe. Barnoota isaas xummuree Diploomaan erga eebbifameen booda, jiruu fi jireenya isaa isa hafe Oromoo salphina isa mudatee jiru keessaa baasuuf gahee isaa ba'uuf of qopheessuu jalqabe.

Hojiin seeraa inni dhuunfaan hojjatu kunis Oromoota kutaalee Oromiyaa adda addaatii dhufan baay'ee waliin kan isa wal barsiise yoo ta'u, namoota qunnamu hunda irraayis waan inni dhaga'u fi argu haqa osoo qabanuu sanyiin looginsa taasifamu yeroo hubachaa deemu, jibbiinsi sirna sanaaf qabu jabaachaa, hawwii inni falmiif qabu ammoo caalman ol ka'aa fi guddachaa deeme.

Akeeka isaa fiixaan baasuufis umanni Oromoo bifa kamiinuu of ijaaruu fi ijaarsa sanaan tokkummaan falmii gochuu akka qabu waan itti amaneef eeyyama mootichi Hayilasillaasee 'uummanni of ijaaruu danda'a' jedhee baasetti dhimma bu'aan namoota yaada akka isaanii qaban waliin ta'uun bu'ureffamni Waldaa Maccaa fi Tuulamaa mirkana akka ta'u taasise.

Waldoonni Walgargaarsaa Maccaafi Tuulamaa maqaa fi qaama lama ta'anii beekkaman illee waldoonni lameen kun bakka tokkotti walitti dhufanii maqaa tokkoon "Waldaa Maccaa fi Tuulamaa" jedhamee akka beekamuuf namoota carraaqqii taasisan keessa Haayila Mariyaam Gammadaa isa tokko akka ta'e namoonni baay'een dhugaa ba'uuf.

Waldaan kunis seeran galmaa'ee qaama hojii gaggeessituu yeroo filatus Obbo Haayila Mariyaam Gammadaa barreessaa Waldichaa ta'uun filatame. Yeroo sanaa jalqabees Waldaan Maccaa fi Tuulamaa bifa lamaa qabatee irra keessa walgargaarsa, keessaan ammo bilisummaa sabaaf falmuuf utubamee akka dhaabbatuuf, yeroo isaa irra guddaa aarsaa godhee heera fi seera waldichaa bareesse. Odaan sirna Gadaa keessatti bakka inni qabus gad fageenyaaan irratti qoratee ibsuunis Odaan asxaa Waldichaa akka ta'uuf kan yaada dhiheessee fi raggaasise isa ture.

Namoonni sochiin isaa kun isaan hin gammachiifne, mootichi yeroosii Hayilasillaaseen namootni Oromoo hin taane waldaa kana kessa seenuun akka basaasaniif namoota baay'ee itti ergeera.

Obbo Haayila Mariyaam Gammadaa, yeroo hojii mootummaarra tures ta'e sanaan booda hojii dhuunfaa hojjatu sana irratti qondaaltota mootummichaa baay'ee waliin dhimmoota Oromoo fi seenaa isa ilaallatu irratti karaa addaa addaan walitti bu'aa waldura dhaabbachaa turuun isaa hojii Waldaa Maccaa fi Tuulamaa hojjachaa jiru keessatti mootummicha biratti ija shakkiin akka ilaalamu karaa kan saqe ture.

Jalqaba Waldaan Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa osoo hin hundeeffamin Afooshaa Salaalee fi Maccaatu hundaa'e. Isaantu walitti makamee Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa uume. Obbo Haayila Mariyaam Gammadaa uumamaan nama waan argee fi taajjabe sodaa tokko malee utuu itti hin fakkeessin fuula duratti dubbatuu fi barreessu waan ta'eef haalli uumama isaa kunis hordoffiin mootummaa akka isa irraa hin fagaanneef sababa itti dabalaa akka ta'etu himama.

Bara 1942tti barreeffama (Kitaaba) 'Zikkira Nagar' kan Bilaattaa Maahtama Silaaseen barreesse keessatti Oromono biyya kana keessatti akka hin dhalatnee fi akka saba Itoophiyaa kaanii mirga biyya kana

keessatti akka hin qabne; Oromoon akka ergamtuu isaanii malee, seera namummaa guuttatee kan hin ilaalamne kan jedhuunf obbo Haayila Mariyaamiin deebiin quubsaan itti kennameet ture.

Deebiin itti kenname sunis, abbaa biyyummaa Oromoo takka lamaan tarreessee kaa'ef. Haalli akkasii yeroo sanatti waan hin beekamneef dubbichi nama kitaaba kana barreesse fi qondaaltota mootichaa baay'ee kan rifachiisee fi aarsee ta'e.

Hundeeffama waldaa isaan hoggánan ilaalchisee mootummaan Hayila Sillaasee shakkii waan qabuuf kaayyoo waldhichi qabu gaaffin yeroo adda daddaa dhiyaachafii ture. Innis, hojiin waldichaa mana barumsaa, mana yaalaa fi daandii konkolaataa ijaaruu akka ta'e itti himaa waldichi umrii akka godhatuuf harka irra qabaa turan.

Hojii mootummaattis deebi'ee mindaa fi itti gaafatamuummaa guddaa akka qabaatuuf xalayaan sossobbii isa qaqqabaa ture. Muudamni kunis maalif akka ta'e, obbo Haayilamariyaamiif galuufif yeroo itti hin fudhanne ture. Yeroo gabaabaaf erga hojjateen boodas fedha isaan hojicha gad lakkisee ba'uun yeroo isaa guutummatti ijaarsa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa irratti dabarsuu jalqabe. Yaada isaa kana garuu bakkaan ga'uuf hin milkoofne.

Hojii isaa gad lakkisee yeroo muraasa booda hidhattoota mootummichaan manaa fuudhamee mana hidhaatti darbatame. Qabeenya isaas maqaa liqaa baankiin horii hin taanetti gurguruun mormitootni isaa akka qircatan taasisanii, maatii fi qayee isaa dirree gubbaatti rakkinaaf gad lakkisan.

Mana hidhaa keessattis dararamni qaamaa fi qalbii ega irra ga'aa tureen booda dadhabee manatti galee haa du'u jechuun yeroo lubbuun isaa

ba'uu geessu manatti galchan. Mana ga'ees bultii muraasa qofa erga tureen booda lubbuun isaa dabarte.

Utuu hin du'in dhaamsa inni maatii, hiriyyootanii fi ummata Oromoo maraaf dabarses ilmi isaa Adaal Haayilamariyaam Maxxansa Madda Walaabuu Lakk.1 Gurraandhala 1993 ba'e waliin gaaffii fi deebii gaggeessee tureen akkas jedhan jedhe;

> Ijoollee koo, abbaan keenya du'e jettanii hin gaddinaa. Bakka dhugaa dhaabbadhee, dhugaa dubbadheen du'e. Ani abbaan keessan gabra ta'ee, gabra guddisuu irra jedheen isinis rakkisee ofii koofis du'e. Duuti Kiyya du'a gootati. Kanaa achis dubbiin Oromoo warra gabroomfataatti bofa hudduu lixxe itti taati. Bofti hudduu lixxe, yoo harkisan ni citti, yoo dhiisanis ni lixxi.

Oromoon gaafa tokko mirgi isaa kabajamee ofiin akka of bulchu himeet arrabni isaa goge.

14. Hajii Adam Saaddoo

Muhaammad Sayid(2006)

Hajii Adam Saaddoo ykn Daraaraa abbaa isaanii obbo Saaddoo Sheekoo fi haadha isaanii Halkee ykn Haliimaa Waaqoo irraa 1877 godina Baalee, aanaa Gobbaa, ganda Ashuutaa jedhamtu keessatti dhalatan.Umriin isaanii barnootaf yoo ga'u sheekkota toora isaanitti argaman biratti barnootas barataniiru.

Hajii Adam Saaddoon bareeda, dhaabbataan dheeraa, rifeensi luuccaa fi bifaan magaala. Guskii fardaa baay'ee waan jaalataniif cirri fardarraa jedhuun ture.

Hajii Adam Saaddoo qabsoo qonnaan bultoota Baalee kan Waldaa Walgargaarsaa Maccaa fi Tuulamaa walsimsiisuf fedhii guddaa qabu ture. Fedhii isaanii kanas dhugoomsuf jecha aarsaa guddaa Oromoof kanfalaniiru jechuun ni danda'ama. Kora waldichaa 1958 Finfinneetti yaamamerratti hirmaachuf Baalee Finfinnee yoo seenan, Hajichi xalayaa icciitii gootota Baalee irraa Jeneraal Taaddasaa Birruuf ergame qabataniit dhufaa ture. Mootummaan Hayilasillaasee ammo yeroo sana miseensotaa fi hoggantoota waldichaa walitti guuranii hidhuuf olii gadi

kaachaa turan. Qaanqeen Qabsoo Oromoo (2006:73) ifaajjii Hajichaa yoo ibsu;

> Kan hunni waraanaa qabee hidhuuf mana marse keessaa Janaraal Taaddasaa Birruuti. Janaraal Taaddasaan garuu harka kennachuu didanii cabsanii baafatan.Manni Janaraalichaa waraanan qabameera.Hajii Adam kana quba hin qaban ture.Janaraal Taaddasaas maqaa malee qaaman hin beekani.Kan isaan beekan hiriyaa Janaraal Taaddasaa kan turan Makoonnan Wasanuu ture.Janaraal Taaddasaa arganii dhimma dhufaniif irratti mari'achuuf bilbila gara mana obbo Makoonnan Wasanuu yoo bilbilan milkaa'uu hin dandeenye.Gara mana Janaraal Taaddasaa yaalan. Hajichis, "Ani Haji Adam Saaddoon jedhama; Janaraal Taaddasaa" yoo jedhan.Kan bilbila jalaa kaases, "Eessaa dhuftan?" jedheen. "Baaleyin dhufe. Bakka bu'aa waldichaati.Bilbila kan isaan jalaa kaase Janaraal Taaddasaa osoo hin taane loltoota Haylasillaasee keessaa isa tokko ture.

Loltuun bilbilaan Hajii dubbise Janaraal Taaddasaa ta'uusaa itti himee walargachuu akka danda'an isaan gaafate. Hajiinis karra Immiigreeshiniirratti akka isa eeganii fi wayaa akkamii akka uffatan itti himan.Yona raga dabalataa Waldaa Maccaa fi Tuulamaarratti loltuun barbaadaa ture raga qabatamaa argachuu isaan gammadee Maarsediisiin nama Isheetuu jedhamu itti ergee Hajii qabatee gara buufata poolisii Ammistanyaatti qajeelan. Hajiin loltoota harkatti kufuu isaanii kan baran odduu buufata poolisichaa ega seenanii loltootan marfamaniin booda ture.

Icciitiin isaan harka jiru; xalayaan Janaraalif ergame harkasaanitti akka hin qabamneef poolisii eeyyama gaafatanii mana fincaanii deemuu akka fedhan isa gaafatan. Eeyyama argataniis boolla keessa buusuu fedhan. Haata'uutii dubbiin yoo hammaate jarri shakkitee ni baastin cicciranii alaanfatanii ergaa irra jiru jiidhan balleessanii, qabsaa'otas du'a oolchan.

Mana fincaanitii ega ba'aniin booda gara biiroo ajajaa buufata poolisichaatti geeffamanii "Xalayaa Baalee fiddanii dhufan fidaa"n yoo

ija itti babaasan isaanis "Kan garaa;kanan harkatti baadhee dhufe garaatti deeffadheera, kanaan booda maal fiddu, waan fcetan na godhaa" jedhan jedhama.

Xalayaa isaan harka ture cicciranii liqimsanis shugguxii Riivoolvarii 38 mudhiitti hidhatan garuu dhoksuu hin dandeenye. Hajichis yakka cimaan himatamanii hidhaan waggaa 25, si'a 40 qacceen reebamuu, qabeenya isaa dhaalamuunii fi waggoota 25 guutuu naannoo Amaaraa keessa joorun itti murtaa'e.

Hajiin murtoo manni murtii olaanan itti murteesse dhaddacha "Nugusa Nagastitti" ol iyyachuun hundi fashalaa'e. Qacceen reebamuufis dooktaraan qoratamuun waan barbaachisaa tureef qaamni isaanii hin danda'uutii akka hin reebamne doktarri isaan qorate murteesse.

Hajii Adam Saaddoon amantiin hundi walqixa ta'uusaa fi namni filatee kan fedhe hordofuu akka danda'u nama amanani. Gaaf tokko garuu qormaata cimaatu mootii Haylasillaaserraa ergameef, Oromoon Baaletti amantaa Islaamaa warren hordofan amanticha dhiisee Ortodoksii akka ta'u. Haylasillaasen ergamaa isaanii gaafa Baaletti ergus hawaasni walitti qabamee waan deebisu dhabee yoo mari'atu, Haji Adam Saaddoo Oromoon Baalee akkuma mootichi amantaa akka jijjiirratu isaan gaafate isaanis,"Mootichi amantii isaanii yoo jijjiirratan Baalellee caalman isin jaalata" jedhaatii itti nuuf himaa jechuun ergaa ergaan deebisan. Waldandeenyee fi walkabajnee yoo jiraanne wayyaan.Kiyyatu caala, kee xiqqaadha osoo hin jedhin.

Hajii Adam Saaddoo qabsoon bifa bittinnaa'an taasifamu gara tokkotti akka dhufu fedhii guddaa qabu ture. Sanarraa kan ka'eefis Baaletti hundeessaa Waldaa Maccaafi Tuulamaa turan.Yeroon isaas yeroo qabsoon diddaa fi fincila qonnaan bultoota Baalee Janaraal Waaqoo Guutuufaatin durfamaa itti laboobe ture.

Xaaliiyaaniin biyya gallakkisee baqatee yoo ba'u Hajii Adam Saaddoo meeshaa waraanaa dhoksanii qabsoo itti aanuf olkaayaniit turan. Humnoonni nageenyaa Hayilasillaasees dubbicha dhagayanii Haji Adam Saaddoo hidhan.

Gootichi hidhaa keessa turuun isaa fincila biraa kaasuu akka danda'u yoo hubatan, hidhaadhaa gallakkisuun taayitaa Giraazmaachummaa isaanii kennuu filatan. Hajiinis waltajjii sirna badhaasaa qophaa'erra ba'uun namoota fuldura dhaabbatanii dubbii dubbatan Qaanqeen Qabsoo Oromoo (2006:71) akka ibsutti namni waan namaaf godhe tokko galata hin dhabutii aangoo Giraazmaachummaa fi uffata isaanii ergame Hajiin hin fedhu galatooman didan. Giraazmaach Adam Saaddoo jedhamuurras maqaa waan hunda caalaa jaalatan, yoon ittiin yaamaman kan itti tolu, kan warri isaanii baasen yoon waamaman akka itti tolu ibsuun; 'maquma kiyyaan nawaamaa' jechuun aangoofi 'kabaja' kennameef iyyoo dideen fudhachuu didan.Taayitichaa fi uffata Giraazmaachummaa isaanii dhufes nama biroof akka dabarsanii laatan itti himan.

Haji Adam Saaddoo, gootni Godina Baalee dhalatanii waggaa 104tti bara 1983 addunyaa tanarraa du'aan boqatan.

15. Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa

Mucaa eessuma Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaati.Umriidhan xiqquma Baqqalaa caala. Firooma qaban caalaa waliin waan guddataniif baay'ee waljaalatu ture.

Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa, Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaa fi Dajjaazmaach Gannanaa Badhaanee Dajjaazmaach Gabramaaryaam Gaariin fudhataman. Qanyaazmaach Bayyanaa hamma dirree waraana Maaycawitti masaraa keessatti hojjechaa ture. Taayitaan ligaabummaas kennameefii ture.Imalli gara Maaycawitti gaafa eegalamus taayitaan Qanyaazmaachmmaa kennameef. Raayyaa eessuma isaa Dajjaazmaach Gabramaariyaam jalatti hiriirun innis dirree waraanatti qajeele. Ajaja mooticha Haylasillaasen gariin raayyaa Dajjaazmaach Gabramaariyaam gara Sidaamatti yoo imalu innis itti makamee deeme.

Dirreewwan waraanaa Xaaliiyaanii waliin ijoollen Sidaamaa taasisan mara irratti; Dinuun, Loolloftuu, Algeenaa, Oddoo, Boondee, Keellaa, Arbeegoonaa fi Gogeettii Melkoo Maaryaam guututti gootummaan lolaa tureera.

Gogeettii Milkoo Maaryaam irratti loltoonni Sidaamaa Xaaliyaanin waan rukutamaniif kan isaan waliin guddatee fiilma adaadaa isaa Dajjaazmaach Baqqalaa waliin waraanicha keessaa miliqanii Xaaliyaanin loluu itti fufan. Ga'eessota Agamjaa fi Sooddoo walitti qabuun hanga dirree waraanaa Baaduutti osoo guyyaa tokko adda hin ba'in lolaa turaniiru.

Sadarkaan qabsaa'ummaa isaas qixxee Dajjaazmaach Baqqalaan kan madaalamu ture. Waraana Baaduu irratti gaggeeffamerratti hoogganaan dirrichaa wareegamee waan tureef ga'ee hoggantummaa fudhachuun

waraanicha duursaa osoo jiruu rasaasa diinarraa dhuka'een gateettirra rukutamee madaa'e.

Raayyan isaanis akka hin jeeqamneef jecha dhiigni isaa osoo dhangala'uu obese Matrayyeesii isaan dhukaasaa ture. Dadhabuu isaas gareen isaa yoo argu hirkisanii mana haadha isaa Shawaa Kibba Lixaa; Agamjaa geeffame. Diinnis dadhabuu isaa waan dhagayeef qabee wareeguf socho'aa akka ture waan dhagayameef gara fira isaa gara Dajjaazmaach Garasuu Dhukii geeffame. Dajjaazmaachis iddoo dhokataa geessee ji'a 2f akka yaalamu gochuun fayyee akka kaayyoo isaatti deebi'u taasifame.

Qanyaazmaach Bayyanaa Guddata ega fayyee ka'een booda kadhatamus Dajjaazmaach Garasuu waliin turuun fedhii isaa hin turre. Dajjaazmaach Baqqalaa kophaa waan tureef isa deeggaree fi jabeessee waliin hiriirutu filannoo isaa ture. Shifarraaw Mangashaa (1983:181) loltoota 8 waliin iddoo Guddoo Duulaa jedhamtutti Fiitawraarii Mardaasaa Gadaa waliin wal'arganii mari'achaa ega turaniin booda akka hin deemne sossobamanis Dajjaazmaach Baqqalaa ijaan argu malee rafee hin buluun gara Sooddotti qajeelan.Jiini isaas Hagayya 1932 ture.

Roobni isaa cimaa,uurrin isaa kan samii fi lafatti ejjete,dhoqqeen isaa kan mataatti nama faca'u,manaa ba'i ba'i kan nama hin jechisiisne.Lagni Leemmanis akka sinbirri hin ceenetti guutet ture.Diinni eertuu argatee keetton isaan marse.Guyyaa walakkaaf lolaa oolanii loltoonni Xaaliiyaanii fi baandaa lakkoofsan hedduu waan turaniif goototiin saddeettanuu wareegamanii kufan.Dubbichi garuu xiiqii malee abdii kan nama kutachiisu hin turre.

Xaaliyaanin aarii Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa irraa qaburraa kan ka'e yoo qabame hidhame, yoo didame ammo ajjeeffamee mormi

akka gorra'amu itti murtaa'ee waan tureef reeffa isaa se'anii kan Asfaaw Nagawoo muranii fuudhanii deemun mana baandaa; Giraazmaach Macheessoo Dambii geessun itti qoosaa oolan. Gootonni gochaa kanatti aaranis Xaaliyaanota ajjeesanii reeffa isaanii gubaa turan.

16. Koloneel Alamuu Qixxeessaa

Koloneel godina Shawaa Lixaa aanaa Jalduuti toora moosee fi garbuu magarsuun beekkamu Goojjoo Yaadabee Buurabaatti Gurraandhala 5,1907 abbaan isaa obbo Qixxeessaa fi haadha isaa aaddee Ayrub irraa addunyaa tanaan wal bare.Barri keessa dhalate bara barnoonni ammayyaa hin babal'anne waan tureef, "eenetaa" biratti ergamee barnooa Qeesii hordofee gubee Saabaa lakkaa'era.

Umriin yoo jabaatu Alamuun leenjii loltummaa argachuun Kibuur Zabanyaatti bara 1926 makamuun miseensa ta'ee yoo hojjetu barnoonni furtuu jijjiirramaati jedhee waan yaaduf sagantaa barnoota galgalaatin afaan Faransaayi fi herreega baratee sadarkaa irra turerraa fooyyeffate.

Olaanaa Zoogaa kitaaba isaa "Gizzitinnaa Gizoot" irratti Alamuun weerara Xaaliiyaanii qolachuuf warreen Maaycaw duulan keessaa tokko akka ture ni kaasa.Bara sanas sadarkaa ajajaa shantamaarra ga'eet ture. Dirree waraanaa loltoonni Itiyoophiyaa Xaaliyaanin irratti walitti bu'an; Maaycaw irratti Alamuun rasaasan rukutamee madaa'ee yaalamaa ega tureen booda dubbiin Maaycaw ta'uu didee yoo gara jiddu galeessatti deebi'an innis toora dhaloota isaa Shawaa Lixaatti deebi'ee, hiriyoota isaa waliin loltoota Xaaliiyaanii fi baandota irriiba dhoorkaa turan.

Lolli hammaatee itti marsanii Alamuun baandotaa fi Xaaliyaanotaan booji'amee hidhame. Jarri isa hidhan eenyummaa isaa waan hin beeknefi waan isaan irratti raawwate irratti raga funaananii waan dhabaniif homaa hin fiduun hiikkamee qayeetti deebi'ee gala.Weerarri biyyaa akka nama ibiddarra ejjetee kan isa gube dargaggeessa fi hiriyaa garaa isaa kan ture Warquu Ayyalaa waliin Xaaliiyaanii fi baandota boqannaa,karaa darbaa fi irriiba dhoorkan.

Qayee dhiisee bosona galee kan ture Alamuun abbaa fi haati isaa dhibee golfaan qabamanii guyyaa tokkotti waan boqataniif ijoollee xixiqqaa abbaa fi haati irraa du'an guddisuun itti gafatamummaan isarratti kufe.

Qayee warraatti deebi'ee maatii qajeelchuu jalqabus Xaaliiyaaniin loluu hin dhiisne ture.Jarris gaafa dubbicha irratti baran bara 1932 to'annoo jala isa oolchanii mana hidhaatti isa darban.Dubbiinis itti cimte.Sababiin isaas shakkamee duraan irra deddeebin hidhamaa waan tureefi.

Mana hidhaa keessattis jibbiinsi inni Xaaliiyaaniifi baandaf qabu baramee reebichi itti hammaate.Ijoollee abbaa fi haadha malee hafan; obboleeyyan isaa dhiisee du'uun mararteen waan itti dhagayameef, jaarsummaan 'ni baatan dubbicha amaniin' fira fakkaatanii namoonni isa sossobaa waan turaniif, innis dhoksaan isaanin lolaa akka ture amana.Dubbichas gaafa amanu, jarri akka waadaa galte osoo hin taane kan tufte arraabdee adabbiin murtoo du'aa itti murtaa'e.

Har'aa bori najjeesu jedhee osoo hidhaa keessa taa'ee du'a eeggachaa jiruu, Xaaliiyaanii cinaa hiriiruf walii galee kan ture obbo Fayyisaa Nagarii, "Alamuu gadi lakkistan malee isin hin deeggarru." jechuun xalayaa erga. Xaaliyaaninis faayidaa Alamuun obbo Fayyisaa Nagariif qabu galuufii baatus Alamuun du'a jalaa bilisa ba'ee gara qayeetti

deebi'e. Obbo Fayyisaan garuu baandaa hin turre.Xaaliyaanitu ofitti qabuuf sossobachaa ture malee.

Obbo Fayyisaa fi ijoollen isaa Xaaliyaanin loluuf kaayyoo isaanii jalqabaa godhatanii waan ka'aniif, Alamuu qabsaa'ee loluuf fedhii qabu ofitti dabalatanii dhukaasni caalu Xaaliyaani fi baandota irratti baname. Da'annoon isaanii Jalduus diigamuu jalqabe.

Haylasillaasen Ingiliiz magaalaa Baazii yoo biyyatti deebi'u Xaaliyaanonni godina Jimmaa keessaa guutumaa gututti waan hin baanef,Alamuu Qixxeessaa fi namoonni ciccimoon filatamanii garasitti ergaman.

Bara 1934 raayyan gara Jimmaatti duule yoo Finfinneetti deebi'u raayyaa jabdichatti makamuu shaalaqaa tokkoon akka hogganamu taasifama.Koloneel Alamuunis isaan waliin miseensummaan hammatamee loltummaan hojii isaa itti fufe.Bara itti aanu ammo Wiirtuu Leenjii Loltummaa Hoolotaa seenee barnoota loltummaa hordofee yoo xumuru achuma keessatti hoggantummaan hojjechaa ture.

Bara 1936 raayyan biyyattii yoo Ambaalaagetti ergamu innis waliin duulee rasaasan rukutamee madaa'uu isaatin yaalamaa turee garee duraan keessa ture kan Jeneraal Jaagamaa keessaa ba'ee garee Baqqalaa Wayyaa jala jirutti taayitaa Itaamaajooritiin ramadamee hojii itti fufe. Garee kana keessaa namoonni ga'umsa loltummaa cimaa qaban 40 leenjii dabalataatif akka ergaman filatamu. Namoota kanneen keessaa innis isa tokko ture.Barnoota kennamus adda durummaan qabxii olaanan waan xumureef waggoota 2f barsiisummaan tajaajilaa akka turu taasifamee booddee raayyaa keessa turetti deebi'ee hojjechuu jalqabe.

Ministeera Raayyaa Ittisaa keessatti itti aanaa itti gaafatamaa kutaa seeraa ta'ee tajaajilaa turuun sadarkaa taayitaa shaalaqummaa fi kolneelummaa irra ga'e.Kutaa kana keessaa gara kutaa waraana 4ffaatti jijjiirramee qajeelcha bulchiinsaa ta'ee osoo hojjetuu hogganaa isaa waliin walta'uu waan dadhabaniif bakka duraan ture Ministeera Raayyaa Ittisaatti deebi'e.

Rakkoo dararama sanyummaas bakka hojjechaa ture maratti sirriitti hubachaa waan tureef dubbiin garaa hanqoo dhibee itti taatet turte.Guddinni yoo dhufu sanyiin lakkaa'ameet kennamaa ture malee dandeettin hin turre.Kun ammo garaa isa madeessaa ture.

Dubbiin sanyummaa hammaannan namoota akka isaatti kutannoo qaban waliin sochii jalqabuun filannoo isa dhumaa akka ta'e waan baraniif Waldaa Jibaat fi Maccaa adda adda socho'aa ture tokkotti fiduun qabsoon itti fufe.Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa waliin ta'uunis Waldaa Maccaa fi Tuulamaa warren hundeessan keessaa isaanis warren jalqabaati.Hamma du'uttis pireezdaantii waldichaa ta'uun hojjechaa tureera.Caayaa waldaa kana jalatti gurmaa'unis Oromoo sirnaan sochoosaa turan. Kichuun isaa dhiittan bara Haylasillaasee keessas ta'e bara Dargii keessa itti baay'achuun kutamus.

Gabroofamuun ummataa boqonnaa kan isaan dhoowwate Oromoonni Onkololeessa 23,1959 yaalii fonqolcha mootummaa Haaylasillaasee irrati taasifame irratti Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa miseensa ta'uun hirmaate. (Taaddesee Teelee 2004:7-8)

Warreen kanneen hundi isaanii ijoollee Oromoo fi miseensa Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaati. Onkololeessa 12, 1959 fi Onkololeessa 22,1959 mana jireenyaa Taaddasaa Birruutti walga'anii mootummaa Haylasillaasee aangorraa buusuf meeshaalee waraanaas

qopheeffatanii guyyaa ayyaanaa dhaloota Haylasillaasee eeggachuun balaa qaqqabsiisuuf turan.*(Seenaa Taaddasaa Birruu keessa ilaalaa!)*

Guyyaan dhaloota mootichaa Onkololeessa 23,1959 kabaja ayyaanichaafis loltoonni Kibuur Zabanyaa agarsiisa waltajjii fi eegumsa mooraa masaraatif taasisuuf qophaa'anii turan. Loltoota kanneenis kana ajaju Taaddasaa waan tureef rakkina tokko malee dhimma ka'aniif raawwachuun isaanitti hin ulfaatu ture. Haata'uutii ajajaan eegduu masaraa loltoota miseensa lafoo 50 qopheessuun isaa waan itti himeef, 'eegdoni biroo hin barbaachisaniitii hin ta'uun', yaadni kaayyoo isaa fashaleessu duuban ka'ee isa gaddisiise.

Taaddasaanis jaallewwan isaa waliin manatti deebi'ee maatii isaanitti nagaa ega dhaamaniin booda gara bosonaa Subbaa; Mannaagashaa seenan.Sadaasa 5 bara 1959 hamma Sadaasa 13 bara 1959tti bosona ganda qonnaan bultoota Meeccaa Carreechaa ega turaniin booda qabamanii mana murtiitti dhiyaatan. Sadaasa 1959 hamma Adoolessa 26 bara 1960tti falmaas turan.Turtii ji'oota 23 boodas Adoolessa 26 bara 1960 mana murtiitti dhiyaatanii murtoon irratti laatame. Murtoon laatames;

- B/Jeneraal Taaddasaa Birruu,rasaasan reebbamanii akka ajjeeffaman,
- B/Jeneraal Daawit Abdii, murtoo hidhaa cimaa waggaa 3n akka adabaman,
- Leetanaal Koloneel Alamuu Qixxeessaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman,hidaa kanas mana hidhaa keessa taa'eet dhuge.
- Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, fannifamanii akka ajjeeffaman,
- Loltuu Lammeessaa Boruu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 5n akka adabaman

- Obbo Sayfuu Tasammaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Daadhii Fayyisaa, murtoo hidhaa cimaa waggaa 10n akka adabaman
- Obbo Makoonnan Wasanuu, murtoo hidhaa cimaa waggaa 7n akka adabaman
- Obbo Haylamaaryaam Gammadaa, sababii dhukkubaatin hospitaala waan turaniif yoo fayyan murtoof akka dhiyaatan ture.

Mengistuu Haylamaariyaam (2004:130) yaalii fonqolcha mootummaa bara 1953n booda Haylasillaasen garaa hanquu kan qabuu miseensota Waldaa Maccaa fi Tuulamaatin ture jedha. Mootummaan Haylasillaasee Dargiin bakka gaafa bu'amu mootummaan Dargiis osoo nuwaliin hojjettaniin miseensota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa affeeraat ture. Dubbiin garuu akka sunsumman moofa'an jijjiirruu malee ittoo mi'eessuu hin turreetii,ari'amuun isaanii hin oollef. Kolonel Alamuu Qixxeessaa bara 1994 addunyaa tanarraa du'a Waaqaa du'e.

17. Balaay Zallaqaa Qilxuu(Abbaa Koostir)

Jaarraa 16^{ffaan} seenaa Oromoo keessatti jaarraa sochii lafa babal'ifannaa jedhamuun beekama. Kallattii afranitti socho'uun karaa nagaas ta'e karaa waraanaan Oromiyaa har'aa uumuu keessatti shoora mataa isaa qaba.

Adeemsa karaa kana keessattis Booranas ta'e Baarentuun sirna gadaa fi safuu isaa bu'uureffachuun sabaa fi sablammoota nagaan isaan simatanis ta'e kan waraanan qabaman bifa guddifachaa fi moggaasan ofitti dabaluun, kanneen didanii falman ammo waraana irratti banuun kallattii Kaabaan hanga laga Mormor ykn Abbayaatti babal'ifachuun isaanii seenan dhugaa baha. Yeroo babal'ifannaa lafaa kanas hundi heera fi seeran duurfama. Seerri fi heerichis sirna gadaa bu'uureffata. Namoota seera babal'ifannaa baasan keessaa Makkoo Biliin isa tokko. Seerichis;

> Yeroo sochootanitti ummata nagaa hin rukutinaa. Hangafootan, aabbaa fi aayyoo jedhaa. Hiriyoota, obbolcessa, obbolee jedhaa. Bakka geessan marattis nagaan itti dhiyaadhaa,yoo isaan walitti dhufeenya nagaa didan waraana irratti banaa. Bakka waraanni ka'etti dhaamsa waliif dabarsuuf mallattoon keessan ibidda bobeessun haa ta'u.Yeroo aara ibiddaa argitan namoonni hundi waliif mirmadhaa. Gamtaanis lolaa. Walirraayis hin dheeffinaa.

Haata'uutii babal'ifannaa lafa Oromoo kan Oromiyaa har'aa fi daangaa laga Abbaayaan hin hafne. Naannolee olla fi biyyoota olla hedduu keessatti afaani fi duudhaa, eenyummaa fi aadaa isaanii dhabuuf dirqamanillee bakka garagaraa jiraachuu isaanii ragaan ni muul'isa.

Kaaba Baha Afrikaa Oromoonni jiraachuun isaanii ragaaleen dhugaa bahu. Chaad, Senegaal, Keeniyaa, Sudaan, Fulaanii, Hawusaa keessa Oromoota hedduutu jira. Akka seenan himutti amantaa, duudhaa, afaani fi seenaa isaanii yeroo keessa dagataa dhufanillee Kaaba Itiyoophiyaa naannoo Walloo, Tigraay, Goojjam fi Goondar keessa dhalattoonni Oromoo fi mootonni Oromoo akka turan ni addeessa. Tigraay keessa ilmaan Raayyaa,Goojjam keessa horteen Liibanii fi Meettaa maqaa dhahuun ni danda'ama.

Horteen ja'an Jaawwii amma godina Horroo Guduruu jiraatan keessaa hidda sadan Amuruu kan ta'e namichi Ibiddoo jedhamu Kibba laga Mormor toora Amuruu jedhamee beekkamu kana keessatti ka'ee loon isaa ooffatee laga Abbayaa ce'uun Goojjam keessa qubachuu isaatu himama. Achittis bultii dhaabbatee Ilma Walda Haabiib jedhamus dhalfate. Walda Habiibis yeroo booda bultii dhaabbachuun ilma Yootsaadiiq jedhamu argate.

Yootsaadiqis walakkeessa jaarraa 18ffaa keessa goota beekamoo fi lolee cimaa Goojjam ta'uusaa seenaan ni hima. Yeroo sanas mootota Goondariif bowwoo mataa itti ta'eet ture. Kanarraa kan ka'es Iyyaasuu IIffaan bara 1730 - 1775 kan ture Yootsaadiiq waliin hariiroo uumuuf intala isaa Walatta Israa'el itti heerumsiise. Yootsaadiq ilma Hayiluu argate. Hayiluunis hundeessaa mootota Goojjam keessaa isa tokko ta'uun bara 1777 - 1795[xi] bulchaa ture.

Mootonni kanneenis maqaa jijjiirrachuun maqaa kiristaanaa fi maqaa Islaamaa moggaafachuun sulxaanotaa fi sheekota ta'uun naannoo sana

bulchaa turan. Keessattuu Walloo, Tigraay, Goojjam fi Goondar akka fakkeenyatti kaasun ni danda'ama.

Balaay Zallaqaa Oromoo Walloo keessaa kan Booranaa jedhaman, damee Oromoo Tuulamaa keessatti kan argamanirraa dhalate. Boorana jedhamanii Oromoota Karrayyuutin adda of gochuun, karaa Dhiha Booranaa jedhet of waama. Gosootin kun gosa Meettaadha. Ada'aa warra Jaarsoti. Ilmaan Bachoo walakkaa. Meettanis, Garasuunis Waajituunis. Walqabateetuma hamma Meettaa, Walaqaa, Walaqoo iddoo jedhamu hamma daangaa Humaraatti ce'ee Sudaan keessa Sinaar keessa ni ga'a, hundeen Oromootaa.

Karaa Baliaatin Baareentuu qabee Walloo, Raayyaa, Wajiraad akkuma jirutti Oromoota. Oromoota dame saba biraatti of lakkaa'anii fi eenyummaa isaanii gatanii Oromuma. Sirna gadaa, afaan dhiisanii jiraatani.

Mootonni Gondar hedduun isaanii; Iyyaasuu Adiyaam Saggad, Baakaafaa fi Iyyoo'aasfaanti warra Oromoorraa dhalatani. Kara Kaaba Walqaa-Huumaraa, hamma Marawwaa ykn Sudaan ykn Nuubiyaa keessa Oromoota kan qubate.

Jaanjaawwitoo/ja'an jaawwii-afaan Arabaa fakkeessanii afaan Oromoo dubbachuu haa dhiisan malee bifti kanaan Oromoon jiraata.Oromoon Itiyoophiyaa keessa qofa osoo hin taane Sudaan, Chaad, Fulaanii, Hawsaa, Seenegaal faa keessas faca'eet jiraata.Oromoon naannolee Itiyoophiyaa keessa jiraachun isaas ajaa'ibaa miti.Oromoon walakkaan achumatti lafa babal'ifannaaf yoo deemu yoo hafu, warri gadaadhan bulan jalaa siquu qaban,aadaa fi duudhaan isaanii waan jalaa miidhamuuf irraa socho'an. Karaa Kaabatiin amantaan kiristaanaa jabaachaa ogguu dhufu Itiyoophiyaa toora Goojjam, Goondar, Walloo, Tigraay keessa kan jiru Oromoon achumatti makame.

Abbaan gooticha beekamaa Balaay Zallaqaa, Oromoo Booranaa hortee Tuulamaa toora Walloo jiraatan yeroo keessa gara Goojjamitti ce'an keessaa obbo Zallaqaa Qilxuu Aayyoo Galgalaa isa tokko. Obbo Zallaqaan loleewwan Lij Iyyaasuu Oromoota Walloo hortee Tuulamaa keessaa isaan tokko.Erga Lij Iyyaasun aangorraa bu'een booda dhiibbaa Hayila Sillaasee sodaa laga Abbayaa ce'anii gara Goojjamitti dheessan.

Iyyaasun abbaan isaa warra mootii Walloo nugus Mikaa'el, ilma Mahaammad Aliiti.Iyyaasun humna isaa eegsisuuf loltoota ofii qaba ture. Loltoota kana keessayis ijoollen Walloo keessa jiru. Zallaqaan abbaan Balaayis lolee Iyyaasuu turan.Iyyaasuun mootummaa Hayilasillaaserraa falmiin waan itti ka'eef Balaayis hamaan akka isarra hin geenyeef Walloo; Booranaa gara Bichanaatti ce'an, karaa Goojjam; Abbay cee'anii. Goojjamittis Balaay dhalfatan. Hundeen isaanii Boorana. Dubbii kanas intala isaanii aadde Malkaamnash Balaay irraa mirkaneeffanneerra.Hundeen isaanii Boorana Wallo keessatti argamu.Damee Oromoo Tuulamaa karaa Kaaba Dharraa keessa jira.

Balaay abbaa isaanii Zallaqaa Qilxuu Aaayyoo Galgalii fi haadha isaanii Xaayituu Aaallanaa irraa bara 1902 dhalatan. Haatii isaanii Boorana Walloo ta'anii naannoo Makaana Salaamitti dhalatan.

Abbaa Balaay Zallaqaan namaan ajjeeffame. Balaayis haaloo abbaa isaa baasuuf dargaggeessa yeroo turetti carraaqaa ture. Faashistiin Xaaliiyaanii Itiyoophiyaa yoo weeraru, Balaayis diina dhuunfaa isaa dhiisee duursa diina lammii isaa weeraruuf dhufe ari'achuuf Xaaliyaanirraatti duule.Yeroo isaanis kan fixan baandaa Xaaliiyaaniin waraanuun ture.

Balaay meeshaa ammayyaa qawwee, boombii Xaaliiyaanii baandaf xiyyaaran dhiyeessan lolee harkaa buufate.Balaay hiriyoota fi firoota isaa 50 ta'an meeshaa same hidhachuun bosona gale. Xaaliyaanotaa fi

baandota Goojjam keessa socho'an boqonnaa fi daandii isaan dhoowwe. Balaay tooftaa riphee loluun beekama. Baandota kanneen akka Tasammaa Nagawoo fi Yilmaa Mogosiin hogganaman barbadeessuu kan danda'es tooftuma kanaan ture.

Xaaliyaaninis jiraattota toora Bichanaa walitti qabuun Balaay akka fidan matarayyeesiin jiraattota fixan. Magaalattiittis rukuttaa helekooftaroota Xaaliiyaaniin irra ga'e.

Waraanni Balaayif hogganaa Xaaliiyaanii jeneraal Maaliin gidduutti Bitootessa keessa 1930-hanga ji'a Eblaatti itti fufe.Faashistoonni matirayyeesii, madfii, helikooftaraan itti fufan.Yeroo kanas haati warraa Balaay Zallaqaa du'aan wareegaman.Intalli isaanii hangafti Yeshaashee Warq Balaayi fi akkawoon isaas booji'aman. Intalli isaas magaalaa guddittii Xaaliiyaanii Roomatti fudhatamte.Waraanichis hanga ji'a Waxabajjiitti osoo adda hin citin itti fufe.

Yeroo booda tooftaa lolaa riphee loluu jijjiiree humni Xaaliiyaanii dahannoo isaanii toora magaalaa Dabrawarqii meeshaalee guguddaan dhukaasu. Balaayis loltoota isaatin Xaaliiyaaniin rasaasa ga'aa akka qaban, warshaatii akka argatan, isaan garuu bitanii fi diina booji'anii akka fidan, meeshaa ammayyaa Xaaliyaanis fagootti akka rukutu hime.Kanaafis suuta jechuun dahannoo Xaaliiyaanii cabsuun barbaachisaa akka ta'e loltoota isaa mari'achiisun walii galan.

Dahannoo diinaas cabsuun rifaatun raayyaa diinaa walitti dhukaasun walfixan. Baandonni hedduunis dhuman. Faashistoonnis xiyyaarota 12 erguun bakka Balaay itti argamu jedhamee shakkamu rukuchiisaa turan. Xiyyaaronni Xaaliiyaanii miidhaa qaqqabsiisuu garuu hin dandeenye.

Meeshaa saame walitti qabachuudhais gammoojjii Abbayyaa seenane. Faashistiinis humna qaban hundatti fayyadamaniis Balaay dhaabuu hin dandeenye.

Jaalala horatee duuka buutota hedduus of cinaa hiriirse. Faashistoonni fi baandonni Xaaliiyaanii intala Balaay Room geessan Itiyoophiyaatti deebisuun Balaayin waliigalanii tooftan itti siquuf.Intallis dhufte.Ergaanis Balaay qaqqabe."Intalli kee mana hidhaa Dabrawarq keessatti argamti.Ishee siif gadhiisnaa waraana dhaabi, mootummaan Xaaliiyaaniis eeyyameera jedhaniin. Goojjamis ni bulchitaa eeyyama siif laannee karaa keenyatti deebi'ii"n xalayaa barressan Xaaliyaanonni. Balaayis tooftaa cimaa malatee; "Goojjamii fi intalakoo argannaan maalan barbaada, haata'u" jechuun deebii kenneef. Anas nama ergaatii nafudhaa jedheen. Isaanis raayyaa Xaaliiyaanii keessaa ajajdoota waraanaa kan turan namoota lama fi baandota keessaa ammo nama tokko afaan kan isaanii hiiku gara Balaayitti ergan. Ergamoonni kanneenis yoo Balaay bira ga'an qabee akka isaan fannifaman taasisee ergaa deebiseefinis;

> Namoota isin ergitan lamman sirriitti keessummeessera. Intala tiyyas kan uume waaqa Yoo fedha waaqaa ta'e humnaan nan fudha. Biyyakoo intalatiyyaan hin jijjiiru.

Ergaa Xalayaa kanaa boodas guyyota muraasa keessatti Balaay loltoota ciccimoo filatee gara Xaaliyaanotaatti erge. Intala isaas mana hidhaa Dabramaarqoos keessaa gadhiisise. Biyyis bilisa baatee, intallis.

Hayilasillaasenis Ingiliizii gara biyyaatti yoo deebi'u biyyiifi duuka buutonni Balaay Zallaqaamaal badhaasu laata, aangoo akkamii kennuuf laata jechuun eegaa turan. Hayilasillaasenis mootumma isaatii gufuu ta'uu danda'a jechuun waan sodaatef Balaay qabamee gara Finfinneetti akka geeffame ta'e.

Aangos, badhaasas isaa hin kennine. Fannoo funyootu isa eeggate. Biyya bilisa baasus jibba Hayilasillaasee jalaa ba'uu hin dandeenye. Hayilasillaasen sodaa Abdiisaa Aagaaf qabuun hidhaa, rakkoo, shakkii fi dubbiin dararaa akkuma ture, Balaay ammo akka fannifamu taasise. Akka qorannoon seenaa fi antiroopooloojii agarsiisutti Kaabni Baha Afrikaa-walakkinni Goojjam Agaw Midir malee hundumtuu Oromoodha.

Balaay bara 1902 dhalatee bara 1937 du'e. Abbaan Balaay; Zallaqaan dargaggeessa yeroo turetti eessumasaa ajjeesuu isaatin qayee itti guddatee fi firoota isaa dhiisee baqachuun waggoota 15 dabarseera. Haalon kunis osoo hin turin abbaan balaay ajjeeffame. Balaayis jabaatee dargaggeessa gaafa ta'u walakkaa bara 1919 namicha abbaa isaa ajjeese haaloo ba'ee bosona seene. Xaaliiyaaniin gaafa biyya weerartus Balaay hoggantoota deeggartoota isaa kan ta'an kan namoota 50 ture.

Beeniitoo Musolooniin muummichi Xaaliiyaanii biyyisaa dirree waraana Adwaa bara 1888 irratti hoggantummaa Minilik IIn loltoonni Xaaliiyaanii kuma kudhanii ol ta'an du'aan waan dhabee fi injifatamuu isheetin baay'ee aaraa waan tureef Itiyoophiyaa weeraree lafa biyya isaa taasifachuuf qophii baroota dheeraa taasisaa tureera.Injifannoon kun Xaaliiyaaniif qaanii golgoo qaanii guutuu addunyaatti yoo itti uwwisu, Itiyoophiyaan ammo lammiilee gootota akka qabdu mirkaneessun gurraachota Afrikaafuu fakkeenya gaarii taate. Gurraachi adii akka injifachuu danda'u yeroo jalqabaatti hubachiisuu isaatin.

Bara 1927 Gamtaan Biyyootii /League of Nations/s laafaa ta'uu isaatiin Xaaliiyaaniin babal'ina isheef qophii xumurtee waan turteef waraana labsitee Itiyoophiyaa qabatte. Balaayis karaa Walloo, Goojjam fi Shawaa hamma ta'e qolachuun ittisuu danda'eet ture. Gootichi ija diinaa biratti beekamuuf yeroo dheeraa itti hin fudhanne. Loltoota

Xaaliiyaanii rukutee burkuteessun alatti hoggantoota isaanii fannoon adabeera.

Balaay jiddugala loltoota isaa Goojjam godhachuu isaatin, Goojjam keessatti mallattoon weerara Xaaliiyaanii muul'isu hin ijaarramne. Kun ammoo Balaay teessoo dhaabbii isaan dhoorkuu isaatin yeroo hin arganne ture. Gootonni Itiyoophiyaa guutuu biyyattiitti riphee loltummaanis ta'e kallattiin of wareeguu isaanitiin Itiyoophiyaan bilisa gaafa baatu Haylasillaasen baqattummaan waggoota 5f Ingiliiz magaalaa Baaz mana bitatanii iddoo jiranii bara 1937 yoo biyyatti deebi'an .

Hayilasillaasen weerara Xaaliiyaanii dheeffee bakka turee biyyatti deebi'ee gonfoo mootummaa isaa yoo goonfatu, Balaay biyya isaaf kufee ka'us hoggantummaa xiqqoon Dajjaazmaachummaa Bichanaa irratti kennameef. Balaay garuu dirreewwan waraanaa Abärraa, Barantaa, Bichanaa, Caqqataa, Dabra Warq, Dajan, Dänsaa, Dibiisaa, Diimaa, Dalaantaa, Gonjaa, Gubbayaa, Jaarsoo Ennabse, Laamcaan, Makkaana Salaam, Malkaa, Sommaa, Tiiq, Waasida fi Yagee irratti aarsaa nama kanfale.Haylasillaaseen gaafa biyyatti deebi'u garuu hoggantoota olaanoo irratti muudun Balaay jalee isaanii taasise.

Hayilasillaaseen karaa Dabra Maarqoos Ingilizii yoo deebi'an Balaay loltoota 40,000-45,000 qaba ture. Balaayis ta'e namoonni gootummaa isaa beekan biyya ijaaruu keessatti wareega isaan taasisaniin muudamni guddaan isaan akka eegu eeganis dubbiin foggisoon hiikkame. Balaayis bosonatti deebi'ee jiraachuu jalqabe. Yona mooticha kuffisuu danda'aan yakkamee mana hidhaatti darbame. Yeroo hedduus mana hidhaa cabsee ba'uuf yaalii taasisee milkaa'us boodee garuu murtoon fannoo funyoo itti murtaa'e.

Balaay bosona shiftaa ta'ee mootii Haylasillaaseef hin bulu gaafa jedhu loltoonni Goojjam,Walloo fi Shawaa Bichanaatti ergaman. Balaayis deeggartoota isaa waliin bosona Sommaa galan. Torbee sadi'iin boodas deeggartoonni isaa muraasni yoo ajjeeffaman, kaan yoo madaa'an kaan ammo abdii kutatanii baqatan, kaanis qabaman. Balaayis qabamee Finfinnee geeffamuun hidhaan umrii guutuu itti murtaa'e. Mana hidhaas cabsee Gara Goojjam hidhamtoota kaan waliin osoo deemaa jiruu qabamee Finfinneetti deebi'uun mana murtiitti dhiyaatee duuti adda baaba'ii itti funyoon akka fannifamu itti murtaa'e. Murtichas Haylasillaaseen mallattoon mirkaneesse ji'a Amajjii 5 bara 1937 obboleeyyan isaa 2 dabalatee fannifame. Balaayis umriin isaa 35 ture.

Balaay haadholii warraa afur qaba ture. Isaanirraayis ijoollee dubraa afur; (Yashiiroom, Yashawaawärq, Malkaamnash fi Yashimmabeet) fi ilmaan dhiiraa afur (Admaasuu, Goshuu, Baahruu fi Mälakuu) horateera.

Yohaannis Birhaanuu (1972); Zalaalam Asaffaa (1983); Saamsoon Caannee (1983); Selxenee Siyyum (1999) fi Aanon (1979 ; 1977) ; barreeffamoota Balaayi fi hojiilee gootummaa isaa faarsan maxxansaniiru. Seenaa jireenya isaas ilaalchisee Abarraa Jambaree (1983) asoosama seenaa barreessera. Saloomee Gebre Egzi'aabheer (1969); Paankrust (1969; 1970) ilaaluun ni danda'ama. Geetiyyee Galaayee (1999 and 2001) barreeffamoota isa faarsan maxxansiisera. Weellisaa Nawaay Däbbäbäas seenaa Balaay Zallaqaa irratti xiyyeeffachuun sirbeera. Haata'uutii hundi isaanii hidda dhaloota isaa dhugaa ykn Oromummaa isaa caqasuu hin feene.

18. Abbichuu Bayyanaa Qorichoo

Kitaaba "Yehaabashaa jabduu" irraa kan fudhatame

Raayyaa aanaa Warra Jaarsoo Tanbeeni fi Maaycaw weerara Xaaliiyaanii 1928 taasifame qolachuuf Dammuu Turaa toora Dhaayee Goorgisiitii, Kabbee Jimaa Kallachaa toora Waajjuu, Dharrayee Bazbiz toora Waajjuu, Giraazmaach Masqalee Xinnayyoo toora Dhaayee Goorgisiitii, Dajjaazmaach Galataa Qorichoo(eessuma Abbichuu) toora Dhaayee Sillaasee fi Baaranbaraas Nagaash Kajuu toora Dhaayee raayyaa aanaa Warra Jaarsoo hogganuun warreen duulani.Ammaaf warreen kanneen ilaaluf osoo hin taanc seenaa dargaggeessa dhalataan isaa tooruma warreen kanneenii ta'e seenaa Abbichuu kaasuu fedheeni.

Abbichuu Bayyanaa Qirichoo Jimaa Rimeettii naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kaabaa aanaa Warra Jaarsoo keessatti toora Dhaayee Sillaasee jedhamutti bara 1912 dhalate. Ijoollee yeroo turetti urufa Kuyyuu; Mandiyaarra fardeenin kormi gonbisa oolu kan itti hin qaqqabne ture. Ari'ee waraanu malee, dheeffee jalaa ba'uu malee qabamee irra ga'amee hin beeku. Warri isaas ta'e inni midhaan lafattii mitii dhagaarrattuu darbanii kan marguuf ture. Qa'een isaanii loonin kan guuttame. Sooreyyiidha.

Lafti dhaloota isaa aanaa Warra Jaarsoo keessa taatus daangaa aanaa Kuyyuurra jirti. Dhaaye lafa qolannaa shimalaatin beekamtu.Iddoo dargaggoota onnataan ammallee guuttamte. Fincaa'aa laga Sadii waliin gadi qalbiin gammoojjii Mogoritti xuruuraa 'bosona seenumoo hin seeniniin' dargaggoota of gaafachaa guddataniin kan badhaate. Lafti isaa gubbaan diriiraa yoo ta'u jalaan ammoo gammoojjii Mogoriin kan badha'e.

Lageen isaanitti dhiyoo ta'an keessaa lagni Sadii isa tokko.Lagni Sadii guunnan namaa mitii sinbirruu ce'uu hin kajeeltu. Shaashoo Taaddasaa wa'ee warra Abbichuu qoratee yoo natti himu, Abbichuun gootuu bishaanii yaaphatee dargaggeessa ce'uu danda'u. Ulee qolannaan dargaggeessi kan itti hin siqne ture jedha.Onnataa,waan hunda hin sodaanne.Ija jabeessa.Amalaan garuu bareeda bifaanis kan as-hafee hin qabne.Dheeraa lacceedha.

Hirmaannaa ilmaan Oromoo duula weerara Xaaliiyaanii faccisuuf hiriiran ilaalchisee Tacaanaa Joobiree (1989: 214) Adoolf Paarlasaak wabeeffachuun akka kaa'etti Xaaliiyaanonni xiyyaarota lolaa isaanitiin ummata Tigraayif xalayaa yaada sossobbii qabu raabsaa akka turan hima. Sirumaa ijoolleen Oromoo fi Amaaraa isaan cunqursuuf akka Tigraay dhufanii fi Xaaliiyaanonni garuu Waaqa irraa ergamanii bilisa isaan baasuf akka dhufan seenessa.

Xaaliiyaanin biyya bal'inaan qabachuuf yoo weerara gaggeessitu, Abbichuun dargaggeessa umrii 16[n]. Oromoo weerara Xaaliiyaanii qolachuuf Tigraayitti argaman keessaa Abbichuun, dargaggeessi Salaalee isa tokko. Umriin isaa xiqqaa ta'us, beekamtii fi gootummaan isaa garuu jabaadha. Jabaa seenan isaa akka gootota kaanii ol ka'ee hin faarfamne. Biyya isaaf yeroo isaatti waan guddaa hojjetus sababii inaaffaa, gidiraa fi oftuulummaa fi tuffiin kan ka'e maqaan isaa nama

awwaallamee, akka nama homaa biyyaaf hin hojjenneetti nama seenan isaa akka ibidda baadiyyaa daaran dibameeti.

Abbaan Abbichuu Bayyanaan; gootaa fi hogganaa waraanaa ture. Weerara Xaaliiyaaniin dura dhibamanii yaalamaa ega turaniin booda aadaa sirna awwaalchaa fi boo'icha Salaaletiin gaggeessaan gootaa taasifameefi awwaallaman. Akkuma aadattuu ilma jiruu maqaan abbaa hin baduutii, abbaan isaanii duunan raayyaa aanaa Warra Jaarsoo angafoonni Abbichuu lamaan akka hoogganan taasifama.

Waraanni Salaalee fi Baggeemidir ol'aantummaan duurfamaa kan ture Raas Kaasaan ture. Kan Warra Jaarsoo garuu Dajjaazmaach Abarraa Kaasaaf (Raas) ture. Xaaliiyaaniin bara 1928 Itiyoophiyaa yoo weeraru warra marrimaan isaan gubate keessaa obboleeyyan Abbichuu isaan seenan sirriitti hin kaasne akkuma ta'an, barri isaa dheeraa ta'uu isaarraa kan ka'e Salaales isaan irraanfataa jira. Akka goota faarsutti maqaa isaanis kaasee sirbeefiras. Gubaa jaalalaa biyya isaanif qaban kan obboleeyyan lameen isaa kan hubate Abbichuun, anis duulu maleen qabaan dadhabe.

Haadhi Abbichuus ofii isaanitii sossobanii yoo dadhaban jaarsan isa gaafachiisan. Abbichuun garuu bakka obboleeyyan kiyya itti kufan argumalee, isaan yoo kufan natu isaan kaasa, ani yoon kufe isaantu na kaasaa; biraa hin hafu jedhee dide. Diddaasaa yoo argan haati isaa Dajjaazmaachi Abarraatti imaanaa laatanii ijoollee dhiiraa isaanii sadan ebbisanii ija isaanii imimmaanin guutame sukkuumaa, imimmaan fuula isaanii guute wandaboon ofirraa haxaa'aa fi onnee isaanii sodaan hoollattu obsiin ittisaa isaan gaggeessan. Abbichuun obboleeyyan isaa lameenirra imaanaan kan laatame reefu dargaggeessa lafaa ba'uu fi dirree waraanaa argee kan hin beekne waan tureefi. Ji'oota inni Maaycaw turettis haati Abbichuu yaaddon garaa ishee raasee gamsiifnaniin akkana jettee;

Azmaaronnii fi tiksoonni Salaalees yaaddoo haadhaa kana sirba godhatanii biyya waliin ga'an. Sirbi kunis weellistoota kanneen akka Abbabach Daraaraa, Laggasaa Abdii fi kan birootin weellifamus yaadni jalqabaa hamma ta'e geeddaramee maqaan Abbichuu garuu inuma keessa jira.

Abbichuun barnoota ammayyaa biyya keessaa barateet ture. Sadarkaa olaanaafis Awrooppaa biyya Faransaay deemee barachuuf osoo qophiirra jirutti Xaaliiyaaniin Itiyoophiyaa kan weerarte. Kanarraayis kan ka'e dirree barnootaa dhiisee dirree waraanaatti qajeele. Jireenyi ilma namaa takkee akka karoorsan ta'uu baatus karoora isheetin filannoo daandii isheerra nama yoo ooftu kan Abbichuu ragaa ta'uu danda'a.

Abbichuun obboleeyyan isaa lamaan waliin duulus Dajjaazmaach Abarraa waliin jaalala guddaa qabu ture. Addas hin ba'an ture. Umriin Abbichuu dargaggeessa ta'us bilchinni sammuu isaa garuu baay'ee nama dhiba. Umriini fi hojiileen isaa kan wal hin simne. Dargaggeessa fageessee waa'ee biyyaa yaadu ture. Salaale gootota qabu jedhu keessayis Abbichuun isa jabdicha.

Raayyan Dhaaye, Kuyyuu, Biriitii, Darroo, Waajju, Qacaınmee, Hoosee, Gammoojjii ollaa fi guutuu aanaa Warra Jaarsoo fi Abootee ka'ee galaa isaa kan farda qabu fardatti, kan harree qabu harreetti, kan gaangee qabu gaangeetti, kan homaa dhabes gateettii fi mataatti baattatee ji'oota 7f deemaa ega tureen booda gaarren Ambaalaagee naannoo Tigraay keessatti argamu ga'e. Oromoon kan ofii dhiisee Tigraayuu bilisa baasuf akkanaan duule.

Iddoo dhaloota Aluulaa Abbaa Naggaa kan taate gammoojjii Tambeen loltoonni Abbichuufaa bu'uun Aambaaraadoom irratti Xaaliiyaanii waraanan. Dirree waraanaa kanarrattis loltoonni weerartootaa hedduun isaanii madaa'anii kaanis yoo du'an gara Itiyoophiyaanis taanan Xaaliiyaaniin Finfinnee seenuu ishee osoo hin argin kabajaan biyya isaaniif kufan.

Kanneen keessayis obboleeyyan Abbichuu keessatti argamu.Obboleessi isaa tokkichi haa booji'amuu ykn haa du'uu namuu amma har'aatti beekuu hin dandeenye. Kan isa tokkoo garuu reeffa isaa Abbichuun argatee qilxuu tokko jalatti awwaalera. Dirreen waraanaa inni irratti wareegames Tambeen; Dabra Aambaatti ture. Kanaan boodas halkanii guyyaa dhakaa awwaala obboleessasaa cinaa jirurra ta'ee, obboleessa asbuuteen isaa dhabame yaadaa gaddaan liqimfamee dabarsaa ture.

Gaddi Abbichuu keessa isaarras darbee bishaanii midhaan osoo afaan isa hin seeninis guyyoota lama dabarse.Waa'en Abbichuu imaanaan kan itti laattame Dajjaazmaach Abarraa baay'ee yaachise. Bishaanii midhaanis lagatee Abbichuun kan tureef, wa'ee obboleessasaa afuura iosoo hin dhageenye midhaanis ta'e bishaan hin xuqu jedhee waan ofumaa waadaa ofii galeef turee.

Raayyaa Itiyoophiyaaf yeroo sana mindaan ji'aan kanfalamu qarshii tokko qofa ture. Mindaan isaanii kun isaan ga'uu baatus akka ta'etti ji'a tokko ittiin turuun dirqama ture. Loltoonni Salaalee Dajjaazmaach Abarraa jalatti hiriiran garuu lakkoofsan 20,000 ta'anis kanfaltii homaa hin fudhatan ture.Tacaanaa Joobiree (1989:131)

Hoggantoonni raayyaa Warra Jaarsoo obboleeyyan Abbichuu lameen raayyaa isaanii biraa waraana guyyaa tokkootin waan dhabamaniif nama raayyicha gaggeessu argachuun rakkoo biroo ture. Kan dur dhiichisan, sirba Salaale kan wal-jalaa qabanii sirban ni hafe.

Toora da'annoo isaanii callisnii fi gaddi liqimse.Sirbii fi geerrarsuun boo'ichaa fi gaddatti jijjiirrame. Masiinqoo tabattoonni toora bultii isaanii wacaa, gammachuu fi kolfaan miira guuttameen tabachaa galgaleessan du'a obboleeyyan Abbichuun booda callisa nama sodaachisuun guutameera. Hunduu kophaa gumgumee aarin gubachuu fi yaaddon guutamuu malee wal hin dubbisu. Hunduu akka nama walitti bu'ee fi walitti muufatee ofiin haasa'a. Garaan isaa aarii, xiiqii fi haaloo ba'uuf ofiin cinqamee foolata. Salaale xiiqiin isa qabe, akka qeerransa dhaltuu Xaaliiyaanii irratti haaloo ba'uuf garaan akka korma lola fedhee lafa haadhee booratuu barooda. Da'annoo Xaaliiyaanii diigi diigi isaan godha.

Dajjaazmaach Abarraanis qormaata guddaatu isaan mudate. Isaanis;

1. Raayyaan Warra Jaarsoo hoggantoota lamaan isaa waraana guyyaa tokkoon dhabuu isaa
2. Obboleessi hoggantoota raayyaa Warra Jaarsoo Abbichuun gaddaan midhaanii bishaan didee waaroo uffatee taa'uu isaa ture.

Hoggantummaa raayyaa nama biroof dabarsanii kennuun ykn nama biro muudun ni danda'ama. Abbichuun yoo muufate ammo hanquutu umama. Kanaaf Dajjaazmaach Abarraanis jaalala qabaniif hir'isuu hin barbaanne ture. Abbaan Abbichuu raayyaa Warra Jaarsoo yeroo dheeraaf hogganaa turaniiru.

Abbaan booda ammoo obboleeyyan lameen walta'iinsan waraana dirree Maaycawii eegalanii ciminaan raayyicha gaggeessaa turan. Kana rakkoo guyyaa tokkotti umameen diiganii nama birootif aangoo kennuun ammo amanamtummaa fi fudhatama warra Abbichuuf qaban raayyichi salphaan irraanfachiisun hin danda'amu. Kunis dhibee biroo ture.

Abbichuuf hoggantummaa raayyicha irratti kennuuf ammoo reefu dargaggeessa waggaa 16 waan tureef raayyaa hidhataa fi leenjii cimaa qabu Xaaliiyaanii fuldura dhaabbachuu hin danda'uun isa madaalaa turan.

Dajjaazmaach Abarraan dhimma Abbichuun raakamaa turanii ofii mala dhabnaan jaarsolii fi gorsitoota yaamanii marii bal'aa gaggeessan. Abbichuu gara qayeetti erguuf rakkoon Dajjaazmaach Abarraa, Abbichuun Dargaggeessa reefuu waan ta'eef Xaaliyaanota jalaa miliquu, shiftoota Tigraay jalaa ykn Raayyota jalaa ba'uuf kophaasaa waan itti ulfaachuu danda'uufi ture. Waan godhu wallaalee raakamaas ture. Abbichuun karaatti yoo waata'e ammo haadha Abbichuu ija guutun ilaalun guddaa akka itti ulfaatu ni beeka.

Miseensa raayyaa Warra Jaarsoo keessaa tokkoo fi gargaaran Adoolf Paarlasaak (Haabtoom;mucaa Tigraay), Abbichuu amansiisanii midhaanii bishaanin akka wal agarsiisan waadaa galanii gara Abbichuu deeman. Sababii maalin akka amansiisan hin beekkamu; halkanii guyyaa bakka kophaa taa'aa turee fi awwaala obboleessa isaarraa ka'ee raayyichatti makame.

Abbichuun obboleeyyan gadaamessa tokkoo fi lammiilee isaa Xaaliyaanotaan du'aan saamame, midhaanii bishaan kan afaan isa seenu miseensota raayyichaa keessaa dargaggoonni 200 yoo isaaf kennaman qofa akka ta'e Dajjaazmaach Abarraatti hime.

Dhimmichi garuu ga'eessotaa fi maanguddoo tokko tokko garaa hanqateet ture. Dajjaazmaach Abarraan garuu hiikkoo waan argataniif gammadanii waan inni gaafates akka guuttamuuf waadaa galaniif. Kan nama dhibu garuu bakka obboleeyyan isaa bu'ee raayyaa aanaa Warra Jaarsoo hogganuu hin fedhu ture. Raayyaa abbaa isaas eessumni isaa

Galataa Qorichoo fi Qanyaazmaach Sheeh Huseen Abbaa Warquu akka hogganan eeyyame.

Qanyaazmaach Sheeh Huseen Abbaa Warquu Abbichuun loltoota 200 Dajjaazmaach Abarraa yoo eeyyamsiisu, namoonni jajjaboon yoo muufatan argee taf jedhee lafaa ka'uun umriin dargaggummaa fi ga'eessummaa ykn jaarummaa dhagaadhaa dhagaatti utaaluf garaagartee akka qabuu fi akka fedhii ofii ta'uuf akka nama daangessu, ofumaafuu ammarra yeroo dargaggummaa isaanii onnee guutun akka lolaa turan himuun ilma isaanii angafa Abbichuuf laachuu isaanii gaafa ibsan hunduu yaada jijjiirratee Abbichuun jaarsoliif tuffii qaba yaada jedhu cabsuu danda'e.

Abbichuun eeyyama Dajjaazmaach gaafa argatu gammadee gadda obboleeyyan isaa garaatti liqimsee sangoota sadi qalee raayyaa isaaf kennaman 200n nyaachisaa fi obaasaa sirbaa buluun gara barii loltoota isaa qabatee geerraraa da'annoo Xaaliiyaanii cabsanii seenan.

Abbichuun da'annoo diinotaa cabsee kan seenu dagachiisee fi riphee loluun ture. Xaaliyaanonnis sodaan hollatanii isa qabuufii mitii dheeffanii jalaa ba'uun filannoo isaanii ture.Yoo isaan dheeffan inni waan isaan hordofuuf aariin guuttamanii namoota nagayaa fi qabeenya mancaasutti gadi taa'an Xaaliyaanonni.Yona Mootichii fi Raasonni tarkaanfii Abbichuun fudhatu dhaabsisuuf to'annoo jala akka oolu ajaja dabarsan. Abbichuun garuu uurrii gannaa itti ta'ee isa qabuun dhibe.

Sossobanii amansiisaniis ta'e humnaan qabanii akka hidhanii fidan warren ajaja fudhatan miseensa raayyaa Abbichuu ta'uun hoggantoota mootummaaf game. Abbichuun mariisisee amansiisun raayyaa isaatti isaan maka ture. Kan hunda caalaa nama ajaa'ibu garuu Itiyoophiyaa waraanuuf waraanni Baataaliyoonii tokko ajajaa isaa lammii Xaaliiyaanii ajjeesee miseensa raayyaa Abbichuu ta'uu isaa ture.

Xaaliiyaanii irraa meeshaa buufatuu fi nyaata ykn galaa argatuun humni raayyaa isaa caalmaan cime.

Baandotaa fi Xaaliyaanota irratti tarkaanfin fudhataa ture hammaachuu fi karaa darbuu waan isaan dhoorkef mudaa muddii itti taanan Xaaliyaanin xiyyaaran summii gaazii gallakkistee ummatatti dhibee taate. 'Sababiin kanaa Abbichuun tarkaanfii hamaa loltoota Xaaliiyaanii irratti fudhateeni', jedhamee Abbichuun diinummaa Xaaliiyaaniin dabalata kan lammiilee Itiyoophiyaa tokko tokkos ta'e. Mooticha dabalatee hoggantoonni yeroo sanaa ajjeechafuu isa barbaachatti turan. Haata'uutii Abbichuu namni arge jedhu hin turre.

Abbichuun Salaale; Shawaa Kaabaa Waarra Jaarsotii Tigraay deemee Xaaliiyaanii irriiba dhoorkee hoggantoota biyya keessattis yaaddoo sodaa naqe ture.

Maqaan Abbichuu lafaa fi samii Tigraay irra darbee magaalaa Roomittuu beekamtiin isaa waan guddataa dhufeef loltoonni miseensa raayyaa Raas Kaasaa, Raas Siyyuum Mangashaa fi Dajjaazmaach Abarraa gananii Abbichuutti makaman.

Hayilasillaasenis ta'e Raasonnii fi Dajjaazmaachonni Abbichuutti hidhaa itti murteessaniit ture. Abbichuun bubbee hin qabamne obonbolleessa itti ta'e.

Obonbolleessa fi bakakkaa rooba gannaa da'annoo Xaaliiyaanii diigee, tarkaanfii gaazii summaa'aa Xaaliiyaaniin xiyyaaran lammiilee Itiyoophiyaa irratti fudhatteen hoggantoonni Itioophiyaa ittiin yaadda'an.

Abbichuutti hidhaan itti murtaa'us baataaliyooniin afur raayyaa isaatti makame.Gootonni gareen Abbichuun hogganaman Tacaanaa Joobiree

(1989:274) icciitin isaa ifa ba'uu baatus, miseensota raayyaa biyyattii keessaa kan walitti ba'aniin kan gurmaa'e itti gaafatamni isaanis Abbichuuf ture;

1. Jeneraal Haabtoomin kan hogganamu loltoota ijoollee Hamaaseen; Eertiraa,
2. Jeneraal Tasfaatsiyoonin kan hogganamu loltoota ijoollee Maqalee,
3. Jeneraal Gaashuun loltoota hogganamu ijoollee Goojjam, Daamoot,
4. Jeneraal Warquun kan hogganamu, loltoota ijoollee Salaalee,

Dubbiin raayyaa cimsachuu isaa Hayilasillaasee birattis ta'e Xaaliyaanota biratti sodaa guddaa uume. Sodaa jiraachuu fi jiraachuu dhabuu.Raayyan dargaggeessichaa asiin darbe yoo jedhame baandonnii fi Xaaliyaanonni waan qabanii gadhiisan wallaalan, hollachaa ooluu bulu.

Abbichuu qabanii duubatti deebisuuf yaalaa kan turan keessaa Dajjaazmaach Abarraan isa tokko turan. Humnaan yaalun gowwummaa akka ta'ee fi mucaa imaanaan haati itti kennites waan tureef Abbichuun sanaan akka hin danda'amne waan bareef "Abarraan baay'ee dhukkubsateera jedhaatii itti himaa" jedhee yaada abshaalummaa male. Dhugumaa malichis hojjetee Abbichuun jaalalaa fi kabaja qabuufirraa kan ka'e oolee buluu hin dandeenyee, fiigaa holqa Dajjaazmaach tasa osoo isaan hin yaadin itti seene.

Abbichuun kophee shabaxii hidhatee, kofoo gabaabaa qaamasaatti maxxante kaa'atee, kootii bal'aa qabattoo loltuun mudhii ittiin jabeeffate hidhatee uffatee, rifeensa mataa isaa cabaree tureeni kan holqa Dajjaazmaachfaan keessa turan kan seene. Yona Dajjaazmaachis ta'e jaloonni isaanii akka bakakkaan itti bu'ee rifatanii goganii hafan. Kan taa'ee jiru bakka taa'ee ka'uu dadhabe.

Kan dhaabbates gogee muka ta'e. Xiqqoo ega tasgabbaa'aniin booda Dajjaazmaach Abarraan jalee isaanitiif mallattoo ijaatin ajaja 'hidhi'jedhu dabarsaniif. Jaleen Dajjaazmaach nama dabalataa yaamuuf fiigichaan hoolqaa ba'ee harka olqabee namoota Abbichuun marfamee holqichatti deebi'e. Booji'amuu isaanii yoo baran Dajjaazmaach Abarraan Abbichuu booji'uuf turan, 'Lakkii dhiisi', jedhaniin.

Abbichuun lammiileen isaa yoo dararamanii fi obboleeyyan isaas yoo dhabu aarin waan itti dhagayameef Xaaliiyaanii biyyaa baasu malee bultiin akka isaaf hin taane murteesset ture. Dajjaazmaachittis fakkeenyan yoo itti himu, "Mootichi Hayilasillaasee biyya hogganan, waraanni cimaan raayyaa Itiyoophiyaa fi Xaaliyaanotaa fi baandota jidduutti Gammoojjii Tambeen, Ambaaraadoomi fi Abbi adiitti yoo gaggeeffamuu fi namni hedduun yoo dhumu 'ittisaa malee hin haleelinaa'n ji'a lamaa fi sadi Dasee akka taa'aa turan taa'uu? Xaaliyaanin harka na haaqabuu? Sila kamtu caala? Ani namni yoo du'u taa'ee ilaaluu hin danda'u.

Ani mootii miti, loltuudha.Sanuu loltuu keessan,kan reefu dirree waraanaa arge. Salaalee ka'ee gaafan dhufu loluufi. Obboleeyyan kiyyas dhabeera, fulduratti malee duubatti deebi'uun naaf hin ta'u. Amanamtummaan kiyyas siif malee eenyufuu miti. Ani siif nan du'a. Deebi'i sin hidha kan jettuuf garuu eessattin deebi'a? Iddoon itti deebi'u mana maalan qabas? Asittis achittis ibiddi osoo boba'uu namni osoo du'uu, akkamittin danda'ee deebi'a.

Raas Siyyumii fi Raas Kaasaan yoo waraana natti erganis ani biyya tiyyaafan Xaaliiyaanii waraanaa jira, isaan ammo diina dhiisanii yoo na waraanuf ka'an, haa dhufan. Haata'uutii garuu, Abbichuun isin waliin diinummaa hin qabu jedhii itti naaf himi. Haadhatoo yoon arguu dhabee dirree waraanaa kanarratti kufe, gammadaa akkan ture itti naaf himi.

Salaale tiyyatti garuu du'a keessa darbees ta'u deebi'uun kiyya hin oolu." Jedhee holqa Dajjaazmaach Abarraan keessa jiru gadhiisee ba'e. Garam akka deemu garuu hoomtuu hin beeku ture.Akka nama 'afuurri' irra bu'ee deema.Bakka deemu isa malee namni hin beeku.

Abbichuun loltoota 2,000 ol qabatee gammoojjii Tigraay keessa nanaanna'uun, Abbi Adii jira yoo jedhan Ambaa Araadoom, Ambaaraadoom yoo jedhan Maqalee, Maqalee jira yoo jedhan Maaycawitti muul'ate jedhamee haasa'ama. Bakka dhaabbataa hin qabu ture. Akka galaana ganna hin jiru osoo jedhanuu irra ga'ee isaan gangalcha.

Abbichuu argachuun Xaaliyaanota fi baandotaa diina isaa ta'anii mitii Itiyoophiyaanotatti iyyuu ulfaataa ture. Dargaggeessi Oromoo kun gaarren Tambeen irratti Xaaliiyaanii haleelaa ega tureen booda loltoonni Itiyoophiyaa Maaycawitti akka walitti qabaman yaawichi waan dhiyaatef raayyan Abbichuu ajaja raayyaa Itiyoophiyaan ala ta'us loltoota isaa oofee gara tumsichaatti qajeele. Hayilassillaasee dabalatee Raasonni "shiftaa" jedhaniinis kabaja Dajjaazmaach Abarraf qaburraa kan ka'e waraana cimaa Itiyoophiyaanota fuldura jiruuf qophaa'ee Maaycawitti imale.Imalichis baay'ee ulfaataa ture. Halkanii guyyaa imalan.

Maaycaw irratti waraanni gaggeeffamus loltoota Raas Immiruu Hayilasillaaseen hogganamuun ala, loltoonni Raas Siyyum Mangashaa, Raas Mulgeeta Yiggazuu fi Raas Kaasaa Hayiluun deeggaramuun Xaaliiyaanii qaanessanii rukutuuf mariin taasifameera.Abbichuun dargaggeessa muudama hin qabne, lakkoofsa raayyaanis taanan "raasota" kaani gadi ta'us injifannoo dirree waraana Maaycawiif barbaachisummaan isaa garuu guddaa ture.

Gootonni waraanicha irratti hiriiranis waraanota xixiqqoo karaarratti isaan muudatan hunda qolachuun Maaycaw lafa akka Adwaa lammaffaatti lakkaa'amtu ga'an.

Fulduraan loltoota Xaaliiyaanii, duuban baandonni rasaasa itti roobsisanis Abbichuufaanti garuu duubatti hin deebine. Lubbuu goototaas wareegun da'annoo Xaaliiyaanii cabsanii seenuun balaa itti buusan.

Haata'uutii karaa Itiyoophiyaanotaatin deeggarsi waan taasifamaafi hin turreef Jeneraal Tasfaatsiyooni fi Jeneraal Gaashuu du'aan saamamee waraanicha gaafa xumuran Salaaletti deebi'e.

Hyilasillaaseen marii waltajjii waraanaa isa dhumaa Finfinneetti osoo hin deebi'in kan gaggeesse Shawaa Kaabaa Fiichetti ture. Fiicherra darbuun kan filatames haalli teessuma isaa namaa fi mitii jaldeessafuu mijataa waan hin turreefi. Xaaliiyaaniifis bu'aa ba'iin Salaalee kan salphaatti yaallamu hin turre. Namni isaa haala teessuma lafaatin mijina argates, kan isaan dabarsuu miti.

Tacaana Joobree kitaaba dhalataa Cheek Riippabliik Adoolf Paarlasaak "Habashiskaa Odeessaa" jedhu afaan Amaaratti "Yehaabashaa jabduu" mata-duree jedhutti hiikan(314-315) keessatti, Koloneel Konovaaloov, waraana Abbichuu bittinee ture maal ta'inna? sila lubbuun deebi'amoo? tasa badeeran tulluu tokkorra guyyaa guutuu taa'aa oolee afuura Abbichuu fi raayyaa isaa urufaa fi lafa diriiraa Salaalee amma ijji isaa dadhabutti ilaalaa eegaa oole. Nama afuura isaan ga'u garuu hin arganne. Cimina Abbichuu beeka waan tureef garuu, 'Abbichuu duuti ni fudhatti' jedhee hin yaadne, turuu isaatti yaadda'ee taa'uu isaa malee.

Loltoonni Abbichuu gareen adda qoqqooddamuun guyyaa gara Warra Jaarsotti yaa'aa turan Abbichuun hogganaan isaanii garuu isaan waliin hin turre. Duras dirree waraanarra gaafa jiru garee diinatiin ykn Xaaliyaaninis ta'e Itiyoophiyaanota tokko tokkoon haala deemsa waraanatiin walqabatee garaa gartee yaadaa qabu waan tureef tarii aduun gaafa dhiitu gaaddisa ishee keessa yaada malee Warra Jaarsotti galuu fedheeti ta'a.

Adoolf Paarlasaak waabeffatee kan barreesse Tacaana Joobree (316) akka jedhutti loltoonni Abbichuu heddu isaanii dirree waraanaa Qorbatoo, Azaboo fi Raayyaa irratti aarsaa guddaa kanfalaniiru.

Hayilasillaasen duraan ajaja raayyaa Itiyoophiyaan ala gareen Abbichuu socho'uu isaatin jibbiinsa qabaniifis loltoonni Abbichuu kophaa hafuu isaanitiin garuu 'gannee hin deemnuun' didaa turan. Abbichuun tarkaanfii haleellaa diinarratti fudhatu akka dhaabuf Haylasillaasen fedhee kan ture dubbicha karaa nagaan hiikuf yaadaa ture.

Xaaliiyaanii Kaabaa ka'ee Finfinnee galuuf kiilomeetira 300 hin caalle isa hafee fi ummataa fi loltoota osoo adda hin basin xiyyaaran rukutu sossobee karaa nagayaatti deebisuuf.Booda garuu Hayilasillaasenis taanan raayyan weerartuu Xaaliiyaanii isa bira akka ga'uun isaa hin hafne gaafa itti dhiyaachaa deemu yoo hubatu Abbichuun eenyumaa caalaa biyya isaatif wareegama kaffalaa akka ture amaneera.

Miseensonni raayyaa biyyattii hiriyoota,firoota, obboleeyyanii fi jaallewwan isaanii dirree waraana Tanbeen irratti wareega kanfalaniin dhaban carraa awwaaluullee hin arganne waan tureef galgala ibidda qarqara taa'anii, gala akaayii shumburaa qaccisaa masiinqoon deeggaramanii sirba Salaalee Abbichuu faarsun kan garaa baafatanii sirbaa turan.

Olaantummaa gootota isaa faarsuu kan jaalatu Salaale mootummaa Haylasillaasetu biyya irraanfachiisun Abbichuu faarsaa fi beeksisaa turan.Xaaliyaanin biyyaa gaafa baatee dhugumaa dargaggeessichi kanuma sirbamuuf ture. Tacaanaa Joobree (1989:289);

አቢቹ ደራ ደራ
አቢቹ ደራ ደራ

Hiikkaan isaas;

Abbichuun beekkame
Abbichuun beekkame

Hoogganaa Kanbaataa kan ture Dajjaazmaach Mashashaa wareegamee ega awwaalchi isaa raawwateen booda ijoollen Kanbaataa gootummaa Abbichuu argan yoo dhugaa ba'an, loltoonni Kambaataa Xaaliyaanin yoo marfamanii bakka seenan dhaban loltoonni Abbichuun hogganaman dhaqaqqabaniifii Xaaliyaanin mo'adhe jedhee gammadaa osoo jiruu ajaa'ibaan balaa itti buusanii du'a jalaa isaan baasera.

Abichuun garuu dirree waraanaa kanarratti lubbuun hin dabarre. Qanyaazmaach Sheeh Huseen Abbaa Warquu waraana dirree lolaa Maaycaw irratti Xaaliyaanin lolaa osoo jiranuu rasaasni ijoollee Raayyarraa dhuka'e akka ilma isaanii Warquu hin rukunne ofii fuldura goruun lapheetti fudhatanii ilma isaanii du'a jalaa baasanii ofii arrabni isaanii goge. Dubbii keenyarratti Walloo fi Raayyan Haylasillaasee akkuma jibbanitti, innis akkuma isaan sodaatetti simisaa jige.

Abbichuun nyaata, meeshaa waraanaa fi maallaqa da'annoo Xaaliiyaanii cabsuun raayyaa Itiyoophiyaaf geessee hiraa ture. Dhimmi kunis baandaa Xaaliiyaanii kan ta'e Dajjaazmaach Haylasillaasee Gugsaaf mataa dhukkubbii itti ta'eet ture.

Abbichuun raayyaa Itiyoophiyaaf amanamaa, goota biyyarraa diina faccisu, da'annoo baandaa fi Xaaliiyaanii salphaan cabsee seenun balaa buusee kan qabeenya isaanii fi lubbuu isaanii saamu ta'us raayyaa isaas ta'e inni taayitaa kamiinuu garuu yaamamaa hin turre. Maqaa masoo raayyaa mucichaa jedhuun ala.

Qunnamtiin Haylasillaasenis ta'e hoggantoonni olaanoo Itiyoophiyaa dirree kamirrattuu telegraaman taasisan tokkoon tokkoon isaa Xaaliyaanota harka qaqqabaa ture. Xalayaa Haylasillaasen Bitootessa 24 Raas Immiruuf barreesse ergamaan farda yaaphatee gulufu harka basaastota Dajjaazmaach Haylasillaasee Gugsaaatti kufee xalayicha ga'uufin osoo fiiganuu Abbichuun irra ga'ee balaa itti buuse.

Haata'uutii garuu Abbichuufaanti kanqaqqaban turanii waan tureef xalayichi Maarshaal Baadaaliyoo harka galee icciitin loltoota Itiyoophiyaa barame. Qunnamtiiwwan loltoota Itiyoophiyaatin icciitii jedhaman hundi harka diinaa galaa waan turaniif kisaaran Itiyoophiyaanotarra ga'aa ture salphaa hin turre.

Dajjaazmaach Abarraan gootota Kanbaataa fi loltoota Abbichuuf sangaa qalanii, daadhii naqaniit, eegaa turan. Abbichuunis akka isaan bira dhufee affeerraa sana dhandhamatu ergamaan gara inni jirutti erganus Abbichuun dafee hin dhufne. Barii garuu Dajjaazmaach Abarraa fi Aadolf Paarlasaak sibsaabii manaa bullukkoo uffatanii barcumarraa taa'aa osoo yaadda'anuu dubartiin bishaanii galtu dawwooftee ajaa'ibsiifataa dhaabbattee fageenyatti akka waan ijji ishii hin amannee tokko argitee ilaalti. Ija sukkuumaa. Abjuunimoo guyyaa osoo hin rafinin.

Dajjaazmaach Abarraanis ilaallee dirree waraanatiin alaalatti yoo ilaalanuu waan arganiin gammadaa Aadolf Paarlasaakin hoodhu ilaalin itti kennan. Lameenuu waan arganiin gammadanii Abbichuun garuu

isaanitti dhufuu waan fedhù hin fakkaatu ture.Kanaafis Dajjaazmaach fi Aadolf Paarlasaak sibsaabii taa'anii qa'eetti eeguu dhiisanii farada fe'atanii itti gulufan.

Adoolf Paarlasaak waabeffachuun waa'ee Abbichuu Tacaanee Joobiree "Yehabashaa Jabduu" keessatti akka dhugaa ba'utti, loltoonni Abbichuu lafoon gara Kuyyuu, Aboote fi Warra Jaarsootti galan ega darbanii baay'ee turaniiru. Abbichuun Dargaggeessi Salaalee kun hogganaa raayyaa ammamii akka ta'e tilmaamuun isaan hin dhibu.

Loltoonni lafoon duursanii darbanis, warren faradoo yaaphatan ammoo duuban deemsaf qophiirra turan. Yaaphattoota kanneen keessaa tokko farda daalacha, tokko boora, tokkommoo farad gurraachan gulufaa ture.Alaalaa sadanuu gara Dajjaazmaach Abarraa fi Aadolf Paarlasaak gulufaa ega turaniin booda jidduun gulufsiisuu dhaabanii faradoorraa osoo hin bu'in ega mari'ataniin booda abbaan farda gurraachaa Abbichuun; dargaggeessi goofareen biilaa garbuu birraa gara isaanitti fardasaa xiiche.

Abbichuun ega bira ga'ee fardarraa utaalee bu'ee nagaa gaafateen booddee hiriyoota isaa dirree waraanatti waliin gombisa turan mallattoon akkuma yaamen battalatti didichaa bira ga'an. Isaanis Warquu (mucaa Sheeh Huseen) fi Haabtoom turan. Affeerran nyaataa dhugaatiis ta'e. Qunduftiis unanii, bookas girgicanii coomas muran.

Xaaliiyaaniin biyya hin gadhiisne waan tureefis karoora barnoota addaan kuteetti deebi'uu hin qabu ture.Diinnis qayeetti yoo deebi'e firoota isaa, haadha isaa fi isas waan hin teessisneef gara gammoojjii Jaarsoo (Tacaana Joobree 317-318), laga Abbayaa, gammoojjii Waajjuu, Mogor, Meettaa, Ginda Baratii fi Amboo ce'uuf yaadaa ture.Ce'ees weerartuu Xaaliiyaanii faccisaa jireenya isaa bosona godhateet ture.

Gara qayeetti galuuf garuu waa'ee obboleeyyan lameen isaa dirree waraana irratti tokko imimmaan buuse awwaalee , tokko galaa joobira haa ta'uu haa booji'amuu inni garuu jiraas du'aa isaas dhabee maal jedhee akka itti himu dhiphateet ture.

Dajjaazmaach Abarraan garuu 'jajjabaadhu, haatetis taanan gadaamessi ishee gootota kan da'ee'. Ni jajjabaattii jajjabeessin isaan lolanii, xalayaa giiphii isaanii keessaa baasanii Abbichuuf harkatti kennuufin haadha Abbichuuf akka dubbifamu itti hime.Qabiyyee xalayattii kan beeku kan barreesse Dajjaazmaach Abarraa .fi kan ishee dubbisu Abbichuu qofa. Dajjaazmaach Abarraan, Abbichuun guyyoota baay'ee haadha isaa bira akka hin turre itti himan.

Dajjaazmaach Abarraanis loltoota isaanii gara saqaa fi gammoojjii Jaarsotti duulchisuuf karoora qabu waan tureef Abbichuun holqa do'annoof ta'u qabee akka isa eegu itti himee akkuma xumuraniin adda ba'uuf yoo ka'an Warquu fi Haabtoom Abbichuun dirree waraanarrati Xaaliyaanotaa fi baandotarraa waan saame akka kennaatti kennuuf dhiyeessan. Kennaan jalqabaa Dajjaazmaach Abarraaf shugguxii ture.

Koloneel Konovaaloovif sayfii Tasfaatsiyoon, Briyariif sayfii Gaashuu, Aadolf Paarlasaak (lammii Cheek Riippabliik)f ammo sayfii Tambeenirratti ittiin seenaa hojjete luqqisee laatef.

Abbichuun ega obboleessa isaa hangafa qilxuu jalatti awwaaleen booda sayfii lolaaf isa onnachiise kan obboleessa isaa fi kan ofii hidhataa ture. Kan ofii nama jaalatuuf kennus kan obboleessa ofii ammo hidhateet deema. Obboleeyyan isaa du'aan dhabe ittiin yaadata.

Abbichuun nagaa adda ba'iinsaa dheeraa ega taasisee fi yaadannoos ega hireefin booda gara Warra Jaarsotti/Dhaayetti fuula garagalfatee yoo gulufu Dajjaazmaachis ta'e keessummoonni biyya alaa isaan bira turan

dhaabbatanii amma argaan isaa fagaatee dhabamutti harka ijarra kaa'atanii fageessanii ilaalaa isa gaggeessan.

Namoonni biyya alaa isaan faana turan Itiyoophiyaa gallakkisanii biyya isaanitti galuuf ka'an. Abbichuun garuu qabsoo caaluf aanaa Warra Jaarsotti qajeele.

Gootonni Salaalee diina weerartuu fagootti ofirraa ittisuuf duulanis booda qayeen isaanii lafa taba baandotaa taate.Gareen kunis Damissee Ingidaa nama jedhamuun hogganama ture. Damisseen qabsaa'aa bara sanaa Giraazmaach Baalchaa Cuubataa qabee harka kennisiisuf Waajjutti duule.

Damissee fi Xaaliyaanota Waajjutti duulanis Dajjaazmaach Galataa Qorichoo, Kabbee Jimaa Kallachaa, Qanyaazmaach Turaa Qurbii Faatii fi Giraazmaach Masqalee Xinnayyoo hoggantummaan Waajju fi Baalchaa Cuubataa harka isaanitii baasaniiru.

Fagootti diina muddee booda lafti dhaloota isaa weeraramuun Abbichuuf gadda guddaa ture. Inni alaalatti haleelaa turus, booda jarri qayee qabachuun ishee hamaa ture. Boqannaa homaa malee deebi'ee waraanatti seene.

Sanarraa kan ka'es Waajju Xaaliiyaaniif hin bitamnu jedhee waan dideef Warri Jaarsoo hammi ta'e Damissee Ingidaatin hoogganamuun Xaaliiyaanii karaa qajeelchuun Waajju Giraazmaach Baalchaa Cuubataa barbaacha bu'anis qaana'anii fi injifatamanii deebi'an.

Abbichuunis dubbichatti gammadeet ture. Waajju fi Warri Jaarsoo wal waraanuu isaanitiin osoo hin taane, baandaa fi Xaaliiyaaniin Waajjun rukutamuu ishaanitiin. Baqqalaa Mallasaa Shaashoo Taaddasaa fi Abarraa Tolaa irraa odeeffannoon argadheen,Damisseen baandaa tures

rukutamee milkiin jalaa baddee Xaaliyaanonni hedduunis gammoojjii Waajjutti dhumaniiru.

Abbichuun Salaale, Qorbatoo (Raayyaa, Azaboo), Maaycaw, Ambaalaagee, gammoojjii Tambeen, Ambaaraadoom, Abi Adii, Maqalee, mootii Itiyoophiyaa biras darbees Xaaliiyaanii fi baandota dadhabsiisuu isaatin Roomittuu beekkamu, sirba Salaale sirbamuufirra darbee namni maqaa isaa ol kaasee 'gaarii goote, Gootakoo!' jedhedhee taayitaa laatef hin jiru. Seenan isaas ammana guddaa ta'ee osoo jiruu tasa awwaallamee akka nama bara jireenya isaatti homaa hojjetee hin beeknee bishaan nyaate.

Seenan Oromoota hedduus seenaa Abbichuun tokkuma. Biyya tanaaf gumaacha guddaa qabaatanis Oromummaa isaanitiin maqaan isaanii awwaallamee kan isaanii gadii leellifama!

Hooggansa Salaaleerraa waraanni Maaycaw deeggarsa ijoollee biyyaaf taasise guddaa ta'us, qayee Qanyaazmaach Bayyanaa dabalatee Xaaliyaanin guutuu biyyaa wayita qabattettii fi Itiyoophiyaanonnis qabsoon hin bitamnuun taasisan yoo itti fufu, manca'ee onatti jijjiirrameera. Salaales ilmaan jaalatuu fi itti abdatu hedduu dhabeera. Galataa Qorichoo bulchaa Fiichee ta'ee hojjechaa ega tureen booda yoo boqatu Dabralibaanositti awwaallameera.

Abbichuun seenan isaa nama biyya alaatin jalqabarra barreeffameef biyya keessatti garuu maqaan isaa akka ibidda dibamee ta'eera. Haylasillaasen 'tarii mucaan kun booru…' ija jedhuun Abbichuu ilaalaa ture.

Maaycawii fi Tanbeen gaafa jiran aarii du'a obboleeyyaniitin haaloo ba'uuf fiigaa kan ture Abbichuun Haylasillaasef hin ajajamu jedhee dideet ture.Kun ammoo garaa hanquu akka itti qabatu taasisee waan

tureef seenan Abbichuu Warra Jaarsotti ega galee booda bineensi isa nyaate kan yuusuu dide mootichi akka namoota sodaate fannisaa ture ykn ajjeesaa ture carraan isas qaqqabuu hin oolu jedhama. Weerara Xaaliiyaanii ilaalchisee Salaale akkanaan sirbet ture;

Hin taane yaa yaa Dajjaa Galataa
Baandan qayee keetii cooma murataa,
Xaaliyaanin maandure keetii daadhi unataa,
Diinnoo diina nama nyaataa
Maali garuu hojjaan Damissee Ingidaa?

Salaale!
Obboleessi kee ilmaan Maaycawitti awwaale
Xiiqinii fi aarin dhaalee, Abbiin didee bosona galee.
Abbiin mana didee diina hiddee
Amma garuu mooji dhumasaa
sodaan natti muddee.

Takkaa Abbayaa-Mogorii,
takkaa Waajju-Jaarso, Abootetti marmaaraa
Baalchanis Waajju harma hodhee
Abbiinis didee jara muddee.
Lakkii dhiisi yaa Damissee Ingidaa
harkaan ofitti fidda idaa.

Duuti silaa hin haftu
Yaa Abbichuu ega didanii
maa qarreerra marmaartaa?
itti muddii biyyaa baasi

19. Sheek Abdulkariim Ibraahim Hamiid

Sheek Abdulkariim Ibraahim Hamiidiif, Jaarraa Abbaa Gadaa maqaa qabsoo isaaniti. Namoonni hedduunis maquma kanaan isaan beeku. 1936 abbaa isaanii Ibraahiim Haamiidi fi haadha isaanii Moominaa Ibroo irraa Harargee Gaara Muullataa; Kurfaa Callee ganda Mudiir Goorotti dhalatan.

Abaabayyuun Sheek Abdulkariim Ibroo' Shaaxaa jedhamu. Gibx Ingiliziin weeraramtee osoo hin bitamin dura lafa babal'ifannaaf yeroo fiigaa turtetti Harar to'attee (1875-1885) bulchaa turte. Ibroo Shaaxaa luba; Raabaa Doorii Arfan Qalloo turan. Abaabayyuun Sheek Abdulkariimis bara 1887 ega Gibx Harar gallakkistee baaten booda Minilik weerara isaa gara bahatti yoo taasisu mormaa waan tureef summii bunaan obaafamee ajjeeffame.

Abbaan Sheek Abdulkariim; Ibraahim Hamiid sirna bulchiinsa mootummaa Haylasillaasen osoo mormuu 1936 boqate. Qabsoon sanyumarraa irra turte jechuun ni danda'ama. Sheek Abdulkariimis sanuma dhaale.

Ijoollummaa isaanitti barnoota amantaa Islaamaa ega barataniin booda barnoota qalamaa ykn ammayyaas barataniiru. Yeroo sanas dandeettin

barreeffamaa, waltajjii gaggeessuu, taboota dhiyeessuun isaanii nama dhiba ture.

Lakkoofsi barattoota Oromoo Sheek Abdulkariim barnoota sadarkaa 2ffaa yeroo baratutti, diigdammaniin qofa kan lakkaa'aman yoo ta'u, barattoonni hedduun isaanii ammoo saboota fi sablammoota biroo carraa barnootaa bal'aa yeroo sana qabaniiti. Ayyaana eeganiis hiriyoota isaanii waliin diraamaa gaggabaaboo, taboota fi baacoo afaan Oromoon qopheessaa turan.Yeroo sanatti kana yaadun dubbii salphaa hin turre. Gadi aantummaan warren isaan ilaalaa turanitti qabsoo guddaadha. Qabsoo nageenyaa, afaan,aadaa, seenaa fi eenyummaa irratti jalqabame.

Dr. Mohaammad Hasan seenaa Jaarraa Abbaa Gadaa yoo barreessu fi dhugaa yoo ba'u, jalqaba bara 1953 yeroo Dr. Mohaammad barataa kutaa 6 turetti, Jaarraan ammo magaalaa Hararitti barataa kutaa 12 ture hima. Magaalattii keessas barattoota 3,000tti lakkaa'aman keessaa lakkoofsi barattoota Oromoo 20 ykn 30 hin caalan tures jedha.

Guyyootii ayyaana amantaa fi adda addaarratti dhalattoonni Hararii, Amaaraa, Tigraay fi Somaalee taboota aadaa isaanitiin yoo akka garaa isaanitti tabatan ilmaan Oromoo garuu gadi aantummaa itti maxxanfameen qaanfataa, mataa gadi qabatee ofiin qaana'aa waan turaniif barattoonni kaan Oromummaa isaanituu dhoksaa turan.Jaarraa Abbaa Gadaas waan Oromoorra ga'aa ture hubatee baay'ee miidhan sammuu irra ga'aa ture.

Barattoota Oromoo magaalaa Harar turan, Dr. Mohaammad Hasanfaas dabalatee walitti qabuun Jaarraan adda duree xombora qabsoo nama qabsiise.

Gamtaan barattoota Oromoo magaalaa Hararitti Jaarraan hundaa'es walga'ii isaa jalqabaa yoo gaggeessu afaan Oromoon ture. Gochaan kunis barattoota Oromoo olaantummaan saba biroo itti fe'ame yaadan bilisa baasuu kan jalqabe ture.Barattoonni hedduun isaanis afaan Amaaraa sirnaan kan hin dandeenye waan turaniif kan ormaatin boonurra kan ofiitin boonuf kan kutatan turan. Gamtaan barattootaa kunis agarsiisotaa fi waltajjiiwwan aadaa, afaan, seenaa, eenyummaa fi jireenya oromoo beeksisuuf kan hundaa'e ture.

Barattoonni miseensummaan kutannoon Jaarraa jalatti hammatamanis gammadanii lafti isaan hanqate.Qabsoon barattoota kunis maqaa Oromoon ittiin yaamamuu hin barbaanne irratti kan duule ture.Qaanqen gamtaa barattoota Oromoos sammuu fageessee yaadu isa danda'u sammuu Jaarraan keessatti ciniinfatamee, dhalachuun hundaa'eet ture.Hojii sarajduun hojjettus hojjetee sammuu barattoota hedduu qaree jijjiirramaaf akka ka'an taasiseera.

Jaarran dura taa'aa gamtaa barattootichaa ta'uun filatamee, Ahmad Mohaammad Yasuuf ammo barreessaa ta'uun hojiin qabsoo barattootaa itti fufe.Xahaa Alii Abdii, hundeessaa Adda Bilisummaa Oromoo, fi Jamaal Alii Abdii miseensota gamtichaa turan.

Bara 1953 hoggantummaa Jaarraa Abbaa Gadaatin duurfamuun barattoonni Oromoo galma siinimaa magaalaa Hararitti agarsiisa aadaa isaanii isa jalqabaa waltajjiitti baasanii agarsiisan.Barattoonni ummata eenyummaan isaa dararame keessaa ba'an sodaa fi qaanii tokko malee hunduu walqixa akka ta'e kan hubachiise ture.

Hirmaattonni do'iif affeerramanis imimmaanin guuttamanii mataa ol qabatanii akka deemanii fi boori cimanii mirga isaanitiif dhaabbannaan kana caalaa kan boonan ta'uu hubannoo argataniit turan. Jaarraa Abbaa Gadaa fi Ahmad Yasuuf barnoota sadarkaa 2ffaa xumuranii magaalaa

Harar gadhiisanii yoo deeman barattoonni onnatanii turan waltajjiiwwan walfakkaataa qoheessaa turaniiru.

Barattoonni yeroo waa'ee qabsoo hidhannoo hin yaadnetti,mirga Oromoo kabachiisuun kan danda'amu karaa kanaan qofa akka ta'e hubachaa turan Jaarran.Dhimmicha garuu icciitin qabaachaa turuun fincila qonnaan bultoota Baalee janaraal Waaqoo Guutuun hogganamutti makamee qabsoo Oromoon gaggeessu babal'isuuf daandii hidhannoo tokko jechuun jalqaban.

Dr. Mohaammad Hasan weebsaayitii "Oromedia" irratti namoota Jaarraa Abbaa Gadaa dhiyeenyan beekan kanneen akka;

- Sheek Mohaammad Rashaad; Moqaadishuutti argee bara 1972 kan gaafi fi deebii waliin taasise,
- Adam Xuqalee Alii, maqaa isaa hedduminaan ittiin beekkamu Muliis Abbaa Gadaa, bara 1974
- Abdullaahi Muummad Bilii, kan maqaa isaa hedduminaan ittiin beekamu Abdullaahii Lungoo, bara 1974 Jidda, Saa'udii Arabiyaatti argee gaaffi fi deebii kan waliin taasise,

waa'ee kaayyoo qabsoo isaa kan barreessee kaa'e akka jirutti ilaalun barbaachisaa natti fakkaata.

Dr. Mohaammad Hasan odeeffannoo namootii kanneen irraa argateen Jaarran, loltuu cimaa akka ta'e kan itti mirkaneesse dirreen waraanaa qabsoo qonnaan bultoota Baalee cinaa yeroo hiriiretti akka ture himu.

Leenjii loltummaa fudhachuun qabsoo isaanii kan cimsu ta'uusaa hubachuun Jaarraa Abbaa Gadaa bara 1959 Somaaliiyaa deemee leenjii loltummaa ammayyaa argatee deebi'e. Sayid Baarrenis Somaalee Abboo jechuunin Oromoon Somaaliiyaa jala akka galu fedhii waan

qabaachaa tureef, kaayyoo isaa ega hubataniin booda akkuma mootummaa Hayilasillaasee jalqabarratti, itti aansunis kan Dargiin gochichi cunqursaa fi gurgurtaa sabummaa ta'uu isaa hubachuun mootummaa Somaaliiyaan diina waliif ta'aa dhufan. Mootummaan Somaaliiyaas diddaa qabsaa'otaa kana yoo baru kaan hidhee kaan ari'ee biyyaa baase. Fedhiin isaanii qabsoon Oromoo of danda'ee akka lubbuu horatee dhaabbatuuf malee hirkattuu akka ta'uuf hin turre.

Jaarran mana hidhaatii ega gadi lakkifameen booda gara Moqqaadishuutti fudhatamee,Sayid Baarree fulduratti dhiyeeffamee Adda Bilisa Baasaa Somaaleetti Dhihaa / Western Somali Liberation Front (WSLF)/ akka makamu gaafatame.Jaarranis didee bara 1968 dhoksaan gara Harargeetti deebi'ee.

Biyyatti deebi'uun Jaarraa Abbaa Gadaa, maqaa xuraa'aa Hayilasillaasenii fi Dargiin qabsoo qonnaan bultoota Baaletti erbanii-maxxansan;ergamtoota Sayid Baarree,shiftoota fi namoota kaayyoo hin qabnetti lakkaa'ee Oromoo ittiin bitaa galchaa turan ifaan bilisa kan baase ture.Biyyatti deebi'ees raayyaa bilisa baasaa Oromoo hundeessuf ga'ee isaa akka tabatu isa taasise.

Waggoota 5^{f} mana hidhaa Somaaliiyaa keessa yeroo turetti ture Sayid Baarren lafa Oromoo qabachuuf socho'aa akka ture kan bare. Dhimmi kunis Jaarran sabboonummaan kaayyof akka dhaabbatu isa taasiseera.

Waraana Itiyoophiyaa fi Somaaliiyaa jidduutti bara 1969-1970tti gaggeeffamaa turerratti mootummaan Sayid Baarree deeggarsa Addi Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa / Western Somali Liberation Front (WSLF)/ fi raayyan Somaaliiyaan weerara gaggeessen lafa bal'aa Harargee,Baalee,Sidaamaa fi Somaalee Itiyoophiyaa qabachuu danda'eet ture.

Lafa Oromoo kanneen ega qabatee boodas Oromoon afaan isaa dhiisee afaan Somaalee akka baratuuf dirqamaa tureera.Yaadni gidiraa kunis kan madde hayyoota Somaaliiyaa barataniiru jedhanirraa kan madde ture.Oromoon afaan isaa irraanfatee turtii waggootatiin booda of dagatee akka Somaalee ta'uuf.

Jaarranis weerarri mootummaan Somaaliiyaa gaggeesse eenyummaa Oromoo balleessee gabroomsun lafaa fi qabeenya isaa saamee Somaaliiyaa guddittii Sayid Baarren hawwe ijaaruf akka ta'e hubatee garaan aarin isa bobeeche.Hoggantummaa isaatinis kaayyoo mootummaa Somaaliiyaa faccisuu fi raayyaa mootummaa yeroo sanaa ittisuun itti fufe.

Loltoonni isaan hogganaman kan lakkoofsan 5,000 hin caalle raayyaa Sayid Baarree fi Itiyoophiyaan haleellan isa mudate. Lotoonni ABO yeroo sanaa Jaarran hogganamanis, rukuttaa humnootii ciccimoo Afrikaa bara sanaa kan ta'an kan Sayid Baarree fi kan Dargii dandamatee lubbuu dheereffatee jiraachun isaa ajaa'iba ture.

Dubbiin garboomfamuu fi eenyummaa gaafa sirriitti isaaf galaa deemtu toora dhaloota isaa gatee qabsaa'ota Baaletti kan makamee qabsoo qonnaan bultootaa deeggaruun filannoo isaa ta'eeti. Akka Yaasinii fi Mohaammad (2006:84) barreessanitti Jaarraa Abbaa Gadaa Baaletti Huseen Buneetti makame ture.Yeroo sanas Waraanni Hayilassillaasee Ogaadeenii fincila qonnaan bultoota Baalee laboobee ture dhaamsuuf kan socho'an lakkoofsi isaanii 70,000 ture.Dirreen waraanaa isaan itti walii ba'anis laga Dhaaredha.Huseen Bunee faanti nama 500 niin raayyaa Hayilasillaasee bittinsanii Gindhiiritti ari'an.

Sheek Abdulkariim hamma 1968 dirreewwan waraanaa hedduurratti duulera. Bakka loltoonni mootummaa barichaa Oromoo Baalee irratti dirree waraanaa Eela Roojii irrattis hirmaatet ture.Injifannoo dirree

waraanaa laga Dhaareen booda Jaarraa Abbaa Gadaa gara Somaaliiyaa deeme.Mootummaan barasii Sayid Baarrenis qabamee mana hidhaatti darbuun waggoota shaniif tureera.Mna hidhaatii gaafa ba'us waraana Jeneraal Waaqotti makamee qabsoo qonnaan bultootaa fiixa baasnan hidhannoo jabeessan.Hojiin isaa suuraa kaasuu,seenaa galmeessuu,viidiyoo waraabuu fi loltoota yaaluus ture. Yaasinii fi Mohaammad(2006:85)

Barnoota sadarkaa 2ffaa akka xumureen barnoota loltummaa argachuuf Akkaadaamii leenjii waraanaa Harar seenet ture. Haata'uutii amantaa isaanii gaggeeffachuun waan isatti ulfaate fi dhoorkameef jecha akkaadamichaa ba'uun Carcaritti deebi'an.Haalli jireenya ummataa gaarii waan hin turreef sana jibbee qabsaa'uf qabsoo qonnaan bultoota Baalee; Waaqoo Guutuu, Waaqoo Luugoo,Huseen Bunee fi Aliyyi Cirriin hogganamutti makamuuf nama 13 ta'anii bara 1966 Baale deeman. Mohaammad fi Yaasinii (2006:84)

Injifannoo dirree waraanaa laga Dhaaren booda Jaarraa Abbaa Gadaa gara Somaaliiyaa deeman. Mootummaan barasii Sayid Baarrenis qabamanii mana hidhaatti darbaman waggoota shaniif turan. Mana hidhaatii gaafa ba'an waraana Jeneraal Waaqotti makamanii qabsoo qonnaan bulaa fiixa baasnan hidhannoo jabeessan. Hojiin isaanis suuraa kaasuu, seenaa galmeessuu, viidiyoo waraabuu fi loltoota yaaluu ture. Mohaammad fi Yaasinii (2006:85)

Baalee Dallotti gaafa raayyaan Hayilasillaasee hawaasa dararaa turetti Jaarraa Abbaa Gadaa fi Adam Jiloo wayaa adii lafatti afanii xiyyaaronni loltoota finciltootaa seetee boombiin tumti. Gootonni lameen garuu irraa fagaatanii muka koruun qawwee Dhoombiriin xiyyaarota lolaatti balaa buusan. Waraanni bara 1963-1970 gaggeeffames lola Dhoombir jedhamee yaamama ture.

Jaarraa Abbaa Gadaa, Sayd Baarree ijoollee Baaleen Oromoo Abboon akka yaamaman yoo dirqisiisu isaan diduun dhaaba Adda Bilisummaa Ummata Oromoo kan booda ABO ta'e hundeessan. Kaayyon jalqaba ka'aniif garuu guyyaa keessa waan ka'eef dagatee, qabsoo jalqabe fiixan osoo hin basin hafe.Dhaaba hundaa'e keessattis;

1. Ahmad Muhaammad Umar; durataa'aa,
2. Huseen Suuraa; barreessaa,
3. Abdulshakur Ibraahim; itti gaafatamaa dhimma alaa,
4. Jaarraa Abbaa Gadaa;ajajaa waraanaa ta'uunis filatamaniit turan.Muhaammad Sayid (2006:143)

Hundeeffama Adda Bilisummaa Ummata Oromoon boodas jarri barnoota siyaasaa, imaammata diinagdee, leenjii loltummaa argachuuf Gibxi, Iraaq, Filisxeem fi Damaasqoo dhaqaniiru. Jarran booddes gara giddu gala Bahaa deemun Elemoo Qilxuu waliin qabsoo Oromoo finiinsuu wanta danda'u maraa gochaa tureera.

Deeggarsa mootummaa Iraaqirraa argataniinis, Jaarraa fi namoonni 38 leenjii riphee loltummaa fi meeshaa waraanaa turtii waggaa tokko caaluf fudhachaa turaniiru.Leenjii isaanis ega xumuraniin boodas hoggantummaa Jaarraa Abbaa Gadaatin duurfamuun gareen riphee loltootaa kun godina Harargee guutuu keessatti akka faca'aee socho'aa turetu himama.

Akka tasaa garuu isaanii daangaa lafa Somaaliiyaa keessa karaa Kaabatiin biyyatti seenuf bara 1961 imalaa jiran, to'annoo loltoota Sayid Baarree jala oolan.Himannaa mana murtii tokko malees waggoota 5f hidhamanii bara 1967 gadi lakkiifaman. Leenjii argatanii yoo xumuranis maqaa qabsoo Qeerroo Ganamaa jedhu moggaafatanii, Yamanii meeshaa waraanaa doonin fe'atanii galaana Diimarra bololi'aa Somaaliiyaa seenun osoo miilan deemanuu loltoonni biyyattii isaan

qabdee hiite.Dhukaasnis banamee waan tureef isaan keessaa Ramadaan Huseen Kaliil wareegame.

Onkololeessa 17, 1970 biyyatti seenufis ka'an. Hidhaa waggoota 5 boodas bara 1975 mana hidhaa Mandheeratii hiikkamanii ba'an. Sayd Baarren maqaa fi gaaddisa qabsoo isaanii gara Somaalee Abbootti akka jijjiiran isaan dirqisiisus jarri hin feene ture. Adda Islaamaa Bilisummaa Oromoo maqaa jedhuunis socho'aa tureera; booda ammo dhaabicha gara Adda Bilisummaa Dimokraatawa Oromiyaatti jijjiirera.Muhaammad Sayid (2006:148)

Jaarraa Abbaa Gadaa abbaa ijoollee lamaa turan. Bitootessa 3 bara 2006 umrii isaanii 76ffaatti baqattummaan biyya jiraachaa turan Yamanitti lubbuun isaanii dabarte.Ega boqataniin boodas awwaalli isaanii biyyatti ta'eera. Jaarraa Abbaa Gadaa abbaa ijoollee lamaa turan.

20. Fiitawraarii Firrisaa Shuuramuu

Abbaa isaanii Fiit Awraarii Shuuramuu fi haadha isaanii aadde Warqituu Abbaa Booraa Abbaa Duulaa irraa gogina Iluu Abbaa Booraa aanaa Baddallee ganda qonnaan bulaa Dagajaa keessatti 1876? dhalatan. Dhalootanis Ammeenyaa Kontee lakkaa'atu. Barnoota mana amantii Kiristaanaa qeesiin baratanii dubbisuu fi barreessuu beeku ture.

Fiit Awraarii Firrisaa Shuuramuu dhaabbata jiddu galeessa, bifaan gurraacha,ija gurguddaa fi bareeda. Ijoollummaa isaanitti nama ceeyummaa isaanii jaalatan, taboota aadaa tabachuun kan guddatani. Namaanis waliin buluun kan danda'amu nageenya fi jaalalaan akka ta'e sirriitti amanu ture.

Iyyaasun adamoof jechuun Fiit Awraarii Firrisaa Shuuramuu gaafannaan ceyyameefi dhaqe. Tooftichi garuu tooftaa daangaa babal'ifachuu ture. Fiit Awraarii Firrisaanis mucaa isaanii fi Iyyaasuu keessummuummaan isaan bira adamoo maqaa godhachuun bira dhaqe gara arboonni jiranitti gara aanaa Daaboo; Magaalii iddoo jedhamtutti ergan..

Iyyaasun garuu adamoo hin beeku ture. Namni biro adamoo beeku garuu arba argan ajjeese fi Iyyaasun abbaa mirgaa ta'e. Adamootii

gaafa galan dadhabanii gaaddisa boqataa osoo jiranuu Fiitawraarii Firrisaan Iyyaasuun wallaansoo walii baanan gaafata.

Iyyaasunis tole jedhee Fiitawraarin kuffisuudhaa yoo jedhan namichi Iyyaasuu waliin jiru kan adamoo danda'u 'lakkii yaa Fiitawraarii ilma mootii akka kuffisan osoo beekanuu kufaniifi kufi' jennaan kufeef.Iyyaasun tana mi'eeffatee itti deebina jedheen Fiitawraarii Firrisaanis tole jedhee amma lammata kufnaan narraa hin ka'un lafaan hidde. Iyyasunis dubbichaan aaraa Finfinneetti deebi'e. Dubbii wallaansoo sanaan tarii Iyyaasun aarinnaa laatan hiriyoota isaa kan akka Birruu Bulguu,Danuu Goosaafi Dhaabaa Guuyyoo waliin adamoo sababii godhachuun bosona Gurra Fardaa ykn Baqqoo seenan.Ummannis;

> Firroo barfaafa Shuuree isa naadirri tuule
> Asittuu gurra qabdaa maalif buuta Gurra fardaa

Gurra fardaas yeroo dheeraa turuu isaanitiin hojiiwwan wayaa dhahuu, sibiila tumuu fi mukarraa meeshaalee manaa hojjechaa turan. Hoji isaanii kanaanis hawaasa Gurra fardaa iratti fudhatama guddaa argataniit ture.

Minilik 2^{ffaan} bakka Fiitawraarii Firrisaan jiru qorachiisee ergamaa isaa Tukuyyee itti erga. Akka gabbarus akeekkachiisun. Fiitawraariinis xalayaa ergame irraa fuudhee ega dubbiseen booda mootommaa Minilikiif akka hin bitamne itti hime xalayaas barreessef. Gabbarsuus gonkuma akka hin laanne jala muruun. Tukuyyeenis xalayicha fuudhee Finfinneetti yoo deebi'u Minilik dhukkubsatee waan tureef Iyyaasun bakka bu'ummaa mootichaa fudhateet ture. Iyyaasunis dubbichaan aare.

Bara 1906 yaamicha goototaaf taasisame keessa Fiitawraarii Firrisaa fi Qanyaazmaach Wayyeessaa keessatti argamu ture. Hawaasnis akkas jechuun weelliseef;

Dhidheessaa lu'ii yaasu Shuuramuu gootan argee
Samii duumessaan olee Wayyeessaa gootan argee
Bakakkaa lafa lixe Firrisaa Shuureen argee

Dorgommii alaamaa rasaasaa irrattis waan kaa'amte hunda kan rukute isa ta'e. Jarri kaan garuu qolaa turan.Booddeee namni dugdaan ciisee qawwee harka tokkoon qabatee allaattii samii keessatti rukutu jennaan Fiitawraarii Firrisaan akka jedhame allaattii samii keessaa rukutee lafa buuse.

Shaakallii alaamaan booda Minilik maal akka hojjetu gaafatamnaan gara qayeetti deebi'iitii barii koottu ni mari'anna jedheenii Firrisaanis akkuma itti himame boqachuu deeme.

Sanaan booda garuu Firrisaa kan eeggate hidhaa naannoo murtaa'aa ta'etti daangeffamee/ hidhaan dhaabbii itti murtaa'e. Fiit Awraarii Firrisaanis ta'e Qanyaazmaach Wayyeessaan Finfinnee keessaa osoo hin bane loltoota Minilikiif galaa dhiyeessun itti murtaa'e. Fiit Awraarii Shuuramuun dhibee golfaan qabamee dhibamaa ega tureen booda Finfinnumatti boqatee Finfinnumatti awwaallame.

Fiitawraarii Shuuramuu Finfinneetii deebi'anii gara dhaloota isaanitti deebi'uun sirna bara sanaa irratti finciluu jalqaban. Sirna Hayilasillaasee keessa muudamuun toora dhaloota Fiitawraarii bulchuuf Axinaaf Saggad 1926 laga Dhidheessaa ce'aa Buunoo to'achuuf osoo deemaa jiruu loltoota isaa qabatee Fiitawraarin Qoollotti isa eeggate. Loltoonni Axinaaf Saggad qabates dheeffutti ka'an. Dhedheessaa ce'anii lafa Iluu qabachuunis baay'ee itti ulfaate. Sirboota sirbamaa turan yoo ilaallu;

ይላል ሳብ ይላል ሳብ ይላል ፈረሱ
የአባ ዋጋ ልጅ መጣ ኑብሌ ብሱ

Hiikkaan isaas;

Ni luuxa ni luuxa fardichuu
Ilmi abbaa Waggaa dhufe jaallen Bissuu

Axinaaf Saggad injifatamuu isaas yoo ibsan;

ጠጅ በብርሌ ጠላ በጠርሙስ
ፍሪሳ አባ ዋጋ የኦሮሞ ንጉስ

Hiikkaan isaas;

Daadhin birilleen farsoon xaarmushiin
Firrisaa Abbaa Waggaa mootii Oromoo

Axinaaf Saggad gochaa injifannoo Fiit Awraarii Shuuramuun aaree waan tureef qophii waggoota lamaa taasisee waraana baay'ee qabachuun Dhidheessaa qabatee koottaa nasimadhaa Oromoo Buunoo jiraatanitti erge. Fiit Awraarii Firrisaan yoo didu gareen Baranbaraas Raagoo Jiilchaa Axnaaf Saggad simatee Buunoo galche. Axnaaf Saggad akkamiin jara didan of harka galchuu akka danda'u baasee buusee Baranbaraas Raagoo Jiilchaa jaarsa ta'ee araarsuf waadaa galee Fiit Awraarii Firrisaan akka harka kennee deebi'u isa gaafate.

Beellama qophii araaraa ega taasisaniin booda tarii gabroomsaa fi hidhaaf ta'aa laatan shakkaa taa'anii mari'atan gareen Fiit Awraarii Firrisaa.Gaafa Sanbataa, Fulbaana 26 bara 1929 ganama ka'anii "Yoo nuti duunes kan gumaa keenya baasu Mangashaa Wayyeessaa waan ta'eef, koottutii Baraanbaraas Raagoo jiilichaa qabii naaf fidi" jedhan.Isaanis meeshaa fi namoota barbaachisoo ta'an qabatanii guyyaa Sanbataa halkan qixxee deemanii Fiit Awraarii Shuuramuuf dhiyeessan.

Fiit Awraarii Firrisaanis Raagoo Jiilchaa qabamee dhufuu isaa ega argeen booda gammaduun akka hidhamu godhan. Turtii guyyoota sadii booda Kibxata ganama araaraf yammuu deeman Mangashaa

Wayyeessaan,"yoon du'e gumaa koo naaf baasaa, asuma taa'ii haala araaraa hordofi" jedhaniin.

Fiitawraarii fi Qanyaazmaach loltoota ciccimoo filatanii bataskaana Madihaane'alamii ammaa iddoo beellamaatti ganamaan argaman. Axinaaf Saggadis iddoo saditti dukkaana dhaabee nyaataa dhugaatii qopheessee eege. Inni tokko Axinaaf Saggadiif, inni lammataa Fiit Awraarii Firrisaaf, inni sadaffaa ammo Qanyaazmaach Wayyeessaaf ture.

Loltoota Fiit Awraarii Firrisaa harkaayis meeshaa waraanaa lafa kaa'adhaa araaraf dhuftaniitii jechuun isaan harkaa fichisiisee gara birootti guursisuun kan Qanyaazmaach Wayyeessaa meeshuma waliin dhiise. Nyaataa dhugaatin ega dhiyaatee hunduu amma danda'u jejjedheen booda Qanyaazmaach ofitti waamee Axnaaf Saggad Fiit Awraarii ajjeesuu akka fedhu itti hime. Qanyaazmaach Wayyeessanis dubbichi fokkataa akka ta'ee fi kanas taasisuun akka hin taane itti hime. Dubbichi Oromoo Buunoo birattis cimaa akka ta'e hubachiise.Axnaaf Saggad garuu lameenuu akka ajjeesu itti himnaan Qanyaazmaach Wayyeessaa du'a hin sodaadhun yaada isaanii jijjiiruu didan.

Gootonni lameen araaraf dhaqanis dubbichi soba ta'ee duuti isaanif guyyuma tokko ta'e. Axinaaf Saggadis mirga galee Fiit Awraarii Firrisaa fi Qanyaazmaachif duuti hin oolle isaanii ta'e. Loltoonni araara jedhanii meeshaa isaanii hirkisanis 22 rasaasa walirraa hin cinneen ajjeeffaman.

Oromoon Buunnoos isaan ilaalee akka jiiluf reeffa Fiit Awraarii Firrisaa fi Qanyaazmaach Wayyeessaa lafarra harkisan. Achiiyis kaasanii iddoo amma Ajiippii jedhamutti birbirsarratti fannisanii alaamaa loltoonni isaa akka irratti shaakalan taasisuun qaamni isaanii muramee muramee bu'aa ture. Axnaaf Saggad reeffi goototii lameenii

ibiddaan akka gubatu ajajee yoo deemu Fallaqach Didhaa argitee irra gangalattee yoo boossu awwaalli ecyyamameefi Madihaane'aalamii Baddalleetti boolla tokkotti Onkololeessa 1,1929 awwaalli isaanii ta'e.

Fiit Awraarii Firrisaa fi Qanyaazmaach Wayyeessaa loltoota isaanii hoogganuun araaraf yoo deeman Mangashaa Wayyeessaa ammoo Baraanbaraas Raagoo Jiilchaa hidhaa keessatti eegaa ture. Araarri amma bu'ee jarri deebi'u osoo jedhee gurraan waan uumamu eeguu rasaasni walfaana dhuka'e.

Mangashaa Wayyeessanis maalinniin yoo Baraanbaraas Jiilchaa gaafatu araara namoota jajjabooti gammachuuf dhukaafama jedheen.

Irra deddebinis yoo dhukaafamu amma shakkee yoo gaafatu maali maaltu sigalche jararraan itti deebise. Yona obbo Mangashaan shakkanii fuulletti ba'uun waan ta'aa jiru gaafa ilaalan manni abbaa isaanii gubachaa jira.Baraanbaraas itti deebi'ee inni mana gubatuu gammachuu yoo ta'e, inni manni gubanoo maali jennaanin hin beekun deebiseef.Atis wallaaltu ani beekeraan Baraanbaraas nyaata filate akka nyaatu itti himee ega dhiyeessaniifin booda haaloo abbaa isaa fi Fiit Awraarii Firrisaa irratti ba'e.

Obbo Mangashaan ega Baraan Baraas ajjeesen booda gara mana Fiit Awraarii Firrisaa yoo dhaqan Axnaaf Saggad waraana oofee rasaasa akka akaayii mishingaatti dhodhoosaa mana itti dhufe gubaa geerraraa yoo deeman argee gara laga Joonjoo deeme. Axnaaf Saggadis maatii Fiit Awraarii fi Qanyaazmaach Wayyeessaa bakka jiranii naaf fidaa jedhee labsii dabarse.

Obbo Mangashaanis yona ijoollee durbaa lamaa fi mucaa Fiitawraarii Shuuramuu; Qanyaazmaach Waggaa fuudhanii Wallaggatti baqatanii waggaa tokkoof achi turan. Turtii waggaa tokkoon boodas Xaaliyaanin

toora Buunoo waan qabateef Axnaaf Saggadis dheeffee gadhiisee baqate. Yona Mangashaanis deebi'ee Buunoo jiraachuu jalqabe.

Deeggaraa isa ari'achaa turanii ykn kan Axinaaf Saggad kan ta'e Qanyaazmaach Haabta Masqal himata irratti banuun Goreetti adabbiin du'aa akka irratti fudhatamu taasise.Mangashaan aari du'a gootota Boonon guuttame Axinaaf Saggadis fi Haabta Masqal duukaas bu'ee iddoo dheeffanii dhakannaan jiraachaa turan Shawaatti hordofuun adabbiin du'aa akka irratti fudhatamu taasise.

Bakka garaa ofii diina keessorratti ega ga'aniin booda Obbo Mangashaan karaa Wallaggaa,Qanyaazmaach Waggaa Shuuramuu ammo karaa Iluu Abbaa Booraa qabsoo Xaaliiyaanii biyya weerarterratti banan.Dureessoo Doonqee fi Qanyaazmaach Meexxii Sheengoo Iluu Abbaa Booraa keessatti cimanii loluunifi Baddallees diina hin seessisnuun diddaan waraana bananii lubbuun isaanis biyya isaanif jecha dabarteetti.

Xaaliiyaaniin injifatamtee ega biyyaa baateen booda Hayilasillaasen Buunootti milkaa'uu dhabuu isaatin aari qaba waan tureef Obbo Mangashaan mana hidhaa boollaa lafa jalaa Goree keessatti waggoota lamaaf hidhamanii ba'aniiru.Iddoo dhaloota isaanii ganda Aliifee Sooyyamaatti deebi'uunis walumaa galatti waggoota 105 hamaa fi gaarii ega arganiin booda bara 1991 boqatan.

21. Jeneraal Huseen Bunee Daraaraa

Ilmaan Oromoo waanjoo gabrummaa Oromoo irratti fe'eemee ofirraa fonqolchuuf bu'aa ba'ii hedduu keessa darbeera.

Fincila qabsoo qonnaan bultoota Baalee keessatti gaheen Koloneel Huseen Bunee Oromoo kan boonsu. Gootni kuni bara mootummaa H/Sillaasee irraa jalqabee hanga Dargiin burkutaa'ee kufutti waggoota 46f qabsaa'aa cimaa ta'uun osoo hin dadhabin dhama'aa tureera. Dargiin ega kufeen booda mootummaa aangorra jiru wajjiinis hojjechaa tureera.

Jeneraal Huseen Bunee bara 1898 obbo Bunee Daraaraa Godaanaa fi aadde Hawwaa Badhaasoo Bariisoo irraa, godina Baalee; aanaa Sawweenaa ganda Cophii keessatti Booruu iddoo jedhamtutti gaara Goonii Gafarsaa jalatti dhale.Jeneraal Huseen Bunee abbaa fi haadha isaatiif mucaa lammaffaadha.

Dur manni barnootaa ammayyaa waan hin turreef obboleeyyan isaanii fi ofiillee barumsa amantaa Islaamaa seenudhaan baratee barsiisaa akka ture himama.

Huseen Bunee jabaatee nama guddaa ta'ee erga bultii horatanii booda si'aayinnaa fi ciminna isaa ilaalun sirni mootummaa H/Sillaasee itti gaafatama kennuufin hojjechiisaa ture. Abbaan isaas bifa walfakkaatun sirnicha tajaajilaa turan. Adeemsa hojii keessas ciminna Huseen ilaaludhaan gara bakka bu'aa baalabbaataatti isa guddisan.

Turtii hojii keessas miidhaa sirni cunqursaa Oromoo irratti geessisaa jiru hubachuudhaan qalbiin isa cabde. Dubbichis yaaddoo itti ta'e.

Magaalaa Gindhiiritti abbootin lafaa Oromoo 18 bakka wal gayanitti Huseen Bunee dhaamsa fi quuqama isaanii dabarfateet ture. Dhaamsichis Oromoon miidhama guddaa keessa akka jiru, barachaa akka hin jirrree fi furmaanni isaas qabsoo taasisuu akka ta'e itti hime. Huseen Bunee yeroo yaada kana dhiyeessu alangee gaangee ittiin yaaphaatu malee meeshaa waraanaa tokkollee hin qabu ture.

Abbootin lafaa walga'icharra turanis aarun mootummaa H/Sillaasee waraana hedduu hidhannoo ammayyaa guutuu qabu waliin lolanii injifachuun cimaa waan ta'eef hin lolluun didanii itti wacan. Abbootin lafaa dhimmichi isaan ilaallataan isaan mari'achiisc didanis gara ganda isaatti deebi'ee ummanni akka qabsoof ka'u hubannoo uumuu jalqabe.

Huseen Bunee ciminnaa fi gootummaa isaa mirkaneessuufis, sangoota sagal gurguree qawwee sadi bitate. Aanaa Sawweenaa ganda Addeellee keessatti laga Bosonaa jedhamutti Huseen Bunee,Abdul Kariim Bunee, Maahmud Bunee, Aliyyii Kadiir Harqaa fi Sheek Muhaammad Aliyyii Roobaa wajjiin ta'uudhaan nafxanyaa marsan. Namichi marfames Karaa Huseen Buneen irra jirurraa goree gara Abdul Kariim Bunee fi Sheek Muhaammad Roobatti fiige. Abdul Kariimi dhukaasee yoo qolu, Sheek Muhaammad dhayee lafa buuse. Qawwee fi zinnaara isaas rasaasa guutuu wajjin irraa hiikkatanii gara dhufanitti qajeelan.

Huseen Bunees ummata waamee bakka walitti qabamanitti rasaasni Oromoon dhukaase nafxanyaa ajjeesuu akka dandeessu dhugaa ba'eef.Sana booda gaara Goonii ykn Gaara Jeneraal Huseen Bunee jedhamu jalatti deeggartoota isaa waliin cinaa galuudhaan qabsoo itti fufe Kunis bara 1962 ture.

Mootummaan Hayilasillaasee garuu Huseen Bunee akka nama Oromoof qabsaayetti osoo hin taane akka shiftaatti ilaalaa ture.Hawaasni naannichaas akka isa saaxiluuf dararri cimaan harka mootummaan waan irra ga'eef Huseen Bunee akka shiftaa gaara galuutti ilaalaa turan. Haa ta'u malee Jeneraal Huseen Bunee kaayyoo qabsaa'aa tureef kallattii hundatti waliin ga'achuu irraa duubatti hin jenne.

Namoota Oromoo ta'anii nafxanyaa waliin Oromoo miidhuuf deeman ija tokkoon ilaalaa ture. Namoonni waanjoo gabrummaa baachuu dadhaban gara miseensa waraana Huseen Buneettis dhufuun baay'inni miseensosa loltoota isaas dabalaa dhufe. Fincilli kunis Baale gara Arsii, Shawaa, Harargee fi kutaalee Oromiyaa birootti babal'ate. Kaayyoo ka'aniifsi akka quba walqabanis ni dubbatama.

Loltoonni Jeneraal Huseen Bunee raayyaa Hayila Sillaasee irratti halceellaa qaqqabsiisaa waan turaniif, haaloo ba'uuf jecha mootummaan gaara da'annoo ta'ee fi bosona mana Huseen Bunee ta'an barbadeessu akka danda'u dhaadachuun sodaachisaa ture.Gaarri gootonni da'annoo godhatan kun qabsoo qonnaan bulaa keessatti shoora guddaa taphateera.

Ulaan gaara kana keessaa nama baastus takka qofa waan turteef.Ishiinis dhagaan cufamtee yeroo nafxanyaan dhufu waraanni Huseen Bunee dhakaa itti fonqolchuun waraanni mootummaa hedduunis galaafatamaa ture. Gaarichi bineensota bosonaa hedduu qabaachuu isaatinis yeroo

gala fixatan Huseen faanti adamoon foon nyaachaa nafxanyaan lolaa turan.

Jeneraal Huseen Bunee waa'ee mootummaa Somaalee dhagayee waan tureef waraana isaa walitti qabee rakkoon hanqina meeshaa waraanaa hiikuf, leenjii loltummaa argachuu fi deeggarsa argachuuf jecha loltoota isaa keessaa namoota saddeet erguuf walii galan. Isaanis; Jawaar Giraamash Elemoo Jiloo, Abduraazaaq Badhaasoo, Muhaammad K/Aadam, Abdallaa Turbbaa, Maammaa Sh/ Ahmad, Ab/Qaadir H/Muhaammad Baalee, Abdaa Umar Abdurroo fi Ab/Jawaar Sh/Kadiir turan. Isaanifis Huseen Buneen dhaamasa fi gorsa kenneefi gara Somaalcetti qajeelche. Lafa Bilaala Qal'aa jedhamuttis Haji Iisaaq Daadhii jedhamuun wali arguun gara Somaalee kutan. Alamuu Wadaajoo (2003:7)

Haaji Iisaaq Daadhii nafxanyaa lafa isarraa saamee itti roorrisaa ture Gilaxuu nama jedhamu ajjeeset gara Somaaletti baqachaa ture. Namoonni kunniinis pirezidaantii Somaaletti rakkoo isaanii himachuun marartee argachuun qawwee saddeet, Dhoombir ykn Dhoombirkaa torba fi Toomsii tokko kenneef. Toomsiin qawwee akka matrayycesaatti itti fayyadaman waan tureef yeroo sanatti meeshaa filatamaa ture.Jeneraal Huseen Buneenis meeshaalee duraan qabu qindeessun lola itti fufe.

1963 Jeneraal Huseen Bunee, Somaaliiyaa; Elbaraadi jedhamtu dhaquun mootummaan Somaaliiyaa deeggarsa kanaan dura isaanif taasiseef galateeffatanii fulduraafis gargaarsi wal fakkaatan akka isaan barbaachisu imaanan himatanii qawwee,boombii, rasaasa kennameef gaalatti fe'atee gara biyyaatti deebi'e.

Meeshaan kun biyya seennaanis namoonni hamilee daran godhachuudhaan siyaasa isaanii kutaa Oromiyaa hunda keessatti

facaasudhaan lola itti fufan. Hawaasnillee yaadaa fi qalbiidhaan akkasumas odeeffannoo gara garaa nafxanyaa irraa fuudhee itti geessuun iddoo waraanni Huseen Bunee jiru dhoksuun gargaaruu itti fufan.

Abbootin lafaa Huseen Buneen Gindhiiritti waa'ee miidhaa fi cunqursa nafxanyaan Oromoo irra geessisaa jiru mari'achiisee hunduu gaabbanii karaa harka wayaa jalaatin gargaaruu eegalan. Gaabbuu isaaniis itti himuun hubannoon isaanii duraa sunis dogongora akka ta'e isa hubachiisan.Namoonni bu'aa yerootin sammuun isaanii adoodee machaa'e garuu qabsoon Huseen Bunee bu'aa akka hin qabne halaakaa turan. Manni isaanii kan gubate , horiin isaanii kan saamame fi ilmaan isaaniis kan du'an sababii inni bosona seenef akka ta'e kan mootummaan yeroo sanaa akka ololaatti haasa'u jalaa qabanii imimsaa turan.

Mootummaan Hayila Sillaasee sababa Huseen Buneetiin Oromoo aanaa Sawweenaa irratti miidhaa geessisaa turera.Hawaasni garuu iddoo inni jiru dhoksuun isa cinaa dhaabbachuun, kaayyichi cimaa human horachuu danda'uun boor biyyattiiyyuu bilisa baasuu akka danda'u ittiin argisiisera. Waraanni Huseen Bunees meeshaa waraanaa gaara Gooniitti awwaallateen nafxanyaa irratti balaa qaqqabsiisaa ture.

Huseen Bunee rakkoo hir'ina leenjii tooftaa lolaa, dawaa fi hanqina meeshaa waraaanaa qabaachuu isaanii baruun loltoota isaa ega mari'achiiseen booda erga takka Somaaliiyaa dhaquun mootummaa biyyattiitti ega himataniin booda leenjii loltummaa Filisxeem dhaquun ega argataniin booda waan gaafatanis guutameefii kaan gaalatti fe'atanii, kaan ammo baatanii osoo gara biyyaa deemaa jiran waraanni Hayla Sillaasee Baarreeyitti loltoota Ooraalii sagaliin eegun dhokaasa itti banan.

Waraanni Huseen Bunees halkaanii guyyaa deemaa waan tureef ganama bishaan argatanii, dadhabanii boqatarra turan. Waraanni Hayla Sillaases marsee dhukaasa itti bane. Lollii ganama eegale hanga sa'aatii sagaliitti osoo wal irraa hin citin itti fufe. Loltoonni mootummaas dubbichi salphaa akka hin taane hubachuun dhokaasa dhaabanii duubatti deebi'an.

Lola kana keessattis garee waraana Huseen Bunee keessaa 25 yoo du'n 62 ammoo madaa'aniit turan. Namoota du'an awwaalun, kanneen madaa'an ammoo gaalatti fe'anii Somaaliiyaatti deebisuun akka yaallaman taasise. Meeshaa waraanaa loltoota mootummaa irraa hikkatanis gara biyyatti fudhatanii ega deebi'aniin booda dargaggoonni hedduun miseensa loltuu Huseen Buneetti makamaniiru. Isaanis; Aliyyii Huseen Bunee, Huseen Jamaa Dfaraa, Ahimad Aliyyii, Huseen Muhaammad Qoral turan.

Gaafa tokko qabsaa'onni kanneen Huseen Bunee uffata, dhakaa baatirii, rasaasaa fi hojii basaasummaa akka hojjatanii deebi'niif magaalaa Jaarraa; Boraati isaan erge.Namticha nafxanyaa tokkkoonis karaatti walitti dhufan. Jarreen afran keessaa tokko dhalataa naannoo sana waan tureef namichaan sirritti wal beeku waan tureef nu hin ganuun dhimma deemaniif takka lamaan itti hime.

Innis fuula ifaan ega simateen booda mana addaatti qubachiisee sa'a maseena itti qalee nyaachisee magaalaa deemen waan isin ergamtaniif isinii biteen deebi'aan maallaqa irraa fuudhee deeme. Ilmi Huseen Bunees nabira jiraan waraanni Hayla Sillaaseetti himee manni dargaggoonni keessa jiran marfamee bule. Marfamuu isaanis yoo baran dhaaba manaa uranii ulaa saaqqachuun harka hin laannun lola finiinsan.

Lolli ganama eegalees boqonnaa tokko malee hanga sa'aatii sagaliitti itti fufe.Turtii kana keessattis waraanni nafxanyaa jalaa du'e torbaatama

yoo ta'u, Kan isaanii keessaa ammoo Huseen Jamaal qofatu harka bitaa dhahame.Ajajaan loltoota mootummaa hogganus dhimmichatti aaree qaana'uun dhukaasni akka dhaabbatu taasisee gara dhufanitti deebi'an. Qabsaa'onni dhukaasni irraa dhabbates Huseen Jamaal yaaluf asiif acchi osoo jedhanuu nafxanyaan tokko gaabii eebotti maree gaazii cuubun ega ibiddaan qabsiisen booda lafa irra gangalatee darbee mana citaa isaan keessa jiran irra buusun manni akka gubatu taasise.

Waraanaa nafxanyaa konkolaataa ittiin dhufetti deebi'aa jirus nafxanyichaan yaamamanii deebi'an. Yeroo kana ilma Huseen Bunee; Aliyyii Huseen Bunee malee isaan hafan sadan ibiddaan gubatanii lubbuun isaanii darbeera. Abbaan isaas nama jabaa waan ta'eef callisee akka harka hin laanne himuun namni maqaa gaarii qabu harka akka isa fuudhu lallabnaan ajajaan loltoota mootummaa isa qabuuf dhaqe gammachuun yoo itti deeme Aliyyii Huseen Bunee dhukaasee lafa isa buuse. Loltoonni mootummaa duursanii da'annaa qabatanii turanis Aliyyitti dhukaasun ajjeesan.

Lolli guyyaa sanii seenaa fincila qonnaan bultoota Baalee keessatti lola guddaa fi seena qabeessa ta'uun yaadatama. Waraanni nafxanyaas reeffa afranuu fe'ee magaalaa Jaarraa geessun jiraattota magaalattii daawwachiisan. Reeffa isaanis saree nyaachisuu yoo jedhan ummannis 'sareen dhiiga barte nama biroos nu jalaa nyaattitii hin ta'u' jedhee afranuu magaalaa Jaarraatti awwaale.

Bara 1968 Huseen Bunee waraana isaa qabatee Somaaliiyaa magaalaa Luug qubateet ture. Bara sanas biyyattiin filannoorra waan jirtuuf tasgabbii hin qabdu turte. Kanarraa kan ka'es nama isaan dubbisu dhabanii ji'oota sagaliif rakkoo guddaa keessa darban.Busaanis namoota hedduu dhibdee, kaanis lubbuun isaanii darbeera.

Bara 1969 Ziyaad Barreen pireezidaantii Somaaliiyaa ta'ee filatame. Miidiyaanis waa'ee siyaas diinagdee biyyasaa yoo dubbatu qabsaa'ota baqatanii Somaaliiyaa jiran gargaaruu akka fedhu dhaame.

Baqattoota Oromoo magaalaa Luugii turan magaalaa Qoriyoo geessun leenjii tooftaa loltummaa,ogummaa yaalaa fi barnoota qalamaa lammiilee Filisxeemi fi Somaaliiyaa keessaa filatamaniin akka argatan taasifame. Turtii waggaa torbaan boodas humna gòdhatanii onnachuun gargaarsa meeshaa waraanaa mootummaa Somaaliya irraa argatan hunda Gaalatti fe'atanii gara biyyaatti deebi'an. Kunis bara 1975 ture. Deemsi isaanis bakka lamatti qoodameeti ture.

Gareen waraanaa tokko Dalloo Bunaa karaa Jeneraal Waaqoo Guutuu gore.Waraanni kuun ammoo gara Huseen Bunee goruudhaan magaalaa Kurkurruu cabsanii qabatan. Qabeenya mootummaan Dargii achii qabus saamanii itti fayyadamaa turan. Waraana Dargii Gindhiirii dhufe isaan waraanus salphaatti ofirraa deebisaa turan. Fanjii awwaalunis Sawweenaa fi magaalaa Gindhiir jidduutti ooraalii mootummaa Dargii 11 barbadeessaniiru.

Mootummaan Dargii waraana lafootiin dadhabnaan xiyyaaran loluutti ka'e. Gaara loltoonni itti galan, malkaa bishaanii, ganda ibiddi itti aaru rukutuudhaan teessuma dhoorke.

Huseenis Somaaliiyaatti deebi'uuf murteeffate.Yogguu isaan Somaaliiyaa ga'an waraanni Jeneraal Waaqoo Guutuu karaa Madda Walaabutiin rukuttaa xiyyaaraa qolachuu waan dadhabeef Somaaliiyaa bu'an.Waraanni Huseen Bunee fi Waaqoo Guutuus maatii isaanii qabatanii Somaaliiyaatti wal ga'an.

Somaaliiyaattis Muhaammad Umar Ahmad dhalootaan godina Harrgee kan ta'e itti gaafatamaa baqattoota Oromoo Somaaliiyaa jiranii ta'uun

filatame.Itti aanummaan ammoo Huseen Muhaammad Suraa. Namoonni kanneenis baqattoota bakka bu'uun gargaarsa dhufuuf bakka bu'ummaan fudhachuu fi gaafachuu ga'ee hojii isaanii ture.

Huseen Muhaammad Suraa baqattoota Oromoo Somaaliiyaa turan bakka bu'uun gara Gibx deeggarsa maallaqaa fi meeshaa waraanaa gaafachuuf ergame. Mootummaan Somaaliiyaas dubbicha yoo dhaga'u aarun dhimmi siyaasaa Oromoo eeyyamaa fi beekamtii isaa malee biyyoota birootti ibsamuu akka hin qabne jala muree akeekkachiise. Meeshaa alaa dhufee buufata Barbaraa fi Bosaasotti bu'e hunda waraana isaa erguun saamsise.

Namoota 36 meeshicha fe'uuf deemanis mana hidhaa Looy-Addee ; kan Hargiisaa fi Jibutii jidduutti argamutti waggaa shaniif hidhe.Jeneraal Huseen Bunee fi baqattoonni Oromoo Somaaliiyaa jiran hundis gocha kanatti mufatanii maqaan isaan bilisummaan barbaachaa itti mogga'e kan isaanii akka hin taane walii galteerra ga'an. Isaanis Somaaleen Aabboo maqaa gargaarsa ba'e malee Oromummaa isaanii walitti himan. Maqaa ummata isaanitiinis bilisummaaf qabsaa'uf kutatan.

Gaazexeessitoota yaamaniis qaboo yaa'ii qabatanii dubbicha mirkaneeffatan. Gargaarsis yoo argame Oromummaa isaanitiin qofa. Namoonni 800 ta'anis qaboo yaa'icha irratti mallatteessanii biiroo mootummaa maratti akka raabsamu godhan.

Ziyaad Baarreenis dhimmacha dhageeyee rifatee qalbiin isa cabdee jennaan itti aanaa fi ajejaa waraana biyyattii kan ta'e Jeneraal Muhaammad Alii Sabattar yaamee, "Yoo addunyaan Oromoo maqaa Oromootiin beeke fi gargaarsis maqaa isaanitiin yoo ta'e, mana keenya diignee mana ormaa hin ijaarru. Ummanni keenya kan Somaalee kun

dhibbarraa harki torbaatamni Oromoo waan ta'eef maqaa kana haa cabsinu." Jedhee ajaje.

Jeneraal Muhaammad Alii Sabattaris namoonni qabo yaa'iin walii mallatteessan galma hoteela Shirkiloofiyaatti walga'iif akka argaman yaamicha dabarse.

Haaluma yaamicha ajaja fakkaatu sanaatinis baqattoonni Oromoo lakkoofsi isaanii 800 ta'u Moqaadishoo galma hoteelichaatti 5:00tti argamanuun sakatta'ama daddarbaan guutameenis gara galmaatti galchan.Waraanni Somaaliiyaas hoteelicha marsuun of eeggannoon dhaabbate.

Muhaammad Sabattaris sa'aa walga'ichi yaamame 2:00 dabarsuun walga'icha gaggeessuf teessoo qabate.Waltajjichas nagaa gaafachuun osoo hin taane arii, dallansuu fi tuffii baqattoota Oromoof qabu bifa ibsuun itti halaakuu eegale.Yeroo waan hin qabneefis dhimma isaanii Huseen Bunee akka dhiyeessuf ajaje.Jeneraal Huseen Bunees afaan Somaalee akka afaan Oromootti waan hin beeknef turjumaanni akka isaaf ramadamu gaafate.

Yona Aadam Warfaabi yaamamee turjumaani jedhame. Huseen Bunee garuu, namni kun ni sodaata, garaa laafas waan ta'eef waan ati jettu guutuu natti hin himu,waanan ani jedhus guutuu sitti hin himuutii Siraaj Haji Isaaq nuuf wayya jedheen. Jeneraal Muhaammad Alii Sabattaris ega yoomii jalqabee baqattoonni walga'icha hirmaatan Oromoo akka ta'an Huseen Bunee gaafate.Duraanis Somaalee Aabbootiin waan isaan beekaniif biyyi isaanii isaan akka turtes itti hime.Huseen Bunees dabaree isaa eegee isaan maqaa Oromoo jedhu yoomii jalqabee akka dhaga'e Jeneraal gaafate.

Jeneraan Muhaammad Alii Sabattaris bara 1962 irraa jalqabeeti akka ta'e dallansuu fi tuffiin deebiseef. Huseen Bunees Somaaliiyaan akka biyyaatti sanaan dura waan hin turreef dhagayuu akka dhabanii fi Oromoon garuu kan gaafas dhalate osoo hin taane uumaa durii akka ta'e aarin urgufamaa itti hime.Walga'ichis ega dhumeen booda, Huseen Bunee halkan sa'aa 8:00 waraanni Somaaaliyaa fuudhee mana hidhaa lafa jalaatti darbe.

Kaayyoon mootummaa Somaalee maqaa Somaalee Aabbootiin lafa babal'ifachuu barbaachaf ture. Karoora kanas milkeessuun kan danda'amuuf dhaabbata maqaa Oromootin socho'u diigee kan Somaalee hundeessuu akka ta'e ni beeka ture.

Booddes Huseen Bunee mana hidhaatii fuudhanii masaraa pirezidaantii Ziyaad Baarree geessan. Ziyaad Barreenis gareen Huseen Bunee Somaalee Aabbootiin yoo qabsaa'e mana, konkolaataa fi mindaan umrii guutuu akka kennamuuf itti hime. Kaayyoo kana jalattis hiriiruf hiriyoonni isaa walii galuu isaanii ibseef. Huseen Bunees lafaa fi ummata Oromoo gurguruuf akka hin qabsoofne diddaan itti hime.

Pirezidaant Muhaammad Ziyaad Barrees ejjannoo Huseen Bunee hubachuudhaan Shilingii Somaalee kuma soddoma kennisiisefii bilisaan gadi akka lakkifamu ajaje.

Huseen Bunees hidhaa waggaa sadii walakkaan booda bilisaa ba'ee qarshii kennameef fuudhatee gara buufata baqattootatti deebi'e.Maallaqichaanis nyaata fi dhugaatii baqattootaf bitaa deeggaraa tureera.

Sirni Dargii barbadaa'ee mootummaan ADWUI bara 1983 baatii Caamsaa keessa taayitaa yoo qabatu yaamicha godheen mootummaan Sudaan xiyyaaran Moqadishoo seenee Huseen Bunee, Waaqoo Guutuu,

Abdallaa Haaji Aliyyii, Siraaj Haaji Isaaq, Ahmad Teessoo fi Haaji Umar Muhaammad fuudhee Suudaan Kaartum qubatee Finfinnee seenananii hoteela Hiltanitti simannaan taasifameef. Mootummaan ADWUIs ji'oota lamaaf hoteelichatti waa'ee biyyaa ega mariisiisee booda bakka bu'oota uummataatti teessoo argatanii mootummaa cee'umsaa waliinis hojjechaa turan.

ABOn chaartarii mallatteessuu didee dhiitee gaafa ba'u, Huseen Buneen 'kaayyon qabsaa'aa turreef kanumaatii, seechi qabsoon qawween osoo hin taane kan nagayaati; biyya gadi dhiiftanii hin deeminaa. Nama biyya jirutu abbaa biyyaati. Namni ala jiru ammoo keessummaa dhaa lakkii,' jechuun gorsaa ture. Booddes godina Baalee aanaa Sawweenaa magaalaa Micaa bakka dhaloota isaatti bara 2001 deebi'ee galuun jiraachuu jalqabe.

Haadholii warraa torba fuudhun ijoollee dhiiraa 13, dubartii 6 ega horateen booda umrii isaa waggaa 104ffatti Gurraandhala 14, 2002 addunyaa tana irraa boqate.

Huseen Buneetii Jeneraalummaan biyya Somaaliiyaa magaalaa Moqaadishootti bakka baqattootni Oromoo fi kan biyyootii biro, akkasumas bakka abbootiin qabeenyaa Oromoo argamanitti dorgommiin gaggeeffamee filannoon isaaf kennameef. Guyyaa sanarraa eegalees Huseen taayitaa Jeneraalummaan yaamamuu ture.

22. Koloneel Galaan Urgeessaa

Koloneel Galaan Urgeessaa goota ilmaan Oromoo godina Shawaa Kibba Lixaa, aanaa Sadan Sooddoo; ganda Qashti Qonyee Jaateettii dhalate. Abbaan koloneel Galaan obboo Urgeessaa Waaqeen diinni biyyattitti waraana waan baneef bara 1928 Maaycawitti duulun aarsaa barbaachisu kaffalaniiru.

Sochiin obbo Urgeessaa Waaqee kunis ilma isaanii koloneelf kaka'umsaa fi barumsa guddaa ta'aa dhufe.Xaaliiyaaniin kutaalee biyyattii adda addaa keessa seenun waraana bantee weerara yoo raawwatu gootonni Sadan Sooddoos ga'ee isaanii ba'ataniiru.

Dajjaazmaach Gabra Maariyaam Gaarii, Kumalaa Baqqalaa wayyaa, Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa fi obboo Urgeessa Waaqees bakka bakkaa wal-waamuun bara 1929 bakka ammaa naannoo Sabaa fi Sablammoota Uummattoota Kibbaa taate; aanaa Bu'ii, laga Gogeettitti diina irratti waraana banan.

Dirree waraanaa kana irratti humni diinaa baay'ee ta'us gootonni kanneen akka ta'utti urgufanii ittiin tabatan. Waraanni dheeraa fi hamaan ega gaggeeffameen booda Dajjaazmaach Gabra Maariyaam Gaarii du'aan wareegaman.

Yeroo kanas humni goototaa kanneenii xiqqoo waan tureef, namoota biroo dabalachuuf bakka dhaloota isaa kan aanaa Sadan Sooddoo ganda Qashtiitti deebi'uun kakaasii taasisan. Kakaasii kanaanis koloneel Galaan Urgeessaa, obboo Roobalee Guddaata, obboo Birraatu Guddaataa, obboo Buxuree Awaash fi ilman isaanii fi namoota biroos dabalatanii sochiin itti fufan.

Humni diinas baandaan deeggaramee waan biyya keessa bareef Gogeettii irraa gara Yimar Ambaa yemmuu ga'an, gareen koloneel Galaanis diinarratti dhukaasa banuun meeshaa waraanaa irraa guurrate. Diinnis dubbichi si'a sana akka hin milkoofnef ofirratti baree duubatti deebi'ee human cimsatee waraana finiinse.

Yeroo kanas waraanni humna kuufatee deebi'e waan itti cimeef gareen koloneel Galaan Urgeessaa, kanneen akka Shaalaqaa Baqqalaa Wayyaa fi Qanyaazmaach Bayyanaa Guddataa waliin ta'uun gara Agamjaay; kan amma aanaa Tolee jedhamtutti dhufuun uummata naannoo sanaa of duukaa hiriirsisan.Yeroo sanas waraannii Dajjaazmaach Garasuu Dhukii haalaan qindaa'ee waaraanichatti makame.

Humni goototaas erga qindaa'een booda baddaa Qeerrotti loltoota diinaa waliin waraana banuun aarsaa guddaa kaffalan. Waraana obsa fixachiisaa fi akka ibiddaa laboobu kan sa'aa 4:00 fudhatee gaggeessaniin booda diiinni meeshaa waraanaa gatee ofii baqachuu jalqabe. Baandotaa fi Xaaliyaanota hedduutus dhume. Humna waraana goototaa keessayis Shaalaqaa Baqalaa Wayyaan madaa'uu isaanitiin aanaa Toleettii deebi'an

Humni diinaa baandan deeggaramus, garee gootota Oromoo Sadeen Sooddoo Toleettii human dabalataa barbaacha deebi'u hordufuun Gee'too; iddoo Murannaa jedhamuttii waraana itti banan. Gareen koloneel Galaan Urgees dhukaasa irratti baname qolatee ..diina bittiineessuun meeshaa waraanaa booji'uun gara Agamjaay deemuu jalqaban. Waraannii diinaa jeneraal Raaliin hooganamus naannoo Ammayyaa fi Cittuuttii irra deebin duursee riphee iddoo qabachuun gootota eeggachuu jalqabe. Warana kana irrattis humni garee koloneel wan midhameef gara Jilbaatatti karaa jalqabe.

Goototiin Oromoo biyyaaf qabsaa'an dirreewwan waraanaa hedduutti humnaa fi meeshaa ammayyaa ga'aa malee diinan wal waraananii mirgaan galaniiru. Diinni garuu irraa hin ciifnetii Haroo Wanciittis eeggatee waraana ittii bane. Waraanni baname kunis guyyaa sadiif erga taasifameen booda humni garee goototaa harkaa xiqqaataa dhufe.

Humna xiqqaate kana cimsachuufis gara Sadan Sooddotti deebi'uun dirqama itti ta'e.Koloneel Galaanis Sadan Sooddoo, ganda Qashti deebi'uun uummata naannoo sanaa gurmeessee erga cimseen booda Qanyaazmaach Bayyanaa Guddaata fi kanneen biroo waliin ta'uun bakka keello jedhamutti diina irratti waraana cimaa banana..

Bakka kanattis humni garee lachuu miidhamus, gareen diinaa baay'inaa waan qabuuf waraanichi bakka wal-buusun itti fufe. Waraana kanarrattis ilmii Qanyaazmaach Bayyanaa Guddaataa yemmuu wareegamu Qanyaazmaach Bayyanaa Guddaataa ammo madaa'aniiru. Ammas humni waraana garee koloneel waan haphateef koloneel Galaan gara Xadaalaa deemuun namoota bebbeekamoo kanneen akka Kadiraa Mootii dabalachuun, aanaa Leemman bakka koosoo jedhamtuttii diinan waliin waraana human diinaa burkuteesse taasisan.

Bayyanaa Guddaataas dirree waraanichaarratti wareegamee aarsaa lubbuu kanfale. Wayita goonnii kun wareegamus gareen koloneel Galaan Urgeessaa baay'ee gadduun mallis harkaa bade.Yeroo kanatti diinni human dabalataa yaammachuunis abbaa koloneel Galaan obboo Urgeessaa Waaqee jalaa wareege.

Koloneen Galaan Urgeessaa abbaa isaa du'aan dhabus kaayyoo isaa milkeessuuf caalmatti xiiqii guddaan Shaalaqaa Baqalaa wayyaa waliin ta'uun gara Goda Duulaa deeman. Waraannii Dajjaazmaach Garasuu Dhukiis harkaa bittinnaa'ee waan tureef Goda Duulaa dhaquun dhimma isaanii waliin mari'atan.

Marii isaanii kanaanis humana waraana cimsachuuf osoo socho'aa jiranuu, diinni odeeffanno argatee baddaa Qeerrotti eeggatee dhukaasa itti bane. Gareen koloneelis lakkoofsaan baay'ee xiqqoo ta'us humna diinaa bittinsuun keessa ba'ee aanaa Ammayyaa ga'e. Koloneel faanti harka hin laannun rasaasan falmataa osoo jiran waraanni Fitawraarii Mardaasaa Gadaan hooganamu deeggarsa laachuf isaanii dhaqbee kallatti bitaa yoo qabatu, garee Dazzaazmaach Garasuu Dhukii ammoo kallatti mirgaan qinda'un waraana diinaa duukaa bu'anii xiichuu eegalan

Waraana guyyaa dheeraa fi xiiqii fixachiisaa ega gaggessaniin booda humni diinaa dadhabee kaan yoo baqatee badu kaan ammo du'aniiru. Loltootni diinaa 6 fi ajajaan waraanaa diinaa Jenaraal Roolii wallaansoo qabuun hudhanii ajjeesaniiru.

Loltoota diinaa hafanii fi meeshaa waraanaa booji'uun to'aanna jala ega oolchaniin booda sochiin waraanaa finiinee gaggeeffamuu itti fufe. Injifannoo argame keessattis koloneel Galaan Urgeessaa Waaqee ga'ee olaanaa tabateera. Waraana kana irratti madaa'etis ergama gootota oromoo olaantummaan ba'uu danda'era. Rukutamee madaa'uu isaatinis gara Sadan Sooddoo ganda Qashtii Qonyeetti deebi'uun akka bayyanatu taasisame.

Abbaan koloneel Galan obbo Urgeessa Waaqeen waraana keessatti yemmuu rukutamu otoo lubbuun isaa hin darbiin dura Shaalaqaa Baqqalaa wayyaa ofitti waamuun ilma isaa koloneel Galan harka qabee imaanaan itti kenneet ture.

Shaalaqaa Baqqalaa wayyaas seenaa koloneel Galaan Urgeessa fi kan abbaa isaa kan Urgeessaa Waaqee mootii Hayila Sillaaseetti seenaa waliin hojjetan itti hime.

Mootii Hayila Sillaaseenis koloneel Galaan Urgeessaa kutaa kiburzabanyaa keessatti akka baratu eeyyameef. Haata'uutii kutaa barnootaa kana keessa sochiin waljibbiinsaa fi qoodinsa sabaa fi sablammoota jidduutti jiru wan itti hin tolleef barnoota kennameef dhiisee gara Sadan Sooddottii deebi'e.

Shaalaqaa Baqqalaa wayyaanis dhimma koloneelitti hin tolle hubatee mootii Hayilasillaasetti hime. Mootiichis rakkoo jiru hubatee koloneel Galan miseensa kutaa loltuu kiburzabanyaatti deebisan.

Bara 1943 koloneel Galaani fi loltoonni Itiyoophiyaa duula kooriyaa irratti akka hirmaatan yoo taasifamu injifannoo boonsaa galmeessuu danga'aniiru.

Injifannoon kunis maqaa Itoophiyaa ija addunyaa fulduratti waamsisuu danda'eera.Injifannoo argamsiisaniifis badhaasa gootummaa bara sanaa fudhateera. Gootichi Oromoo Sadan Sooddoo kunis turtiiwaraanaa waggaa tokkoo fi walakkaaf Kooriyaatti dabarseen booda waan rukutamee madaa'ef gara biyyaatt akka deebi'u taasifame.Waggaa tokkoon booda 1947 hojii siyaasaa akka hojjetu yeroo 2ffaaf Kooriyaatti ergame.

Waggaa tokkoof ergamaa fi dirqama kennameef ega xumureen booda 1948 gara biyyatti deebi'e kutaa loltummaa kiburzabanyaa keessatti tajaajilaa osoo jiruu warraaqsa janeral Mangistuu Nuwaay keessa jirta jedhamuun waggoota sadiif mana hidhaatti darbame. Mana hidhaatii ega ba'een booda waggoota afuriif hidhaan dhaabbii ittii murta'e. Mootin Hayila Sillaasee namoota biroof dhiifama yoo taasisu koloneel Galanif garuu dhiifama taasisuu dide. Koloneel Galaan loltummaa keessa ba'ee toora dhaloota isaa Sadan Sooddotti deebi'ee jiraachuu eegale.

Bara 1957 mootin Hayila Sillaasee daandii Alamganaa hanga Walaayittaa akka ijaarramuuf dhakaa bu'uuraa kaa'u fi bakka gootonnii waraana Xaaliiyaanii itti injifatan daawwachuuf gara aanaa Qarsaa magaalaa Leemman dhaqu waamichi waan taasisameef koloneel Galaan sirna kana irrattii argamuun seenaa gootonnii dabarsan hunda kaasun yoo ibsu mootiin Hayila Sillaasee dabalatee namoonnii sirnicha irratti argaman marti bay'ee dinqisiifatanii yaadan dirree waraanaa sana suuraa isaa sammuu keessatti kaasuu jalqaban. Hayila Sillaaseenis seenaa gootiichi keessa darbe erga hubateen booda koloneel Galaan Urgeessaf dhiifama siif godheera jechuun gara kutaa hojii loltummaatti akka deebi'u taasifame.

Bara 1958 koloneel Galaan humna dafee dhaqabaa ta'uun gara Eertiraatti argame. Bara sanas gaggeessaa garee fincilaa kan ta'e Amaddiin Nahim kutaa Eertiraa buufata doonii Asab of jala oolchuun qabeenya yoo saamu waraana irratti banuun Dankal Marsaa Faaxumaa iddoo jedhamutti barbadeessee injifannoo gonfate. Hojii kanaanis Hayila Sillaaseen gammadee ajajaa kumaa irraa gara koloneelummaatti akka guddatu taasise.

Boodas ajajaa olaanaa Humna waraana Ertira ta'uun akka hojjetu taasisuun muudame. Hojii kanaanis hanga bara 1967tti kutaalee biyyatii keessatti hojjetaa turuun bara 1969ttii soorama ba'ee bakka dhaloota isaa aanaa Sadan Sooddotti deebi'uun hanga bara 2002tti jiraachuun danda'ee jira. (Ragaa Waajjira Aada fi Turiizimii aanaa Sadan Sooddorraa argame)

23. Taayyee Tafarraa Gumaa (1940 - 2000)

Obbo Taayyee Tafarraa, abbaa isaa Obbo Tafarraa Gumaa fi harmee isaa adde Caaltuu Birruu irraa, Onkololeessa 15, bara 1940 koonyaa Waajetii Suphee, aanaa Gimbii, Oromiyaa lixaa keessati dhalatee. Obbo Taayyeen obbolaa afur qabu. Isaaniis: obbo Birrasaa Tafarraa, obbo Gizaawu Taasisaa, aadde Tsahaay Taasisaa fi aadde Zawudituu Taasisaa faadha.

Barnoota sadarkaa tokkoffaa mana barnoota Harrojjii Agamsaatti jalqabee kan sadarkaa lammaffaa ammoo Aqaaqii Adveentistiitti bara 1960 xumureera.Barnoota olaanaa ega xumureen booda ministeera Misooma Hawaasummaa, hospitaala Zawdituu, John Hansan fi kaampaanii faarmaasii Kosfeld keessatti hojjetaa ture. Yunvarsiitii Finfinnees seenun 1962 barnoota hojii hawaasummaan diploman ebifameera.

Mana barnoota ol'aanaa yeroo turettis cunqursaa mootummaan yeroo sanaa geessisaa ture hubachuun bara 1960 Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti miseensa ta'e maxxansoota mormii raabsaa fi deeggaraa tureera.Sababii kanaanis humnootii nagaa eegsisaniin qabamee hidhaatti darbame.

Bara 1963 akkuma mana hidhaatii baheen biyyaa baqatee guyyaa saddet milaan deemee Sudaan seenun hanga bara 1964tti akka baqataatti jiraataa ega tureen booda Yunivarsiitii Khartuum barnootaf seenee bara 1964 sochiin Paan Afrikaaan waan jalqabameef miseensa ta'ee warraaqsa siyaasaa itti fufe.Dubbiin kunis mootummaa Sudaan itti kaase.Dubbiin waan cimeefis jecha gara biyya Bulgaariyaatti kooluu gale.Mootummaan biyyattiis Itiyoophiyaan michuu waan tureef Sudaanitti deebisee isa gate .Sudaanis Kaayirootti .Gibts ammoo gara

Sooriyaatti.Sooriyaan ammoo Swiidin galuu danda'e.Swiidinii ammo Barliin seenee jiraachuu jalqabe.

Afaan Jarmanii erga baratee boodas bara 1965-1966 Kronee fi Albreeck KG keessatti hojii qabatee of deeggaraa turuun bara 1967 Yunvarsity Ameerikaa Meerilaand Barliin seenee Kriiminoolojii ykn qorannoo yakkaa fi seeraa barate. Manuma barnootaa sana keessattis haadha warraa isaa aadde Atsteer Gammadaa wajjin bultii ijaarratanii waliin jireenya jalqaban. Barliin guyyaa seenee jalqabee beekumsa, maallaqaa fi lubbuu isaa osoo hin mararfatin walqixxummaa fi mirga Oromoof hojjetaa ture. Dhaabbileen Oromootis ta'e kanneen biyyootii biros waa'ee Itiyoophiyaa keessa jiru beeksisuufis ciminaan hojjetaa tureera.

1966 hamma 1968 obbo Taayyeen hammina mootummaa abbaa irree Dargii saaxiluuf sochii barattoota Itiyoophiyaa waliin hojjechaa tureera.Bara 1969 keessa warra Tokkummaa Barattoota Oromoo Awrooppaa(TBOA) dhaaban keessaa obbo Taayyeen tokko ture. Akka miseensa TBOAttis Adda Bilisummaa Oromoo kan mootuumma Dargiin lolaa ture, deggeeraa fi waliin hojjechaa tureera:

Warraaqsa Paan Afrikaa kan hundeessan keessayis obbo Taayyen isa tokko turan. Bara 1970s aadde Briggitte, Akseel Klaapoz, Dr. Toomaas Ziittelmaan fi kan biroo waliin "Oromo Human rights organization" hundeessanii deeggarsa barbaachisaa ta'e maras taasisaa turan.

Bara 1971 waldaan Gargaarsa Oromoo (ORA) Khaartuum keessatti yeroo hundeeffamu deeggaraas waliin hojjechaas ture.Oromoonni manneen hidhaa keessa turan; Qees Guddinaa Tumsaa, aadde Tsahaayi Tolasaa fi Na'imat Iisaa akka hiikaman gaafacha turan. Mootummaan Dargiis dubbichi waan walitti dhufeenya biyyootii waliin qabu jalaa balleessuu danda'eef jecha Bitootessa 21 bara 1974 obbo Taayyee fi Dr. Gunnar Hasselblat; namoota mirga Oromoof keessumaayyuu

baqattootaaf falmaan ajjeesisuuf koomaandoo ajjeechaa namaan leenji'an magaalaa Barliinitti itti erge.

Jarreen kanneenis mana Taayyeefaa bira shugguxii sagalee ukkaamsituu qabdu hidhatanii eegan. Obbo Taayyenis ijoollee isaa waliin waan tureef jarreen ajjeechaf ergaman daa'immaniif na'anii ajjeechaa sana dhiisanii beellamni bariituf qabameef.Bariitus ga'ee Taayyen iddoo hojii isaanitti boombiin ajjeeffamuuf itti murtaa'ee sa'aan eeggamte.Tasa boombinis harkaa dhooftee dubbiin ajjeechaa garagaltii ta'ee tokko du'ee inni biro ammo ijaa bade.

1976 Taayyeen geggessitoota TBOA ; Makuriyaa Bulchaa, Asteer Gammadaa, Tasfaayee Alamuu, Fissahaa Gannatii fi Kuulanii Guddinaa waliin ayyaana hundeeffama TBOA waggaa kurnaaffa Qopheesan. Ayyaanicharrattis maallaqni deeggarsaa walitti qabamee lammiilee Somaaliiyaa, Sudaan fi Itiyophiyaa keessatti beelaan gaaga'amaniif karaa ORA ergan.

Bara 1976/1977 TBOAn Caayaa ABO waan ta'eef obbo Taayyeen Oromoota hundumaa waliin hariiroo cimaadhaan hojjetee qabsoon Oromoo akka jabaatu ga'ee guddaa tatafachaa turera.Akka miseensa Adda Bilisumma Oromoottis sagalee bilisumma Oromoon (SBO) hojii isaa erga jalqabe kaasee beeksisaa ture. Gargaarsa mootummaa Magaalaa Barliin fi Barliinar Miishinswarkiin Oromoo Hoorn oof Afrikaa Seentar Barliin keessatti dhaabe. Waltajjiin kunis wagga 20 oliif bakka itti baqattootni da'oo fi gorsa argatan ta'ee tajaajilaa tureera. Bara 1981 Kaaffee Olyaanaa Oromo Alii Ahmad ykn Alii Olyaanaa irra fuudhee bakka namoonni biyyoota adda addaa itti wal arganii mari'atan uumera.

Bara 1982 jibbiinsi baqattoota fi gurraachotarra qaqqabu manneen barnootaa fi biyyattiitti hammaataa waan dhufeef bara 1987 kaasee irra

deemee barsiisun ga'ee isaa ba'achaa turcera.Bara 1990 jalqabees wiirtuu leenjii polisii keessatti hojjechaa turcera.

Bara 1996/7 miseensa koree gaggessituu Baqattoota fi miseensa koree Afrika ture. Dhuma Gurraandhal 2000 dhukkubsatee Bitootessa keessa hospitaala seenee yaalamaa ture. Eblaa keessas bara 2000 addunyaa tanarraa du'aan boqote. (Jaarsolii Gimbiirraa odeeffannoo argameen kan barreeffame)

24. Guddinaa Tumsaa

Guddinaan bara 1929 Dhiha Wallaggaa Bojjiitti dhalatan. Buufata Ergamoota Wangeelaa sana keessa osoo jiranuu, durbee takkaan wal baru. Haadha warraa isaanii aadde Tsahaay Tolasaadhan.Lameen seenaa wal-fakkaatu qabu.

Tsahaay abbaa ishee obbo Tolasaa Boruu fi harmee ishee aadde Do'ii Qinaaxxii irraa bara 1923 naannoo magaalaa Naqamteetti dhalattee jireenya ishee keessatti gidiraa gurguddaa dabarsuu kan eegalte ijoollummaa ishee irraa jalqabdee turte.

Abbaan ishee obbo Tolasaa Boruu waraana Xaaliiyaaniif dirqisiifamee utuu hojjetuu summii nyaachifamee yeroo jalaa du'ee kaasee jireenyi maatii isaanii balaa irra bu'e. Haati Tsahaay ijoollee ishee hundaaf akka abbaa fi haadhaa taatee yeroo murtaa'eef isaan guddistullee, dhukkuba daddarbaa yeroo sana ganda isaanii weerarec—taayfasiidhaan—Tsahaay mucaa waggaa 8 taatee utuu jirtuu ijoollee ishee bakkeetti dhiiftee jalaa duute. Yeroo kanarraa eegalees gargaarsa ergamoonni Wangeelaa Siwidin ishee fi obbolcessa isheef taasisaniin doormii mana barumsaa waldichaa seenanii barnoota ishee hanga kutaa 6ffaatti barachuu dandeesse. Boodas mana hidhaa keessa utuu jirtuu barumsa ishee itti fuftee kutaa 12^{ffaa} xumurteetti.

Barreessaa walii galaa Waldaa Makaana Yesuus Itoophiyaa kan ture, Guddinaa Tumsaa deddeebi'ee hidhamuu fi gidirfamuun isaa, haadha warraa isaa Tsahaay Tolasaaf qorumsa guddaa ture. Dhuma irratti, Adoolessa 28, bara 1971 Waldaa Makaana Yesuus Uuraa'elitti, sagantaa qo'annaa Macaafa Qulqulluu irratti tajaajilee erga raawwatee booda, aadde Tsahaay wajjin gara manaatti deebi'aa utuu jiranii, humna waraanaa mootummaa Dargiin butamee fudhatameera.

Guyyaa kanaa eegalee maatii isaa ijaan osoo hin argin waggoota 13 booda, mootummaa Dargiidhaan akka ajjeefame baramee. Reeffi isaas bakka itti awwaalamee baafamee, Waxabajji 27 bara 1984 kabajaan awwaalameera. Taateen kun, aadde Tsahaay Tolasaa fi ijoollee ishee hundaaf akka malee ulfaataa ta'ee darbeera.(Kitaaba "**የቄስ ገዲና ዙምሳ ሕይወትና አገልግሎት**" 2001 maxxanfamerraa fudhatame)

Lubni Guddinaa amantii isaaf wareegamee ji'oota ja'aan booda, Guraandhala 2, 1972, humni waraanaa Dargii Tsahaay Tolasaa qabee mana hidhaa galche. Abbaa fi haadha malee kan hafan ijoolleen isaanii, ni bittinna'an. Filannoo biraa waan hin qabneef, isaan biyyoota adda addaatti imalanii jiraachuuf dirqaman. Guyyaa sanaa eegaltees mana hidhaa sana keessatti waggoota kudhan guutuu, dararama suukaneessaa dabarsite.

Guddinaa Tumsaa bara 1971 loltoota Dargiin gaafa qabamu, akka isa hin ajjeesnef jecha pireezidaantii Feedereeshinii Luutaraanii Addunyaa kan turan Joosiyaah Kibiiraa, Oberkiirchenraat Kraawus waliin pireezidaantii Taanzaaniyaa yeroo sanaa kan turan Nyeereeree deeggarsa gaafachuu deemaniit tura Nyeereerenis akka miliqee hidhaatii ba'uuf haala mijeessefiit ture.Guddinaan garuu fedhii mana hidhaatii miliqee ba'uu akka hin qabne ibse.Ajjeechan isaaf mirgi waaqeffachuu biyyattii keessatti akka hin jirre ifaan kan muul'ise ture.

Guddinaan miseensa Waldaa Makaana Iyyasuus ta'ee amantaa Kiristaanummaa yeroo barsiisutti hawaasa hunda giddu galeessa godhateet osoo adda hin basin barsiisaa ture.Hacuuccaa abbootin lafaa geessisan,rakkoo siyaasaa,itti fayyadamoo ta'uu dhabuu diinagdee fi rakkoo hawaasummaa biyyattii keessatti tures falmaa barsiisaa ture.

Barnoota amantaa /Theological studies/ "Luther Theological Seminary" St. Pool; Ameerikaa deemun 1955-1958 baratee digrii jalqabaa fudhateera.Yeroo kanas; 1947-1960tti Dr. Maartiin Luutar Kiing, Jr kabajamuu mirga namaa, walqixxummaa sabaa,' fayyadamummaa hawaasummaa, qooddannaa diinagdee, hirmaannaa siyaasaa walqixaaf warraaqsa yeroo Ameerikaatti qabsiise waan tureef Guddinaan waan gaarii barachaa ture.

Haalli biyya isaa keessa tures waan walfakkaataa ta'eef. Warraaqsi Maartiin Luutaris bifa nagaan /"non-violent"/ gaggeeffamaa waan tureef Itiyoophiyaa keessattis qabsoo walfakkaataa gaggeessun bu'a qabeessa ta'uu hin oolun fudhate. Abbaa amantaas waan tureef namni akka ajjeesee ajjeefamus fedhii isaa hin turre. Ameerikaan garuu daandii faallaa ta'een ajjeechan kan itti babal'ate ta'ee bittaa jala kan turan gurraachonni Maartiin Luutar dabalatee ibidda warraaqsichaatin nyaataman. Guddinaan kanas argee qabsoon nagaa qabeessas ta'e dhukaasan kufuun akka jiru onneetti katabate.

Warraaqsa Itiyoophiyaa marsaa 2tti hiruun ni danda'ama.Inni jalqabaa warraaqsa siyaasaa bara 1966-1969 hamma yaalii fonqolcha Mangistuu Haylamaaram, yoo ta'u inni 2ffaan ammoo yaalii fonqolchaatii hamma aangorraa bu'u; bara 1983tti.

Qormaatonni Dargii muudatee tures Itiyoophiyaa gamtoomte uumuun Dargiif umrii dheeressuun aangorra tursiisuu ture.Rakkoo kanaafis fala kennuuf deebiin siyaasaa fi walitti dhufeenya Sooviyat Yuuniyan

cimsuun Itiyoophiyaanummaa dirqamaa fi Marksiizm-Leeniiniizm cimsuu ture.Adeemsi Dargii kunis battala mirgootii amantaa ukkaamsuu jalqabe.

Dargiin jalqaba aangotti gaafa dhufuu fi labsii 1966 baasenis mirga amantaa,walqixxummaa sabaa fi sablammootaa kabajee kabachiisuf, afaan sabootaaf qixa wabii dhaabbachuuf, Itiyoophiyaatti hunduu aadaa ofiin boonee akka jiraatuf hojjechuuf ture.

Bara 1967s yaadotii abdiin guuttamanii fi jijjiirrama fakkaataniin hawaasatti dhiyaachuu jalqabe. Hamma 1970ttis gaaffin sabummaa ukkaammamee dibamuuf dirqame. Dhimma kana kaasunis akka yakka guddaatti lakkaa'amuun itti fufe. Bara 1966-1971ttis Guddinaan waan biyya isaa keessatti ta'aa jirutti gaddaa fi mormaa tureera.

Bara 1967 Paastara gaafa ta'u 'olaantummaa fi gadi aantummaa' sabaa yaada jedhu cabsee hunduu waan fedhii isaa ta'uu akka danda'u kan muul'ise ture. Bara 1968 waraqaa qorannoo"Unbelief," ykn "jiraachuu waaqaa shakkuu" jedhu magaalaa Najjootti gaafa dhiyeessu Guddinaanakka Dargiin mormetti lakkaa'amee ija Dargii seenee ilkaan isaatin ciniinnamee nyaatamuuf barbaaddamuun itti fufe. Dargiin waa'en Sooshaalizimii hin galleef amantaan walitti bu'aa, mormii ofitti cimsaa dhufe.

Barnoonni inni mana amantaatti laatus akka mormii fi gaaffii sayaasaa kaasutti lakkaa'amee,maqaa fi ilaalchi Guddinaan abbaa amantummaarra darbee maqaa mormaa Dargiin barreeffame.Dhugumattis taanan Guddinaan waan biyyattii keessatti ta'aa jiru hubachuuni fi boori guyyaan biro ni dhufaan bakka ga'e maratti waa'ee walqixxummaa namaa labsaa tureera.

Kunis namoonni inni barsiise hubannoo akka qabaatan isaan gargaaree, gaaffii akka kaasan isaan taasiseera. Guddinaan afaan isaatii baases akka ejjennootti manni amantaa isaa siyaasa Dargiin gaggeessu akka hin fudhanne ibsaa tureera. Mangistuun garuu namni kamuu ejjennoo siyaasa isaa Sooshaalizimii inni gaggeessun ala akka ibsatu hin eeyyanne ture. Kanaaf Guddinaan mormaa siyaasatiin maqaan isaa qabame Qqqobii daangaa yeroo mootummaan kaa'es mormuun ;mirga namaa akka dhiibuttis lakkaa'aa ture. Ilaalchi kunis lubbuu isaa akka aarsaf kanfalu isa taasiseera.

Guddinaa Tumsaa, hojiin isaa inni guddaan amantaa barsiisuu ta'us, Maartiin Luutar Kiing Oromoo ta'uun qabsoon eenyummaa, walqixxummaa ummataa, fayyadamtummaa hawaasummaa fi diinagdee,mirgi ofiin of bilchuu fi siyaasaa karaa nagaa /"non-violent"/ ta'een akka Itiyoophiyaatti umamuuf goota qabsaa'ee ofii isaatifis ta'e maatii isaatif osoo hin jiraatin wareegame.

Tsahany Turtiin mana hidhaa keessatti dabarsite baay'ee hadhaawaa ture.Kutaa xiqqoo tokko keessatti namoota 62 waliin hidhamtee, taa'uu fi rafuu waan hin dandeenyeef, yeroo dheeraa dhaabbiidhaan dabarsiteetti. Achi keessatti hamma lafeen morma ishee cabutti gara jabina guddaadhaan reebamteetti. Waggaa fi ji'a tokkoof, walitti aansitee kutaa dukkanaa'aa qilleensi seenuu hin dandeenye keessatti hidhamuun ishee, ijji ishee hamma dhumaatti rakkina akka qabaatu taasiseera.

Miila ishee diriirfachuu hamma dadhabduttis lafeen ishee caccabeera. Reebichaa fi gidirfama sana irraa kan ka'e dhukkuba gurguddaaf saaxilamtee, mana yaalaa deemtee yaalamuuf garuu, carraa dhabdeetti.

Mana hidhaa sana keessatti, wanta irra ciistu kan argatte hidhamtee yeroo dheeraa booda waan ta'eef, yeroo dheeraa lafa dilallaa'aa irra

ciisteetti. Barreeffamoota lubni Guddinaan barreesse akka isaanitti kennitu, maallaqa qaban galii akka isaaniif taasiftu, namoota Guddinaan qunnamaa ture akka isaanitti himtuuf jecha, harka ishee dudduubatti hidhanii fannisanii reebaniiru Dargoonni.Rukkuttaa gurguddaa ishee irratti raawwatameeen kan ka'e, kaleewwan ishee miidhamaniiru.

Dhibee koleeraa fi daranyoo sombaan kan ka'ee, namoonni 900 ta'an yeroo du'an, heyyama addaa baafachuudhaan gara kutaa warra dhiiraa seentee, tajaajila fayyaa laachaa akka turte, namoonni dhukkuba kanaan qabaman hedduun dhugaa ba'aa turan. Akkasumas dubartoota qalbiin isaanii darbe ykn maraatan , mana hidhaa keessatti tajaajila addaa kennaafii turteetti.

Turtii ishee waggaa 10 keessatti, dubartoota ulfa ta'anii hidhamanii turan 57 deessifteetti, ijoollee xixiqqoo hedduu mana hidhaa keessatti dhalatanis guddisteetti. Gocha isheen gochaa turtee irraa ka'uudhaan, yeroo isheen walaba baatee hiikamtu, namoonni mana hidhaa keessatti hafanii fi poolisoonni mana hidhaa sanaa gadda guddaadhaan 'maaltu nu sooraan' boo'aniiru. Mana hidhaadhaatii erga baatee boodas bu'uura isheen lafa keesseen, hanga har'aatti tokkummaan obbolootaa ; "Prison Fellowship" jedhamu akka hundaa'uuf sababa taateetti.

Waggoota kurnan mana hidhaatti dararamaa turte keessatti, waa'ee abbaa warraa ishee isa ukkaamfamee fudhatamuun, achi buuteen isaa dhabame, waa'ee ijoollee ishee jalaa bittinna'anii—Kuulanii, Aster, Leensaa fi Amantii yaadda'aa turte. Guyyaa tokko mana hidhaa sana keessaa baatee, abbaa warraa ishee waliin akka wal agartus abdachaas turte.

Aadde Tashaay, kitaabashee bara 1980 keessa afaanota Awurooppaa Un maxxansiiftee baastetti. Kitaabni ba'e kunis namni amantaa fedhe hordofuu akka danda'us keessatti kaastetti.

Walumaa galatti, mana hidhaa keessa turtii waggoota kudhanii booda, Fulbaana 1981, haala nama ajaa'ibuun bilisaan gad dhiifamtee, gara manaatti deebiteetti.Abbaa warraa ishee Lubni Guddinaa Tumsaa deebitee ijaan arguuf carraa dhabdus, ijoollee ishee waliin garuu hamma lubbuun ishee dabartutti jiraachaa turteetti.

"Gudina Tumsa Foundation" jedhamu kan ijoollee isheen hoogganamuu yeroo hundeeffames hundeessitoota keessaa tokko ta'uudhaan shoora ol-aanaa taphatteetti. Gumaacha ol aanaa jaarmayaa kanaan saba isheef taasifame argitees itti gammaddeetti.

Gidiraa isheen amantaa isheef jettee fudhatte ,namoonni akka ishee seenaa wal fakkaataa qaban hedduu akka ta'an hin dagadhu.

25. Baaroo Tumsaa

Seenaan bara Minilik 2[ffaa], bara Hayilesillaasee fi Dargii nutu caalaa Nafxanyootatin alai maalummaa fi seenaan sablammoota kaanii haqamee kan isaanitiin bakka bu'ameera. Qabeenya isaanii malee ummatichas maqaa dhahuu hin barbaadan. Lafti isaanii irraa fudhatamee, aadaan isanii waanjoo jala gale; afaan isaanis tuffatamee dhiitameera. Biyya bulchuun nuuf kenname isinimmoo nujalatti bitamuudha; carraan keessani jechuun Waaqa wajjin walloluudha jechuun akka waan Oromoon Waaqa malee uumameetti sammuu nu hadoochaa turaniiru.

Itiyoophiyaan qomoo kanaan haabitamtuun seera Waaqarraa dhufe utuu ta'ee nutis warri lafattiirra jiraannu beekuu qabna turre. Haaluma wal fakkaatuun uummata Oromoo fi sab lammoota Itiyoophiyaa keessa jiraatan irra cunqursaa qaqqabu jibbuun bittootaafi miiltoosaanii wajjin wal falmuudhaan saba isaaniif jedhanii kan wareegaman hedduudha.

Baaroo Tumsaa Oromoota seenaan isaanii burjaaja'e keessaa isa tokko. Baaroo Tumsaa bara 1942 Lixa Oromiyaa godina Wallaga Lixaa naannoo Gimbii ganda Karkarroo jedhamtu keessatti abbaasaa obbo Tumsaa Silgaa fi harmee isaa aadde Naasisee Ciratoo jedhaman irraa dhalate.

Abbaa fi harmeen isaa walitti aanun du'aan irraa adda baanaan Baaroon obboloota isaa lamaan Raaheelii fi Nagaasaa Tumsaa wajjin mana duwwaa keessatti hafe. Yeroo sanatti obbolessi isaa Guddinaa Tumsaa hojiidhaan magaalaa Naqamtee keessa jiraachaa waan turaniif, kophummaa obbolessa isaanii jibbuudhaan dhaqanii bakka jiraatan magaalaa Naqamteetti gatiittiitti baatanii isa fidan. Baaroonis barumsa isaa sadarkaa tokkoffaa fi 2ffaa magaalaa Naqamteetti erga xumuree booda, barumsasa sadarkaa olaanaammoo Kolleejjii Waldaa Makaanee Yesuus Bishooftuutti xumureera.

Itti aansuudhaan Yuunivarsiitii Haayile Sillaasee 1[ffaa] jedhamuun beekamurraa ;yunvarsitii Finfinnee ammaa irraa barnoota Faarmaasiistiin digirii jalqabaa 1966[tti] fudhateera.

Itti fuufuudhanis Yunivarsiitichumarraa seeraan digiriisaa jaalqabaatin ebbifameera. Baaroon Yunivarsiitii keessatti barattoota jijjiirama barbaadan wajjin waliigaluudhaan sochii cimaa taasisaa ture.

Barattoota kutannoodhaan saba isaaniif qabsaa'aa turanis sadarkaa garaagaraatti ijaaraa ture. Ijoolleen Oromoo muummee barnoota addaa addaarratti ramadamtee barataa turtes akka biyyasheef hojjechuu qabdullee gurmeessaa ture. Bara 1964-1965[tti] Waldaa Yunivarsiitii Kolleejjii Finfinnee keessatti pireezedaantii ta'uudhaan dirqama lammummaa isaa ba'ataa tureera. Bara 1966 immoo Waldaa Waliigaltee Yunivarsiitii Finfinnee keessatti barreessaa ta'uudhan hojetaa ture.

Baroota Baaron yunvarsitii keessa turetti baay'inni barattoota Oromoo Yuunivarsii keessaa xiqqaatus, kanuma jiran wajjin wal arguudhaan mirga uummata Oromoo kabachiisuurratti maree taasisaa fi hogganaa tureera. Qabsoon barattoota Yunivarsiitiin jalqabame kun utuu hinturin ifatti ba'uudhaan namoota hedduu sochooseera.

Sochiin kunis kana qofaaf utuu hintaane, uummanni Oromoo akka inni mirgasaaf falmatuuf karaa saaqera. Baaroon itti fufuudhaan namoota paarlaamaa keessa hojjetan wajjin wal- argee mari'achuun warra akka Maammoo Mazammirfaa wajjin ta'uun Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa keessatti mormii fi wdalizimii baadiyyaa keessattis babal'isuun sochii warraaqsa bara 1966 keessa turerratti haala mijeessuun shoora olaanaa taphatera.

Finfinnee fi magaalota kan biroo keessatti yaada 'Lafti Qoteebulaaf' jedhu irratti dargaggoota hedduu gurmeessuudhaan bittaan nafxanyaa akka gabaabbatu taasisuu iratti gumaacha guddaa taasiseera.

Warraaqsi bara 1966 ka'e 'duula guddinaa' jedhu uumee, naannoo Oromiyaa keessatti fudhatama argateera. Fudhatama argachuusaatiif sababnisaa tokko Baaroo Tumsaa ture. Jijjiramni dhufes Oromoo qofaaf utuu hinta'iin, bittaa abbaa lafaa jala saboota turan hundaaf akka ture seenaan ni dhugoomsa. Dargiin booddee bu'aa qabsoo isaanii saamee fudhatus.

Baaroon bara 1966 barnoota isaa erga xumuree booda biiroo eegumsa fayyaatti miindefamee hojjechuu jalqabe. Waajjira kana keessa amma turetti loogii bara dheeraaf gita hojii sana keessaa ture qorachuudhaan hiikoo laatera. Haalli Baaroo fi garee hojjetoota kanaa namoonni itti hintolin Baaroo hojiirraa ariisisaniiru. Akka shororkeessituu addaattis fudhatamee tureera. Haata'u malee dabni irratti raawwate kun Baaroon qabsoo isaatti akka cimu isa taasise malee duubatti isa hin deebisne.

Yeroo mara mootummaan bara sanaa Oromoorrti miidhaa waan geessisuuf, walitti dhufanii akka mari'atan waan hinbarbadneef Waldaan Maccaa fi Tuulamaa akka cufamu taasisaniiru. Kun kan isa gaddisiise Baaroon ummanni Oromoo bakka maree akka hindhabneef

'Waldaa Dhaaba Dhidheessaa' jedhu uume. Mul'anni Baaroo keessaa finiinaa ture boqonnaa waan isaaf hin laanneef, yoo isaan karaa tokko cufan inni ammoo karaa biraan mala dhaha malee sodaachisoon nama jilbiinfatu hin ture.

Baaroo Tumsaa sochii hedduu taasise cinatti bara 1964 aadde Warqinash Bultoo wajjin bultii ijaarrate. Aadde Warqinash Bultoo obboleettii Jeneraal Demisee Bultoo yommuu ta'an, abbaan isaanii obbo Bultoo Ejersaa ammoo Waldaa Maccaafi Tuulamaa keessatti miseensa turani. Cidhi Baaroo Tumsaa Oromoota sadarkaa hojii adda addaa irra jiran bakka argamanitti haala ho'aadhaan waan gaggeeffameef diina isaanii biratti akka sochii siyaasaatti fudhatameet ture. Dargaggeessi lammiisaatiif akka guddaatti inaaffaa, garbummaa unkuteessuuf kutatee ka'e kun tarkaanfii diinaa cimsee, sochii bara 1966 ka'ee booddee innis karaattti ittiin hafeef gumaacha guddaa taasiseera.

"The Oromo Voice Against Tyranny Document 1971" mata-duree jedhuun barreeffamee garee hojjetoota isaa wajjin namoota hedduuf akka ga'u taasiseera. Barreeffamni kun gara afaan Amaaraattillee hiikamee dubbifamaa ture. Kan inni barruu kana raabsaa tureefimmoo waan Waldaan Maccaafi Tuulamaa cufameef Oromoota jajjabeessuuf qofaa utuu hin taane, baroota dheeraadhaaf cunqursaa fi dabaa Oromoorra ga'aa ture kan of keessatti qabatee ture. Dararfamaa fi cunqursaa turees ittiin bariisaa ture.

Baaroo Tumsaan bara 1972[tti] afaan Oromoo akka qubee laatiiniin barreeffamuuf Hayilee Fidaa wajjin qo'atanii gaazeexaa Bariisadhaan akka maxxanfamu taasisaniiru. Mootummaan Dargiis shakkiin ilaalee gaazexicha ministeera beeksisaa jala galchuun to'anna cimaan akka irratti taasifamu godhe. Qubee Afaan Oromoo har'a Oromoon itti fayyadamu Baaroo Tumsaafi Hayilee Fidaan akka jalqabame seenan

isaanii ni dubbata. Bara 1973 qabsoon Oromoo akka inni sadarkaa olaanaarra ga'uuf kaayyoo bal'aa baasuudhaan wiirtuu Qaama Qindoominaa ykn "Central Coordinating Body" dhaaba jedhu hundeessuuis socho'aa tureera. Dhaabni kunis turee dhaaba Adda Bilisummaa Oromootti jijjiirameera.

Bara 1974 daba mootummaan Hayile Sillaasee fi jaleen isaa uummaata irratti geessisaa turan qaamni qoratu yoo hundaa'u, Baaron miseensa ta'ee akka hojjetu erga taasifameen booda namoota Oromoo hinta'iiin rakkoo keessa galeera. Rakkoo isaan hammeenyan boolla qotanii Baaroo itti awwaaluf deemanis Dargiin nyaatamee karaatti hafe.

Baaron dhaabbata siyaasaa bara sana keessatti hundeeffaman hunda dhiisee saba bara mootummaa Haayilesillaasee cunqrsaan irra ga'aa ture hundaa kan ofitti hammatu dhaaba Wala'ansoo saba balla'a cunqurfamtoota Itiyoophiyaa ykn 'Ye'Itoophiyaa Ciqunooch Abiyootawwii Tigil' jedhu hundeesse. Dhaabni kunis Oromoo fi sabaafi sablammoota cunqurfamtoota biyyattii kan ofkeessatti haammate ture.

Dargiin jabaachaa deemee oftuulummaa isaa dabalaa deemun dhaaba 'EMALEDHI" jdhamu diiguutti kaanaan Oromoonni baay'een gara qabsootti seenuu jalqaban. 1974tti hundaa'ee Baha Oromiyaa keessatti soch'aa kan ture "Bilisummaa Oromoo"n qabsaa'ota hedduu horachuu danda'ee ture. Baaroonis qabsoo kanatti seeenuudhaan gara bahaatti deemee geggeessummaan hojjetaa utuu jiruu bara 1977tti lubbuunsaa darbe. Dargaggeessi umurii isaa 35tti diinaan ajjeeffame kuni Oromoon qabsoo taasisu caalman xiiqin akka itti fufan taasise.

Akkaatua du'asaa odeeffannoo argachuu hin dandeenye. Haata'u malee, yeroo sana warren geggeessummaarra turan ejjennoo dhabuu isaaniirraan kan ka'e Oromoo qaancssaniiru. Kaayyoo innii fi kan isa

fakkaatan itti wareegamaniif xiyyeeffannoo guddaa hin kennineef fakkaatu. Har'a sammuufi dandeettiin uummata Oromoo yeroo kam irrayyuu caalaa guddachaa jira. Dargaggoonni Baaroo Tumsaa bakka bu'an Oromiyaa keessaa biqilanii jiru.Dhiigni Baaroo Tumsaa, Guddinaa Tumsaa, Magarsaa Barii, Jaagamaa Badhaanee fi kan goototota Oromoo hedduu bilisummaa fi dagaaginaan Oromiyaaf xaa'oo ta'eera.

Qabsoo Oromoo keessatti nama cimaa; Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessattis geggeessummaan hojjetaa utuu jiru, mootummaan Hayile Sillaasee hidhe, rukkuttaan gidirsaa, lubbuun isaa Waxabajjii bara 1962 umurii isaa 58tti du'aan boqateera. Obbo Hayile Maariyaam Gammadaa mana hidhaa keessa yoo jiran waa'ee hiriyoota fi qabsoo Oromoo yoo dubbatan, "Ani kanaan booda fayyee isinii wajjin jiraachuu akkan hin dandeenye beeka; garuu kun ergaakoo isa xumuraati jechuun dubbtan.

Jechi Maccaafi Tuulamaa jedhu akka 'Bofa garaa namaa keessa galeeti; nuuf bofti sun ba'us ba'uu dhiisus summiisaa waan facaaseef, summiin sun nama keessaa ba'uu hindanda'u; nutis akkuma kana. Inni nukeessa seene kun, nukeessaa ba'uu hindanda'u; qabsoon nuti amma jalqabne kunimmoo dhala dhala keenyaan bakka ga'a malee karaatti hin hafu." jedhanii torban kana dubbatanitti lubbuun isaanii darbite. Har'a Oromoon abbaa biyyaa ta'ee akka jiraatuf dhiigni ilmaan Oromoo seenaa barreessera.

Dhaabbilee mootummaan Haylasillaasee gaafa kufu fedhii Dargiin hundaa'anii biyya sochoosaa turan 5 (maqaan bal'inaan ittiin beekaman; MEISON, WAZLIG, ICAT, MALERID fi SADAD) keessaakan Baaroo Tumsaa ICAT; "Qabsoo Warraaqsa Cunqurfamoo Itiyoophiyaa" isa tokko.

Baaronis Amajjii bara 1969 dhaabbaticha hundeessee nama hoogganaa ture.Jalqabarratti maqaan dhaabbata siyaasaa isaa;"Paartii Warraaqsa Cunqurfamoo Itiyoophiyaa" ture. Haata'uutii warraaqsa hawaasummaa warreen sochoosan keessaa dhaabbanni kamuu paartii ta'ee socho'uu waan hin dandeenyef gara qabsootti gara "Qabsoo Warraaqsa Cunqurfamoo Itiyoophiyaa"tti geeddaree socho'uu jalqabe. Fiqrasillaasee Wagdarras (2006:237)

Dhimmu Eeertiraa akka qulqulleessaniif koree koomishinii qulqulleessituu keessaa Baaroo Tumsaa isa tokko ture. Mangistuu Haylamaariyaam (2004:246)

26.Oliiqaa Dingil Bookaa; goota baddaa Sayyoo

Oliiqaa Dingil Oromiyaa Lixaa, naannawa Qeellem; dhalootan ja'an Sayyoo warra Laalooti.Bakki dhaloota goota kanaa, Qeellem Wallaggaa; Yamaaloogii Walal, ganda Gurraattii Walal bakka Deentaa Garee jedhamu. Barri dhaloota isaa sirriitti qoratamee beekamuu baatus namoota bara sana beeku jedhaman irraa akka himametti, tilmaamaan 1890 ta'uu akka hin oollee dubbatama.

Oliiqaan mana barumsa qeesotaa galee barateera.Erga guddatee umriin isaa hojiif ga'ee booda bara bulchiinsa mootumma Hayilasillaasee mindeeffamee hojjetaa tureera. Ga'een hojii isaas gabaarra naanna'ee ashuuraa mootummaa walitti qabuu ture.Gabaa hedduu inni irra naanna'aa ture keessaa gabaan Ashii, Muggii, Shabal fi Qaaqee adda durummaan eeramu. Bakki jireenya isaa Magaalaa Dambii Dolloo, Ganda 03 keessa akka ture himama.

Oliiqaan aadde Gannatawarqi Ashanaa Gidaamiidhaa fuudhee bultii ijaarrachuun waliin jiraachaa ture.Oliiqaan lammii nagaa namaa fi biyyaaf yaaduu fi quuqamu yoo ta'u, amalasaa kanaan ummata Oromoo biratti hedduu jaalatama.

Caamsaa 23, bara 1929 wayita kolooneffattoonni Xaaliiyaanii weeraraan ummata dararan mormee bosona seene.

Gocha Xaaliyaanonnii fi sirni gita bittaa Nafxanyootaa ummata biyyaa irratti geessisan irraa kan ka'e haalli jireenyaa, aadaa fi safuun ummattootaa baduu jalqabe. Wayita sana Xaaliyaanonni lammiilee biyyaa tokko tokko ofitti madaqsuudhaan maqaa "Baandaa" jedhamu itti moggaasuun duukaa buutuu isaanii taasifachaa turaniiru.Xaaliyaanonni baandota kanneen irraa odeeffannoowwan argataa akka turjumaanaattis itti gargaaramaa turaniiru. Gochi baandotaa fi Xaaliyaanotaa kun Oliiqaa qofa osoo hinta'in namoota sabasaanii jaalatan hunda kan aarsu ture.

Gochi suukanneessaan ummatarratti raawwatamu yeroodhaa gara yerootti babal'achaa dhufuu isaa irrayyuu roorroon haadha warraa Oliiqaa Dingil, aadde Gannatawarqi /Moominaa/ Ashanaa irra ga'eera jedhamu isaa aarii Oliiqaan duraan qabu caalaa akka dabalu taasise. Kana malees gaaf tokko baandaa Xaaliiyaanii kan ture Baashaa Gabayyoo Waldee fi Oliiqaan otuu Amaariffaan haasa'anii Baashaa Gabayyoon Oliiqaa Dingil akka tuffiitti jecha Oromoon jedhamuu hinfeenceen arrabsa.

Guyyaa biraa ammoo Baashaa Gabayyoon Dhaabaa Maashaa wajjin waliigaluudhaan Oliiqaan qarshii ashuuraa walitti qabe 'dhimma dhuunfaa irra oolfateera' jechuun odeessisiisuurra darbee hoogganaa Xaaliiyaanii yeroo sanaatti hima. Oliiqaan qawwee dhokfatee qaba jedhees yakke. Odeeffannoo kanarratti hundaa'uun Xaaliyaanonni Oliiqaa qabanii mana hidhaa galchan.Oliiqaan halkanuma sana mana hidhaa cabsee ba'uudhaan, bakka dhaloota isaa; Deentaa Garee dhaquudhaan qawwee Beeljigii 2ffaa jedhamu bitatee Danbi Dollotti deebi'a.

Gaafa tokko halkan Baashaa Gabayyoo ajjeesee gara mana Baashaa Gabayyoo dhaqee haadha warraa baashaa alatti baasuun, "Ati dhirsa kee dhabda, ani ammoo haadha warraa koon dhabe" jechuun du'a

abbaa warraa ishee itti himee manicha qabeenya keessa jiru waliin gube.

Dhaabaa Maashaa ammoo Gabaa Dafinoo /Dambii Dolloo/ keessatti ajjeesee, "Anatu ajjeesee, nama biraa hin gaafatiinaa." jedhee barreessee mukatti maxxansuun intala isaa fi haadha warraa isaa Ganduma 03 keessatti dhiisee deeme.Kana booda Oliiqaan nama durumaa qabee isa bira jiraatu;Shaanqoo qawwee namoonni dirqiidhaan Xaaliiyaaniif galchuuf deeman irraa booji'ee hidhachiisa. Kanaanis Xaaliiyaanii fi baandaa irratti tarkaanfii fudhachuu eegalan.

Obbo Tafarii Alabee Goonboo haroo Machaaraa irratti fannifamuun, Qanyaazmaach Dhoosaa Abbaa Qoroo qawwee dhoksite jechuun harkasaanii duubatti hidhanii Buraayyuu; "Bakkee Abbaa Boroo" jedhamutti rasaasa torbaan ajjeefamuun isaanii Oliiqaa marrimaan gubee aarsee bosona isa galche.

Lubni Maammoo Corqaa fi Luba Gidaadaa Soolan Hayilasillaasee wajjin quunnamtii qabdu jechuun harkasaanii lachan duubatti hidhanii Jimmaa Abbaa Jifaar geeffamanii murtoon du'aa itti murta'ee utuu har'a bor duuna jedhanii eegaa jiranii haala hin yaadamneen bilisa ba'anii gara naannawa jirenyaasaaniitti deebi'aniiru.Sababii Oliiqaanis shakkamaniit tura.Oliiqaan erga Gabayyoo ajjeesee deemee booda gaaf tokko halkan keessaa sa'aatii shanitti haala haati warraasaa irra jirtu ilaalee deebi'uuf wayita gara mana isaatti qajeelu isheen teessee jirbii fo'aa,

"Oliiqaa yaa abbaa jigsaa ati duute moo jirtaa?
Utuu ati jiraattee hantuunni maa warraaqxee?
Yaa abbaa coonaa fi booka kootii
amaaseniin maal na gooti?"

jettee osoo isa faarsituu dhokatee dhaggeeffataa ega tureen booda mana isaa bulee ganama bariidhaan bakka dhufetti deebi'e.

Yeroo yerootti uffata waraana Xaaliiyaanii uffatee Dambi Dolloo seenuudhaan mana aadde Moominaa fi aadde Daasharee Akkayyuutii daadhii dhugee, odeeffannoo barbaachisus walitti qabateebosonatti deebi'aa ture. Namoota isa fakkaatan waliinis dhoksaatti mari'ataa ture.

Deggartoota Oliiqaa gochi weerartoonni fi jala kaattuun warra isaaniirratti raawwatan namoota hedduu aarseet ture. Haala kanatti aaree kan garaa kutate Oliiqaa duukaa bosona seene.Warri kuun immoo, naannoo dhuma jiran taa'anii deggaraa turan. Daggarsi isaanis, odeeffannoo kennuun, galaa qopheessanii nyaachisuu, meeshaa waraanaa kaa'uu fi erguu dabalata.Namoonni adda addaa yeroo waraanni Oliiqaa naannawa tokko galu nyaataa fi dhugaatii dhi'eessuudhaan halkanii guyyaa wajjin dhama'aa turan. Loltoonni Oliiqaa Xaaliiyaanii dhamaasanii fi baandaa bakka gara garaatti olii fi gadi joonjessaa fi ajjeesaa turan.

Bakki da'annoo isaanii haala yeroo irratti bu'uurun jijjiirama ture. Lafti akka holqa Qacii, Aggataa, Macaqeddoo, Ondoloqqee, Doggaa, Walal, Cabal, Qilxuu Kaarraa fi Ulaa Biyyaa'oo bakka itti da'atan akka ture dubbatama.

Lolli Oliiqaan koloneeffattootaa wajjin godhe guyyaa fi haalli isaa barreeffamaan jiraachuu baatuyyuu seenaa afaaniin darberraa hubachuun akka danda'amutti qabsoo ittisa koloneeffataa keessatti Oliiqaa Dingil gumaachi taasise olaanadha.Tooftaa mataa isaatiin geggeeffamee injifannoowwan guguddoo galmeessaas tureera. Fakkeenyaaf yeroo Xaaliyaanonnii fi baandaan Oliiqaan Awusa jira jedhanii dhaqan jalaa mimmiliquun jara joonjessaa tureera.

Injifannoowwan guguddoo waraana Oliiqaatiin argaman keessaa Aanaa Yamaaloogii Walal keessatti bakki Fiinchoo fi Dubbisii jedhamu gidduu Xaaliyaanonni 30 ta'an du'aniiru. Dirreen injifannoo biro seena

qabeessa jedhamee himamu immoo lola Wallaggaa, aanaa Tajjootti gaggeeffame yoo ta'u, lola kana irratti baandonni 750 ta'anii Oliiqaatti duulan. Lola hamaa, tooftaa fi kutannoo guddaa gaafate kanarratti Xaaliiyaanii fi baandonni waraana Oliiqaatiin yommuu dhuman, loltuun Xaaliiyaanii maqaan isaa Tinintii Biichee jedhamuu fi baandonni sadi qofti baqatanii akka deebi'an ibsama.

Namoota Xaaliiyaanii wajjin waliigalanii Oliiqaa fi waraana isaa booji'uuf ykn ajjeesuuf yaalaa turan irratti Oliiqaan duursee tarkaanfii fudhataa ture. Obbo Waacilaa Waloo miseensa waraana Oliiqaa kan ture Dhaabaa Bocoloo ajjeefnaan Oliiqaan battaluma sanatti Waacilaa Waloo Anfillootti ajjeesee haaloo ba'e. Aanaa Tijjootti ammo Fullaasaa Baabil "Oliiqaa ajjeeseen mataasaa muree fida" jedhee Xaaliiyaaniif waadaa galee waan tureef Oliiqan aaree mana Fullaasaa Baabil dhaqee ajjeesuudhaan qawwee Minishirii shan irraa booji'ee meeshichaan humna waraana isaa ittiin cimsateera.

Duuti Oliiqaa keetton akka ta'e jiraattonni Dambi Dolloo dhimma kana beekan ni himu. Oliiqaan yommuu bosonaa dhufu Magaalaa Dambi Dolloo keessa mana meeshaasaa keewwatu qaba ture. Yeroo inni dhufee kaa'us halkan keessaa sa'aatii shanii hanga 10 gidduu ture.

Yeroo bosonatti deebi'ummoo rasaasaa fi meeshaalee isa barbaachisan fudhateet deebi'a ture.Oliiqaa waliin bosona namichi seene Xaaliiyaanii wajjin qunnamtii dhoksaa qaba ture. Namichis akka warri Xaaliiyaanii hin shakkineef halkan halkan mana isaa biratti qawwee dhukaasaa bula. Ganama ka'ee, eda mana eebaluu biratti qawween dhuka'aa bule yeroo jedhan Xaaliyaanonni iddichatti argamuun qalahaa ammaarratanii gala turan.

Tooftaa kanaanis Oliiqaa fi namichi kun waliin deemaa erga turaniin booda, qarshiin Oliiqaa namicha kanarratti heddummaataa waan

dhufeef gaafa tokko Oliiqaan qarshii isaa akka deebisuuf gaafatee.Namichis didnaan Oliiqaan aaree akka hiriyummaatti arrabse. Arrabsoon Oliiqaa Dingiilis garaa namicha kanaa waan madeesseef namoota Oliiqaa Dingil qunnaman qarshiidhaan kadhachuu jalqabe.Haaluma kanaan Oliiqaan holqa Qacii keessa otuu jiraatuu namichi isa irratti haaloo kuufate sun, dubartii imaanaa Oliiqaa turte /haadha warraa Baaburii Wagee/ uffata babbareedaa, bituufiidhaan, qarshiis harkatti kenneefii, akka isheen Oliiqaa hordoftee qoricha obaafuuf summiin itti kenname.

Oliiqaanis gaafa tokko heexoon itti mul'anaan dubartiin imaanasaa turte sun qoricha daaktee summii itti kenname itti dabaltee akka dhuguuf kenniteef. Oliiqaanis ega summicha dhugee booda qaamni isaa dadhabaa adeeme. Guyyaa yeroon inni waa nyaatu geenyanis lammaffaa nyaata summii qabu dabaltee laattef. Dhugaatii Maastikaa jedhamu kan summiin makame akka inni dhuguufis isa affeerte. Oliiqaanis caalman ittuu laafaa deeme. Namoonni isa duukaa turanis waan godhan wallaalanii guyyaa guutuu dhukkubsataa qolee. Roobii halkan sa'aatii 9:00 irratti bakka Oddoo Butaa jedhamutti du'uusaa obbo Mokonnon Tolaa barreeffamaan dhugaa ba'aniiru.

Namichi tooftaan nyaataa fi summii dhiyeessuudhaan nafxanyicha wajjin waliigaltee qabaachaa turee fi namichi obbo Wadaajoo jedhamu, gaafa Oliiqaan du'uu isaa hubatu qawwee dhukaasee funyaansaa madeessuun, "anatu ajjeese" jedhee muudamuuf jecha Xaaliyaanotatti gabaase.

Gaafa du'a Oliiqaa dhaga'u ummanni naannawa sanaa guddaa fi xinnaa otuu hinjedhin ba'ee iyyee boo'ef. Hoggantoonni koloneeffataas Dambi Dolloorraa yeroo dhufan "Oliiqaa miti, kan du'e nama biraa ta'a" jedhanii shakkaniit turan. Sababiin shakkiisaaniis Oliiqaa qabachuu fi ajjeesuuf yeroo dheeraaf yaalii godhaniin waan hinmilkoofneefi ture.

Muudamaan Xaaliiyaanii Gavarnoo Dhaayee jedhamu reeffa Oliiqaa yommuu arguu, "ajjeesuu balleessitan, isa akkasii hin ajjeesan. Muudanii hogganaa waraanaa godhatu" jechuun Wadaajootti dheekkame.Erga reeffasaa gara magaalaa Dambii Dolloo geessaniin booda warraa Oliiqaa waamanii isa ta'uu fi dhiisuu isaa adda akka baaftu gaafatan. Mallattoon duraan miila isaa irra tures ilaallamee isa ta'uun mirkanaa'e.

Sana booda Xaaliyaanonni reeffa isaa suura kaasanii karaa laga Borxaa buusanii naannawa dur Biheeraawwii Xoor jedhamutti awwaalan. Wadaajoon, "Oliiqaa natu ajjeese" jedhee muudamuu hawwe sun Jimmaa geeffamee otuu achi jiruu guyyaa tokko mana daadhii taa'ee otuu dhaadatuu durbiin Oliiqaa achumatti ajjeesee haaloo baafate. Erga Oliiqaan du'ee boodas azmaaronni /weediftoonni/ akkana jedhanii faarfataa turan;

Facaasaa heexoo dhuguu
Oddoo Butaarra buluu
Michuu dubartii buluun
Xixxiixaa Dingil Bookaa
Oliiqaa galaafate.
Qawween Oliiqaa ajjeese
Maqaansaa Wacafoodha
Baga kaartaa hin nyaatini
Namni Oliiqaa ajjeese
Maqaansaa Wadaajoodha
Baga taa'ee hin nyaatini
(Jaarsolii Sayyoo fi Waajjira aadaa fi turiizimii)

27. Elemoo Qilxuu (1936-1974)

Maqaan dhaloota isaa Hasan Ibraahimi.Bara 1936 Oromiyaa bahaa keessatti dhalate. Hasan Ibraahim maqaa qabsoo isaa Elemoo Qilxuun uummata biratti beekkamtii gonfate. Elemoon hirmaataa warraaqsa sabboonummaa Oromoo fi hoogganaa Waraana Bilisummaa Oromoo (Oromo Liberation Army) ture.

Bara 1950n keessa Elemoon barnoota Islaamaa ega barateen booda magaalaa Dirree Dawaatti daldalaa Arabaa sooressa tokkoof hojjachaa tureera. Daldalaan kunis Elemoo fudhatee gara Eeden, Yaman bara 1956 deeme. Eeden akkuma ga'eenis maqaa isaa gara Elemoo Qilxuutti jijjiirrate. Durbee Oromoo ija isa seentes argee jaalachuun fuudhee, daldala jalqabe. Daldalli jalqabes baay'ee milkaa'eefii ture.

Jalqabarra Elemoon siyaasaf nama dhimma qabu hin turre. Bara 1966 garuu manni isaa bakka ilmaan Oromoo itti wal ga'an ta'e. Kunimmoo qoonsilaa mootummaa Itoophiyaa yaaddessaa deeme. Elemoonis diinota mootummaa Itoophiyaa yeroo sanaa qarshiin gargaara jedhamee shakkame. Bara 1967, namni Hararii (Harari businessman) mootummaa Itophiyaatif hojjatu tokko, Eden dhaqee Elemoorraa mi'a liqeeffate. Elemoodhanis, "Yeroo Finfinnee dhuftun siif deebisa." jedheen. Elemoonis Finfinnee gaafa dhufu, qabamee gocha shororkeessummaa

mootummaa Itoophiyaarratti geggeessun shakkamee to'annaa jala oolee himatame. Mana hidhaa kessattis qorannoo hamaa, reebicha fi miidhaan sammuu (psychological torture) guddaatu isarra ga'e. Kunimmoo Elemoon irra caala akka inni siyaasa keessa seenu isa kakaase. Hiriyoonni Elemoos qarshii walitti qabanii dura ta'aa nageenyaa (security chief) namicha tureef kennanii Elemoo gadi lakkisiisan.

Elemoon, yeroon inni mana hidhaa keessatti dabarse caalman akka kutataa ta'u isa taasise. Erga mana hidhaatii baayee booda sochii sabboonumma Oromoo kan akka Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti hirmaachu jalqabe.

1968 Elemoon dhoksaadhan gara Moqaadishoo deemee walga'ii Oromootaa irratti hirmaate. Achiiyis ergamni Oromoota biyya Arabaa jiraatan dadammaqsuu kennameef. Ergama kennameefis qabatee gara Edenitti deebi'ee dhaabbata hawaasni Oromoo jalatti walitti qabamu hundeesse.Bulchiinsa magaalaa Eedenis amansiisee biiroo siyaasaa bane. Gargaarsa mootummoota Arabaa, Dhaabbata Bilisummaa Paalestiin (Palestinian Liberation Organization) fi Adda Bilisummaa Eertiraa (Eritrean Liberation Front) irraa gaafate.

Gargaarsa mootummaa Iraaqitiin, leenjii waraanaa ji'a torbaa erga fudhateen booda, Addaa Riphee Lolaa (guerilla force) hundeessee. Adda kanas hiriyaan isaa Abdulkarim Hajii Ibraahim ykn Jarraa Abbaa Gaddaa akka hoogganu isa bobbaase. Addi kun odoo gara Itoophiyaa seenuf yaaluu mootummaa Somaaliiyaatin rukutamee booji'amee gara mana hidhaatti darbame. Dhimmichi abdii kan nama kutachiisu ta'us, Elemoon odoo abdii hin kutatin meeshaa waraanaa gargaarsa Adda Bilisummaa Eertiraatin dhoksaadhaan karaa gammoojjii Afaar Itoophiyaatti galachuun kuusuu jalqabe. Qophii dirree waraanaf taasisuuf gala kaa'achuu jalqabe.

Bara 1973 Elemoon walga'ii sochii qabsoo Oromoo Finfinneetti akka hirmaatu waammamee Finfinnee gale. Walga'iin kunis ummamuu Adda Bilisummaa Oromoon (Oromo Liberation Front) xumurame. Elemoonis akkuma Oromoo kaanii qabsoo waraanaa kana akka jalqabuuf dirqamni itti kenname.

Walga'ii kana booda, hiriyaa isaa Hundee Taqii wajjin, qabsoo waraanaa jalqabuuf gara Galamsoo deeman. Yeroo kanas Jeneraal Taaddasaa Birruunis manaa hidhaa kessa ture.Elemoodhanis wal arguun marii akkaataa qabsoo gaggeessuu jalqaban. Elemoon dhoksaadhan humna waraana ijaaraa irree cimsachuu jalqabe. Humni waraana riphee loltootaa kunis Caamsaa 1974 Gubbaa Qorichaa; Tulluu Carcar buufatu isaa godhatee namoota diigdamaan hundaa'e.

Elemoofaanti eegdota Mulaatuu Tagany; abbaa lafaa ummata naannoo sanaa hacuucaa ture ajjeesan. Boodarras haaloo ba'uuf Mulaatun barsiisaa amantii Islaamaa kan ture Galamsoo kessatti akka ajjeeffamu ajajuu isaatin Elemoo fi gareen isaa eeggatanii Mulaatuu ajjeesanii mootummaa barichaatin barbaadamuutti ka'an.

Ajjeechaan Mulaatuus namoota nannoo sanaa naasise. Bulchaan naannoo sanaas loltuu isaa ergee Elemoofaa akka balleessan ajajus, loltoonni isaa milkaa'uu hin dandeenye. Hidhattoonni naannoo sanaa (local militia) riphxe loltoota Elemoo Qilxuu dhaabu waan dadhabaniif mootummaan Itoophiyaa jeneraal Geetaachoo Shibashiin hogganamu humna waraanaa lakkofsa hedduu qabu,leenjii loltummaan ga'umsa cimaa qaban of cinaa hiriirsee gara Galamsootti erge.

Humni waraanaa Elemoos waraanaa dheera waan geggeessee hin beekneef humna cimaa fi onnataa qabuun waan itti bu'eef humni Geetaachoo hedduu rakkate. Dhumarratti humni Geetaachoo naannoo Xirootti humna Waraana Bilisummaa Oromootti marsee waraana cimaa fi dadhabsiisaa geggeeffameen namni baay'een du'e. Elemoonis erga harka kennateen booda gaafa loltoonni isa qabuuf dhufan dhuka'a dhoosee of wareege.

28. Kabbadaa Buzunash (1908-1976)

Kabadaa Buzunesh Gurraandhala 7, bara 1908 Oromiyaa giddu galaa, Meettaa Roobii, araddaa Gorsaa keessatti dhalatan.Umuriin isaanii barnootaaf akka ga'eenis maatiin isaanii abbaa lafaa waan turaniif salphaatti barnoota argachuu danda'anii jiru.

Kabbadaa Bizunesh maqaa haadhatin akka waammaman maqaarraa hubachuun nidanda'ama. Bizunesh maqaa dubarti akka ta'e ifaa waan ta'ef. Gootichi kuni akkamitti maqaa dubartiitin waammamme? Dubbi faranjoonni "paradox" jedhaniin sana fakkaata. Haala kana maanguddooni waa'ee isaanii beekan yoo himan, maqaan abbaa Kabbadaa Bacharee jedhama. Kabbadaan garuu maqaa kanaan waammammu waan hinfeenef maqaa haadhatiin waammammuu filate.

Kabbadaan obboleetti takka qabu turan; ishiinis akkuma isaanii maqaa haadhatiin waammammaa turte. Tanaanye Bizunesh jedhamti. Otoo ajajaa dhibbaa loltuu H/Sillaasee tokkoon irraa hin fudhatamin dura niitii gooticha Oromoo Kabbadaa Bargaa turte.Kabbadaa Bargaa roorroo niitii irraa fudhatamuun haaloo ba'uuf bosonatti bahe.Yeroo bosona tures poolisii fi loltuu mootimichaa hedduu duguugee waan ijibbaachiseef bishaan naannoo jiru summeessun bishaan sana dhugee akka summiin du'u taasisan.Gaafa du'uu isaas beeku boombii ofirratti kiyyeesee loltoota reeffa kaasuu dhaqxe hedduu akka galaafateera.

Kabbadaan dhalataa Meettaa Roobii yoo ta'an gosaan gosoota saddeettan ilmaan Meettaa keessaa tokko kan ta'e gosa Walaqoo keessaa dhalatan. Gootichi ummata Meettaa hogganuun babal'ifannaa lafaa fi bulchiinsa Minilik fuuldura dhaabbatee, Birraatuu Golee akaakkayyu akka ta'uf himama.

Kabbaddaan bara Xaaliyaanin biyyattii weerarte weerara sana dura dhaabbachuuf bosonatti galuun gootota hedduu gurmeessanii hoogganuun loltuu fi baandaa Xaaliyaani falmutti ka'an.Loltoonni Xaaliiyaanii biyyattii dhuunfatanii Meetaa garaa walakkaa bu'uun lafa amma magaalaa aanichaa taatee Shinoo keessatti da'annoo ijaarratanii qubatan. Lafti sunis moggaasa maqaashii kan argatte kanumarraa yoo ta'u ergasii kaasee hanga dhiyoo kanaatti da'annoo jedhamuun waammammaa turte. Megaalattin kan bu'ureffamtes loltoota Xaaliyaanin ta'u saa seenan magaalatti ni'ibsa.

Yeroo Xaaliyaanin da'anno da'annoo keessa jiraatu Kabbadaan daanno qarree Mogor iddoo Gooroo jedhamuun beekkamu qubachuun, achii ka'ee hanga Mishiigiitti deemuun Xaaliyaanota irriba dhoorkaa ture. Gadi bahanii biyya keessas akka hin sochoone taasisee akka ture maanguddoonni ragaa bahaafii turan.

Toora Qacamaa if Dulla jedhamuttis sochoo'aa kan turan qabsaa'onni biraa Garbii Bultoo fi Hundee Bultoon hoogganaman aanaa dhuma kana keessa akka turan nibeekkama.Waraanni gootota kanaan hoogganamaa tures akkasuma loltuu Xaaliiyaani fi baandaa isaani hedduu akka duguuge seenan saanii ragaa baha. Loltuun Kabbaadaa fi Garbiifaa lafa keessa sochoo'an (sphere of influence) baballifachuuf yeroo hedduu walitti bu'un nama akka walirraa ajjeesaa turan maanguddoonni ni dubbatu.

Gootummaa Kabbaadaa ibsuuf ummanni yeroo sanaa akkas jedhee sirbaafii ture;

Kabbadaa Bizuneshii
Goorotti dachaase hundumashii
Kabbadaa yaa Kabbadaa
Maa akkana goggotaa biyya badaa.

Erga Xaaliyaanin bahee H/Sillaasen magaalaa Baazii deebi'ee aangoo qabatee booda sadarkaa adda addaatti muudamee hojachuun isaanii ni himama. Kana keessaa kan guddaa maqaan isaa ittin ka'u akka jecha barasiitti bulchiinsa koonyaa Shaakkisootti(Adoolatti) ramadamuu hojjechaa turaniiru. Amanammumaa horatanirraa kan ka'e lafa warqeen bahu sana akka seeran to'atuuf ramadamaniit turan jedhama.Kabbadaan loltoota isaanii kan wajjin deemuuf fedhii qaban hundumaa fudhatanii Adoolaa akka qubachiisan seenaan ragaa dha.

Gara seenaa isaa kan qabsoo mirga Oromootti yoo deebinu Kabbadaan namoota Waldaa Maccaaf Tulamaa bu'uressan keessaa tokko akka turan seenaan waldichaa ni'ibsa. Sadarkaa itti gaafatamummaa isaan irra turanii fi gaheen isaan waldicha keessatti qabaachaa turan kitaaba Ob Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaa kitaaban kan "Gzootna Gizzit" jedhu keessatti ibsamee jira.

Walga'ii dheeraa booda hooggantoonni W.M.T. Yakkamanii yoo hidhaatti guurraman Kabbadaan garuu hin hidhamne turan. Kuni akkamitti ta'uu akka danda'e Waayee seenaa kanaa Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaa Kabbadaa qaaman argatee gaafatee haala yeroo sana ture irraa baree barreessee kaa'era.

Bara 1973 keessa yeroo barattoonni biyyatti barmoota dhaabuun mootummaa H/Sillaasee raasaa turan barattoonni dhalootan Meettaa

Roobii ta'an lakkoofsan 10 hincaalle wal gurmeessanii ummata kakaasuun of duukaa hirirsanii bulchiisa fi poolisii anaa Meettaa Roobi fi Ada'aa Bargaa aangorraa ari'anii waajjiroota sanneen akka qabeenyaan isaanis akka hin saamamne ummata koreen ijaaranii i nageenya naannooi saanii eegan taasisaniit turan.

Kana sababeeffachuun bulchaan Mannaagashaa yeroo sanaa Shaalaqaa Hayila Maariyaam Abbaay barattoota sana barbaachisee waajjira isaatti waamun yoo dubbisu namoonni bebbeekkamoon dhalootan aanota lamaan keessaa bahan akka sirna sanarratti argaman affeeree ture.Isaan keessaa Kabbadaan tokko turan. Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaas yeroo jalqabaatif Kabbadaadhan kan wal-argan gaafas ture.

Yeroo ijoollen suni dhufanii galmicha seenan Kabbadaan bakka taa'u ka'ee imimmaan dhangalaasaa hunda isaanii dhungachaa ture. "Maalif boochaa" jedhanii hiriyoonni isaa isa gaafannaan "Meetta fi Ada'aa dhaloota akkanaa magarsitee arguu kootu nagammachiisee naboochisa, nutillee dabarru ijoolleen tuni yaada keenya galmaan ni geessi, yaadni keenya lafatti hinhafuu" jedhee deebise. Gochaan suni Kabbadaan mirga ummata Oromoof keessi issaa hangam gubachaa akka tureef darggaggeeyyan sana yoo argu of qabuu dadhabee kan tasa keessaa dhooye akka ta'e kan agarsiise ture jedha barreessaan seenaa obbo Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaa.

Bara hooggantoonni Waldaa Maccaa fi Tuulamaa qabaman inni akkamitti oso hinhidhamin akka jalaa ba'ee yoo seenessus , "Jeneraal Taaddasaa waliin Finffinnee baanee Walmaraa yoo geenyu yaadni tokko naa dhufe.Yaada sanis Jeneraaliif qoodeen ture, garuu inni narraa hin fudhannee" jedhe. Yaadichis ,"dheeffinee hinbaanu, lollees humna ittiin ofirraa ittisnu hinqabnu; waan tokko haa yaallu. Ani Tanaaynee(intala H/Sillaasee) dubbisuu nan danda'a; baayyifnees waliigallaa, nan kadhaa, abba ishii kadhattee akka dhiifama nuugoosiftu

jedheen yaada kana dhiyeesseefi.". Jeneraal Taaddasaan garuu hinfudhannee, kanumaan addaan baanee. Ani Finffinneeti deebi'een Tanaaynee dubbisee" jedhe. "Ishinis manuma ishii nadhoksitee dhaqxee abbaa ishii naaf kadhatte, abbaanis waan ishiin jette waan hin dinneef 'dhufee harka haa fuudhu' jedhee eyyame, fuutee naan dhaqxee harka fuudhun miilarratti kufuu akka ta'e waanan beekuuf miilarratti kufee dhiifama naagodhee" jedhe. "Akkasittan hidhamuuf dararamuu jalaa baheè" jechuun dhugaa ture barreessaa kanaa ibsee ture.Sana booda Kabbadaan akkuma fagaatee waan biraa hinyaadne mana maree olaanaa(senate) keessa akka hojjetu taasifame.

Erga kana haasofnee booda Jaal Kabbaddaan baayyee hin turre jedha Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaa. Bara 1974 Jeneraal Taaddasaafaa waliin bosonatti bahan. Yero sana namoonni hedduun Kabbadaan akka labsii lafaa mormuuf baheètti fudhatanii turan. Kabbadaan garuu lafa qabu baroota 1971-72 keessa warruma aantee isaatti gurgurachuun fixee ture. Yeroo labsiin lafaa bahu lafa taakku takkyyu hin qabu ture. Maanguddoonni lafa irraa bitan haala sana akkanatti yaadatu. "Bitaa Addeechi lafa gurguraa, dukkanni lafa bitaa" jedhee waan dhufu mammaaksa fakkeesse nutti himeet nuuf garuu nuuf hingalle ture, jechi saa sani erga labsiin lafaa ba'ee booda nuugalee." jedhan.

Kabbadaan lafa isaa kan gurgure waa lama yaadeti kan jedhan turaniiru. Tokko qabsoon hidhannoo Oromootan adeemsifamu iddoo gara garaatti babal'achaa waan dhufeef qabsoo sanatti makamuuf karoora qaburraa ka'eeti kan jedhanii fi, kan lammataa ammoo qabsoon bittaa abbaa-lafaa of irraa kuffisuuf biyyatti keessatti adeemaa ture akka cimee fi umriin sirnichaa akka gabaabbatee ture waan dursee hubateef laficha gurgurate jedhu.

Seenaa ba'iinsa qabsoo isaanii yoo ilaallu garee lamatti hiramanii akka turan hubanna.

- Gareen tokko, Jeneraal Taaddasaa, Kolonool Hayilu Raggaasa fi Bulchaa anaa Meettaa Roobi kan ture Taklu Tasammaa dabalatee namootiin biyyaa kan itti makaman yoo ta'u, gareen kuni anaa sana keessa iddoo adda addaatti ummata walitti qabuun kaayyoo qabsoo isaanii barsiisaa ture. Kana keessaa jiraattonni Dullaa Qorichaa kan Garasuun irratti ajajaa ture, itti dukaasun of irraa deebisuun kaayyoo isaan qabsaa'aniif osoo hin hubatin hafaniiru.
- Gareen lammaffaa Kabbadaa Bizunesh, Shaalaqaa Abbabbaa G/Maaryiam (itti gaafatamaa opreeshini Dargii kanturee fi hanga har'aatti achi buuteen isaa kan hin dhaga'aminii) fi namoota achii waliin hiriiran hedduu kan of keessaa qabu ture.

Namoota garee tokkoffaa keessa turan keessaa Jeneraal Taaddasaa fi Koloneel Hayiluun yoo qabaman Takluu Tassammaa lola taasifame keessatti wareegame. Garee lammaffaa hoogganaa kan ture Kabbaddaan waggaa jahaaf Dargiin wal haadhaa ture. Kabbadaan bara Xaaliiyaanii waggoota shaniif riphee lolaa ta'ee tooftaa humna xiqqaan humna guddaa rukutanii jalaa miliquf of dhoksuu haalan waan beekuf tooftaa sanitti akka dhimma bahe agarsiisa. Kabbadaan jalqabumaa kaasee ummatatti ifa of hin baafne. Akkuma garee kaanin addaan bahaniin inni of dhoksee jiraachuu jalqabe. As jiraa achi jiraa isaa warruma bira ture malee homtuu hin beeku ture.

Kabbadaan sagantaa qabsoo isaanii barreessee Finffinneetti ol ergeet ture. Sagantichas baay'isanii maxxansiisun raabsamaa ture. Kabbadaan barmoota ammayyaa hin arggachuu baatus, barnoota karaa amantii Ortodoksii cimaa akka ture barreessa Olaanaa (Ayyalaa) Zawugaa ni hima. Amantichaa jaalala qabu irraayis kan ka'e Goorotti bataskaana Maaramii ijaaree "Maaramii Kabbadaa" jedhamuun akka yaamamtu har'ayyuu dhaqanii mirkaneessun ni danda'ama.

Obbo Kabbadaan waggaa jahan bosona ture keessatti waraana Dargii wajjin Meettaa keessatti qofaa miti kan lolaa ture. Dargiin karaa tokko yoo dadhabu karaa biraa loltuu itti ergaa ture. Innis kana waan hubatuuf karaa Dargiin dhufu hundumaanuuttuu duursee haxxee hidhee achumatti hambisaaa ture. Gindabarat, Salaale fi Ada'aa keessatti lola hedduu adeemsisee loltuu Dargii ofirraa bakka itti faccisuun waggaa 6 turu danda'e.

Guyyaan muramte suni hindabartu loltuu isaa amanamaa jedhamu fudhatee naannoo magaalaa Hoolotaa dhaquun mana namaa qubatee loltuun kuni magaalaa dhaqee mana nama rasaasa qopheessuf biraa rasaasicha fidee akka deebi'u erge. Loltuun kuni garuu rasaasicha fidee hin deebine. Loltuu itti fidee deebi'e. Kabbadaan marfamuu isaa beeknan lafa qabatee hanga danda'e loltuu Dargii erga kuffisee booda akka ba'uu hin dandeenye barraan of wareege. Namoonni yeroo sana naanno sana turan mudata san argan akka jedhanitti, Kabbadaan miila tokkorraa kophee fi faantoo/kaalsii baafachuun quba miilatin milaaccii qawwee saa harkisee of wareegee jedhu.

Jaal Kabbadaa Buzunesh bara jireenya isaanii keessatti beekumsaa fi dandeettii qabaniin sadarkaa hogganummaa garaa garaan keessatti gahee isaanii gumaachanii jiru. Kanneen keessaas ministeera humna ittisa biyyaa ta'uun sadarkaa olaanaatti waggoota afuriif tajaajilaniiru. Haa ta'u malee, sadarkaa olaanaatti muudamuun kun Kabbadaaf milkii hin turre. Kabbadaan, waan namni biraa akka laayyootti hin agarre, argaa ooluun isaanii immoo daran waan biraaf isaan kakaase. biyya cunqursaan keessatti hundee godhate keessatti qabsoodhaan malee hundee dhibee sana jigsuun akka hin danda'amne akak hubatan isaan gargaare. Sababa kanaan, sadarkaa olaanaatti hojjachuun kun ibidda bara baraan laboobaa jiraatu isaan keessatti qabsiise; isaan irraayis dhalootaa dhalootatti darbuun Oromoof aduu baase.

Kabbadaan aangoo mootummaan kenneefitti dhimma bahanii ummata isaanii hin mine. Aangoo mootummaarraa argatanitti dhimma bahanii ummata isaanii barsiisuuf kaka'an. cunqursaa fi dhiibbaa uummata Oromoo irratti ga'aa jirus ifaan ifatti loluufis qabsaa'ota Oromoo akka isaanii barbaaduu eegalan. Akkanaanis ijoollee Oromoo faana gurmaa'anii qabsaa'uuf Ebila 23,1962 gara Maccaa fi Tuulamatti makaman. Erga Waldaa Maccaa fi Tuulamatti makamaniin boodas hojiilee garaa garaa hojjachuudhaan uummata keessatti dammaqiinsa guddaa uuman.Kabbadaa Buzunash, hojiilee boonsaa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti dalagan keessaa Muddee 14,1967 Dheeraa irratti osoo loltuudhan hordofamanii uummata kumaatamatti lakkaa'amu fuulduratti ba'anii dhiibbaa uummata Oromoo irratti ga'aa jiru ifatti uummataaf ibsan.

Hojii boonsaa kana waan raawwataniifis, dhiibbaa guddaan irra ga'e; maatii isaanii irraa addaan ba'an. Hoggantummaan isaanii ministeera ittisa biyyaa irratti qaban irraa aryataman. Yeroo dhiibbaan itti baay'achaa dhufus hiriyoota isaanii kanneen akka Jeneraal Taddesee Birruu, Jeneraal Daawwit Abdii, Dr Morgaa Firrisaa,· Obbo Baqqalee Mokonnin, Obbo Dajanee Booji'aa, Obbo Daadhii Fayyisaa,Obbo Tasfaayee Digaagaa, Koloneel Maammoo Mazaamiirfaa waliin mari'achuun bosona seenan.

Kabbadaan yeroo hamtuu san keessatti waggoota ja'aaf qabsoo bosonaa erga taasisanii boodas Fulbaana 06,1976 diinaan marfamanii qabsoó guddaa taasisan. Qabsoo kana keessattis waraana 200 hin caalle qabatanii waraana kumaatamaan lakkaa'amu faana qabsoo olaanaa taasisan. Haata'uutii, humni isaanii humna diinaatiin walgituu hin dandeneye. Haguma humni diinaa itti jabaachaa dhufe, humni isaanii daran xiqqaachaa dhufe. Kana booda hireen isaan qaban lama ture;

- harka kennachuu

- otuu falmanii wareegamuu ta'e.

Kabbadaan garuu, harka kennachuu hin filanne; harka laachuun salphina guddaa akka ta'e hubataniis Fulbaana 18,1976 osoo harka diinaa hin seenin meeshaa qabatanii jiraniin lubbuu isaanii tokkitti uummata Oromoof aarsaa godhanii darbaniiru.

Fiqrasillaasee Wagdarras(2006:197) akka jedhutti Kabbadaa Bizuunash miseensa mana mare mootii Haylasillaasee ture.Dajjaazmaach Kabbadaa Dargiitti muufatee bosona Mannaagashaatti fincilee ba'eet ture.Magaalaa Meettaa Roobiis weeraree poolisoota ajjeesee baqate.Barattoota Dargiin duulaf bobbaases ari'ee gara qayee keessaniitti galaan deebise.Deeggarsa hawaasa bal'aas qaba waan tureef loltoonni sakatta'oon bobba'anis Kabbadaa namni arge jedhu dhabame.Ta'us walakkaa bara 1971 bulchaa bulchiinsa aanaa Meettaa Roobii kan ta'an obbo Nugusee loltoota bakka Kabbadaan da'ate geessun waraanni namoota hedduu fixe ega gaggeeffamee booda Kabbadaan ajjeeffame.

29. Ahmad Taqii Sheek Mohaammad Rashiid

Ahmad Taqii (1934? –1966)

Ahmad Taqii "Hundee" Sheek Mohaammad Rashid goota gaaffii mirgaa Oromoof dhaabbachaa ture. Maqaa fi seenaan isaas yeroo hedduu kan Elemoo Qilxuu waliin ka'a. Qabsaa'onni amma bara kanaatti jiran osoo hin heddummaatin eenyummaa Oromoof nama qabsaa'aa gaaffii mirgaa fi walqixxummaa hidhatee nama ka'e ture.

Abbaan Ahmad Taqii; Sheek Mohaammad Rashiid Bilaal; Balbballeettii-Cirrattii barsiisaa amantaa Islaamummaa beekumsa qabuu fi jiraattora Oromoo gaarren Harargee biratti nama beekamaa ture.

Haati isaa Maariyaam Ahimad Hajii Saaliyaa Diimaa jedhamti. Ahmad Taqii mucaa 5ffaadha.Lamaan isaanii waan reefu daa'imummaa isaanitiin du'aniif garuu mucaa 3ffaa jedhamuun beekama.

Ahimad Taqii jalqaba barootii ijoollummaa isaa iddoo dhaloota isaa Harargee Dhihaa, Balballettii aanaa Habrootti dabarse.Umriin isaas barnootaf gaafa ga'u Carcar deemun barnoota amantaa Islaamummaa barataa tureera.Yeroo sanas seenaa, aadaa, eenyummaa, Oromoos barataa guddate. Barnoota yaalaa aadaa Arabaa fi Afrikaas qo'atee umriin isaa 20 gaafa guutu, Galamsootti hojii daldalaatti bobba'ee bu'a

qabeessa ta'uun namoota harka qalleeyyii ta'anii fi barattoota deeggaraa ture.

Galamso yoo jirus jeneraal Taaddasaa Birruun walbare. Taaddasaanis hidhaarra waan tureef itti deddeebi'uun isa gaafachaa ture.Taaddasaa waliinis Ahmad Taqiin Oromoon sirna abbaa lafaatin bitamaa ture mirga walqixa abbootii lafaa waliin akka qaban barsiisaa hawaasa kakaasaa turan.Finfinnee fi Dirre Dawaas deemun Baaroa Tumsaa, Jaarraa Abbaa Gadaa, fi Alii Birraadhan carraa wal baruu fi waliin qabsaa'uu argateera.

Bara 1966 sirni mootummaan Hayilasillaasee Dargiin qoramee qormaatichis itti ulfaatee booddee kufaatin murtoo argate. Ahmad Taqiis walitti dhufeenya Taaddasaa waliin qabanirraa kan ka'e Taaddasaan mana hidhaatii akka miliqu haala mijeesset ture. Sababuma kanaanis baqatee Finfinnee ba'e.Finfinneettis Elemoo Qilxuun walbaranii gorsa Elemoon Galamsotti deebi'ee gale. Bara 1966 namoota 19 ta'anii Gubbaa Qorichaa ba'uunis qabsoo hidhannoo gaggeessuu jalqaban. Tarkaanfiis abbootii lafaa toora sanaa irratti fudhachuu eegalan.

Ergamtoota fi eegdota abbaa lafaa toora sanaa kan ture kan Mulaatuu Tagany ajjeesan.Mulaatunis haaloo ba'uuf jecha barsiisaa amantaa Islaamummaa kan turee fi hawaasni mirga isaatif akka ka'u barsiisaa kan turan Haji Omar Qorichee ajjeessise.Ahmad Taqii fi gareen isaas Mulaatau fi namoota isaa hunda Hardiimitti ajjeesan. Reeffi Mulaatus Galamso geeffamee hawaasatti argisiifame.Gochaan kunis hawaasni cunqurfamaan cunqursitoota ofirraa buusuu akka argisiisutti kan lakkaa'ame ture. Abbootin lafaas booru nuuf hin ooltun aaranii haaloo ba'uuf namoota shakkaman mara to'annoo jala oolchutti ka'an. Ahmad Taqiis miliqee garee Elemootti makamee socho'uu jalqabe.

Ahmadis daldalaa waan tureef loltoota isaanitiif deeggarsa maallaqaa taasisaa ture.Elemoo waliin Bubbeetti wal-arguun loltoota isaanii eenyu olaantummaan gaggeessuu akka qabu mari'achuun Elemoon dura taa'aa ta'ee filatame.Ahmad Taqii ammo komaadarummaan muudamee qabsoon itti fufe.Ahmadiifis maqaan qabsoo Hundee mogga'eef. Maqichi garuu jalqabaa abbaan isaa kan ittiin isa yaamu ture.

Mootummaan Hayilasillaasee aangon Dargiin yoo irraa fudhatamu,Dargiin human cimaadha jedhee kan ittiin dhaadatu keessaa tokko kan ta'e loltoota janaraal Getaachaw Shibashiin hogganamu itti erge.Bulchaan Harargee; Koloneel Zallaqaas Ahmad Taqiin yoo ajjeeffamuu baate Galamso guutuma ishii akka barbadeessu labse. Barbaachis itti fufe. Bara 1966s gareen loltoota Dargii fi Ahmad Taqiifaa Ciroo; Galamsorraa kiilomeetira gara 26 fagaattutti wal-dura dhaabbatan. Ahmad Taqiis barii wareeggamee, Elemoon aangoo komaandarummaa fudhatee loltoota isaanii hogganuutti ka'e. Waraannis itti fufee aduun lixxe. Elemoonis dhuka'a moortaariin lubbuun darbe. Loltoota isaanii keessayis namoonni 3 qofti lubbuun hafan.

Abbaan Ahmad Taqiis du'a ilma isaanii yoo dhagaya, "Ilmi kiyya hin dune. Dhiigni isaa firii har'a faca'ee, booru biqilee daraaree sanyii bu'a qabeessa; walqixxummaa Oromoof dhangala'e ta'a. Firiin isaas muka guddaa firii buusu ta'a. Maqaan Oromoos akka awwaallametti hin hafu,addunyaa mararratti beekamtii gonfata" jechuun kan har'aa itti muul'atee dubbatan.

Ahmad Taqii warroomee ijoollee osoo hin horatin hafus, har'a nuti hundi firii wareegamtootaa taanee biqiluun imaanaa isaanii fudhannee ilmaan isaa taane. Maqaa goototii Oromoo faarsufis namoonni ifaajaa turaniiru.

- Alii Birraas sirba isaa "Yaa hundee bareedaa-yaa hundee midhagaa" jedhuun soorgo fi sookkon sirbee isa yaadateera. Hundeen Ahmad Taqiidha.

- Tewodroos Mulaatu, barreessan asoosama afaan Amaaraa beekamaan, fincilaa fi qabsoo Ahmad Taqii fi Elemoo Qilxuu kitaaba isaa Akel-Daamaa keessatti taatummaan itti fayyadamee asoosama seenarratti bu'ura'e barreessera. Haata'uutii seenaa qabsoo isaanii gara miseensummaa ykn deeggartoota Paartii Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa/ EPRP (Ethiopian People's Revolutionary Party) isa Ihaappaan beekkamutti dabsee erbee kaa'era. Seenan isaa garuu gunkumaa Ihaappan walk an qabate hin turre.

- Weellisaa Elemoo Aliis qabsoo fi waraana isaan Cirootti gaggeessan faarsun albama isaa "Oromiyaa" jedhu kan bara 1984 baase keessatti goototii kanneen yaadateera.

30. Jeneraal Waaqoo Guutuu

Sirna mootummaa Hayilasillaasee irratti mormiiwwan ka'anii turan yoo ilaallu, hoggantoota olaanoo, loltoota miseensa raayyaa, konkolaachistoota, daldaltoota, barattoota, qonnaan bultoota fi namoota baratan ykn hayyoota maqaa dhahuun ni danda'ama.

Girmaammee Nawaayi fi Birgaadeer Jeneraal Mangistuu Niwaayis kanneenuma keessatti caqasuun ni danda'ama. Birgaadeer Jeneraal Mangistuu bara 1928n dura leenjisaa kan turan Kaadeetummaan yoo ta'u booddees Xaaliiyaanii biyyaa baasuuf miseensa Xiqur Anbassaa turan.

Meejar Janaraal Mulgeetaa Bulii,hogganaan olaanaa Kibuur Zabanyaa weerara Xaaliiyaaniin dura leenjisaa mana barnoota loltummaa Hoolotaa turan.

Booddee garuu akka Gamaal Abdal Naasir Gibtsi guyyaa tokko mootummaa Hayilasillaasee ni garagalchuun sodaatamaa turan.Raayyaa isaan jala jiru biratti fudhatama guddaa fi jaalala qabu waan tureef. Gochaan mootummaa bara isaaniis wal-qixxummaa mirgaa, hirmaannaa siyaasaa fi fayyadamummaa diinagdee, kabajamuu aadaa, afaan fi seenaa sabaa fi sablammoota ummattootaf kan dhiphatu waan hin turreef hunduu mootichaa fi sirna isaa hundeedhaa buqqisanii

gatuuf fedhii guddaa qabu ture. Akka waaqatti sodaatamuuf duursee haala mijeeffatee turus.

Heerri biyyattii kan bara 1928 ta'e kan bara 1948 Eertiraa federeeshiniin Itiyoophiyaatti makee tumamee biyyattiin Hayilasillaaseen ala buluu akka hin dandeenye jala muree kaa'et ture. Mootichi yoo lubbuun jiru ofiif, yoo waa ta'e ammo aangon sanyii isaati ala akka hin baane heeranis, hojii xiin-sammuutinis guddisee hojjeteera.

Ummanni dhiitamneerran gaaffii mirgaa gaafachuu fi finciluu garuu hin dhiisne. Bifa qindaa'en qabsootti seenuu baatus callisee taa'aa garuu hin turre. Kanneen keessayis mormii fi fincilli qonnaan bultootaa isa tokko ture. Fincilli isaanii kunis warraaqsa bara 1966 biyyattii guutuu sochoosee tureef daandii horaa guddaa saaqee argisiisera. Mootichii fi sirnichi akka kufuu danda'an. Dhumarra humni siyaasaa sirnaan gurmaa'e bara sana keessa dhabamuu isaatin loltoonni ykn Dargiin hidhannoo meeshaa waraanaa guutuu qaban, hawaasa harka saamee imaanaa sanas nyaate.

Xaaliiyaaniin biyyaa ba'ee, mormii fi fincilli mootummaa Hayilasillaaserratti gaggeeffame kan jalqabaa ijoollee Tigraayin ture. Fincilichi gaaffii bifa siyaasas kan qabu ture. Jalqaba Caamsaa 14 bara 1935 Tanbeen (Addi Abun)tti gaggeeffamee ture. Qiwwiihaani fi Indaa Iyyasuusetti, booddee ammo Maqalee dhuunfate.

Fincilli ijoollee Tigraay gaggeeffamee waggoota 20n booda, turtii waggoota 7 kan fudhate waraanni kan taasifame qonnaan bultoota Baalee waliin ture.Kan ijoollee Tigraay caalaa Baale gaaffii qonnaan bultootaa kan baadhate ture.Walakkaa baroota 1940 kanfaltiin gibiraa/qallaad yoo labsamu qonnaan bultoonni hedduun

gabbarriif/ciisanyaa ta'uuf saaxilaman. Lafti safaramee kanfaltiin gibiraa dabaluu isaatiin qonnaan bultoonni lafa isaanii gallakkisan.

Hoggantoonni baay'achuuni fi saamtummaanis rakkoo biraa ture.Kiristaanota gara Kaaba biyyattiitii ka'an, qubachiisuf sochiin yeroo taasifamus, sababii amantiitin ummanni akka walitti bu'uuf haala mijaawaa uumee ture. Baahiruu Zawdee (1983:227) aakka barreessetti, olaantummaan Oromoo Baalee bulchuus qubattootaf yoo laatamu, qonnaan bultoonni Baalee mirgi ofiin of bulchuu irraa mulqamee irraa fudhatame. Agarsiistuu haalichaa ta'uu kan danda'us, Fiit Awraarii Warquu Inquu Sillaasee bulchaa bulchiinsa naannichaa ta'ee muudamuun isaa tokko ta'uu ni danda'a. Fincilli ka'ee tures caalmaan bara 1955 laboobee ciinca'e. Somaalee fi Oromoo Baalees kan walitti hidhe bulchiinsi gaarin dhabamuu isaatin ture. Booddee garuu fincilichi bifa amantaa qabachuun isaa hin oolle ture.

Bulchiinsi mootummaan Hayilasillaasee ummanni amantaa ofii qabu dhiisee Kiristaanaa akka ta'u dhiibbaa uumaa ture. Hawaasnis diddaan amantaa kootif morman laadhan fincila jalqaba mirga, fayyadamummaa, walqixxummaa siyaasaa, aadaa fi seenaaf gaaffii kaasaa ture, ittuu akka fincilicha cimsu isa taasise. Warraaqsa 1966fis ulaa injifannoo kan muul'ise akka ta'e seenan ni yaadata.

Jeneraal Waaqoo Guutuu Somaaliiyaa do'achuun, meeshaalee waraanaa fi leenjii loltummaa fudhatee fincila jalqabuuf karaarra jiru xombora isaa qabsiise. Mootummaa Somaaliiyaa waliinis jalqabarra hariiroo cimaa akka qabaatuf isa gargaaree ture.

Baahruu Zawdee (1999:227) mootummaan Hayilasillaasee mormiin itti cimee yoo jedhu, lafni qonnaan bultootarraa fudhatame yoo nama biroof dabarfamee hin laatamin akka deebi'uu danda'u waadaa galuun fincila ka'e hundeen hiikuf osoo hin taane bishaan itti naqee dhaamsuf

yaale jedha.Mootota Baalefis lafa jirurraa 1/3ffaan sossobbiif laatame. Fincilichi caalmaan babal'achuu malee qorruu dide.

Qonnaan bulaan lafti irraa saammamee maatin jalaa boo'e adabatee taa'uu dide. Mootummaanis Muddee 1959 raayyaa isaa iddoo qabsiisun Baale guututti labsiin qoqqobbii yeroo labsame. Hogganaa kutaa waraana 4ffaa kan ture Jeneraal Jaagamaa Keelloofis taayitaan guutuun bulchiinsicha irratti kennameef. Dubbiin hammaatee fincilichi baddaa hamma gammoojjitti, magaalaa hamma baadiyyaatti caalman babal'ate. Yona mootummaan Hayilasillaasee raayyaa ittisaa, poolisii, milishaa baadiyyaa fi 'nacci labaashii' duulchise. Sababii kanaanis finciltoonni Baalee gara daangaa Somaaliiyaatti dhiibbaman.

Mootummaan Hayilasillaasee fincila Baalee dhaamsuuf yoo asiif achi fiigu, fincilli qonnaan bultoota Goojjam laboobee babal'ate.Sababiin fincila isaanis gibira garmalee,bulchaa naannoo biraatii fidanii irratti muuduu fi lafarraa buqqa'uu fi mirga dhabuu ture. Qonnaan bultoonni Yajjuu;Walloo bara 1940 sirna Hayilasillaasee keessa fi 1970 sirna Dargii keessa yoo fincilanii mirga isaaniif dhaabbatan, qonnaan bultoonni Geede'oo; Sidaamaa bara 1952 Hayilasillaaserratti sababii walfakkaatun fincilaniit turan.

Bara 1936 fincila Baalee to'achuuf duulli Fiitawraarii Warquu Inquusillaaseen akka hogganamu ajajame. Dabalataanis Jeneraalonni kanneen akka Warquu Mattaafariyaa, Waldasillaasee Barakaa, Kabbadaa Yaaqoob, Gassasaa Rattaa fi Jaagamaa Keelloo faanti hoggantummaan ergamaniiru. Duulicharrattis abbaan lafaa ykn bulchaan Gannaalee Fiitawraarii Walda Mikaa'el Bu'ii nacci labaashotaan yoo ajjeeffaman fincilichi dibamee bade jedhame otuu eeggamuu ittuu qabatee finiinee mukukkulaa'e.

Dabalataanis koloneel Mangashaa Walda Kidaan, booddee itti aanaa hogganaa kutaa waraana 4ffaa kan ta'an birgaadeer jeneraal Kabbadaa Yaaqoobin fincila Baalee to'achuuf sochiin taasifamus hin danda'amne. Bara 1957 ittuu caalee babal'ate. Naannoon kutaalee bulchiinsa Somaalee Ogaadeen, Sidaamaa, Booranaa, Baale Gannaalee, Gindhiir, Dalloo, fi Elkareen bulchiinsa raayyaa kutaa 4ffaa jala akka galanis taasifame. Fiqra Maarqoof Dastaa 2002:192

Samiirra xiyyaaronni balali'uun boombii Naappool harcaasuun mootummaan Hayilasillaasee amma ga'u agarsiisanii finciltoota manatti deebisuuf yaalin taasifame. Namni nagaan deebi'ee harka laates dhiifamni akka taasifamuuf labsiin ifatti labsame.Labsii kanaanis Waaqoo Luugoo eessumni Waaqoo Guutuu,haati warraa Waaqoo fi micaan Waaqoo Guutuu jeneraal Jaagamaaf harka laatan. Suuraan isaaniis 'hoggantoonni fincilichaa harka kennaniin' baay'ifamee Baalee guututti raabsame. Jeneraal Waaqoo Guutunis bara1963 harka kenne. Masaraa Hayilasillaasettis geeffame. Jeneraal Waaqoon kooridariirra dhaabbatee osoo jiruu, hogganaan raayyaa lafoo Kabbadaan Waaqoo argee Hayilasillaasee bira seenee Waaqoon akka hidhamu gaafate.Yoota'uu baate garuu ammas itti deebi'ee finciluun isaa hin oolun.

Haala Jaagamaan waadaa galeefin garuu Waaqoon dhiibbamee akka fincilee turee Haylasillaasetti himuun dhiifama argatee akka galu taasifame. Fiqra Maarqoof Dastaa 2002:196

Dooktar Laaphisoo (1999:189) sababii fincila Baaletti ka'een loon 60,000,gaalota 18,698,fardoota, harroota fi gaangoo 7,000, ra'ee fi hoolota 22,215, ida'amaan beelladoota 107,973 mootummaa Hayilasillaaseen qonnaan bultoota irraa dhaallamaniiru jedha.

Fiqrasillaasee Wagdarras(2006:16) fincilli qonnaan bultootaa Itiyoophiyaa keessa hin turre, namoota tokko tokkotu dhuunfan ka'anii bakka bu'oota mootummaa ykn bulchitoota koonyaawwan yeroo sanaa irratti ka'an malee jedha.

Somaaliiyaan bara 1950 bilisa ega baaten booda, Somaaliiyaa 'guddittiin' ijaara jedhee mootummaan biyyattii yoo ka'u isaanis weerara Itiyoophiyaarratti raawwattame milkeessuf Sayd Baarree cinaa hiriiran jechuun Waaqoo Guutuufaa komata. Qonnaan bultoonni Goojjamis ta'e kan Baalee kan fincilan bilisummaa fi mirga isaanif osoo hin taane, namoota fedhii dhuunfaa qabaniin qajeelfamaa ture, jechuun seenaa qonnaan bultoota mirgaaf wareegaman, fayyadamtummaa diinagdeef kufan, hirmaannaa abbaa biyyummaa fi siyaasaaf, walqixxummaa hawaasummaa fi eenyummaa isaanif abbummaan madaa'anii-lubbuun darbe, dhamaatii isaanii bishaan itti naqee maqaa xureesse.

Seenaa fincila qonnaan bultoota Itiyoophiyaa keessa ture garuu namni siyaasa yeroo sana ture waaqessuuf jedhee akkanatti maqaa xureessu hin jiru. Silas Dargiin kaayyon isaa ummataan daldaluu ture. Kanaan alas maal jechuu danda'u? Nutis isaanirraa waan biro hin hin buufanne.Har'as dubbiin waan galeef hin fakkaatani, seenaa isaan uumaniin ija nu golguu barbaadu.

Jeneraal Waaqoo Guutuu namoota qabsoo qotee bulaa Baalee hundeessanii fi adda durumaan hogganaa turan keessaa isa tokko. Jeneraal Waaqoo Guutuu godina Baalee aanaa Madda Walaabuu araddaa Odaa keessatti bara 1916 dhalate. Daa'imummaa isaatti warra isaa wajjiin godina Booranaa aanaa Liiban dhaquun jiraachaa ture. Kan guddates achumatti. Barnoota Qur'aanas achumatti barate.

Yeroo mootummaan abbaa lafaa Oromoorratti hacuuccaa gaggeessu, jeneraal Waaqoo Guutuu umrii dargaggummaarra ture.Kanaaf adda-durummaan qabsoo farra gabrummaa gurmeessuuf bara 1957 sochii jalqabe.Yeroo sanirraa jalqabee qotee bulaa Baalee gurmeessuu fi hidhachiisun qabsoo hadhaawaa taasisaa turuun, bara 1967 Dargiin injifatamanii gara Keeniyaa deemuun koolu galtummaan waggoota hedduuf turan. Turtii Keeniyaatti taasiseenis dhaaba qabsoo Oromoo gaggeessuu danda'a jedhee yaade; Adda Tokkummaa Bilisummaa Oromoo /UOPLF/ hundeessee, erga Dargiin kufe booda bara 1983 gara biyya isaatti deebi'uudhan chaartara Mootummaa cee'umsaa hundeessuu keessatti qooda isaa gumaachera.

Janaraal Waaqoo Oromoo Arsii ; gosa Raayituu Warra Qaalluu irraayi kan dhalate. Waaqon dhibee tasa isa qabeen Amajjii 26 bara 1998 bakka jiraachaa ture Keeniyaatti addunyaa tanarraa boqate.Seenaa wareegama qabsoo ilmaan oromoo keessatti shoora olaanaa waan tabateef, reeffi isaa kabajaan Keeniyaarra Xiyyaarran fuudhamee Finfinnee buufata Xiyyaara Booleetti bakka abbootiin taaytaa biyyattii gurguddooni fi kessummonni hedduun argamanitti simannaan ulfinnaa godhameefii reeffi isaa Xiyyaaraan bakka dhaloota isaa Madda Walaabuu geeffamee ulfinnaan bakka Ummanni bal'aa, abbootii taaytaa biyyaa fi naannoo argamanitti awwaalchi isaa raawwate.

Sababiiwwan ka'umsa qabsoo qonnaan bultoota Baalee yoo ilaallu;

- Bulchiinsi mootummaa Minilik kufee Hayilasillaasen angotti ega dhufee booda fooyya'iinsi bulchiinsaa waan hin hin dhufne. Muhaammad Gadaa Qaalluu namni jedhamus Xaaliyaanitti michoomee qawwee argateen ummata kakaasun bara 1953 waraana bulchiinsa mootummaa Hayilasillaasee irratti bane. Waraanni kunis qindoomee bittaa cunqursaa kuffisuu hin dandeenye. Meeshaa fi humna waraanaa gahaa waan hin qabneef

ture. Loltoota isaas bittinsee Raayituu Galbiitti warra Fit-awuraarii Daadhii Tarreetti galee dhokate. Mootummaan Haylasillaases Fiwutiraarii Daadhii Tarree bira dhaquun Muhaammad Gadaa Qaalluu qabee hidhe. Dararama yeroo dheeraa mana hidhaa keessatti ega dabarseen booda Muhaammad Gadaa Qaalluu mana hidhaa keessattii du'e.

- Garaa hanquun ummanni mootummaa waliin qabu akkuma jirutti ta'ee, Oromoonni gosa Arsii toora Madda Walaabuu jiraatan lafta margaa loon isaanitiif ta'u barbaacha laga Nageellee ce'anii Boorana seenan. Waggoota muraasa erga nagayaan jiraachaa turaniin booda, bulchaa bulchiinsa Nageellee kan ture jeneraal Gassasaa Oromoo Gujii fi Booranaa meehaa waraanaa hidhachiisee Oromoo Arsiirratti waraana bansiise.Tibbi isaas ganna waan tureef lagni Gannaalee irra keessa xinniqa. Oromoon Arsiis jeneraal Gassasaa bira deemanii hamma lagni gadi galutti akka isaanif obsu matta'aa goromsa soddomaa fi dhadhaa gooloo soddoma ummatarraa walitti qabanii geessaniif. Jeneraal Gassasaan garuu matta'aa laatameef erga of harkaan ga'ateen booda waadaa isaa jijjiiree waraana itti gadhiise. Oromoon Arsiis mala dhahatee mukaan riqicha ijaaree, namaa fi horii isaa ooffatee gara Madda Walaabuu cee'e.

Bara 1956 jeneraal Waaqoo Guutuu duuka buutota isaa lakkoofsan 48 ta'an qabatee Soomaaliyaa; Filtuu dhaqe. Barruun seenaa gabaabaa qonnaan bultoota Baalee fi jeneraal Waaqoo irratti waajjira aada fi turiizimii godina Baalen (2003:7) barreeffame akka kaa'etti namoonni jeneraal Waaqoo Guutuu waliin turan Koloneel Dubroo Waaqoo, Waaqoo Lugoo, Haaj Goobanaa Yuuboo, Koloneel Aadam Jiloo, Muussaa Baatii, Abdullaahii Magan, Ibraahim Qaalluu, Muhaammad Balaadee, Somoo Kormee, Muhaammad Dabbaar, fi Dayyuu Hadaamaa faan isaan baay'ee beekamoo ykn angafoota akka turan.

Filtuuttis nama Muhaammad Saalaah jedhamun wal-baruun, sirni cunqursaa waan isaan miidhaa jiruuf deeggarsa meeshaa waraanaa mootommaa Somaaliiyaa irraa akka barbaadan itti hime. Muhaammad Saalaahis Mootummaa Ziiyaad Barree waliin wal-qunnamsiise.

Jeneraal Waaqos erga Ziyaad Barree waliin mar'ateen booda qawwee "Dhoombir" jedhamtu rasaasa gahaa wajjiin gargaarsan kennisiisef. Jeneraal Waaqoo Guutus namoota isaa waliin qawwee deeggarsaan argate fudhatee gara Madda Walaabutti deebi'uun Malkaa Aannaatti yeroo jalqabaatiif humna waraana Hayilasillaasee irratti dhukaasa bane. Waraanni kunis maqaa qawwee Soomaaliyaarraa argate Dhoombiritti mogga'ee; "Lola Dhoombir" jedhamee beekama.

Waraanni garee jeneraal Waaqoo fi mootummaa Hayilasillaasee jiddutti taasifamu cimaa fi babal'achaa hamma deemu, miidhaan ummata nagaa fi qabeenyarra ga'u hammaataa dhufe. Qonnaan bulaan tuttuqaan itti baay'ates fedhiin qabsootti makamaa, humni waraana Waaqoos kan duraa caalaa dabalaa dhufe.

Jeneraal dhaadannoo "Gabrummaa hiddaan buqqifina, ammaaf yoo dadhabnes ilmaan itti guddifna" jedhu qaba ture.Jechi isaa kunis ummanni diinarratti jibbiinsa horatee akka isa faana hiriiru taasisera.Waaqoo Lugoo, Haaji Goobanaa fi gareen isaa kanneen biroo barnoota qabaachuu isaanitirraa kan ka'e, Mooqaadishoo taa'anii haala Waaqo meeshaa waraanaa ittiin argatuu fi odeeffannoon deeggarsaa godhaafi turan.

Loltoota Waaqoo fi Hayilasillaasee jiddutti waraanaa taasifamu itti fufee humni jeneraal Waaqoo Guutuu olaantummaa gonfachuun haala bulchiinsa ammaatiin aanaalee Beeltuu, Gurraadhaamolee, Raayituu, Sawweena, Gindhiir, Madda Walaabuu, Dalloo Mannaa, Gooroo,

D/Qachan, Harannaa Bulluq fi Sinaanaa too'achuun waggaa shaniif ofii bulchaa ture.

Mootummaan Hayilasillaasee waraanni itti cime, human isaa cimsatee karaa tokkoon waraana lafoo, karaa birootin ammoo Xiyyaaran fayyadamuun ummata nagaas osoo adda hin baasin rukutuun qabeenyallee mancaasaa ture. Hayilasillaasen gam-tokkoon waraana gaggeessaa, gara birootiin ammo Waaqoo Guutuutti jaarsummaa bulchaa godina Baalee yeroo sanaa Jeneraal Jaagamaa keelloo itti erguun harka akka kennu sossobaa ture.

Gochaan hammeenyaa mootummaa Hayilasillaasee ummataa fi qabeenyarratti gaggeessu jabaachaa waan dhufee fi humni waraana Jeneraal Waaqoo Guutuus dadhabaa waan dhufeef Jeneraal waraana isaa meeshaa hidhannoo guutuu waliin qabatee kutaa bulchiinsa yeroo sanii Nageelleetti bara 1963 harka kennee. Meeshaan hidhannoo erga irraa hiikkame boda waraqaan qulqullummaa kennameefii akka nagaan gara qe'ee isaatti galu taasifame.

Waaqoo Guutuu erga harka kennateen booda Jeneraal Jaagamaa Kelloo jeneraal Waaqoo fi namoota 45 qabatee Finfinnee mooticha bira geesse. Masaraa seenaniis Hayilasillaasee miilarratti kufanii akka dhiifama gaafatan Jaagamaan itti hime. Waaqoo Guutuu fi hiriyoonni isaa garuu cal-jedhanii dhaabbatan. Dubbichi jabeeffamee si'a lammaffaaf irra deebin itti hime.

Ammas didan. Hayilasiillaaseen dubbicha hubatee akka dhiisan itti himee maaltu itti badee akka fincilan isa gaafate. Jeneraal Waaqos waan hir'ate mootichuu ni beekan deebii late. Hayilasillaaseenis Jeneraal Waaqoo fi namoota isa wajjiin dhiifama gaafachuuf masaraa Finfinnee dhufan mara ji'a sadiif tursiise.

Yeroo turmaataa kanattis mootummaan humna waraana gahaa, Xiyyaara waraanaa fi meeshaa waraana guddaa fi hammayyaa'aa akka qabu itti agarsiise. Kaayyoon isaa Waaqon humna mootummaa sodaatee gara qabsootti akka hin deebine akeekkachiisuu ture.

Mootummaan Hayilasillaasee humnaa fi ga'umsa waraanaa qabuun Waaqoon akka caallamu shakkii hin qabu ture. Kutannoon garuu akka inni caalu miidhagseet beeka. Dhiifamni godheefis nagaan gara qayeetti deebi'anii galan.

Jeneraal Waaqoo harka kennee waggaa afur booda bara 1967 sirni mootummaa Hayilasillaasee kufee Tafarii Bantii angoo qabate. Oduun Oromoon angoo qabatees guutuu biyyattiitti haasa'amuus jalqabe. Baay'es osoo hin turin Dargiin ofumaa wal-nyaachutti gaafa ka'u, Tafarii Bantii ajjeefamee oduun haasa'ame odumaan hafe.Waaqoo Guutuu garaan gammadee hin ciisnef itti deebi'ee bara 1967 si'a lammaffaaf namoota 11 qabatee Soomaliyaa deemee qawwee rasaasa 8 nyaattu "Jaanaddee" gargaarsan argatee biyyatti deebi'ee Dargii waraanuu jalqabe. Sababii fincila Waaqoofaatin kan ka'e Dargiin hawaasa baay'ee dararaa ture.

Waaqoo fi duuka buutota isaa baastan maleen. Deeggarsa mootummaa Somaalerraa argachaa turanis daandii itti cufuun hawaasni abdii kutee akka harka kennatu godhe. Jeneraal Waaqoos humni isaa hamma ta'e waan jalaa dadhabaa dhufee fi karaan meeshaa waraanaa ittiin deeggarsaan argatu waan jalaa cufameef dhuma bara 1967 deeggartoota isaa muraasa waliin gara Keeniyaatti baqatee koolu galummaan waggoota hedduuf ega tureen booda Dargiin kufee Addi Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaan biyya too'atu bara 1983 gara biyyaatti carraa deebi'ee galuu argate. Waaqon Keeniyaa osoo jiruu ture Adda Tokkummaa Bilisummaa Oromoo /UOPLF/ kan hundeesse.

Ka'umsi qabsoo qonnaan bultoota Baalee diddaa sirna cunqursaa gabbaruu yoo ta'u, hawaasni bal'inaan waan irratti hirmaatef namoonni loltoota Waaqoofaatti gaafa makaman raayyan isaanii "Hizbaawii Xoor" jedhamee waamamuu jalqabe. Qabsoon Dargii waliin taasifamus maqaa qabsoo "Soomaalee Aabboo" yaamame.

Sababni moggaasa maqaa qabsoo kanaa garuu fedhii Jeneraal Waaqoo hin turre. Deeggarsa meeshaa waraanaa argachaa kan turan mootummaa Sayid Baarrerraa waan tureef dubbichi fedhii mootummaa Somaaliiyaa ture. Gidiraan kunis qophaa'ee jeneraal Waaqoofaa kan eege bara 1967 Dargii Waaliin yeroo qabsoon lola Jaanaddee irratti jalqabamu ture. Waaqoo fi gareen isaa deeggarsa meeshaa waraanaa gaafachuuf Soomaaliyaa yoo deeman mootummaan Sayid Barree maqaa qabsoo isaanii Soomalee Aabboo jedhaniinii akka moggaafatan jala muree itti hime.Yoo kan gochuu baatan garuu deeggarsa homaayyuu akka hin goonef itti himuun.

Gaafiin mootummaa Somaliyaarraa dhiyaate kunis Waaqoo Guutuu dabalatee hoggantoota ol'aanoo birootti gaaffii guddaa itti ta'ekaase: Maqicha yoo moggaafatan rakkoon qaqqabuu danda'u qabsoo Oromoo Somaaliiyaatti gurguruu akka ta'e, mootummaan Dargii ija diinatiin isaan ilaalu siyaasa biyya keessaa jalaa balleessuu akka danda'u hubachuun walga'ii taa'anii bal'inaan irratti mari'atan.

Gareen inni biroo, fedhii mootummaa Somaaliiyaatin deemuu baannan deeggarsa meeshaa kamuu argachuun ulfaataa waan ta'uuf amma maqichaan of yaamnee deeggarsa argachuun booru bilisa gaafa baanu maqaa jijjiirrannaan falmiin yaadaa cimee itti fufe. Sababii wal-diddaan yaadaa miseensota jidduutti bal'ateefis jecha qabsaa'onni kaan qabsicha dhiisanii gara biyyootii birootti badan. Isaan maqaa Somaalee Abboo fudhachuu didan; Koloneel Aadam Jiloo, Kadiir Booruu, Abdoo Soraa

fi Abdullaahii Badhaasoo waggoota 3f Moqaadishootti hidhamanii turan.

Barruun seenaa qonnaan bultoota Baalee fi jeneraal Waaqoo irratti waajjira aada fi turiizimii godina Baalen bara 2003 barreeffame akka kaa'utti, waraanni jeneraal Waaqoo Guutuu maqaa Somaalee Abboo fudhachuu fi dhabuu isaa meeshaa waraanaa ciniinsisee kaksiisaa ture. Carraan kakachuu Koloneel Huseen Buneerra yoo ga'u, "Wallaahii Billaahi ani Somaalee Aabbooti jechuu didee ani Oromoodha" waan jedheef namoonni kaan waggoota sadi sadi yoo hidhaman, inni garuu qabamee waggoota shaniif Mooqaadishoo keesstti hidhame.

Qabsoo qonnaan bultoota Baaletti jalqabame Oromoonni godinaalee biroos yaadaa fi mallaqaan deeggaruurra darbanii qaamaan waraana keessaatti hirmaachaa turan. Oromoon Shawaas maqaan isaa kanaan ni ka'a.

Mootummaan Dargii aanaa Barbaree ganda Badmaannaa keessatti namoota 40 mana tokko galchee itti cufee, ibiddaan gube. Aanaa Dalloo Manaa keessatti, guyyaa gabaa namoota nagaa 60 morma buusee qale.Iddoon kunis ega guyyaa sanaatii "Hagayya Gorraasaa" jedhamtee akka yaamamu jaarsoliin toora sanaa dhugaa ba'u. Namoonni nagaas qabamanii shiftaa dhoksitaniin reebamaa fi dararamaa, kaan ammo ajjeeffamanii as buuten isaanii dhokfamaa ture.

Waraanni qonnaan bultoota Baalee bara 1956 takka jedhee Dhoombir irratti jalqabe akka barruun seenaa qonnaan bultoota Baalee fi jeneraal Waaqoo irratti waajjira aada fi turiizimii godina Baalen bara 2003 barreeffame kaa'utti Jiloo Wal-mal, Malkaa Argannoo, Madda,Bidiree, Funyaan Qurbii, Arroojjii, Malkaa Amaanaa, Baay Taaq, Malkaa Raphii, Malkaa Waddeessaa , Malkaa Iddaa , Arba Dayyuu , Barbaree, Malkaa Aannaa, Haroo Dibbee, Rira, Dibbee Molee, Malkaa Arjoo, Angeettuu,

Haranna, Bulluq, Malkaa Hullaa, Malkaa Buttaa, Baddaa Bahaar, Quubas, Oborso, Malkaa Dalloo, Gannaale, Malkaa Dibbii fi Eela Dhoqqeettis bal'inaan gaggeeffamaa ture.Amma humni qonnaan bultootaa danda'ee wareegamaa turanitti.

Seenaa qonnaan bultoota Baalee irratti waajjiri aada fi turiizimii godina Baalen barruu bara 2003 maxxanse irratti hoggantoonni Jeneraal Waaqoo Guutuufaa waliin sadarkaa hoggansa adda addaarra turan koloneel Aadam Jiloo, Koloneel Aadam Cirrii, Muussaa Baatii Boonaa, Koloneel Muhaammad Ruubee Alii, Koloneel Kadiir Waaqoo Shaaqee, Koloneel Saadiq Roobaa Jiloo, Koloneel Dubroo Waaqoo, Koloneel Duubee Baatii Gadaa, Muhaammad Balaadee, Goobanaa Yuuboo, Biddiimoo Tinnoo, Daa'ud Waaqoo, Hasan Turee Jiloo, Aliyyii Umar Aagaa, Hasan Goobanaa Kuulaa,Yuusuf Waaqoo, Waaqoo Abdullaahii, Yuuboo Jaarraa, Ibraahim Adan, Xulaa Duubee, Dhaddacha Xilaa, Adaamaa Jiloo, Alii Ilmii, Abdii Huseen, Mu'aalim Aliyyii Waraaboo, Ibraa Waariyoo, Jiiloo Bariisoo, Abdii Dirriyyee Boraatii, Maahimud Goobanaa, Kadiir Booruu Jaarraa, Hasan Ilaadaa, Kadiir Xayyib, Huseen Roobaa, Kadiir Xaahir, Abdullaahii Magan, Jiiloo Teessoo, Umar Ruubee, Aadam Walaabuu Muddee fi Abdii Yaareefaa akka turantu himama.

31. Hayle Fidaa Kumaa: abbaa qubee afaan Oromo

Suuraan Finfinne Tribune: Muddee/December 17. 2014 irraa kan fudhatame

Doktar Haylee Fidaa qubeen afaan Oromoo akka gabbatuuf nama hojii guddaa hojjete. Oromoon afaan isaatin akka dubbatu, akka barreessu fi ittiin dubbisuuf, seenaa isaatin akka boonuf adda durummaan hojii jabaa gumaachera. Awrooppaa yeroo turetti qorannoo Oromoo hundeessee waan hojjetamuu danda'u hundaaf carraaqqii taasisaa ture. Gumaachi isaas seer-luga, itti fayyadama afaanichaa fi beekumsa waliigalaa afaanicharratti bara 1960-1966 qorannoon akka gaggeeffamuuf daandii saaqera. Qorannoo isaa jalqabaas bara 1964 maxxansiisee dubbistootan ga'e.Qorannoon isaas maxxansa Taaxaq irratti ba'e. Mata-dureen isaas Afaanota Itiyoophiyaa: Laatiniimoo Gi'izii wayya barreeffama afaan Oromoof kan jedhu ture.

Bara 1965s kaayyoo guddina afaan Oromoo guddisuuf qabatee ka'e tokko kan ittiin jedhe ' Hirmaata Dubbii Afaan Oromo' maxxansiise. Qubee 35n afaan Oromoof ni ta'u jedhee qo'ateenis kitaaba og-barruu "Bara birraan bari'e" dubbisaan ga'e. Kitaaba seer-luga isaa keessattis qubeen afaan Oromoo Laatinii akkam ta'u akka qabu, akkaataa xiinxala sagalee, qubee dubbachiistuu jalqaba dheerinaa fi gabaabina bifa

agarsiisun ka'amee ture (ii, aa, oo, uu) gara (i, e, a, o,u)tti fooyyessee gumaacha taasise.

Qorannoo isaa kanas bara 1964 Koonfaransii gamtaa barattoota Itiyoophiyaa Awrooppaa jiranii fulduratti dhiyeessee. Qorannoon Dooktar Hayilee Fidaa kunis edaa barattoota Itiyoophiyaa Awrooppaa jiran afaan ilaalchisee ejjennoon isaanii lamatti akka hiramu taasise.Jarri kaan qubee yoo deeggaran kaan ammoo qubee Saabaa wayyaan mormiin yaadaa babal'ataa deeme. Qoranoo Oromoonni afaanicharratti gaggeessaniifis daandii saaqera.

Gumaacha isaa qubees dhaabbileen tokko tokko bara 1962 irraa eegalanii ittiin tajaajilamuu jalqabuun haala mijaawaa ammaa kanaan ga'aniiru. Koonveenshiniin biyyoolessa Oromoo bara 1983 gaggeeffames qubeen afaan Oromoo guutuu Oromiyaa irratti akka tajaajilarra oolu murteessee abjuu fi muul'ata Dooktar Hayilee Fidaa dhugoomse.

Doktar abjuun isaa dhugoomuu isaa osoo hin argin Dargiin ajjeeffame. Hayilee Fidaa barnoota sadarkaa tokkoffaa mana barnoota Arjootti xumure. Barnoota kutaa 7-8 ammoo mana barnoota Hayilasillaasee Iffaa fi mana barnoota sadarkaa 2ffaa ammo Naqamtetti barateе xumure.

Barnoota olaanafis Finfinneetti Wiingeet seenee barataa ega tureen booda digrii jalqabaa Yunvarsitii Finfinnee seenee Ji'ooloojii barateera. Hayileen barnoota sadarkaa 2ffaa isaan A10n fi B2 yoo fidu, kan digrii jalqabaa ammo qabxii 4 ebbifame. Qabxiin isaas olaanaa waan tureef yunvarsitii Finfinneetti muummee Ji'ooloojiitti barsiisummaan mindeeffamee hojjechaa tureera.

Maastarsii isaa barachuufis gara Faransaay deemee sooshooloojii fi sooshaal antroopooloojii barate. Digrii isaa 3ffaa ykn PhD isaa ammoo Akkaadaamii "Le Palais De L" Paarisitti argamu irraa falaasamaan ebbifameera.

Paaris barootii turettis miseensa gamtaa barattoota Itiyoophiyaa Awrooppaa jiraatanii ture.Barreessaa kabajaa paartii sooshaalistii Faransaayis ture. Dr. Hayleen "Mme Marie" waliin bultii ijaarratee ijoollee lama horateera. Ijoollichis biyya Faransaay jiraatu..

Namoonni Hayleefaa waliin turan Oromoon akkamiin dammaqee of baruun akka of bulchuu qabu yoo ilaallu, bifa lama qabaachaa akka ture ilaalun ni danda'ama. Isaanis;

- Oromoo hubannoo siyaasaa, fayyadamtummaa diinagdee fi daammaqina hawaasummaa uumun foxxoqee bilisa akka ba'u gochuun ofiin akka of bulchu gochuu,
- Gareen Dr Hayleefaa garuu faallaa kanaan rakkoon Oromoos rakkoo dimokraasii dhabuu, cunqursa bittaa gabroomfattootaa sabaa fi sablammoota ummattoota Itiyoophiyaa kaanirra ga'aa jiruun walfakkaatatii, Itiyoophiyaanonni rakkoo waliitif waliin furmaata barbaachun argachuu qabuun mormaa ture. Oromoon foxxoqoos akka hin qabne jala murees falmaa ture, falli jalqabaa bittinuu ta'uu hin qabuun; yoo ta'uu baate yaalamee garasumatti deemnan.

Haylee Fidaa hoogganaa Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaa Hundaa /All-Ethiopia Socialist Movement/ maqaa isaa yeroo hedduu afaan Amaaraan ittiin beekkamu "MEISON" ture. Sagantaa Warraaqsa Biyyoolessa Demokraatikaa Dargii deeggaruun baasera.

Dr Haylee Fidaa ogeessa seeraas ture. Afaan Oromoo, Amaaraa, Ingilizii fi Faransaay sirriitti danda'a ture. Darguun akka heera tumatu kan gargaare. Barnoonni sooshaalizimii mana manaan akka qaqqabu

kitaabota afaan birootin barreeffaman afaan Amaaratti hiikee gumaachera. Lafti qonnaan bulaaf akka hiramu taasiseera.

Sagantaan inni hordofu Sooshaalistii Sooviyatiin kan walfakkaatu ture, kan garee Bitaa Haarawarra /New Left/. Hayleen Awrooppatii gara biyyaatti kan deebi'e waamicha Dargiin namoonni baratan marti biyya isaanii akka guddisaniif yaamicha dabarseen ture.

Nagada Gobazees bifuma kanaan biyyatti deebi'e. Bara 1967 Dargiin Waajjira Qindeessaa Hawaasaa icciitin gaafa hundeessu Haylee Fidaan dura taa'aa ta'ee muudame. Hojiin dhaabbata kanaa hawaasa caayaa yaada siyaasaa tokko jalatti walitti qabuu qofa hin turre.

Dhaabbilee siyaasaa mormitoota ta'anis gaaddisa Itiyoophiyaanummaa jalatti qindeessuu ture. Hayleenis Sagantaa Warraaqsa Demokraasii Biyyoolessa kan ture "Itiyoophiyaan haa duursitu!" jedhu bakka buusu qopheesse.

Dargiinis dubbicha osoo sirriitti hin hubatin waan hawaasa biyyattii keessa jiran mara walitti qabuuf itti fakkaatee itti fayyadamaa ture.

Sagantuma bocame kanaanis lammiilee biyyattii ilaalcha fi fedhii siyaasaa garagaraa qaban ittiin sochoosaa turan.

Booddee sagantuma jalqabaa kana bu'uura godhachuun Demokraatika Rippabliika Ummattoota Itiyoophiyaan biyyattiin akka duurfamtu taasifame. Mangistuunis bara 1968 hiriira nagayaa adda-baaba'iitti yaamee Warraaqsi Demokraatika Biyyoolessaa ifatti kallattii biyyattii ta'uu labse.

Sochiin hawaasummaas waan dhoorkameef kallattiin Hayilee Fidaa ni baasa jedhee yaade kufee fashalaa'e. Sababiin isaa ammo tuxxuqaa

Dargii ture. Gochaa Dargiitti kan muufate Paartiin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa; IHAPA garee Hayileerrattis ta'e. Dargii irratti tarkaanfii fudhachuu eegale.

MEISON ykn gareen Hayilees Dargii cinaa dhaabbatee qabsaa'uu filate. Filannoon isaa Dargii kaayyoo isaatin wal hin fakkanne cinaa dhaabbachuuf kutachuun isaa har'arra dhaabbatee nama ilaaluf, daandii qabsoo hidhannoo dhiisee mucucoo hallayyaa bileerra dhaabbatee akka ture afaan guutanii dubbachuun ni danda'ama.

Paartiin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa/IHAPAn/ Dargii fi Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa / MEISON/ osoo adda hin basin haleeluu jalqabe. Haleellan kun Shororka Adiin mogga'ee Dargii fi MEISON tarkaanfin fudhatan ammo Shororka Diiman mogga'ee beekama. Namoonni baratan marti jaalataniis ta'e osoo hin jaalanne deeggartoota Maarksiizm-Leeniiniizm ta'an.

Haylee Fidaanis walitti dhufeenya Dargii waliin qabu cimsuutti ka'e. Bara 1967 Sisaay Haabtee; dura taa'aa dhimma siyaasa Dargiin walitti dhufuun dhimma Eertiraarratti mari'achuuf hoggantoota biyyootii Arabaa 6 waliin wal arguun haasa'aa turan.

Yaada marii isaanii irratti waan walii galuu dadhabaniif aaranii walitti bu'an. Miidhamaan jalqabaas miseensa MEISON kan ta'ee fi hoogganaa gamtaa daldaltoota Itiyoophiyaa kan ture Tewodroos Baqqalaa ture. Bara 1969 dubbiin wal dhabbii yaadan jalqabame ajjeechaa isaatin xumurame.

Sororki Diimanis sababii kanaan biyya fudhate. Namoonni hedduunis du'an. Paartiin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaas/IHAPA/ gara gaara Asiimbaatti baqate.Qabsoo hidhannoos dhiisee takkaa magaalaa keessa nanaanna'aa tarkaanfii haleellaa fudhachaa ture.

Filannoon qabsoo Paartii Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa /IHAPA/ waraana magaalaa ture. Lafa Dargiin hireerati qonnaan bultoota qabsoof kaasun ni'ulfaatan magaalaa keessa deddeemaa ture. Gareen Haylee Fidaa qabsoo nagaa wayyaan Dargii hidhannoo guutuu qabu sossobee aangoo qooddachuuf masaraa keessa gaggaragaraa ture.

Bara 1968 fonqolchi aangoo Mangistuu irratti raawwatame fashalaa'ee Sisaay Haabtees dhumni isaa du'a ta'e. Haylee Fidaafis dubbiin jijjiirramaa Dargiin malaan namoota isa keessa jiran of keessaa baasaa namoota isaa bakka buufachuutti ka'e. Bara 1969 Dargiin garee siyaasa Haylee Fidaa hunda aangoo yoo dhoorkatu, Hayleerrayis itti gaafatamummaan laatameefii ture irraa fudhatamee deeggartoonni isaas hidhamanii Haylee Fidaanis Oddoo Moofaa/Aroogee Gibbii/ keessatti akka hidhamu taasifame.

Hooggantoota Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa /MEISON/ Dargiin akka sardiida ilmaannan hoolaa guyyaa tiksee malee argatee takka lamaan guuree nyaate. Nagada Gobazee qofa ture miliqee koolu galtummaan Yaman kan seene. Akkaatan Haylee Fidaa ittiin ajjeeffame ifa ta'uu baatus, ega to'annoo jala ooleen booda hidhaa keessa akka turu tasifamee bara 1971 akka ajjeffame Andaargaachaw Xirunah barreeffama isaa keessatti ni kaasa.

Mangistuu Haylamaariyaam (2004:246) akka jedhutti miseensota Waajjira Gurmaa'ii Warraaqsa Hawaasaaf Mangistuu Haylamaariyaam, Lij Mikaa'elii fi Alaqaa Alemaayyehu Hayleen ega fedhiidhan duursummaa isaanitiin hojii jalqabanii ji'a tokkoon booda ammoo Dr Alamuu Abbabaa, Dr Sannaay Likkee (itti aanaa dura taa'aa), Haylee Fidaa (dura taa'aa), Dr Asaffaa Madihinee, Dr Mallasaa Taklee, Dr Nagadee Gobazee, Shawaandaany Ballaxaa, Yewendwesen Hayluu, Dr Bezzaabbih Maaruu, Fiqree Mar'id, Baaroo Tumsaa, Yonaas

Admaasuu, Tasfaayee Shawaayyee, Mallasaa Ayyaaleew, Ishatuu Collee fi Masfin Kaasuu (barreessaa) ta'uun filatamanii hojiitti seenan.

Fiqrasillaasee Wagdarras (2006:247,296, 313 fi 337) haala siyaasaa yeroo sana ture yoo seenessu, Paartin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa /IHAPA/ dhaabbata siyaasaa Hayleen hundeesse Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa/MEISON/ baay'ee qeeqaa fi tarkaanfii haleellaa fi ajjeechaa irratti fudhachaa ture.

Tarkaanfii miseensota Haylee Fidaarratti fudhatamu shororka adii yoo jedhaniin,haleellaa Paartin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa /IHAPA/ irratti fudhatame ammoo dhiiga dhiigan deebisuuf jecha shororka diimaa jedhaniinii moggaasanii turan.

Wajjira Ummataa garee beeksisaa fi quunnamtii hogganaa kan turee fi miseensa dhaabbata siyaasaa Hayilee Fidaafaa kan ture Dr Nagadee Goobazees 'shororki adiin shororka diiman ni rukutama!' dhaadannoo jedhu barreessisee ummanni akka ittiin dhaadatee kaka'u taasise. Gandoonni ega hidhataniin boodas Warraaqsi Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa "diimoo dimoftoraan" dhaadannoo jedhu qabachuun Paartin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa /IHAPA/ akka rukutamuuf haala mijeesse.

Yaadrimeen Shororka Adii fi diimaa warraaqsa Sooviyat bara 1917 akka lakkaawwii Awrooppatti gaggeeffamerra kan fudhatame ture. Namoonni warraaqsicha sochoosanii fi deeggaran warraaqsotii jedhanii yoo of yaaman, faallaa isaanitiin gareen jiran ammoo jaalattoota mootii waan turaniif deeggartoota moototii jedhamuun yaamamaa turan. Haala biyya keenyatti yoo dhufnummoo mankaraaristoota fi anaarkistootan haleellaa raawwatame shororka adiin yoo yaaman warraaqsitoonni ammoo tarkaanfii fudhataniin shororka adii jedhanii yaaman. Adiin farra ummattummaa fi kiraasassaabduu ykn abbootii lafaa yoo bakka

bu'u, diiman ammo aantummaa ummataa fi warraaqqummaa bakka bu'u ture.

Paartin Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa /IHAPA/ Dargii keessa seenee aangoo yeroo qabatetti Mangistuu Hayilamaariyaam nageenya isaatif sodaatee Hayilee Fidaa fi Dr Sannaay yaamee mariisisuun akka isa cinaa dhaabbatan gaafachaa ture.

Gurraandhala 1966 manni barnoota siyaasaa gaafa akka hundaa'u murtaa'u gareen Hayilee Fidaa carraa aangoo siyaasa biyyattii qabachuu arganneen manneen barnoota siyaasaa kutaalee bulchiinsa biyyattii keessa jiran 12 hogganaa kan ture Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa/MEISON/ ture. Kan hafan lameen ammoo Paartii Warraaqsa Cunqurfamoo Itiyoophiyaan duurfamaa turan. Dogoggorri isaan uuman garuu Dargii boba isaanii jala jiru meeshaa waraanaa hamma funyaanitti hidhate tuffachuu, arrabsuu fi xinneessuu ture.

Sochii ejjennoo isaanii haala kanaan jijjiiruu isaanitis miseensota isaanitti hin beeksifne ture.Kun ammo miseensota isaanii jidduutti garaa hanquu fi jibbiinsa isaanitti horateera. Sochii siyaasaa Itiyoophiyaa keessa jirus biyyootii Awroopparra deemnee beeksisuuf jiddugalli tokko Awrooppatti hundaa'uu qabaan Dr Nagadee Goobazee Mangistuu amansiisee Doolaara Ameerikaa 10,000 fudhatee karaa daandii qilleensa Boolee nagaatti jedhee ba'e. Miseensonni kaanis akka biyyaa ba'an kakaasaa waan tureef biyyaa ba'an. Hagayya 14,1969 hoggantoonni Warraaqsa Sooshaalistii Itiyoophiyaanota Hundaa/MEISON/ Dargiin nyaatamanii as buuten isaanii dhabame. Haylee Fidaas isaan keessaa isa tokko.

32. Tasfaayee Dinqaa Yaaddessaa

Ministeera Haajaa Alaa (1981–1983), fi Muummee Ministiraa (Ecbila walakkaadhaa - Caamsaa walakkaa 1983) ta'uun Itiyoophiyaa tajaajileera.

Tasfaayen dhalataa Amboti. Barnoota sadarkaa tokkoffaa Ambotti baratee yoo xumuru sadarkaa 2ffaa ammo Finfinnee Janaraal Wiingeet seenee barateera. Digrii jalqabaa Yunvarsitii Ameerikaa Beeyruutii yoo fudhatu digrii 2ffaa /MBA fi MSc/ Injinariingii Indastriyaalin yunvarsitii 'Syrakus' irraa argateera.

Tasfaayen hoggantoota Dargii keessaa isa tokko yoo ta'u miseensa Paartii Hojjettoota Itiyoophiyaas ture. Muummee ministiraa ta'uu isaatin dura bakka bu'ummaan ministira misooma qabeenyaa, ministira indastirii, faaynaansii, haajaa alaa, itti aanaa muummee ministiraa Demokraatika Riippabliika Ummattoota Itiyoophiyaas ta'uun hojjechaa tureera.

Tasfaayee Dinqaa hoggantoota Dargii keessaa kan harki isaa dhiigan hin laaqamne ta'uun hoggantummaa fudhate hunda sirnichi nama nyaataa ta'us sanuma keessa hojii isaa nama nagayaa ta'uun fiixan ba'achaa ture. Murtoowwan Mangistuun fudhatu hedduurratti harka

isaa osoo hin seessisin hojii isaa hojjechaa ture. Mangistuun akka Adda Bilisa Baasaa Ummata Eertiraa fi Adda Bilisa Baasaa Ummata Tigraay waliin taa'ee mari'atee rakkoo jiru nagayaan hiikuf gorsaa ture. Wikipedia, the free encyclopedia

Guyyootii dhuma sirna mootummaa Dargii keessa Tasfaayee Dinqaa muummee ministiraa ta'uun muudamee hojjechaa ture. Koonfaransii marii araara buusuu Dargii fi Adda Bilisa Baasaa Ummata Eertiraa fi Adda Bilisa Baasaa Ummata Tigraay Caamsaa 19 bara 1983 Landanitti gaggeeffame irratti garee Dargii hoogganuun hirmaatera. Adda Bilisa Baasaa Ummata Eertiraa bakka bu'uun Isaayyaa, Adda Bilisa Baasaa Ummata Tigraay bakka bu'uun ammo Mallas, Adda Bilisummaa Oromoo /ABO/ bakka bu'uun ammo Leencoo Lataa hirmaataniiru. Koonfaransii kana jaarsummaan gaggeessuf ammoo gargaaraa barreessaa Ameerikaa yeroo sanaa kan ture Hermaan J. Koohen waltajjicharratti argamaniiru.

Koonfaransichi adeemsifamaa osoo jiruu Addi Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa, Finfinnee seenee to'achuu jalqabe. Marichis dubbiin waraanaa namoota lubbuu, qaama, dhiiga, qabeenya, yeroo fi beekumsa hedduu ega wareegee dhamaatii guddaan taasifameen booda ture. Dubbiinis araaran barfateen osoo hin taane wareegan xumurame.

Gareen Dargii bakka bu'e, Tasfaayee dabalatee maricha addaan kutuu akka barbaadan himanii ba'an. Hermaan J. Koohnis Addi Warraaqsa Ummattoota Itiyoophiyaa dafee Finfinnee to'achuun biyya akka tasgabbeessu gorsa laatef, Gorsichi laatamus kaayyon qabsoo barootii dheeraa fudhate garuu Dargii buusee aangoo ummataaf laachuu waan tureef Finfinneen to'annoo jala oolte. Koonfaransiin Landanis garee Dargiin ala bariitus itti fufee gaggeeffame. "The Demise of the Military Government"

Tasfaayen Baankii Addunyaa keessa fi dhaabbilee guguddaa biro keessatti hojjechaa yoo turu, Ameerikaa keessa kufaatii Dargiin booda jiraachaa tureera. Dhaabbata Misooma Diinagdee Afrikaaf kan hojjetu; Gamtooma Idil Addunyaa Afrikaaf /Global Coalition for Africa/ jedhamu keessatti gorsaa ta'uun hojjataa tureera.

33. Mohaammad Zaakir Meeyraa

Mohaammad Zaakir sabboonaa Oromoo wareegama Elemoo Qilxuu fi Ahmad Taqii booda ka'e ture. Maqaa guutun isaa Mohaammad Zaaki Sheek Umari. Qabsaa'ota gita isaa ta'an biratti garuu maqaa Meeyraa jedhamuun beekama. Abbaan isaa barsiisaa amantaa Islaamaa Sheek Umar Aliyyeedha. Haati isaa ammoo Meeymunaa Saadiq jedhamti. Mohaammad bara 1941 Galamsotti dhalate. Abbaan isaa haadholii warraa 4 qaba ture. Mohaammad Zaakir haadha isaaf mucaa dhumaati.

Ijoollummaa isaatti Quraana baratee dandeettiiwwan afaanii dubbisuu fi barreessarfan barate. Barnoota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa Galamsoo fi Cirootti baratee xumure.Teeknika barachuuf ammoo Finfinnee mana barnoota teeknikaa fi ogummaa Tegbaare'id seenee barachaa ture. Barnoota teeknikaa kana garuu hin xumurre. Barnooticha dhiisee qabsoo Elemoo Qilxuufaan jalqaban galmaan ga'uuf Harargeetti deebi'ee gaarren Carcar yaaphatee qabsoo hidhannoo jalqabe.

Mohaammad Zaakir deeggarsa firaa fi hiriyaa isaa Ahmad Taqiin hogganaa isaanii Elemoo Qilxuun wal bare. Elemoo Qilxuunis Mohaammad Zaakir gaggeessaa nageenya fi loojastiiksii raayyichaa godhee muude. Iddoo ramaddii isaattis raayyan isaanii guyyaa guyyaan waan isa barbaachisu adda baasu fi hojii nageenyaa hojjechaas ture. Ji'oota muraasan booda garuu iddoo da'annaa isaanii kan ta'e Gubbaa

Qorichaatii osoo deebi'aa jiruu harka loltoota mootummaa harkatti kufe. Mana hidhaattis darbame.

Bara 1966 Qaammee keessa umriin warraaqsa qabsaa'ota Oromoo Gubbaa Qorichaa bifa nama gaddisiisun goolabame. Elemoo Qilxuu, Ahmad Taqii, Sheek Jamaal Bareedaa, Sheek Aliyyi Arsii fi Maahdii Ahmad firri Muhaammad Rashaad Abdullee dirree waraana Xiroo irratti wareegan goolabame.

Mootummaan namoota baratan, daldaltoota fi jiraattota magaalaa Galamsoo, Baddeessaa, Machaaraa, Bookee fi Balballeettii dararuu jalqabe. Deeggarsa Elemoo Qilxuufaaf taasisaa turtaniin namoota lubbuun qabaman 8 gara mana murtiiolaanaa raayyaa ittisaa Harargee geessee dhaddacha dhaabe.Isaan keessayis Mohaammad Zaakir, Muxaaq Sheek Mohaammad Rashaad; obboleessa Ahmad Taqii, Ahmad Al-Hadii Huseen;obboleessa Mohaammad Zaakir, Mohaammad Bakar, Najaash Usmaa'el, Usmaa'el Ahmayyuu, Amiinoo Abduraamaan fi Wayyaa Ibroo ykn Abubakar Ibraahimfaanti keessatti argamu. Hiriyoonni isaanitis baay'ee gaddaan liqimfamaniit turan. Qabsoo jalqaban jalaa duubatti deebisuu danda'aan.

Lolli qabsaa'otaa fi loltoota mootummaa jidduutti taasifame kaan harka raayyaa Dargii jalatti kufanii kaan ammo wareega lubbuu kanfalanii qabsoon isaanii goolabame. Guyyoota 6n booda mootummaan Hayilasillaasee aangorraa fonqolchamee Dargiin iddoo qabate. Qabsaa'onni qabamanis mana hidhaa naanoo Hararii ammaa jala jiru Aw-Izinitti darbaman. Dararri qorannoo cimaan ega' irratti raawwatameen booda dhaddacha mana murtii olaanaa raayyatiin duuti itti murtaa'e. Murtoon adabbii kun osoo kanumaan jiruu, bara 1966 mootummaan Dargii hidhamtootaf dhiifama godhee waan tureef Mohaammad Zaakirfaan hidhaadhaa hiikkamanii ba'an.

Mohaammad Zaakir reefu dargaggeessa waan tureef dargaggoota akka isaa waliin "Tuuta bariisaa" hundeessanii waa'ee biyyaarratti mari'ataa mootummaa Somaaliiyaa bira dhaqoon deeggarsa akkaataa ittiin argachuu danda'an gaafatanii waan barbaadanis ega argataniin booda Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa waliin inni komaandara ta'uun gara biyyaatti deebi'anii Dargii irratti waraana labsan. Gareen isaan hogganamu kunis aanaa Bookee fi Daaroo Labuutti raayyaa Dargii rukutaa turaniiru.

Hooggantummaan raayyaan Mohaammad gaggeessu dirreewwan waraanaa loltoota Dargii itti argate maratti injifatee bakkaa ari'aa ture. Magaalonni Milqaay fi Michataas harka isaa galanii turan. Aanolee baadiyyaa inni keessa darbes Dargii jalaa bilisa baasaa deema ture.

Mohaammad dubbatee amansiisutti nama cimaa ture. Dandeettii humana namaa ijaarurrattis salphaa hin turre. Hidda dhaloota Yaman Arabaa kan qabu ilma daldalaa magaalaa Galamsoo of cinaa hiriirset ture. Muus'iid Saalaah jedhama, abbaan isaa daldalaa beekkamaa ture. Muus'iid Saalaahis dirree waraanarratti wareega kanfaluun lubbuun dabarte.

Mohaammad Zaakir, Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa waliin qabsaa'un Dargiin falmaa turus, mootummaan Somaaliiyaa qabsaa'onni Oromoo maqaa Somaalee Aabboo jedhuun yoo of moggaasan malee deeggarsa hin godhu gaafa jedhu Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa waliin mormii fi walitti bu'iinsa keessa gale.

Mootummaan Somaaliiyaa weeraraan lafa Oromoo qabatee alaabaa Riippabliika Somaaliiyaa gaafa fannise Mohaammad Zaakir fi gareen isaa Oromoo malee Somaalee akka hin taane ifatti labsee, kaayyoo qabsoo isaaniis beeksisan.

Waraana garee Mohaammad Zaakir fi Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa jidduutti taasifameenis ergama mootummaa Somaaliiyaa kan qabu Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa Daaroolabuutii rukutamee ba'e.Waraanni Mohaammadfaanti Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa irratti labsanis qixxuma raayyaa mootummaa Dargii waliin taasifamu ture.

Waraanni garee Mohaammad Zaakirii fi Adda Bilisa Baasaa Somaalee Dhihaa jidduutti taasifamu cimaa deemun mootummaan Somaaliiyaa raayyaa haaraa, hidhannoo guutuu, lakkoofsan hedduu ta'e waan duulchiseef 1966 Mohaammad Zaakir dirree waraana Kurfaa Roqaatti, kan kilo meetira 30 Bookerraa fagaattutte wareegamee aarsaa lubbuu kanfale.

Mohaammad Zaakir qabsoo diddaa gabroomsaa keessatti shoora olaanaa tabatus maqaan isaa yeroo hedduu yoo dhahamu hin dhageenyu.Tewoodroos Mulaatuu,hiriyaan mana barnoota Mohaammad Zaakir kitaaba isaa asoosama seenarratti bu'uura'e; "Akel Daamaa" keessatti Mohaammad qabsaa'aa qabsoo Oromoo keessatti iddoo olaanaa akka qabuu fi dargaggoota Galamsoo fi guutuu Carcar qabsoo diddaaf sochoosaa akka ture kaa'era. Tewoodroos Mulaatuu garuu qabsoo Mohaammad qofa osoo hin taane sochii qabsoo dargaggoota Harargee Warraaqsa Paartii Ummattoota Itiyoophiyaan walitti hidhus.

Dhimmi qabsoo Mohaammadfaa garuu akka barreessaa Tewodroos kitaaba isaa keessatti kaa'etti osoo hin taane Oromoof mirgi eenyummaa fi abbaa biyyummaa akka kabajamuuf ture. Artiist Elemoo Aliis kanaaf fakkaata kan dirree waraanaa Xiroo fi qabsoo gootota albama isaa "Oromiyaa" jedhu kan bara 1984 baase keessatti kan isaan yaadate akkanaan.

Dhigni Keessan Yaa'ee Carcar Xirroodhattii

Dhagaatti Goggogee ititee biyyattii

Margaa Meeyraa inni hin biqilchinee?

Ummata dammaqsee sossoose qabsotti

Nu hordofaa jedhaa daandii warraqsatti

34. Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo (Abbaa Nabsoo)

Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo Shawaa Kibba Lixaa aanaa Tolee keessatti dhalate. Goota Oromoo tuqamuun isa jibbisiisu. Weerara Xaaliiyaanii isa jalqabaa Adwaa irratti Minilik IIffaa waliini, isa lammataa Haylasillaasee waliin ammo Maacawii fi diddaa fincilaa waggoota 5 irrattis nama sodaa tokko malee lammiif duursa laatee hiriire. Dirreewwan waraanaa lamaanirrattuu hiriyoota fi namoota jaalatu dhabus, biyya isaa garuu gabrummaaf nama dabarsee laachuu hin barbaanne ture.

Abbaan Nabsoo giiftii Zawdituun muudamee bulchaa Sidaamaa osoo ta'ee jiruu Raas Tafariin 1916 Awrooppaa deemee biyyootii gara garaa ega do'atee deebi'een booda guddinaa fi qaroomina arge Itiyoophiyaatti haalaitti galee hojiirra oolu mariisisuuf abbootii taayitaa yeroo sanaa hunda Finfinneetti yaame. Baalchaan garuu hin dhufuun dide. Dhumarra garuu xalayaa Zawdituun Gurraandhala 3 bara 1920 barreessiteen hataattamaan Finfinneetti akka argamuuf yaamichi darbeef.

Baalchaan sanaan dura garuu waggoota 4 guutuuf Finfinnee osoo hin ejjetin dabarsuun Gurraandhala 16 bara 1920 yaamicha taasifameefin

loltoota isaa lakkoofsan 500 ta'an lafoo oofee Sidaamaatii Finfinnee gale. Masaraas ega seenanii agarsiisa hiriira raayyaa ega argisiisanii boodas raayyan isaa yoo iddoo qabatee dhaabbatu giiftii Zawdituu harka fuudhee Tafarii garuu nagaa gaafachuu dide. Sababni isaa muufuu ta'us qufaan waan naqabeef lakkiin fuula dhoorkatee irraa garagaree taa'e. Tafariin garuu irra deddeebin sossobachaa ture.

Baalchan loltoota isaa 4 eegdummaan kan isa tajaajilan ega keessaa hanbifatee booda kaan Sidaamatti akka deebi'anii galan gaggeessee mana jireenya isaa Finfinneetti galee taa'e.Tafariin affeerraa irbaataa irra deddeebin isa yaamus Baalchan du'een argamaan argamuu dide.

Raas Tafariinis sababiin muufannaa Baalchaa galuufii baatus tuffiirraa akka ta'e garuu sirriitti galeefit ture jedhama. Kun ammoo Tafarii aarsee marrimaan eelchet ture. Eelee gubatees hin hafne Gurraandhala 28,1920 kaabinee Raas Tafarii kan turan muudamaan Etaamaajoor Qanyaazmaach Saahilee Isheetuu loltoota 20 qabatanii Baalchaa hidhanii akka fidaniif Tafariin ajaja dabarse.

Baalchanis dhaddacha mootii Tafarii fulduratti dhiyaatan. Baalchan, badiisaa akka amanu yoo gaafatamu seenaa inni hojjete namaa mitii gaarren Adwaatuu dhugaa bahuuutii sanyii lakkaa'anii wal-badhaasun, wal-faarsunis ta'e wal-muudun duruu turteetii anoo hin muufanne,namuus hin tuffanne jedhee yoo dubbatu, Tafariin murtoo itti laate. Murtoo kanas Taaddasee Teelee(2004:3) akkanaan kaa'a;

- Har'aa jalqabee bulchaa Sidaamaa irraa buutetta. Iddookee Dajjaazmaach Birruu Waldagabreel muudameera.
- Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo har'arraa eegalee hidhaan adabbii dhaabbii masaraa Minilik keessatti eegumsa cimaan akka taasifamuuf murtaa'era. Dhimma isaas Qanyaazmaach Saahilee Isheetuu akka

raawwachiisu, galmeen isaas cufameera: ol iyyannoon dhaddacha kanaan ala hin jiru.

Gurraandhala 28 bara 1920 ganama toora sa'aa 5:00 dhimmi Baalchaa osoo kanaan jiruu labsiin heera mootummaa Itiyoophiyaa bara 1923 boqannaa 7 fi keeyyattoota 55 of keessatti hammatee ba'uun isaa ifoome.Heerri ba'es murtoo adabbii kan laatu mana murtiidha jedhus raas Tafarii garuu ofumaa abbaa alangaa,raga,poolisii fi abbaa murtii ta'ee Baalchaa hidhaa dhaabbiin hidhe.Jaalala garaadhaa madden biyya isaa tajaajilus booddee garuu akka mammaaksa:

ኢትዮጵያ እናቴ ሞኝነሽ ተላላ
የሞተልሽ ቀርቶ የገደለሽ በላ

Hiikkan isaa;

Ityoophiyaa haadhatoo gowwittii wallaaltuu
Kan siif du'e badee, kan si'ajjeese nyaate

ta'ee Baalchan ifaajjen isaa ajjeechaa ta'ee seenan isaa reeffa isaa waliin awwaallame.

35.Garasuu Dhukii

Dajjaazmaach Garasuu Dhukii bara qabsoorra turetti
(suuraa Godaanbaa Raayyaa Ingiliziitii argame)

Nagaash Bazzaabbih mucaa Taklahaaymaanoti.Garasuu Dhukiif ammoo hiriyaa garaati.Barootii weerara Xaaliiyaaniis gootota waliin qabsaa'aa turan keessaa isaan tokko. Garasuu Dhukii waliinis seenaa walfakkaatu waan qabuuf baay'ee waljaalatu ture. Garasuufis tuni ulaa taatee, Xaaliyaanin ega biyyaa baaten booda mana marc murtii seeraa Haylasillaasee keessatti pireezidaantii, booddes bulchaa bulchiinsa Arsii ta'ee yoo hojjetu, bara 1939 ammoo muummee ministiraa ta'uun tajaajileera.

Gurmeessummaa Biitwaddad Nagaashinbara 1942 mootii Haylasillaasee aangorraa buusuf sochootaniittun;

1. Biitwaddad Nagaash Bazzaabbih,walitti qabaa
2. Dajjaazmaach Garasuu Dhukii,miseensa
3. Alaqaa Faxxanaa Gazzaahany,miseensa
4. Ajajaa 100 Bayyanaa Anaanimoos;qabo yaa'ii
5. Obbo Yohaannis Remehaa ,miseensa
6. Giraazmaacha Bayyanaa Yimar,miseensa
7. Fiit awraarii Tawaldabirhaan Akaaluu,miseensa
8. Fiitawraarii Dastaa Xoonaa,miseensa

9. Qanyaazmaach Kabbadaa Birhaanuu,miseensa
10. Kaappiteen Damissee Anbarbir,miseensa yakkaman.

Sadaasa 1942 iddoo jijjiiraa wal-ga'aa mari'achaa turan.Isaan keessaa garuu Garasuu Dhukii fi Fitawraarii Dastaa Xoonaa Shaambal Lammaa Gabramaariyaam; eegduu mootichaa fi qorataa yakkaa kan ta'e waliin mooticha gurra buusanii wal-ga'iin isaanii itti aanu mana Garasuu Dhukiitti akka ta'u walii galan.

Taaddesee Teelee(2004:7) akka jedhutti Sadaasa 18 bara 1942 sa'aa 9:00tti mana Garasuu Dhukiitti haaluma beellama isaanitiin wal-argan. Sadaasa 22 bara 1942 gananma Hayilasillaasen bataskaana Uraa'el yoo deemee Kaasaanchis ga'u ajjeesanii fonqolcha mootii gochuun aangoo qabachuuf walii galanii walii mallatteessan.

Mana Dajjaazmaach Garasuutii walga'ii isaanii xumuranii yoo ba'an poolisoota fi loltoonni miseensa raayyaa kibuur zabanyaa 50 ta'an Shaambal Lammaan duurfamaa harka laadhaa jedhaniin. Jarris sagalee dhaga'an amanuu dadhabanii harka kennuun mana hidhaatti darbaman.

Ragaan irratti qulqullaa'ee ega raawwateen booda, Dajjaazmaacha Garasuu Dhukii fi Fiitawraarii Dastaa Xoonaa bilisa ba'an. Miseensonni garee fonqolchicha kaggeessaa fi hirmaachaa turan marti dhaddacha Sadaasa 24 bara 1942 oolen murtoon du'aa itti laatame. Ol iyyannoo isaanis mootichatti dhiyeeffatanii murtoo du'aa gara umrii guututti geeddarsiifatan.

36. Leenjisoo Diigaa

Leenjisoo Diigaa, goota Oromoo Arsii keessatti, gosa Koloobarraa dhalate. Ijoollummaa isaatti abbaan waan irraa du'ef, abbeeraan (adeerri) isaa itti gaafatamummaa maatii fudhatee akka irraa eeggamutti waan hin kunuunsiniif, maatiin haadhaa gosa Abeetaa jedhamtu isa guddifatan.

Akka aadaa Arsiitti Leenjisoon nama jabaa ta'uu isaatii fi kunuunsa irra gaarii argachuu isaa, gosa isaatti, keessumaayyuu abbeeraa isaatti muldhifachuun waan irra tureef, umrii ijoollummaatti Leenca ajjeesee, jabaa ta'uu isaa muul'ise.

Gaafa san gosti abbaa Koloobni waamamee yeroo dhufu, geerarsa kana geeraraniif jedhu; "Koloobni gadii gatee, Abeetni guddifatee,Waan boru biyyaa tayu, waan boru Arsii tayu, Leenjiso ardhuma muldhifate."

Leenjisoon kana godhuudhan;

1.Gosoota naannoo san jiran biratti nama jabaa ta'uu isaa fi nama morkaa ta'uu isaa mirkaneesse.

2.Nama Arsii fi walii gala biyyaa bulchuu danda'u ta'uu mirkaneesse.

Kanuma jidduu, 1880oota keessa yeroo Minilik Oromoo Arsiitti lola labsetti, goota kutataa hogganummaadhan gosoota Arsii gamteessee ka'uudhaan yeroo lammaffaaf jabinasaa agarsiise ture.

Jalqaba bara 1882'tti Minilik yeroo Arsii weeraruu dhaqu, Leenjisoon hogganaa ta'ee bifa qindaa'en waraana qopheessee irra aanudhaan osoo waraanni Minilik gaara Cilaaloo hin gayin ufirra deebisan.

Sababa kanaaf, waraanan Arsii cabsuun salphaa akka hin taane Minilik hubatee, jaarsummaan walii galee akka Arsiin nagayaan isa gabbaru mala dhawe. Minilik nama **Birbirsa Badhaasaa** jedhamu Arsiitti ergee. Mootii keessan ergadhaa jennaan, Arsiin mootii waan hin qabneef, nama **Suufaa Kuusoo** jedhamu itti ergan. **Suufaa Kuusoo** yeroo jaarsummaaf Minilik bira dhaqe, "Nama kana gabbartan!", jedhaniinii Minilik itti akeekan. Minilik bifaan fokkataa waan tureef, Suufaa Kuusaa tuffatee; "Waan gabbarru dhabnee, nama kana (Minilik) gabbaraa?" jedheen jedhu maanguddoon Arsii dubbii beekan.

Minilikiif iddoowwan Goobanaan to'ate maratti bulchiinsa jiddu galeessatti makamaa ture. Loltoota keessayis bulchitoota bakka ga'anitti muudaa turan. (Bairu Tafla, 1987, Asme. Giorgis and His work. p. 757).

Fuula weerara isaa gara Arsiitti gaafa garagalfatu garuu Goobanaanis waliin hiriiree amma har'aatti seenaa keessaa dubbii hin banneen yaadatamuuf dogoggora uume.

Minilik weerara bara 1874-1878 gaggeesse caalaa waraanni xiiqin loluu fi harka hin laadhu jedhu, inni humna qabu, kan darbuu isa dhoorkee isa dhaabe, lubbuu itti guraaree kan itti hammaate Arsiitti ture. Lafa dhaloota gooticha Oromoo Leenjisoo Diigaa. Minilikis kanaaf garaa jabaatee harmaa fi harka mure.

Weerara jalqabaa ji'a Muddee 1873-Amajjii 1874tti taasise. Jalqaba karaa Dhihaatin; karaa haroo Dambal, Maajii fi Baatuun seene.Weerarichaarattis abbootin Gadaa yaamicha walii dabarsuun adda waraanaa 3 ummatan. Addootin waraanaa kanneenis abbootii duulaa 3 filatanii gaggeeffamuu jalqaban(Makuriyaa Bulchaa:345);

1. Adda Didaa - kutaalee bulchiinsa Bahaa fi Kibba Bahaa
2. Adda Gadabii fi Sirriiqaa - kutaalee bulchiinsa Kibbaa fi Kibba Dhihaa
3. Adda Caancoo - Kutaa bulchiinsa Kaabaati

Weerara dhumaa bara 1886 Arsiitti Minilik gaggeesse kan hoggantummaan gaggeesse eessuma Minilik; Raas Daargee Saahila Sillaasee ture. Raas Daargee fi Dajjaazmaach Walda Gabreel Abbaa Seexaan, Minilik waliin Gondarii hamma Maqdalaatti (Maqa dallaa jedhaan Oromoon) hidhaan Atsee Tewodroos jala turaniiru. Minilik Atsee Tewodroos jalaa badee ega Shawaatti galeen booda loltoota isaa tooftaa Tewodrosiin leenjisaa, loltoota Tewodroosis itti makuun loltoonni isaa lakkoofsi hedduun Gondarii kan dhufan ture.

Seerri harmaa fi harka muruu jaarraa 18ffaa jalqabarra gaggeessaa Shawaa kan turan Mari'id Azmaach Sabistee fi Raas Asfaa Wasan faatin sodaachisoof labsamee turuun himamus sanaan duras ta'e booda itti fayyadamuun isaanii caqafamuu baatus Arsiirratti garuu Raas Daargee fi Dajjaach Walda Gabreel gara jabinaan raawwachuuf garaa hin laafne.

Atsee Minikik duraan dirree waraanaa Albaasoo irratti injifatamee dheeffus, garaadhaa aarii qaba waan tureef Raas Daargeen hoggantoota Oromoo Arsii yaadan adda baasee hiruun kaan of cinaa hiriirsee kaan ammoo Azuulee irratti waraana banuun namni hedduun dhume.

Oromoo Arsii weerara Minilik morman; hoggantummaan duursaa kan ture keessaa ***Abbaa Duulaa Roobaa Daadhii ykn Buttaan*** dirree waraanaa Azuulee irratti mo'ame. 'Boru Oromoon ofiin of bulchuuf baroota dheeraa itti hin fudhatu' jedhee nama amanaa ture.Waraanicha akka fiixan hin baasne iaales milkiini fi injifannoon booru ilmaan Oromoo waliin akka ta'e dubbateera.

Guyyaan Minilik Oromoo dirree waraanaa Azuulee irratti Arsii gabroomses amma warraaqsa Darguu 1966ttuu kabajamaa ture. Ilmaan Oromoo sirna sana keessa turanis walumaan dibbee dhayaa guyyaa Oromoon itti mataa gadi qabate kabajaa turan.

Gootni Arsii; Leenjisoo Diigaa lola hamaa Minilikiin hogganamu irratti hirmaatee loltoota Minilikitti Oromoo Arsii waliin itti marse. Farda Minilik baay'ee jaalatus Leenjisoon jalatti waraanee fardichi yoo kufu mootichi miilan fiigee jalaa ba'ee bade. Minilik bar sana Arsiitti caalman kan ciniinnates jedhu maanguddoonni. Kun ammoo Minilik waraana caalmaf akka qophaa'u isa taasise.

Daa'imman, maanguddoo, dargaggeessa fi ge'eessa osoo hin filatin weerartuun mootichaa namoota hedduu fixe. Lafti bulchiinsa isaa jala galus namni isaa garuu qalbiin gabbaree bitamee bulee hin beeku.

Raas Daargen weeraraan milkaa'us dheebuu dhiiga namaa dhangalaasuu hin quufne ture. Oromoo Arsiin (koottaa ni araaramnaan ykn walharkaa fuudhinsa Gadaaf; akka beektonni seenaa tokko tokko jedhanitti) Aanoleetti yoo walitti qabaman daandii qalloo keessa akka darban taasisuun Daargen ofii itti qophaa'ee Arsiin osoo quba hin qabaatin dhiirarraa harka mirgaa, dubartootarraa ammoo harma mirgaa irraa muruun adda isaanirratti fannisuun gadhiisan, kaan ammoo harkaa

fi harma isaanii muka irratti fannisuun gara jabummaa gitichaa mirkaneesse.

Daargeef haala kan mijeesse fi Oromoo Arsii dabarsee Minilikiif kan late dubartii Halkoo Daargee jedhamtu. Seenan kunis seenaa Oromoo Arsii keessatti galmee gurraacharratti galmooftee obbolaawwan ishee Aanoleetti akka harmii fi harki irraa muramu kan taasifte. Dubartiin tun abbaan warraa jalaa du'ee tamboo gurguraa turte.

Hoogganaan humna waraana nafxanyaa Raas Daargee Saahilasillaaseen Oromoo Arsii irratti si'a shan duulee waan moo'ameef tooftaadhan Oromoo Arsii cabsuudhaf dubartii tanatti fayyadamuu barbaade.

Dubartiin tun Roobalee Qullaa wajjin Oromoo Arsii sobdee nafxanyaadhaaf dabarsitee laatte. Gootota Oromoo kanneen akka Leenjisoo Diigaa fi Hayyuu Sikkoo Mandoo bara sanaa Suufaa kusoon akkana jettee sobde; "Loltoonni weerartuu sodaattota waan ta'aniif al tokkoon wal ga'aatii dukkanaan itti seenaa." Loltoonni Arsiis teessoo hoomaa waraana nafxanyaatti al tokkoon qophii jabaa malee qajeelee, nafxanyaa jalatti kufuuf dirqame.

Raas Daargeenis Halkoodhaaf lafa kenne. Lafa sanas Halkoo Daargee Maadariyaa jedhee moggaase. Dubartiin tun Oromoo Sikkoo Mandoo biratti baay'ee jibbamtuu fi gantuu jedhamtee kan bara baraan yaadamtu.

Seenaa dabni itti hojjetame kana har'arras taa'anii namoonni harkaa fi harmi hin muramneen morman; jaalattoonni namichaa dhaabbatanii deemaa jiru.(Ke'aameen Baashaaggar 2008; Bawqatuu Siyyuum dubbisaa)

Aanoleen seenaa weerara ittisuu, hin bitamnuu fi ajjeechatti ka'ee hin beeku. Sanaaf seenichi yammuu ka'u har'as lafa lixan dhabanii bakka isaan hin nyanyaanne hooqqatu. Siidichi garuu sabni biroo waan hamaa

Oromoorratti hojjete jedhee osoo hin taane, sirna bittaa barichaa garuu hammeenya hojjete baasee muul'isuun akka lammata hin deebineefi ni gargaara.

37. Bakar Waaree

Bakar Waaree kan dhalate aanaa Jaarsoo; Laga Mixeetti. Bakar gumii bultumaa Raabaa fi Doorii Bareentummaa Addeellee maadheftattee Fugug bulchitu keessatti qondaala guddaa Birmajii yeroo sanaa ture. Keessattuu dhaddacha mooraa Fugug tan teessuma man-bultii gurguddoo kudha lamaan Alaa: Nuunnu, Meettaa, Diiramu, Goollo, Buubbu, Abbay, Galaan Abbaadho, Ere, Kaako, Arroojjii, Gutayyu keessatti haala sochii siyaasaa fi hawaasummaa irratti adda durummaadhan murtii fi hoggansa kennaa ture.

Weerarri Harargee kan kajeellame weerarri obboleeyyan isaanii Arsii guututti gaafa xumuramu bara 1878. Humni dabalataa Minilikiin ergamee, Walda Gabreelis Oromoo Ituun karaa isa dabarsuu waan dideef loltoota hedduu ofarkaa fixate injifatame. Minilik Muddee 29,1879 waraana lammaffaa ofumaa duursun Calanqorratti Oromoo waliin waraana cimaarra dhaabbatanii daandii ittiin darbu dhabe.Waraanni cimaanis isa mudate. Calanqorratti hedduminaan kan aarsaa kanfalanis *gosootii Arfan Qalloo; Baabbilee, Jaarso, Noolee fi Anni'aan* isaan angafa. Minilik Harargee weeraruuf qophii ji'oota 6 taasise.

Bakar nama cimaa gootummaa, hayyummaa fi dandeettii hoggansaa jalqabummaan horatee ture. Seenaa fi faaruu Oromoo keessatti bakkayyuutti faarfamaa jira.

Fakkeenyaaf,

- Warri dubartootaa (haawwan) eenyummaa gooticha kanaa ibsuudhaaf Heellee keessatti akkas jedhanii faarsan:-

  Bada Bakar Waaree yaa ba'eessa nama,
  Osoo si deessee haatee marraa lama ...

- Warrii dhiirootaa immoo dhiichisa keessatti akkas jechuun faarsan:-

  Innaawaa gamnummaa dubbiin jalan galtuu,
  Yoo arjummaa taates dhaabbee biraan galtuu,
  Gootummaan duraanii roorroon ittiin galtuu,
  Bakariin tuttuqaan killee dhagaan loltuu

Bakara Waaree, seenaa qabsoo Oromoo keessatti waan hedduun yaadatama. Keessayyuu, Oromootni Oromiyaa Bahaa keessa jiraatan ilmaan ykn ijoolleen Qalloo afran /afran Qalloo/ jachuuniis (Daga, Oborraa, Baabbile, Ala) fi ijoolleen Anniyaa Sadachaa fi Kodheellee lola weerartoota nafxanyaa ofirraa ittiisuuf godhamu irratti hogganaan waraana saba Oromoo (murti guutoo) eenyu akka ta'u ega marii godhataniin booda abbaan duulaa kan isaan hogganu akka Bakar Waaree ta'u filatan.

Lolli Calanqoo lola ittisa imala gabroomfattoota nafxanyaa ture. Lolli kun Amajjii 6 bara 1887 humna Minilikiin hogganamuufi ummata Oromoo, Oromiyaa bahaa jiraatan kanneen gooticha Bakar Waaretiin hogganamu giddutti taasifame.

Mariin kun kan taasifame eega ergaan miila qallaa Abbaa'Gadaa yeroo sanii **Wadaay Galmoo Kormoosoo** irraa mooraa fugugitti isaan geessee booda ture. Filannoo kana irrattis sooreyyiin beekkamoon gosoota bakka bu'an kan argaman yammuu ta'u, isaanis Anniiyya irraa **Hargaaya**, Afran Qalloo irraa **Wedaay Galmoo Kormoosoo**, Orfoo, Katabee Wadaay Dugaa fi Mareenyi yommuu ta'an kana keessayis

Hargaayaa fi Wadaay Galmoo Amiir Abdulaahii(Amiira Harariii) waliin ta'anii haala walii gala waraana kanaa akka hogganan gaafatan. Amiirtichi garuu tole hin jenne. Sababnis yeroo sanatti Amiirtichi abbaa isaa kan deeggarsa Oromoo qabu mootummaa Gibxii waliin angoo irraa fonqolchee gara angootti dhufuun isaa yeroo xiqqoo waan ta'eef haala waliigala waraana sanii hogganuu hin dandeenye.

Adeemsa qophii leenjii waraanatiin wal qabatee gareen waraanaa ykn loltootni weerartoota nafxanyootaa kanaan loluuf qophaa'anis bakka sadiitti qodaman.

Isaaniis:-

- Garee murtii Guutoo yammuu ta'u, gareen kun akkuma maqaa isaarraa hubannutti garee isa ol'aanaa fi hanga murtiin isaanii guutamuufitti humna diinaa dura dhaabbachuun kan falmatu jechuu dha. Garee kanaafis leenjin kennamu baay'ee cimaa akka turetu himama. Fkn. waraana(eeboo) fi gaachana qabatanii farda yaabbatanii ari'uudhan osoo fardi fiigaa jiruu farda garaajala naanna'uudhan hiddii lafaa akka kaasan gochaa leenjiin kennamaaf jedhama. Hogganaan waraana murtii guutoo Bakar Waareetis leenjii garee kanaa waliin akka fudhate himamaaf. Iddoon leenjiin itti kennamaafii turees aanaa Gurawaa araaddaa Yaayyaa; Gambeella jedhaamuttii fi fiixee gaara Mul'ataa bakka Dabbaal Mootii gaara jedhamtutti. Nama Lallabaa Lihoo jedhamuunis leenjiifamaa turan jedhu maanguddoonni.
- Garee Raaree jedhamu yammuu ta'u gareen kunis akkuma garee murtii guutootti fardaan kan leenji'e ta'ullee, leenjiin garee kanaa kennamu akka leenjii garee murtii guutootiif kennamutti cimaa miti jedhama. Gareen kuniis leenjii iddoon itti fudhate aanaa Gurawaa naannoo Rakkoo Barzaalaa Raaree jedhamuttii. Leenjisaan garee kanaatis Riyyaa jedhamuun beekkama.
- Garee qeerroo; gareen kunis nagaya eegduu (poolisii naannoo) jedhamuun beekama. Fkn yeroo gareen murtii guutoo fi raaree diina isaanii waliin dirree waraanaa irratti falmii gochaa jiran akka diinni kun kallattii biraatin itti hin dhufne warreen eegani jedhama. Leenjin garee kanaa kennamus sochii qaamaa dabalatee akka bifa kaaraatee

ammayyaa fakkeessanii muka jajjabaa kanneen akka ejersaa dumucaan cabsuudhaan leenjii fudhata jedhama. Akassumas meeshaan waraanaa kan gareen kun lohuun xiyya, meencaa fi kan akka qottoo, wacaata dhagaa furgugsuufii k.k.f lolan jedhama. Leenjisaan garee kanaatis akkuma garee raareettii Riyyaa jedhamuun beekkama.

Lola Calii Calanqoo irratti gootichi hogganaa waraana Oromoo Bakar Waaree gootummaa fi onne qabeessummaa isaarraa kan ka'e miila isaa kan irraa cite osoo of hin dhagahin hanga lolli goolabamuuf ga'utti kan ture ta'uu isaatu himama. Miilli isaa eessatti fi akkamitti akka irraa cite wanni beekkamu waan hin jirreef achi buutee tahe. Warri Harargeetis akka afoolaa ykn mammaaksaatti jecha kana itti fayyadamuun waan tasa badee hin argamneen 'Achi buutee miila Bakar Waaree' jadhanii himu.

Yaadannoo gooticha kanaafis siidaan yaadannoo bara 2007 farda isaa waliin wareegamtoota Calanqoo kan dhiyeenya ebbifame keessatti ijaarameefii jira. Gama kaaniin tulluun fuuldura iddoo siidaan itti ijaarame gamatti argamtu durumarraa tulluu Bakar Waaree jadhamuun beekkamti. Waraanni Murtii Guutoo kan isaan hogganamutu achirra qubatee ture jadhama.

Bakar Waaree bulchiinsa Minilik jala hin galluun onnee guutun lolaa ture. Dhahamee miilli isaa irraa cituus inni garuu of irratti hin argine, hin barres ture. Fardasaarra taa'ee weerartuu Minilik Ilffaan wal faccisaa ture. Manatti galee miillikee tokkichi meerre jedhamee yoo gaafatamu cituu isaa bare. Lolichi hamaa ture.Manni ni gubama. Qabeenyi nisaamama. Loon jalaa qalamu. Firri, alagaan, hiriyaan, jaarsi, jaartinii fi dubartoonni garaatti baatan osoo hin hafin ajjeeffamaa turan.Booru yoo guddatan haaloo yaadun daa'immanis ajjeeffamaa turan.

Harar ega to'annoo weeraraa Minilik jala galteen booda Minilik ilma adaadaa isaa kan ta'e Dajjaach; booda Raas Makoonnin Waldamikaa'el Guddisaa bulchaa Harar gochuun irratti muude.

Harargeen rakkoo weerara bara saanaa sirbaan yoo ibsu;

Girgirii Calanqoo - tan bultii diiddamii,
Qawween 'dim dim' jetti madaafni/madfiin dirgimii,
Keenyumaa nu fixee qarxam taane damii,
Tokko Garaad Alii kuun Kabiir Aadamii....

Dhaamsi abbootin sirbaan nuuf dabarsan kuni ammoo amma seenaa nutti hima.

Madaan kaleessaa Minilik ilmaan Afran Qalloo irratti raawwate kophaa isaa osoo hin taane, keenyas keessa akka ture nutti muul'isa.

Saaphaloo Kadir Waxabajjii 2008 akka kaa'etti, seenaa lola Calanqoo kan ibsan walaloowwan baay'etu jira. Shoobdoo, mirriiga, dhiichisa, geerrarsa fi kkf keessattis fayyadamuun dhaamsa seena qabeessa hedduu ittiin dabarsaa turan manguddoonni seenaa. Lolli Calanqoo guyyoota 20'f gaggeeffame walaloo armaan olii keessatti ibsameera. Seenan Calanqoo Lolaa abbootii keenyaf madaa, nuuf ammoo godaannisa taate kan nafxanyootaa qofa osoo hin taane kan akka nu gataniif odeeffannoo kenne keenyuma ta'uus walaloo kanarraa hubachuu dandeenya.

Mirriiga isaatin Harargeen; "Keenyumaa nu fixee qarxam taane damii, tokko Garaad Alii kuun Kabiir Aadamii...." jechuun namoota nafxanyoonni akka Goobanaa Dacetti qabattee Calanqotti Oromoo cabsisiisan yaadata.

Sarara dhuma walaloo irratti "Tokko Garaad Alii..." kan jedhan; Alii Galmoo yoo ta'u yeroo sanitti Garaada Meettaa kan ture. "Kuun Kabiir Aadami..." kan jedhan immoo Kabiir Aadam Qusaa ta'uu isaati.

Dabalataanis; "Daba karaa gamaa, daba karaa gamanaa, Ani hin dabnee karaadhaa karaa galaatu kanaa.." jechuunis walaleessanii darban hayyoonni keenya.

Yaadannoo bara sanaas; "Gaafattii Calanqoo qawwee kuusaan sehee, aara qawwee sanii duumeessumaan sehee, way yaa Afran Qallo wajjiin gallaan sehee..." jechuun anaannatanii mirriigu. Kan madaafni/madfiin warri nafxanyootaa biyyoota Awrooppaa irraa argatteen jalaa galaafate mirriiga booyatiin dhiindhiiffachaa yaadatan.

38. Abiishee Garbaa

Abiishee Garbaa 1840n keessa qondaala Gadaa Bulluq ture. Abbaa isaa Garbaa Hurruubaa fi haadha isaa dubartii jabduu fi abshaala daldaltuu turte Dagattee jedhamtu irraa dhalate.

Garbaa Hurruubaa baroota 1850n keessa Abbaa Duulaa Gadaa Bulluq ta'uun waggoota afuriif eega tajaajilee booda du'aan boqote.

Battaluma sanatti Horroon weerartoota Goojjamii itti cee'aniin weerarame. Yeroo sanatti ennaa Horro Abbaa Duulaa filachuuf yaa'ii taa'u, Abiisheen abbaa isaa bakka-bu'ee Abbaa Duulaa ta'uuf gaaffii dhiheesse. Dhaalman aangon Gadaa keessatti kan hin baratamin waan tureef gariin ni morman. kanneen dargaggoota akka isaa turan immoo deggersa kennaniif. Abiisheen kanneen isa deeggaran qabatee sirna Gadaa cabsuun taayitaa abbaa isaa dhaale. Mootii ta'uu isaa labsate. (VOA, Qophii Afaan Oromoo)

Akkuma aangoo qabateen, weerartoota Goojjamii Mormor/Abbaya cee'anii itti dhufan haleelee of irraa deebise. Mootota naannoo Horroo turanis garii humnaan kaan sossobbiidhan aangoo isaa jala galfate. Bara 1855 irraa jalqabee hanga bara 1877tti aangoo isaa babal'ifatee.

Abboota duulaa gara 60 ta'anii fi lolee kuma kudha-shanii ol ta'antu isa jalatti bulaa ture jedhama.

Goojjamoonni Abiishee waraanaan injifachuu waan dadhabaniif, tooftadhaan qabuuf shira xaxan. Haala kanaan, waliigaltee nagaa si wajjin uumuu barbaadna jechuudhan ergaa karaa nama Qadiidaa Wannabee jedhamuun dhaamsa itti ergan. Karaadhuma Qadiidaas kennaa beennacha fardaa warqiirraa hojjatame erganiif. Akkaataa kanaan Abiisheen Raas Darasuu wajjin walitti dhufee akka mari'atu haala mijeessan. Akka seera Oromoottis walii kakachuudhan wadaa nageenyaa kana Abiishee fi Goojjamoonni xumuran. Kakuun kan dhugaa akka hin taane abbotin duulaa Oromoo akka Dabalaa Gannaa fi

Dagaa Hooroo jedhaman itti himanillee Abiisheen isaan hin dhageenye. (Ginbaar Nagaraa)

Haala kanaan waliigaltee erga uumanii booda, Goojjamoonni Laga Mormor ce'anii odoo Abiishen hin beekin daangaa Guduruu fi Horro gidduu jiru qaxxaamuranii loltuusaanii Goodaa Kokor kan teessuma Abiishee Dooyyorraa kiilomeetira 20 fagaatu qubachiisan.

Abiishen erga kana dhaga'ee booda loltuusaa kan lakkoofsan kuma afur ta'an qabatee gara Goodaa Kokor deeme. Waliigaltee duraan waan qabaniif Abiishen waraanaf hin deemne. Erga achi ga'ee booda akka seera Oromootti bakara qabatanii mana ol seenun safuu waan ta'eef Abiishen meeshaasaa ala ka'ee gara dunkaana Goojjamootaa mariif ol seene.

Gojjamoonnis dukkaana keessatti Abiishee qabanii gaadi'ani. Qabamuusaa ibsuufis dibbee yeroo rukutan loltoonni Abiishee waan raawwatame baran. Loltoonni Abiishes waraana jalqaban. Warra Goojjamootaa rukutuu jalqaban. Garuu jarri duraan qophaa'anii waan turaniif loltoota Abiishe ni injifatan. Lola kanarratti abbaa duulaa Dabaloo Gannaa dabalatee loltoonni baay'en du'an. Obboleessa Abiisheemmoo qaamnisaa irraa murame. Duulli kun Duula Goodaa Kokor jedhamee beekkama. (Ginbaar Nagaraa)

Duula Goodaa Kokor kan Gurraandhala 13, 1877 Abiishee fi Raas Darasuu Abbaa Xooboo gidduutti godhamee kanaan loltuun Abishee injifatame. Abiisheen erga gaadi'amee booda deemuu waan dideef akka qotiyyootti harqoota itti godhanii harkisanii gara Goojjam geessan.

Abiishenis gowwoomfamuusaa erga baree booda aaridhaan quba harkasaa tokko alaanfatee fixe jedhama. Erga Goojjam geessanii booda niitin mootichaa goota loltuusaanii yeroo baay'ee injifate kana arguuf fidaa jettee fichisiifte. Abiisheen beelaa fi dararaaraa cimaan adabame. Niitin mootichaas godummaasaa kanaan arrabsite. Kanaafis dubartoonni Horroo yeroo mammaakan;

Godummaakeerra kan gowwumaakee

siin jette niitin Adaal Tasammaa

Sana booda, Abiishen iddoo Jabalaa fi Maxaraa jedhamutti hidhame. Achitti, Goojjamoonni Abiishee mormaa gadi jiraa awwaalanii mataasaarratti soogida firfirsan. Itti aansanii, fardeen erga itti gadilakkisani; akkaataa suukaneessaa kanaan Abiishen qorqamee du'e, reefisaas bataskaana Dabra Maarqoos keessa jirutti awwaallame jedhama.

Kana dhoksuuf jecha garuu gifiraan akka du'etti odeessisiisaa turan.

Abiishen erga du'ee booda Goojjamoonni aangoo obboleessa Abiishee Fandalalaa Garbaatti kennan. Fandalalaan gumaa Abiishee deebisuu waan dideef, ummanni akkas jedhee ittiin geerare:

Fandee Faandiyyaa Garbaa
Gumaa mootichaa hin baafnee
Siree mootichaa yaabdee

Fudhatamni Fandalalaan uumata biratti qabu xiqqaa ture. Mootummaan Horroos odoo hin turin bakka adda addaatti qooddamuun warra Goojjamootaf amanamoo ta'aniif kenname. Fandalaan Gubayyaa qofa akka bulchu godhame. Yeroo Minilikii fi Goojjamoonni Waraana Imbaaboo geggeessan, Fandalalaan gara Goojjamootaa goree lolaa ture. Kanaafis, waraanni Minilik bara 1881tti Horroon rukutee ture.

Reeffa Abiishee Horrootti deebisuuf yaalin adda addaa godhamaa turullee hanga ammaatti hin milkoofne. Yeroo Xaaliyaanin biyya kana qabatte ilmi Abiishee Fiitaawuraarii Amanuun reeffa abbaasaa deebisuuf yaalii godhaa turus hin milkoofne. Bara 1950n keessa akaakayyuun Abiishee; Fitaawuraarii Oljirraanis yaalaa ture. (Ginbaar Nagaraa)

39. Baqqalaa Mokonnon

Obbo Baqqalaa Mokonnon abbaa isaanii Qanyi Azmaach Mokonnon Wasanuu fi haadha isaanii aadde Abbabbach Ejersaa irraa akka lakkoofsa Itiyophiyaatti Sadaasa 28,1922 naannoo Oromiyaa, Salaalee, ona Wacaalee, ganda Boolctti dhalatan.

Obbo Baqqalaa Mokonnon haadhaa fi abbaa isaaniif mucaa jalqabaati.

Obbo Baqqalaan abbaa isaanii fi haadha isaaniitiin, keessattuu adaadaa isaaniitiin kunuunfamanii guddatan. Akkuma ijoollee naannoo isaanii farda gugsii, bishaan daakuu, xiyyaafannoo qawwee, kollee/qillee xapahchuu jaallatu ture.

Barnoota afaan Amaaraa erga fixanii booda mana barumsaa Tafarii Mokonnon seenanii barnoota sadakaa lammaaffaa xumuratan. Sana booda, yeroo sanatti haarawaa banamee kan ture koollajjii hujii daldalaa (Commercial College) seenanii waggaa afuriif barnoota isaanii hordofan. Barnoota isaanii xumuranii hojjetaa herregaa ta`anii Baankii Daldaala Itiyoophiyaaf waggaa 13 hojjetan.

Obbo Baqqalaan amala gaarii, miidhagaa, uffannaa bareedaa fi walumaa galatti of- eeggannoo fi of-babbareechuun dargaggoota yeroo isaanii turan keessaa dinqisiifamaa turan. Haa ta'u malee, haala jireenya isaanii fi jireenya saba isaanii, keessattuu rakkinaa fi badaddina ummata Oromoo, yeroo walbira madaalanii ilaalan jireenyi isaanii nama qullaa karabaata hidhatee adeemu isaanitti fakkatte. Jireenyi isaaniis hiikaa

dhabe. Kanaafis umurii dargaggummaa irraa jalqabee hanga lubbuun isaanii dabartutti waan dandahan gochaa turan. Gochaa kana keessatti-jalqaba jireenya firaa fi saba isaanii foyyeessuuf akka nama tokkootti waan tokko tokko gochuu eegalan.

Waan dalagan keessaa hanga xiqqoo maqaa dhahuuf: baankii hojjetan keessaa horii baasanii namoota rakkatoo Waajjuu keessaa fi naannoo jiraataniif hiranii akka hoolaa, handaaqqoo, dhadhaa fi kkf daldalanii bu'aa argatan; horii liqeeffatanimmoo akka baankiitti deebisan gochaa turan.

Abbaan isaanii, Qany Azmaach Mokonnoo, mana barnootaa Waajjuu fi Dabretsigee keessatti bananii turan. Obbo Baqqalaan, namootni naannoo sanaa ijoolleen isaanii akka mana barnootaa kanatti geessanii barsiisan gochaa turan; bakka daldalaa (gabaa) abbaan isaanii Dubar keessatti dhaabanii turan namootni akka dhimma itti bahanii jireenya isaanii fooyyessan carraaqqii guddaa godhaniiru.

Kun hundi jireenyaa fi mirga ummata isaanii, akka isaan barbaadanitti jijjiiruu akka hin dandeenye, waan hubataniif haala foyya'een ummata isaanii gargaaruuf yaaduu jalqaban. Utuu kana yaadaa jiranii warra waldaaa Maccaa fi Tuulamaa bu'uuressan, obbo Haylamaariyaam Gammadaafaa waliin wal quunnaman. Marii isaan wajin godhatan. Kuni obbo Baqqalaa hedduu gammachiise. 'Dhuguma Waldaa kana keessatti qooda fudhadhee fedhii fi kaayyoo kiyya bakkaan ga'uu nan danda'a' jedhanii waldaa kana dhaabuu keessatti qooda guddaa taphatan.

Akka lakkoofsa Ityoophiyaatti bara 1955 Waldaan Maccaa fi Tuulamaa ifatti erga dhaabbatee jalqabee geggeessitoota kaan waliin onnee fi murannoodhan guutuu Oromiyaa keessa naannawanii ummata dammaqsuu fi ijaaruun bakka hedduutti dameе Waldaa Maccaa fi Tuulamaa dhaaban.

Bara 1959 waldaan Maccaa fi Tuulamaa guddatee guutuu Oromiyaa keessa sochoosuun waan sodaachiseef mootummaan yeroo sanaa obbo Baqqalaa dabalatee hoggantoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa irratti hidhaa waggaa 10 hanga adaba du'aa isaanitti murteessee gara mana hidhaa 'Alem Baqqaany' darbataman.

Obbo Baqqalaan hidhaa isaanii xumuranii erga bahanii booda intala-intala bulchaa (Baalabbaata) wallaggaa, Kumsaa Morodaa, kan ta'an aadde Atsadee Haabtamaariyaam fuudhanii ilma isaanii Kumsaa Baqqalaa dhalchan.

Obbo Baqqalaan bara 1983 yeroo mootummaa cee'umsaa Adda Bilisummaa Oromoo simatanii qubsiisuurraa eegalanii koree maanguddootaa qindeessudhaan naannoo adda addaa deemanii ummata barsiisaa fi ijaaraa turan.

Obbo Baqqalaan bara 1984 biyya isaanii dhiisanii Ingiliiz seenanii magaalaa London keessa waggaa 24 jiraatan. Biyya Ingilizi yeroo jiraatan firoota fi ilmaan firoota isaanii walitti qabuun maatii guddaa uumanii; fira baay'ee horatanii nama gammachiisuun dabarsaniiru.

Obbo Baqqalaan erga biyya Ingiliz seenanii ummata Oromoo tokkoomsuu, gorsuu fi barsiisuu ture. Dargaggoota hedduu qabsootti fiduu, qaruu fi jajjabeessuu keessatti ga'ee guddaa tabachaa turan. Kallattiidhan koree ABO biyya UK keessas turaniiru. (Sagalee Bilisummaa Oromoo:2016)

Obbo Baqqalaa kan isaan dheekkamsiisu fi nama waliin walitti isaan buusu waan tokko qofa ture. Innis firaa fi sabni isaanii yeroo miidhaman arguu ture. Kanaaf umurii isaanii guutuu mirga lammii fi saba isaaniif falmaa turan.

Obbo Baqqalaan bara jireenya isaanii rakkina, hidhaa fi baqattummaa obsaan keessa darban; kaayyoo dhaabbataniif daqiiqaa tokkoofillee

utuu hin irraanfatin, qabsaawaa Oromoo jabaa fi goota turan. Mirgaa fi kabaja sabaaf jecha lubbuu isaaniillee yoo kennan hin jibban ture.

Obbo Baqqalaa Mokonnon baatii lamaaf mana yaalaa 'St. Thomas' London keessatti yaalamaa turanii dhalatanii waggaa 86tti Dilbata, Amajjii 15, 2008 adunyaa kanarraa du'aan boqotan.

40. Koloneel Aliyyii Cirrii

Koloneel Aliyyii Cirriin godina Baalee aanaa Dalloo Mannaa ganda Cirriiui; abbaa isaa obbo Cirrii Jaarraa fi haadha isaa aadde Badheessoo Miinaa irraa bara 1912 dhalate.

Koloneel Aliyyii Cirriin qabsaa'ota Fincila Baalee keessatti hirmaatan keessaa isa tokko. Gabrummaa ummatarra ga'aa tureen aaruun ijoollummaa isaatti; umriisaa 12ffaan qabsaa'uf bosonaa seene.

Qabsoorra osoo jiru, Jeneraal Waaqoo Guutuun qabsoo jalqabuu yeroo baru, waliin qabsaawuu jalqaban. Koloneel Aliyyiin sana duras ummata biratti qabsoon beekkamaa waan tureef, Jeneraal Waaqoo hedduu gammachiise.

Sirna Hayilasillaasee keessa bara 1957 Waxabajjii keessa Oborso aanaa Madda Walaabuutti nafxanyaa muddees waraanera. Qabsoo Oromoo Baalee finiinsuunis nama maqaa adda durummaa qabu.

Koloneel Aliyyii Cirriin hiriyoota fi qabsaa'ota akka isaa Haji Goobanaa Yuuboo, Saamoo Kormee, Jeneraal Waaqoo Guutuu, Koloneel Adam Jiloo, Koloneel Dubroo Waaqoo, Koloneel Huseen Bunee, Koloneel Kadir Waaqoo Shaaqeefaa waliin diinan lolaa turan.

Aanaa Dalloo Mannaa fi Madda Walaabuu kan waldaangessu Malkaa Amaanaarratti guyyoota 7f nafxanyaan saamichaa fi weeraraaf bobba'e akka hin dabarre dhoorkera.

Camarrii, Horri Korree, tulluun Araaraa, tulluun Habbisuu (lafti dhaloota warra isaa) nafxanyaa muddaa ofii injifannoon keessa burraaqaa turani.

Koloneel Aliyyi Cirriin amma aanaa Madda Walaabuu magaalaa Bidiree keessa jiraata.

Aliyyi Cirriin; Jaarraa Habbisuu Jiloo Galma Odaa Guljuu Bariisoo Huqqaa jechuun abbootii isaa lakkaa'a. Lakkoofsichis gosa isaa Karrayuun isa geessa.

Koloneel Aliyyii Gubbaa, Dalloo, Angeetuu, Bidiree, Oborsofaatti goota diina irriiba halkanii dhoorkee guyyaa abjoochise ture. Magaalaa Oborsootti waraanni Aliyyii Cirrii waraana nafxannaa barbadeessera. Aliyyiin nama cunqursaa danda'ee baatu hin turre.

Aliyyi, magaala, jajjaba, dhaabbata qajeelaa qabu.

Koloneel Aliyyii haadha warraa afur irraa ijoollee 25 horateera.

Hacaaluu Hundeessaas sirba isaa keessatti; Aliyyii Cirriitu beeka ... karaa dhoombiriin dhukaate.... jechuun Aliyyiin dhukaasa dhoombiriin gita akka hin qabne dhugaa ba'eefira.

Aliyyi goota qawwee dhoombiriin xiyyaara samii buusus ture. Ayyaana Iid Al faxir 1437ffaa, bara 2008 sababeeffachuun OBS Aliyyii Cirrii waliin turmaata taasiseet ture. Koloneel Aliyyiin "Ilmaan teenyayyuu osoo qabsoorra jirruu bosonuma keessatti horre, yeroon nuti loon horsiifannee dikee jalaa harre hin jiru. Humnaa fi yeroo keenya bosona

seennee qawwee diinarratti dhukaasaa turre." Jedha seenaa isaa yoo himatu.

Koloneel ijoollummaa isaatirraa eegalee lolaa fi adamoo baay'ee jalata ture. Adamoo kanaas kan gaggeessaa turan obbooloota isaa A/Raamaan Cirrii, Awwaluu Cirrii,Usmaan Cirrii,Isaaq Cirrii,Harbisee Cirrii waliin ture.

Abbaan isaanii loltuu cimaa loltoota sirna nafxanyaa waliin yeroo dheeraa wal waraanaa turuun haaloo ilmaan Oromoo lubbuun isaanii darbe gumaa deebisaa turani. Mootummaa Hayilasillaasee hidhannoon Oromoorraa qolachaa turan.

Qabsoo isaanitiin mootummaan H/sillaasee uummata Oromoo irratti cunqursaa gaggeessaa ture keessaa garee waraana shaambaal Baqqalaan hoogganamu waliin bakka Sannaatee jedhamutti wal waraanuun shaambaal Baqqalaa ajjeesun loltoota isaa hedduus barbadeessuun injifannoo argataniru.

Mootummaan H/Sillaasee loltootni isaa dhumachuu dhaga'ee hoomaa waraanaa baay'ee erguun akka obbo Cirrii Jaarraan qabamu godhe. Mana hidhaa Gobbaattis darban. Waggaa shaniif mana hidhaa Gobbaa keessaas turan.

Dhuma waggaa shanii booda qaamni mootummaa H/sillaasee Cirrii Jaarraa lubbuu baay'ee balleessitee jirtaan, umurii guutuu hidhamuurra gumaa nama ajjeestee kanfalii ba'i jedhame. Innis dheebuu qabsoo ilmaan Oromoof qabu waan itti urgooftef mana hidhaa keessa taa'urra gumaa kaffalee ba'uu wayyaan kaffalee ba'e.

Madda Walaabutti deebi'ee galuunis maatii isaa fi ijoollen isaa maal irra akka jiran erga hubatee booda Aliyyii Cirrii, Awwaluu Cirrii, A/ramaan Cirrii, Usmaan Cirrii, Isaaq Cirrii fi Harbisee Cirriin waraana akka baran taasise.

Baaletti yeroo Aliyyii Cirriifaanti ijoollee turan qabsoo kan jalqabe Mahaammad Gadaa Qaalluuti. Qawwee Xaaliyaanirraa bara 1938 argateeni lolichas kan jalqabe.Sirna Hyilasillaasee sanarra gabrummaan filatamuu baatus Xaaliiyaanii wayyaayyu Oromoof jedhu Haji Adam Tiinnaa seenaa Koloneel Aliyyii fi hacuuccaa bara sanaa yoo himan.

Aliyyii Cirriifaanti lola Mahaammad Gadaa Qaallurraa baratan. Sirni nafxanyaa Mahaammad Gaadaa Qaalluurratti karaa 3n duula irratti banee. Isaanis karaa Gadab, Raammii W/mikaa'eel, Muloo Daadhii, Saannata, Hangeetuu, Manniisaan lola guddaatu ta'e. Wraana kanarratti gootonni Oromoo 3n; Huseenonni loltoota nafxanyaa 56 ajjeesuun wareegamaniiru. Waraannii Mahaammad Gadaa Qaalluu laafee hiikkachuu jalqabe. Innis Raayituu Galdii seenan. Booddees qabamee mootummaa Hayilasillaaseef dabarfamee laatame. Mana hidhaa Gobbaattis summii nyaachifamee ajjeefame.

Boodas Aliyyi Abdullaahiifaa waliin Aliyyi Cirriifaan falmaa turan. Diinni maqaa isaanii dhageenyan ofirratti fincaa'aa ture.

Waaqoo Guutuu namoota 40 fudhatee Somaaliiyaa dhaquun qawwee 40 argatee deebi'ee. Aliyyii Cirriinis yona Waaqoofaatti dabalame. Waaqonis Aliyyiin bosana seenee diinan loluun cimaa akka ture waan beekuf yoo isa argatu guddaa gammade.Maddattis walga'anii walii kakatan. Bara 1956 Madda Walaaburraa nafxanyaa ari'uun to'annoo ofii jala oolchan.

Maddatti yoo walga'anis hoogganaa filatan. Waaqon jeneraalummaan hoogganaa olaanaa, Aliyyiin koloneelummaan itti aanummaan akka tajaajilu filatame. Koloneel Dubroo Waaqoo, koloneel Adam Jiloo Waaqoos hoggantummaa argataniiru.

Waggoota 7 mootummaa Hayilasillaasee waliin ega lolaa turaniin booda jidduutti waggoota 4 Dargiin gara aangoo yoo dhufu boqatanii lolli akka haaraa cimee itti fufe.

Jaagamaa Keelloo mootummaa Haylasillaaseen muudamee gara Baalee yoo deemu ummata sossobee ofitti akka qabachuu yaalaa ture. "Gootonni Baalee harka akka kennatan kan nu taasise Jaagamaa Keeloo ture." jedha Aliyyi Cirriin seenaasaa yoo himatu.

Loltoota Baalee lafatu isaan gargaara. Sanaaf yeroo heduu injifannoo gonfatu.Sulula Gannaalee, sulula Weelmal, bosona Harannaa Bulluq keessatti injifannoowwan jajjaboos galmeessisaa turaniiru.

Baale Waaqoo Luugoo, Soomoo Kormaa, Ibraahiim Qaalluu, Suufii, Kadir, Usmaan, Awwaluu Cirrii fi gootota jajjaboo horateera.

Aliyyii Cirrii Somaaliiyaatti baqatee bara mootummaa ADWUI biyyatti deebi'ee jiraachuu jalqabe. Umrii ofiis guutuusaa qabsootti fixee maanguddummaan sireerratti deebi'an.

Aliyyii Cirriin qabsootti fuudhee, maatii bosonuma keessa deemaa horate. Aantummaa ummataa kanas yoo Koloneel Adam Jiloo ajajaa waraanaa fi hayyuun Oromoo Somaaliiyaatti maqaa Oromoon waggaa 11f hidhamanii turan biyyatti yoo deebi'an, "Nama ijoollee fi niitirraa du'e osoo hin taane, nama biyyarraa du'e natti himaa; silaa waggaa 11n hidhamee ala turee deebi'ee." jedhan jedhama. Biyyaaf du'uun Baaletti akkanaan barsiifamaa ture.

Waajjirri Dhimmoota Koomuniikeeshinii aanaa Madda Walaabuu (2008) waa'ee Koloneel Aliyyii raga yoo ba'u, Koloneel Aliyyii Cirrii jeneraala waraanaa diina isaanitiin maalif isaaninakka lolan yoo itti himan; "Nuti kan isiniin lolluuf isin diina keenya waan taataniifi. Yoo isin injifannes yoo duune seenaa arganna. Isin injifannaanis lafa keenya; lafa ummata Oromoo isa bareedaa kana isa uummanni duraanii lafa isaatti boonee loon isaa irratti bobbaafachaa ture, seera isaa irratti

tumataa aadaa fi afaan isaa itti guddifataa ture kana arganna" jedhee deebiseef.

Koloneel Aliyyii Cirrii Jeneraal Walda Sillaasee Barakat, Jeneraal Kabbadaa Yaa'iqoob, Fitawuraarii Alamaayyoo Taayyeefaan ummata Oromoo irratti hacuuccaa gaggeessaa turan nuffuun, "Yoo nu dhiisuu baattan qabsoon keenya ittuma fufa!" jechuun kutannoon nama dubbataa ture.

Keessattuu Fitawuraarii Alamaayyoo Taayyee Amaara ta'ee, Dalloo bulchaa turuun ilmaan Oromoo irratti hacuuccaa daangaa hin qabne geessisaa ture. Kana malees, Fitawuraarii Galchuu Toogee ammoo gosa Oromoo ta'ee Madda Walaabuu bulchaa ture. Fitwuraariin kun mootummaa Hayila Sillaasee biratti fudhatama argachuuf jecha ummata Oromoo lammii isaa fixaa ture.

Gama biraatiin lammiin Oromoo dhalootaan Angeetuu; ajajaa kudhanii kan ture Bulloo Gammadaan immoo gidduu deemtuu ykn haala mijeessaa nafxanyaa ta'uun tajaajilaa ture. Kunis dubbiin Oromummaa amma galuufitti ture.

Kana jechuun waraanni koloneel Aliyyiin hoogganamu iddoo inni qubatuu fi bulu waan beekuuf odeeffannoo nafxanyaa mootummaa Hayila Sillaaseef dhiyyeessaa ture. Haaluma kanaan otuma nafxanyaa waliin ummata Oromoo waraanaa jiruu loltoota Oromoo Madda Walaabuun booji'amuun waraana Shaalaqaa Awwaluu Cirriin hoogganamu jala gale.

Yeroo kanatti ajajaan kudhanii Bulloo Gammadaan kaayyoo ummata Oromoo fi kallaatti deemsa isaanii erga hubateen booda garee waraana ummata Oromoo waliin ta'uun Oromummaa isaa amanee ummata Oromoo waliin gara waraana nafxanyaatti seenuun Godina Gujii bakka 'Gurraa' jedhamutti harka nafxanyaan du'e.

Yeroo sanatti waraanni kun humnaan ol waan cimeef ummanni Oromoos ta'e nafxanyaan osoo wal baqatanii galaana bishaan Gannaalcen lubbuu isaanii dhabaniiru. Haaluma kanaan gareen waraana kolonccl Aliyyii Cirrii magaalli Oborsoo fi Bidiree akka nafxanyaa yeroo saniif hin taane guban.Akkasumas Riqicha laga Gannaalee gubuuf ka'anii yoo hafe nu fayyaduu danda'a jedhanii gubuu dhiisan.Yeroo kanatti bakka Maddaatti waraanni akka hin gaggeeffamne dhaamsi isaanii bineensi illee ykn Allaattiin illee bakka kanatti akka hin ajjeefamneef beelladoota manaa keessaa immoo Gaala akka hin qallee dhaamsa walii dabarsanii waraana isaanii itti fufan.

Kolonccl Aliyyiin mootummaa Hayila Sillaasee gaaffii ciccimoo gaafatee ture. Finfinnee deemuun, "Erga ummata keenya injifattee akka durii gadi nu hin qabin; jiruu keenya ol qabi, Dalloo Mannaatti erga biyya Somaaliiyaatii nu waamtee kunoo dhufne gaaffii keenya duraa akka deebinee si hin gaafanne waan dura balleessite lammata akka nutti hin deebisne." jedheen.

Haaluma wal fakkaatun bara mootummaa Dargii, mootummaa Hayila Sillaasee caalaa cunqursaa guddaan ummata Oromoorra gahaa ture. Bara muutummaa Dargii kana keessatti waraanni meeshaalee waraanaa ammayyaa waan qabuuf ilmaan Oromoo hedduu irratti ajjeechaa raawwachaa tureera. Koloneel Aliyyiin sirnicha kana cal jedhee hin ilaalle ture. Akkuma mootummaa Hayila Sillaasee irratti qabsaa'een mootummaa dargii jalas dhaabbachuun hacuuccaa cunqursaa ummata oromoo irratti gahaa ture ofirraa qolachuuf hoomaa waraanaa isaa qabatee dargiin lolaa turuun isaa ni beekama.

Kolonccl Aliyyiin uummanni Oromoo tokkummaa kan qabaatuf ilaalcha biyyoolessummaa qabu ture. Koloneel Aliyyiin mirgi ummatichaa qawwee qofaan mirkanaa'uu danda'a amantii jedhu qabaachuun, waraana Dargii jala dhaabbachuun erga waraanaa turee, mootummaan Dargii waraanni isaa humnaan ol cimachaa adeemuun, kolonccl gara mootummaa Somaaleetti baqachuun waggaa 11 achi ture.

Kolonccl Aliyyiin fedhiin isaa inni guddaan ummata Oromoo gabrummaa keessaa baasuu ture. Erga sirnoota mootummaa Hayila Sillaasee fi Dargii keessa umurii isaanii guutuu qabsaa'anii booda ummata barnootaaf kakaasuun namni hunduu akka baratu gochuun hojii bu'a qabeessa hojjataa ture.

41. Koloneel Haayiluu Raggaasaa

Koloneel Hayiluu Raggaasaa abbaa isaa obbo Raggaasaa Hundee Qorichaa fi haadha isaa aadde Foolii Gorbaa Reebaa irraa bara 1925 Shawaa Lixaa aanaa Meettaa Roobii; Gilcetti dhalate.

Koloneel Haayiluu Raggaasaa dura maqaa akaakayyuun moggaasef Moo'aan waamama ture. Ummanni naannoo fi namoonni walitti dhiyeenya warra isaanin qabanis haadha/ abbaa Moo'aa jechuun waamaa turan.(Fayyisaa Fiixaa;213:2015 ALA)

Moo'aan yeroo barnoota galu maqichaan carraa barnootaa argachuun akka hin danda'amne warri yoo baru, Moo'aan hafee maqaan Kiristinnaa isaa H/mikaa'el waan tureef Haayiluu jedhanii moggaasaniif.

Koloneel Haayiluu Raggaasaa barnoota qeesii erga baratee booda barnoota ammayyaa akka baratu warri magaalaa Finfinneetti isa galchan. Erga Finfinneetti galee booda mana barumsaa Tafarii Mokonnin sadarkaa tokkooffaa (1-8) xumuree leenjii loltummaa 'Hoolataa Gannatii' fudhatee ciminaa fi dandeettii inni qabu ilaalun bara 1952 itti aanaa ajajaa dhibbaa gochuun ebbifame.

Koloneel Haayiluu Raggaasaa saba hundaa bifa tokkoon nama ilaalu fi walqixxummaa sabaatti nama amanu ture. Cimina hojii isaatiin Finfinnee irraa filatamuun gara Hararitti jijjiramuun hoogganaa kutaa waraana 'Leencaa' ta'uun hojii isaatin olaantummaan kennameef. Yeroo sana waraanni gara bahaa cimaa adeemuun keessumattuu waraana karaa Somaalee fi Ogaaden irratti sirni gaaffii abbaa lafaa fi daangaa irraatti ka'e tasgabbeessuu irratti ajajaa dhibbaa Haayiluu Raggaasaa ergama mootummaa galmaan ga'uun hooggansi dandeettii isaa dinqisiifannoo argateere.

Haala hooggansaa fi tooftaa waraanaa isaa ilaaluun mootummaan Hayila Sillaasee badhaasa kenneefii ture;

- Niishaanii gootummaa,
- Waraana irratti fooyya'insa aangoo ajajaa kumaa argate.

Koloneel Hayiluu Raggaasaa qabsoo mootummaa gonfoo yeroo sanaa irratti gaggeeffamaa ture; kan qonnaan bultootaa, barattootaa, barsiisotaa, daldaaltotaa, loltoota mootummaa fi hojjettoota mootummaa keessatti garee saba isaa ta'uun mootummaa H/sillaasee darbees Dargiitti dhukkuba sammuu ta'eera. Koloneel Hayiluu Raggaasaa namoota beekamoo waliin qabsoo jalqabuuf bara 1963 marii adeemsisuun jeneraal Hayilee Baayikadaany, Mangistuu Hayilamaariyaamii fi loltoota bebbeekkamoo qabsoo jalqabaniiru.(Fayyisaa Fiixaa 2015 ALA)

Yeroo sana mootummaan Hayilasillaasee yaada kana dhagahee bulchiinsa isaa fooyyessuuf murtii dabarsee ture.Battalumatti qabsoo waraanaa jalqabuuf qophii godhan kana koloneel Hayiluu Raggaassaa fi

shaalaqaa Mangistuu Hayilamaariyaam Harar irraa gara Jigjigaatti ajajaa waraanaa kutaa 10ffaatti jijjiiramus iddoo haaraa kanatti qabsoon isaa duubatti hin deebine. Haata'u malee ergamtoonni mootummaa Hayilasillaassee akka inni yaada kana mormuun hojii dhiisu gochaa turan.

Gootichi hojii isaanii fudhachuu diduun ammas iddoo addaa Hawwaaree jedhamutti ajajaa waraanaa ta'uun ergame. Yeroo kana ture qabsoon barattoota Itiyoophiyaa dhaadannoon "Lafti qotee bulaaf" jedhu qabachuun gaaffin eenyummaa deebii akka argatu gaafachaa turan.

Kun ammoo isaanif qarqaarsa qabsoo ture. Gareen koleneel Hayiluu Raggaasaa yeroo iddoo leenjitii bakka boqonnaa yookan mooraa waraanaatti deebi'an sirba afaan Oromoo sirbu ture. Gochichi garee biraa aarsuu fi sabaan boonummaa Oromoo muul'isuuf calaqqee ture.

Koloneel Hayiluu Raggaasaa eenyummaa isaan nama tuqu irraa hin deebi'u. Qoosaan akkasii dhalannaa ammoo meeshaan rukutuuf itti qayyaafata.

Waan Oromummaa ofii kabachiisee jiraatufis hooggantoonni waraanaa Oromoo hin taane, Koloneel Hailuu Raggaasaa biratti dhimma sabaa kaasanii hin beekn. Loltuun garee Koloneel Hayiluu Raggaasaa hooggansa isaatiin bakka hundatti fudhatama argachaa waan deemef mootummaan kana hubachuun gara magaalaa Finfinneetti waamuun erga qortanii booda akka sochii isaa laaffisuuf gara magaala Asmaraatti remade.

Haalli jijjiirraa kun Koloneel Hayiluu Raggaasaa waan aarseef booda tajaajila isaa ilaaluun bara 1965 barsiisaa saayinsii loltuu waraanaa Hoolataa ta'uun ramadame. Koloneel Hayiluu Raggaasaa Hoolatatti

ramadamuun isaa fedhii fi kayyoo isaa isa duraan qabatee ture fiixeen akka baafatuuf gargaareera. Keessumattiyyuu naannoo dhaloota isaatti dhiyoo waan ta'eef dhiibbaan mootummaa ummata isaa irraan ga'aa ture hataattamaan isa qaqqaba ture.

Waldaan Walgargaarsaa Maccaa fi Tuulamaa hundeeffamee misooma naannoon dura dheebochaa ture jalqabuuf yoo socho'u mootummaan abbaa irree Koloneel Hayiluu Raggaasaa dirree waraanaa irratti tolchee waan beekuuf yaada isaa kana duubatti deebisuuf tooftaan tarkaanfii irratti fudhachuu barbaade. Fonqolcha mootummaa yaaltan jechuun du'aa fi hidhaa umurii guutuu itti murteesse. Haalli kun uummata Oromoo keessatti godaannisa uumeera.

Dhiibbaa mootummaa gonfoo irraa jalqabee hanga mootummaa abbaa irreetti karaa siyaasaa, aadaa, amantaa fi wal-qixxummaa afaanii irratti rakkoon akka jiru Koloneel Hayiluu Raggaasaa waan hubateef, mootummaa Dargii irratti qabsaa'uu eegale.

Koloneel Hayiluu Raggaasaa fi qaabsaa'onni Meettaa Roobii, Jalduu fi Shawaa Kaabaa gurmaa'aniit qabsoo eegalan.(Fayyisaa Fiixaa;2015 ALA)

Qabsaa'onni Koloneel Hayiluufaa waliin turan Jeneraal Taaddasaa Birruu, Dajjaazmaach Kabbadaa Buzunash, Taayyee Maammoo, Ajjamaa Hirkoo, Takluu Tasammaa, Abeebee Tasammaa, Alamaayyoo Lammaa, Ajajaa Kumaa Abbabaa G/Maariyaam, Nugusee Gurmuu, Saffisaa Tufaa, Asaffaa Mokonnin fi Damisee Ayyaannoo turan.

Dardiin cimina jaraa ni beeka ture. Axinaafuu Abaatee Koloneel Hayiluu Raggaasaafaan bosona waan seenaniif, bakka argamanitti akka qabaman raadiyoon labsii dabarse. Koloneel Mangistuu Hayilemaariyaam irra deebi'uun Koloneel Hayiluu Raggaasaa araara

kadhachaa ture. Haata'u malee, milkk'uu hin dandeenye. Kana booda mootummaan Dargii loltuu waraana hadduu qabachuun naannoo qe'ee maatii Koloneel Hayiluu Ragaasaa deemuun ummata walga'ii yaasuun reebaa fi hidhaa turan. Ummanni garuu dhimma Koloneel Hayiluu Raggaasaa hin beeknu, hin agarreen didaa turan.

Loltuun Dargii ummata dhaananii dadhabnaan, ummata naannoo fakkaachuun huccuu jijjiirratanii, sochii taasisaa turan. Koloneel Hayiluu Raggaasaa erga loltoonni Dargii naannoo kanaa deemanii booda wal-gahii bal'aa gachuun ummata naannoo Incinnii, Ulaa Goraa, Meettaa fi Jalduu keessa naanna'uun rakkoo diinagdee, siyaasaa fi bilisummaan Oromoo kan mirkanaa'u qabsoo qofaan akka ta'u barnoota kennaa ture.

Mootummaan Dargii Koloneel Hayiluu Raggaasaa sochii bilisummaa Oromoof bosona seene, "Lafti qotee bulaaf yaakennamu jennaan mormuuf bosona seene." jechuun haasa'aa ture.

Koloneel Hayiluu Raggaasaa fi qabsaa'onni Oromoo aanaa Meettaa fi godinaalee garagaraa wal-qindeessuun qabsoo isaanii naannoo Meettaa fi Ada'aa bargaa keessaatti gaggeessaa turan. Gootonni kanneenis Jeneraal Taaddasaa Birruu, Dajjaazmaach Kabbadaa Buzunash, Taayyee Maammoo, Takluu Tasammaa, Ajjamaa Hirkoo, Saffisaa Tufaa, Beeggii Dabal, Ajjamaa Jiidhaa, Higgii Fayyisee, Gaddafaa Iggii, Deebisaa Iggii, Girmaa Tafarii, Nugusee Gurmuu, Birhaanee Magarsaa, Asaffaa Mul'ataa, Wagaayyoo Makonninii fi Alamaayyoo Lammaa turan.

Mootummaan abbaa irree waraana isaa qindeessuun loltuu hanga 1,000 aanaa Meettaa Roobiitti ajajuun mana jireenyaa fi qabeenya maatii Koloneel Hayiluu fi Taayyee Maammoo Sorsuu qe'ee isaanii saamuun

kan qalatan erga nyaatanii booda mana jireenyaa fi kuusaa midhaanii tokko illee osoo hin hambisin ibddaan barbadeessaniiru.

Haadha Koloneel Hayiluu Raggaasaa; Foolii Gorbaa doorsisaa fi sodaachisaan itti heddummaatee ture. Haati reebichi itti baay'atee akka bakka jiru baastus doorsifamaa turte. Fakkeessuu fi rifachiisuufis Takluu Tasammaan waraana aanaa Meettaa Roobii naannoo Muka Guutuutti ajjeesanii kunoo ilma kee ajjeefne koottu reeffa isaa ilaali jedhanii salphisaa turan. (Fayyisaa Fiixaa; 2015 ALA)

Aaddee Fooliin yeroo isaan ilma kee ajjeefne jedhaan 'Ililii Ililii' jechuun yoo yaada ofii ibsaa, loltoonni Dargii sila haadhaa maaliif ililchitu jechuun gaaffii dhiyeessaniif, baga isinitti harka hin keennin jedhaniin.

Jeneraal Taddasaa Birruu fi koloneel Hayiluu Raggaasaa lola kanarratti yoo qabaman, ajajaa kumaa Abbabaa Gabramaariiyam miliqee aanaa Gindabaratitti darbuun jalaa ba'e. Kanneen hafan immoo lubbuun isaanii harka mootummaa Dargiin dabarte.

Bitootessa 9, bara 1967 Koloneel Hayiluu Raggaasaa fi Jenrraal Taaddasaa Birruu erga takkaa ajjeeffaman.

Koloneel Hayiluu Raggaasan ajjeeffamuu isaa obbolettin isaa aadde Likkeen yoo dhageessu, ulfa guutuu turte. Rifattee lafaan of dha'uunis ijoollee ishee kophaatti dhiistee adduunyaa kanarraa boqotte.

Haati Koloneel Hayiluu, haadha goota Salaalee; Agarii Tulluu bira deemuun wal arganii turan. Lameenuu gootota Oromoo jajjaboo dhaban. Ilmaan isaanii Waldaa Maccaa fi Tuulama keessatti wal beeku ture. Haadholii isaanitis wal barsiisaniit turan.

42.Goobanaa Daaccee

Ummata Oromoo salphaan qabachuuf, Saahila Sillaasee, Bazzaabbih (Abbaa Dikkir)s ta'e Minilikiif salphaa hin turre.Haata'uutii garuu kaayyoo weerara lafaa isaanii galmaan ga'achuuf tooftaalee isaan itti fayyadamaa turan yoo ilaallu;

1. Raayyaa ittisaa meeshaa hammayyaa hidhate ijaaruu ykn meeshaa waraanaa alaa galchuu,
2. Duursaa loltootaa qopheessuu,
3. Iddoowwan weeraraman gosaan adda babaasuu faa turan,

Dhaloonni Minilik lafa Oromoo toora Angolalaa jedhamtutti yoo ta'u, umrii isaanii 12n jalqabaa kan dabarse ummatuma Oromoo waliini.Maqdalaadhaa Atsee Tewodros jalaa miliqee yoo Shawaatti deebi'us deeggarsa giiftii Walloo, Warqiitin ture.Yoo achii deebi'us lafti qubannaa isaa Bishooftuu ture.

Dhalattuun Goobanaa yoo lakkaa'amu, Goobanaa Daaccee, Yeroo, Kaataa,Alii,Gaacaa,Waayuu, Abdallaa, Abbichuudha.

Mootonni Shawaa bara bulchiinsa Nagaasiitii jalqabee Oromoo waraanaa turan Salaale, Abbichuu fi Galaan kan qabachuu danda'an bara mootii Saahila Sillaasee ture.Haata'uutii du'a Saahila Sillaaseen booda kutaalcen kanniin bilisa ta'anii bulaa turanis mootiin Goojjam Taklahaymaanot ceyyama Atsee Yohaannis irraa argateen weerarasaa itti fufee lafa qabachuuf fiigaa ture.

Oromoo hedduunis waraana sana keessatti lubbuu fi qabeenya hedduu dhabaniiru. Minilik Oromiyaa weeraruuf garuu ceyyama namuutuu hin gaafanne ture. Weerarri ulee Minilik jalqabaa, kan rukute Gullallee, Abbichuu, Salaale fi Galaani. Kutaalee bulchiinsa Shawaa Tuulamaa,

Arsii, Harar, Leeqaa Naqamtee, Leeqaa Qeellam, Jimma, mootota Shanan Gibee, Iluu Abbaa Booraa kan of harka galfate Atsee Yohaannis aangorra lubbuun osoo jiruu ture.

Taaboor Waamii (2006:505) akka jedhutti, abbaan Raas Goobanaa Daaccee; Daaccee Xaduu jedhama.Goobanaan Daaccee Xaduu bara 1811 Shawaa Kaabaa aanaa Dannabaa Incaqorar ykn Waagiddaatti Daccaa Waadee Amaan iddoo jedhamutti dhalate. Hiddi dhaloota isaas maatii Oromoo beekamoo Amaan, Wagdaa Shawaati. Fira dhihoo Abbaa Muudaas ture.

Daaccecn guksii fardaatin nama beekamaa waan tureef loon 50n bitamee ykn qacaramee hamma Abbichuutti waraanaa ture jedhama. Mootichi Shawaa Saahila Sillaaseen Shawaa akka qabatuuf shoora guddaa tabateet ture.

"Raas" booddee "Dajjaazmaach" Goobanaa Oromoo sirna bulchiinsa sana keessatti sadarkaa guddaa ga'an keessaa isa tokko ture. Qixxee Abbaa Meelbaa. Sanarraa kan ka'es Oromoota hedduu biratti dhaga'amtummaa fi fudhatama guddaa qaba ture. Maqaan inni qabus raayyaa Minilik IIffaa gara Dhihaa fi Bahaatti babal'ina lafaatif duule akka hogganu isa taasiseet ture.

Goobanaa Daaccee (1814-1881); (Gabra Sillaasee,1959, Minilik IIffaa)

Chaappaa Goobanaa

Goobanaa Daaccee dhalootan Oromoo Shawaarraa yoo ta'u, gareen Miniliik Ilffaa kaayyoo isaa galmaan akka ga'atu jiddugala jaarraa 19ffaatti oolmaa oolefii qomoo isaaf ammo faallaan dhaabbateera. Goobanaan raayyaa isaa raayyaa Minilikiin makuuni, deeggarsa isaa kan dhugoomsef. Sababii sanarraayis kan ka'e Minilik lafa bal'aa qabatee bulchaa biyyaa ta'uu danda'e.

Goobanaan Minilikiin osoo walitti hin dhufin abbaa lafaa Faallee ture. Yeroo sanas sirna Minilik keessatti, hogganaa waraanaa, qajeelchaa weeraraa fi bulchaas ture; dubbiin akka boodaa ta'uu baatus. Bara bulchiinsi Tewodroos Ilffaa lafa babal'achuuf socho'aa turetti; keessattuu kan isaan aangoo bulchiinsa lafa Shawaa irratti kennaniif Bazzaabbih Abbaa Diikir, Goobanaan faallaa isaa dhaabbachuun qormaata guddaa itti ta'eet ture.

Miniliik Tewodroos Ilffaa jalaa Maqdallaatii bade raayyaa giiftii Walloo kan turte Warqiitin tumsii fi deeggarsi taasifameefii Shawaa gaafa seenu bara 1857 Goobanaan Minilik simatee deeggarsa taasiseef. Minilikis gochaa isaa fi deeggarsa isaatti gammadee waardiyyaa masaraa isaa godhate. Bara 1870 Goobanaaf aangon ajajaan waraantummaa Raas kennameef. Mahaammad Hasan akka jedhutti, Oromoo ta'ee aangoo olaanaa bara Minilik Ilffaa kan argate kan Goobanaa duursu hin turre.

Qaama lafa handhuura Tuulamaa kan taate Gullallee; Finfinnee kan weeraree qabate, weerara jalqabaatti ture. Abbaa gadaa Gullallee yeroo sanaa kan turan Tufaa Munaan bira ergaa Minilik qabatee kan dhaqe Goobanaa Daacceen ture. Harka akka kennatan (Phaawloos Nyoonyoo:1992:27). Abbaan gadaas mana mare gadaa Gullallee ega

walitti qabee marii gaggeessen booda hawaasaf labsii dabarse.Qabiyyeen labsichaas Makuriyaa Bulchaa (327), Cheerulee (1922:70) waabeffachuun yoo barreessu:

"Kabajamoo ummata Gullallee, Ummanni Oromoo Gullallee Minilikiif akka gabbaruu fi jala galu xalayaan Goobanaa Daaccee harkaa naqaqqabee dubbichas mana mare abbootii gadaaf dhiyaatee manni marichaas lolee daangaa fi eenyummaa mirga isaa kabachiisuf murteessera. Kanaaf Gullallee marti ka'i. Qophaa'i. Fardakee fe'i. Faraoota keetirraa fuuloo hin fuudhin, akka fe'amaniin waraanaf qophii haata'anu. Gonfoo mataas ofirraa akka hin buufne. Midheecha harka keessaniis akka hin baafanne. Ani seera dabarseera. Seerichi seera abbootii keenyaa kan Lubaati. Kuni ajaja seera Oromooti. Gadaa keenya diiguf diinni dhufeera. Caffeen keenyas sarbameera. Weerartoonni akka nyaata hin arganne taasisaa."

Yaamicha Abbaa Gadaa Gullalee; Tufaa Munaatin waraanni Minilik saamichaa fi ajjeechaa qaqqabsiisuu danda'u injifannoon yeroodhaf qolatee hambise. Kunis bara akka lakkoofsa warra Awrooppatti bara 1874-1875tti turuu danda'e. Haata'uutii akka lakk. warrra Awrooppatti bara 1878 Dajjaazmaach Mashashaa Sayfuu dabalatanii gareen Minilik waan deebi'eef Gullallee to'achuu danda'an. Goobanaan ammoo gara Abbichuu fi Galaan akka lakk. Warra Awrooppatti bara 1876-1877tti duulee lafa weeraree bulchiinsa Minilikitti make. Barootuma kana jidduuttis ture Oromoo Salaalee kan to'ate. Bara 1882 akka lakk. Awrooppatti gara Bachootti weeraruuf yaalii taasisus iddoo Waraagoo jedhamtutti injifatamus bifa haaradhaan humnasaa cimsachuun tooricha to'ate.(Cheerulee:1922)

Goobanaan Dhiha Wallaggaa weeraruuf kajeeluu kan jalqabe injifannoo waraana Imbaabon booda yoo ta'u, Leeqan Goobanaa

jalqaba yoo injifatu bara 1884 humna cimsatee deebi'uun yaalii taasisus humni isa waraanuf qindaa'e tokkummaan Leeqaan Doobbaa irratti waraana banamerratti ammas Goobanaan injifatamee deebi'uuf dirqame. Booddee garuu waan yaade hin oolle;humna caalman cimsatee akka lakk. Awrooppatti bara 1887-1888 toora laga Waamaa malkaa Naggaadee iddoo jedhamutti Leeqaa injifatee weerara isaa milkeeffate. Leeqaan reebee lolaa turus, milkiin harkaa baatee, Goobanaa Minilik IIffaa jala dirqamaan galan.Taabor (Waamii:488)

Leeqaa Naqamtee fi Leeqaa Qeellam akka Goobanaaf nagayaan harka kennan ni beekkama. Mootonni shanan Gibee; Limmuu, Jimmaa, Gommaa, Gumaa fi Geeradha. Kanneen keessaa weerara Minilikiif mormii malee harka kennan mootii Jimmaati. Mootonni kaan garuu weerarricha baroota dheeradhaaf dandamachaa turuun dhumarra human raayyaa meeshaa ammayyaa hidhateen injifatamanii bulchiinsa Minilikitti makaman.

Bara 1882 Minilik mootii Taklahaymaanoot isa Goojjaam, akka mo'atuuf shoorri Goobanaa baay'ee guddaa ture.

Akka ogeessi seenaa Doonaald Leeviin jedhutti Raas Goobanaan babal'ina Shawaatii gara Kibbaatti taasifame hoggantummaan gaggeessera. Kutaaleen bulchiinsa Oromoo duriis sababuma kanaan Itiyoophiyaa Minilik umuu barbaadetti makaman.

Morodaa Bakareen hoggantoota Goobanaa gargaaran keessa isa tokko ture. Goobanaan dirree waraanaa irratti hiriire hedduu isaanii si'a tokkoon yoo didames itti deddeebi'ee injifata. Hoggantoota barasii Sidaamaa fi Guraagees mo'ateet ture. Toora bara du'asaatti 1880n keessa loltoonni Shawaa Goobanaan hogganaman hogganaa

Musliimota Guraagee Hasan Injaamoo mo'atanii bulchiinsa fi lafa sabichaas of harka galfatan.

Bara 1880 Goobanaan Raas Morodaa Bakareen waltumsanii Mahaadistoota Sudaan; Wallagga weeraranii turan dirree waraanaa Guutee Dilii irratti injifatanii biyyaa ari'an. Kan alaa ari'anis biyya keessa garuu sabaa fi sablammoonni ummattoonni Itiyoophiyaa jireenyi isaanii gabrummaa keessa ture.

Goobanaan bulchiinsa isaa gara Kibbaatti dhiibaa fi babal'ifachaa gaafa ture, mormii salphaan isa mudachaa hin turre. Haata'uutii warri bulchiinsa Gibee garuu Goobanaa simachuun tarii sirni Gadaa laafee ture bulchiinsa jiddugaleessatti gaafa dhufnu waldhabbiin gosootii keessa ture furamee tokko taanaa laatan, abdii mamii qabuun of gaafachaa turan jedha Dr. Donaald Liiveen.

Goobanaan humnaan, dhiiga lammiilee lolaasunii fi lubbuu namoota hedduu aarsaa kanfalchiisun, kaayyoon weerara Minilik IIffaa akka milkaa'uf harka keessaa qaba.Kunis seenaa Oromoo keessatti seenaan Goobanaa gantummaatti lakkaa'amee sirbi itti ba'ee ture. Sirbichis;

Nama dhiba, ajaa'iba, ajaa'ibaa!
Dubartiin abbaa warraa hin gantuu;
Kan saree deessuu hundarra nama dhibaa.
Firri wal hin nyaatuu,
Kan qara qottoo addaa
Lammiin wal hin gurguruu
Kan Goobanaa Daaccee addaa.

Dhaddacha Minilikitti Goobanaan Aggaafaarii; nama keessummoota simatee mootichaan wal-barsiisu. Taayitaan kunis namoota amanamoof qofa kan kennamu ture. Goobanaan hojii isaatin ija Minilik duratti [illegible]tummaa ega argateen booda fincila Walloo akka dhaabuf

ajajamee, sanas raawwate.Sanaan booda maqaa masoo "Naadaw" ykn "Abbaa jigsaa" jedhamu gonfate. Maqaa masoo bakka ga'etti faallaa bulchiinsa Minilik dhabbatan haleelaa waan turcefi. Milkaa'uu abjuu Minilikiif milkii waan ta'eefi.

Goobanaan toora qubata raayyaa ittisa mataa isaa hundeeffateet ture.Kunis toora Bissii jedhamtutti. Seenaa magaalotii biyya keenyaa hedduu isaanii yoo qorannus iddoowwan qubata raayyaa akka turan ragaalen ni muul'isu. Raayyaa isaa ega cimsatee boodas "biyya hundeessu" jalqaban, laftii fi Oromoon Salaalees egasii qabeet Goobanaa jala gale.

Weerarri biyya hundeessuu isaas Meettaa, Macca ykn Ginda Barat, Ada'aa, Caboo, Gullallee fi Yakkaatti qajeele. Miniliikis hamilee fi weerarri isaa akka cimuuf jecha taayitaa Raasummaa irraa ol guddisee Dajjaazmaachummaa kenneef. Bara sana namni aangoo Dajjaazmaachummaa qabu eessuma Miniliik IIffaa Dajjaazmaach Daargee qofa ture;ijoollee dhiiraa mootii Saahila Sillaasee Shawaa 4ffaa ti. Daargeen mootii ta'uuyyuu nama fedhu ture, Goobanaatu fuula dhoowwate malee.

Goobanaan taayitaa Dajjaazmaachummaa ega argateen booda, Fit-awraaroota ofii isaatii raayyaa isaa keessatti muuduun weerara akka itti fufan ajaje. Innis weerara isaa gara abbootii lafaa to'annoo jala oolchuu qajeele. Isaanis Dandii Maaruu, Waliso, Caboo, Dulaal, Ammayya, Noonnoo, Soddee, Aemiee. Oabbanee fi Innamoor keessatti argamu.

Minilik IIffaan mootii Shawaa jedhamee bara 1870 gaafa aangoon Yohaannis IVn kennamuuf affeerraa magaalaa Licheerratti Goobanaan keessummummaan dhiyaatee aangoo Dajjaazmaachummaa fudhate. Sanaan booda Goobanaan ittuu onnatee akka leencaa aadud, akka

kormaa baroodaa gara Guduruu, Maccaa, Jibaat fi Guraagetti duule. Laga Gibees cee'ee mootota Gibee of harka galfachuun kutaa bulchiinsa jiddu galaatti humnaan make.

Goobanaan kaayyoo Minilik qabatee Shawaatii gaafa socho'u, Raas Darasuun ammo ergama mooticha Taklahaymaanoot; Gojjaam qabatee laga Abbayaa ce'uun Guduruu, Leeqaa fi Wallagga to'ateet ture. Dhimmi wal-dhabbii Darasuu fi Goobanaa karaa hoggantoota isaanitiin Atsee Yohaannis bira ga'a. Wal-dhabbii isaanii "nagaan"; lafa qircachuun akka hiikkamu Yohaannis ajaja dabarsa. Haata'uutii Darasuun waan dideef, Goobanaan Darasuun lafa qabatee fi ilkaan arbaa walitti guurratee fi urgooftuu xirinyii lafa kaa'ee akka lafa dhufetti deebi'u ergamaa erguun isa gaafata.

Goobanaan bara 1866 Marraabeetee, Gomaroo fi Chahaa weeraree qabate. 1873 ammoo Xummuugaa fi Adaal hanga Azalootti dhuunfate.Atsee Yohaannis IVffaan Shawaa gabbarsiisuf yoo duulu Goobanaan raayyaa Yohaannis rukutee meeshaalee waraanaa ykn qawwee Sinaadir fi Reemiingtan 1,000 loltoota waliin booji'ee raayyaa isaa cimsateera.

Wal-dhabbii lamman jidduutti umameenis waraanni Goojjamii fi Shawaa Imbaaboo irratti 1874 gaggeeffamee mootichi Goojjam Taklahaymaanoot injifatamee, Goobanaan mirgaan gale. Akkaatan lola Goobanaa loltoota Raas Darasuu bitaa galeet ture. Isaan sirricha yoo lolan, Goobanaan garuu riphee loltootatti fayyadamuun salphumaan irra aane. Caulk, R. "Territorial Competition and the Battle of Embabo", in Journal of Ethiopian Studies, IX, 2.)

Imbaaboo irratti waraanni cimaan ega gaggeeffameen booda, meeshaaleen ammayyaa Awrooppaarraa argatan kan mootichi

Taklahaymaanoot hidhate gugsitoota Shawaa; Salaalee fi loltoota Walloon hiikkamee Minilik hoggansa Goobanaan mo'atee; Taklahaymaanoot kooligalummaan harka Goobanaatti kufe. Namoonni masiinqoo tabatanis haalicha yaadachuun akkanaan sirbaa turan;

እንግዲህ ጎጃሞች በምን ይለቅሱ፣
ጥርሳቸውን ሊሙ ትተው ሄዱ አሉ።።

Hiikkaan isaas,

Seechi maal isaanin kolfu Goojjamoonni,
Ilkaanisaanii Limmuutti dhiisanii dhufanii.

Goobanaan Raas Darasuu ega injifateen booda kutaalee bulchiinsa Calaa, Lagoo Horroo, Leeqaa, Naqamte fi Sayyoo Darasuu jalaa baasee, harka bulchiinsa mataa isaanitiin ittiin of bulchan harkaa baasee of harka galfate. Babal'ina isaas bara 1875 itti fufsiisun gara Iluu Abbaa Booraa hamma Gimiraatti qajeele. Walii galtee amantaa hoggantootaa jiddutti bara 1870 taasifamerratti /"Council of Boru Meda"/ bu'uurunis kutaalee nageenyaan bulchiinsa isaa fudhatan hundatti manneen amantaa Ortodoksii akka hundeessu ajajamee ajaja sanas raawwachiisaa ture. Sababii kanaanis "Mislanee"f ajaja dabarsuuni fi haadha warraa isaa aadde Ayyalach waliin mari'achuun bakka ga'an maratti manneen amantaa Ortodoksii ijaaruun,manneen sagadaa 41 hundeesset ture.

Bara 1878 Minilik iddoowwan Goobanaan to'atee maratti bulchiinsa jiddu galeessatti makaa, loltoota keessaa bulchitoota bakka ga'anii muudaa ture. Bairu Tafla. 1987, Asme Giorgis and His work. p. 757).

Minilik fuula isaa gara Arsiitti gaafa garagalfatu, Goobanaanis waliin hiriiree amma har'aatti seenaa keessaa dubbii hin banneen yaadatamuuf dogoggora uume.

Minilik weerara bara 1874-1878 gaggeesse caalaa waraanni xiiqin loluu fi harka hin laadhu jedhu, inni humna qabu, kan darbuu isa dhoorkee isa dhaabe,lubbuu itti guraaree kan itti hammaate Arsiitti ture.Innis kanaaf garaa jabaatee harmaa fi harka mure fakkaata. Weerara jalqabaa ji'a Muddee 1873-Amajjii 1874tti taasise. Jalqaba karaa Dhihaatin karaa haroo Dambal, Maajii fi Baatuun seene.Weerarichaarrattis abbootin gadaa yaamicha walii dabarsuun adda waraanaa 3 ummatan. Addootin waraanaa kanneenis abbootii duulaa 3 filatan;

4. Adda Didaa- kutaalee bulchiinsa Bahaa fi Kibba Bahaa
5. Adda Gadabii fi Sirriiqaa- kutaalee bulchiinsa Kibbaa fi Kibba Dhihaa
6. Adda Caancoo- Kutaa bulchiinsa Kaabaati (Makuriyaa Bulchaa:345)

Weerara dhumaa bara 1886 Arsiitti Minilik gaggeesse kan hoggantummaan gaggeesse eessuma Minilik; Raas Daargee Saahila Sillaasee ture.Raas Daargee fi Dajjaazmaach Walda Gabreel Abbaa Seexaan, Minilik waliin Gondarii hamma Maqdalaatti hidhaan Atsee Tewodroos jala turaniiru. Minilik Atsee Tewodroos jalaa badee ega Shawaatti galeen booda loltoota isaa tooftaa Tewodrosiin leenjisaa, loltoota Tewodroosis itti makuun loltoonni isaa lakkoofsi hedduun Gondarii kan dhufan ture.

Seerri harmaa fi harka muruu jaarraa 18ffaa jalqabarra gaggeessaa Shawaa kan turan Mari'id Azmaach Sabistee fi Raas Asfaa Wasan faatin sodaachisoof labsamee turuun himamus sanaan duras ta'e booda itti fayyadamuun isaanii caqafamuu baatus Arsiirratti garuu Raas Daargee fi Dajjaach Walda Gabreel gara jabinaan raawwachuuf garaa hin laafne.

Atsee Minikik duraan dirree waraanaa Albaasoo irratti injifatamee dheeffus, garaadhaa aarii qaba waan tureef Raas Daargeen hoggantoota

Oromoo Arsii yaadan adda baasee hiruun kaan of cinaa hiriirsee kaan ammo Azuulee irratti waraana banuun namni hedduun dhume.

Oromoo Arsii weerara Minilik morman hoggantummaan duursaa kan ture keessaa *Abbaa Duulaa Roobaa Daadhii ykn Buttaan* dirree waraanaa Azuulee irratti mo'ame, boru Oromoon ofiin of bulchuuf baroota dheeraa itti hin fudhatu jedhee nama amanaa ture.Waraanicha akka fiixan hin baasne iaales milkiini fi injifannoon ilmaan Oromoon akka ta'e dubbateera.Oromoo Guyyaan Minilik dirree waraanaa Azuulee irratti Arsii gabroomses hamma warraaqsa Darguu 1966ttuu kabajamaa ture.

Gootni Arsii; Leenjisoo Diigaa lola hamaa Minilikiin hogganamu irratti hirmaatee loltoota Minilik Oromoo Arsii waliin itti marse. Farda Minilik baay'ee jaalatus Leenjisoon jalatti waraanee fardichi yoo kufu mootichi miilan fiigee jalaa ba'ee bade. Minilik bar asana Arsiitti caalman kan ciniinnates jedhu maanguddoonni. Kun ammoo Minilik waraana caalmâf akka qophaa'u isa taasise. Daa'imman, maanguddoo, dargaggeessa fi ge'eessa osoo hin filatin weerartuun mootichaa namoota hedduu fixe. Lafti bulchiinsa isaa jala galus namni isaa garuu qalbiin gabbaree bitamee bulee hin beeku.

Raas Daargen weeraraan milkaa'us dheebuu dhiiga namaa dhangalaasuu hin quufne turee. Oromoo Arsiin (koottaa ni araaramnaan ykn walarkaa fuudhinsa gadaaf; akka beektonni seenaa tokko tokko jedhanitti) Aanoleetti yoo walitti qabaman daandii qalloo keessa akka darban taasisuun Daargen ofii itti qophaa'ee Arsiin osoo quba hin qabaatin dhiirarraa harka mirgaa, dubartootarraa ammo harma mirgaa irraa muruun adda isaanirratti fannisuun gadhiisan, kaan ammo harkaa fi harma isaanii muka irratti fannisuun gara jabummaa gitichaa mirkaneesse.

Siidaa Aanolee; harka fi harma muraa Bitootessa 2006 ebbifame

Aanolee bara mootummaa kam keessattuu yaadatamee maqaan isaa akka seenaa weerara ittisuu, hin bitamnuu fi ajjeechatti ka'ee hin beeku. Siidan ijaarrame sabni biroo waan hamaa Oromoorratti hojjete jedhee osoo hin taane, sirna bittaa barichaa garuu hammeenya hojjete baasee muul'isuun akka lammata hin deebineefi.

Weeraraa, harma muraa fi harka muraa Arsiin booda Goobanaan gochaa suukkanneessaa raawwatetti Minilikitti xiqqoo muufateet ture. Sanaa jechas bara 1879 Minilik gara Bahaatti gaafa weeraraaf qajeelu Goobanaan Inxooxxoo ture. Minilik Calanqorratti ega ittifamaa tureen booddee dhiigan of jala galchee Finfinneetti deebi'u, Goobanaan Inxooxxuma ture. Weerara Arsiitin booda Minilk kan qajeele Hararitti ture.

Duraan Hararîin bara 1868-1877 Gibxootan qabamtee turte; sanaan dura garuu ofiin of bulchaa turan. Gibx bara 1877 ofiifuu gita bittaa Ingiliiz jala waan galteef Baha Harargee bulchiinsa isaan jala ture gadhiisanii baqatan. Haalli kun ammo Minilikiif, Arşii osoo jiruu dhagayuun isaa isa onnachiise.Ancufa isa liqimsiise. Humni biraas

garas osoo hin sochoo'in Dajjaazmaach Walda Gabreel ajajamee bara 1877 Hararitti qajeele.

Weerarri Arsii guututti gaafa xumuramu bara 1878; humani dabalataa Minilikiin ergamee, Walda Gabreelis Oromoo Ituun karaa isa dabarsuu waan dideef loltoota hedduu ofarkaa fixate injifatame. Minilik Muddee 29,1879 waraana lammaffaa ofumaa duursun Calanqorratti Oromoo waliin waraana cimaarra dhaabbatanii daandii ittiin darbu dhabe.Waraanni cimaanis isa mudate. Calanqorratti hedduminaan kan aarsaa kanfalanis *gosootii Arfan Qalloo; Baabbilee, Jaarso, Noolee fi Anni'aan* isaan angafa. Minilik Harargee weeraruuf qophii ji'oota 6 taasise.

Bakar Waaree bulchiinsa Minilik jala hin galluun onnee guutun lolaa ture. Dhahamee miilli isaa irraa cituus inni garuu of irratti hin argine, hin barres ture. Fardasaarra taa'ee weerartuu Minilik IIffaan wal faccisaa ture. Manatti galee miillikee tokkichi meerre jedhamee yoo gaafatamu cituu isaa bare. Lolichi hamaa ture. Manni ni gubama. Qabeenyi nisaamama. Loon jalaa qalamu.

Firri, alagaan, hiriyaan, jaarsi, jaartinii fi dubartoonni garaatti baatan osoo hin hafin ajjeeffamaa turan. Booru yoo guddatan haaloo yaadun daa'immanis ajjeeffamaa turan. Bakar Waarenis ta'e kanneen akka isaa qaama isaanii wareega kanfale akkamitti yaadatu?

Wareegamtoota Calanqoo yaadachuuf siidaa ijaarrame Bitootessaa 2007 ebbifameera. Bakar Waares wareegamtoota yaadatamanii siidan ijaarrameef keessaa isa tokko.

Harar ega to'annoo weeraraa Minilik jala galteen booda Minilik ilma adaadaa isaa kan ta'e Dajjaach; booda Raas Makoonnin Waldamikaa'el Guddisaa bulchaa Harar gochuuni irratti muude. Dubbiin Hararis ega

dhumeen booda fuula isaa gara Kaaba Itoophiyaatti garagalfate. Bulchaa ta'ee kan irratti muudamaa ture garuu akka naannoo kaanii hin turre, warreenuma isaanuma keessaa ba'aniin akka bulchan taasifame.

Sababii Oromoon weerara Minilikiif jilbiinfateef;

1. jaarraa 18ffaan booda gadaa naannolee malee gadaan jiddugalaa waan laafef. Kunis garaagartee fi walitti bu'iinsa uume. Kunis jaarraa 17ffaan booda Oromoo gara Kaaban argamu weeraruu isaan dandeessise. Bittoonni Goojjaam, Horroo Guduruu bara 1870n keessa akka qabataniifis haala mijeessef. Minilikiin dura Saahila Sillaasenis Shawaa kan of jala galche hoggansi gadaa jiddugalaan Oromoo hunda walitti qabu laafuu isaani ture. Sanaan dura, Oromoon Atsee Galaawdiwoos meeshaa ammayyaa Poorchugaalotarraa argate osoo hidhatee jiruu kan mo'ate, hoggansii fi bulchiinsi gadaa jiddugalaa waan tureefi.

2. waraanni Oromoo meeshaa ammayyaa waan hin hidhanneefi. Oromoon hulluuqun yoo weerartoota harkaan, eeboo, gaachanaa fi meeshaa waraanaa aadaan ittisu, Minilik Ingiliiz, Faransaay, Xaaliyaani fi Raashiyaa irraa hamma funyaanitti meeshaa waraanaa rasaasa guutuu waliin hidhateet ture.

3. meeshaa ammayyaa hidhachiisuun ala, akka dhalataan Faransaay Le'oon Daangoon jedhutti loltoonni Faransaay 15,000 weerara Booranaa fi haroo Ruudoolfirratti hirmaataniiru. Raas Tasammaa Naadaw, Iluu Abbaa Booraa fi lafa hamma Abbaya Adiitti jiru to'achuuf loltoonni Faransaay, Ruusiyaa fi Swiidin hoggansa laataniiru.Loltuun Ruusiyaa Iivaan Baabiticheef Minilik deeggaruun lafa Kibba Dhiha Oromiyaatii hanga Gimiraa jiru weeraraniiru.

4. Minilikiin dura ykn booda weerarri Oromoorratti gaggeeffame hundi Oromoo ciccimoon michoomun kan gaggeeffame.Kana keessaa ammo Goobanaa daaccee isa tokko. Dirreewwan waraanaa inni irratti hirmaate fi weerarri inni gaggeessee Minilikiif milkeesse yoo

ilaallamu,Goobanaan osoo dhabamee Minilik weerara isaa galmaan ga'uuf baay'ee itti ulfaata ture.Yookinis hin milkaa'u ture.

Fincilaa fi jihaadii Guraagee keessatti labsamee ture to'annoo jala oolchuuf jecha Goobanaan Fiitawraarii Haabta Giyoorgiis waliin duulun injifatanii deebi'an.

1881 daangaa Itiyoophiyaa karaa Wallaggaa Mahaadistoonni cabsanii seenan jechuun xalayaan gootota Oromoo Wallaggaa irra Goobanaa qaqqaba. Xalayichis Minilik IIffaatti ega dhiyaaten booda Goobanaan gootota Oromoo Wallaggaa waliin waraanicha duursun Mahaadistoota waraanan. Raas Goobanaan Fulbaana 7 ture Inxooxxoo gadilakkisee ba'uun Fulbaana 18 laga Gibee ce'ee loltoota isaa onnachiisee kaasun gara Wallaggaatti duulee Onkololeessa 6 Mahaadistootan kephee walitti bu'uun injifatee biyyaa ari'e.

Jarri deebi'uu fi deebi'uu dhabuu isaanii ega mirkaneessen booda, 'mootichi Yohaannis Shawaa weeraruufii dafii koottu' xalayaan jedhu Minilikii ergamee harka Goobanaa waan qaqqabeef Goobanaan Finfinneetti deebi'e. Raaas Goobanaan bakka ga'e hundatti milkii injifannoo qaba waan tureef, Minilik farada isaa "Raaswarq Ambaayee" fi gaachana warqeen faayame akka badhaasatti kenneefit ture.

Goobanaan weerarri Minilik akka milkaa'uf irriba dhabeera. Kunis Minilik irraa dinqisiifannaa guddaa isa gonfachiise. Qomoo isaa garuu baay'ee aarsera.Wareega guddaas isaan kanfalchiisera.Toora Gibeetti bulchaa godhee muudunis lafa yeroo sanatti weeraraan hin qabamne Kafaarrattis (Kibba Shawaa hunda) Mootii taatetta jechuunin Minilik isa muuda. Tooftichi garuu duuban ittiin daldaluu fi weerarsiisuu ture.

Goobanaan maqaa Mootii yeroo muraasaf argatus, Minilik gaabbee kan tufe arraabuf yeroo itti hin fudhanne. Mirga Minilik dhaabbatee lolaa

turus dubbiin foggisoo taatee, harki ittiin gurshaa ture ciniinname. Baahiruu Taflees akka jedhutti;

> Beekamtiin, Goobanaa abbootii taayitaa yeroo sanaa biratti ija sodaatin ilaallamaa ture.Booddee booddes jibbiinsa umet ture. Inaaffanis marrimaan isaan eelchee. Goobanaan Oromoo ta'uu isaatin qofa hojiin hojjetaafii ture bishaan itti naqamee, amanamtummaa dhabaa dhufe. Innis dubbicha jararratti baraa waan dhufeef mootota Oromoo kaan waliin ta'uun sadarkaa federeeshinii bulchiinsa Oromoo umurra ga'eeratii Goobanaa ofirraa haa buusnu jechuun irratti mari'atanii waliigalan. Haalli du'a isaas kanumarraa ka'uu hin oolu.

Maqaa Goobanaa yaamanii namni karaa ittiin darban ture. Lafa abbootii lafaa weeraraan qabatanis namni irra akka hin ejjenne dhoorkamu inni akka irra deeman taasiseera. Goobanaan seenaa Itiyoophiyaa keessatti ija lamaan ilaallama. Inni jalqabaa, humnaan fi dhiigan 'biyya ijaaruu' carraaqqii taasifame sana warren dinqisiifatan gootummaan yoo isa faarsan sabaa fi sablammoonni ummattoonni biyyattii weerarichaan hubaatin irra ga'e garuu ajjeechisaa; saba gurguraan isa lakkaa'u. Sirboota ittiin faarfamaa ture keessaa;

ነበና ፈረሱን ቸ ቢለው፣
ዓረብ ጋረደው፣
ወንድ አትጥሩ፣ ወንድ አናውቅም ሊላ፣
ከጎጃም ደርሶ፣ ከሸዋ ነበና፣ ከትግራይ አሉላ፣

Hiikkaan isaa,

> **Goobanaan farda isaan "Chee!" yoo jedhu,**
> **Arabni fuula haguuge .**
> **Goota hin yaaminaa, dhiira hin beeknu kan biraa,**
> **Goojjamii Darsoo, Shawaadhaa Goobanaa, Tigraayii Aluulaan ala.**

Minilik, Goobanaa 'aak' jedhee duguugee kan tufe, firoottan isaa ega ofiin marfatee dandeettii goonfachiisen booda ture. Humna ofii ijaaree, ega gurmeessenii fi humna finciltoota mudachuu danda'an ega

tilmaama keessa galcheen booda. Goobanaan daangaa bulchiinsa Minilik Ilffaa babal'isuuf adda durummaan hojjechaa turus firoonni Minilik yoo ga'ooman Goobanaan taba keessaa baafamuu jalqabe.Akka fakkeenyatti;

1. Dajjaazmaach Waldee Ashaagree; bulchaa Sadoo, Acabar, fi Guraagee ,
2. Fiit Awraarii Taklamaaryaam Guullilaat; bulchaa Macca,
3. Dajjaazmaach Haylamaaryaam Walda Giyoorgiis Abbooyyee; bulchaa Tokkee fi Botar ,
4. Dajjaazmaach Dastaa Daargee; bulchaa Calliyaa,
5. Dajjaazmaach Walda Giyoorgiis Abbooyyee; bulchaa Limmuu, Geeraa fi Gommaa, fi
6. Dajjaazmaach Tasammaa Naadaw; bulchaa Gumaa fi Iluu Abbaa Booraa ta'uun muudaman.

Bara sanas yaadachuun Kabbadaa Mikaa'el walaloo barreessen akkanaan isa yaadata;

ንበና አባ ጥጉ ሆድህን አይባሰው
ጥንትም ልማድህ ነው እያቀኑ ለሰው

Hiika;

Goobanaa Abbaa Xigguu garaa sinyaatinii,
Duris babal'istee namaaf dabarsitaa

Kafaa irratti mootii ta'ee yoo muudamu, bulchitoonni hundi Goobanaa malee Minilik hin beeknu, hin ajajamnu jedhanii didanii turan. Shawaanis soda jala gale. Taayitaa fi sodaattamummaan inni qabu itti dabalamee namoota Minilik cinaa jiran mara irribni dide. Sanarraa kan ka'esi mootummaa federaalaa Oromiyaa uma jedhamee kan shakkames.

Oromoon Maccaas bara 1885-86 Goobanaa malee Minilik nama jedhamu hin beeknu, hin gabbarrus jedhanii didan. Minilik Bashaa

Abbooyyee bulchaa Limmuu godhee yoo muudu Limmuun hin barbaadu jedhee dide.Goobanaan ala. Fincila kanas rukutuuf Minilik, Dajjaazmaach Gullilaatee raayyaa hidhannoo guutun Limmuutti ergee, Bashaan bulchaa ta'uu isaa humnaan mirkaneeffate.

Bulchaan Kafaa Gaakii Siroochoo Gullilaaten nagaayyuu gaafachuu yoo barbaadc Goobanaa eeyyama gaafachuu qaba jechuun baay'ee isa rakkisaa turé.Goobanaan ajaja Minilik caalaa sodaattamaa ture.Sodaattamummaa qabu kanaan harma muraa fi harka muraayyuu hanbisuu ni danda'aayyu.Kan Calanqoos akkasuma.

Goobanaan Kumsaa Morodaa(Leeqaa) fi Jootee(mootii Sayyoo) waliini daangaa biyyattii humnaan amma Sudaanitti kan dhiibee babal'ise isaani. Bara 1887-89s Goobanaan Inxooxxodhaa Wallaggatti deddeebi'aa ture.

Goobanaan gantummaa Minilik kan hubate ega dubbiin bubbulteen booda ture. Goobanaan aangoo mootii, kabajaa, amanamtummaa, jaalala fi ulfina dhabuusaa barus, waa gochuuf guyyaan carraa barfatuu isaa waan hubateef harka maratee, hidhii ciniinnatee , lama dhabduu ta'uu isaatti gaddee callisee lafa laalaa fi gaddaan liqimfamee taa'uu filate. Ycroo sanattis raayyan Minilik meeshaa waraanaa ammayyaa hamma isa ga'u hamma funyaanitti hidhateet ture. Dabalataanis Minilik biyyootii Awrooppaa biratti mootii beekkamaa ta'aa waan dhufeef, didullec waan dhufuu danda'u isaa ol namni beeku waan hin turreef filannoo finciluu hin qabu ture.

Wanti Goobanaan Minilikirraa argate ykn waa buufate isa jechisiisu yoo jiraate, mucaan isaa Wadaajoo Goobanaan intala Minilik Shawaarraggad jalqabarra fuudhuu isaa qofa ture.

Goobanaanis ulfina eenyummaa ega dhabeen booda lubbuun baay'ee hin turre. Jireenyis itti hadhaayet ture. Minilik aangoo mootummaa osoo of harka hin galchin gaafa tokko guyyaa guutuu keessummoota simachaa fi keessummeessaa oolee dabareen midhaan cabsachuu yoo isa ga'u afaan kaa'ata. Nyaanni fi dhugaatin inni fudhates ta'e jedhamee summiin kan itti naqamee waan tureef, battalumatti of wallaalee kufe.

Qaamni isaa dadhabee yoo laafus boolla bishaanin guutametti darbamee dhibeen ittuu itti hammaatte.Akka saree bataskaana seentee kan isa kabajan marti 'seechi maal fiddaan' itti tufan. Harki harka nyaatee guyyaa sadiif of wallaalee ciise. Dhukkubsachaa ciisee dhaggeeffachaa turuun, lubbuun isas dabarte. Awwaalchi isaas godina Shawaa Kaabaa Dabra Libaanositti ji'a Hagayyaa keessa bara 1881 ta'e. Awwaala isaarras barreeffamni jiru hamma fedhe jabaa turu,oolmaa isaanifis oolu, seechi adabatee ciise,bu'aa hin qabuun akkana jedha;

ከሸዋ እስከ ሱዳን ያቀናው እርበኛ፣
ንበና አባ ጥጉ ከዚህ እርፍ ተኛ።።

Hiikkaan isaas,

Shawaadhaa hamma Sudaanitti gootni biyya bite,
Goobanaa Abbaan Xigguu as ciise adabatee

Goobanaan du'ee ji'oota muraasan booda Minilik IIffaan mootii mootota Itiyoophiyaa jechuun of muude. Kutaaleen bulchiinsaa Oromoo tokko tokko Goobanaan Oromoo waan ta'eef qooda kaanif bitamnu keenyuma wayya jechuun bifa nagayaatin bulchiinsa Goobanaatti makamuu filataniit turan.

Gaafa tokko wal-ta'anii Minilik moo'un Oromiyaa Omomoof mijooftu umnan hirreega hojjetataniit turan. Haata'uutii Goobanaan aangorraa gaafa darbatamuu fi darbees gaafa du'u, guyyaan dukkanaa'ee itti

mul'ate. Abdiin isaanii uurrii ta'e. Waan godhan dhabnaanis Abbaa Jifaarin ala warri Gibee fincilanii mana hidhaa Jimmaatti darbamanii, qabeenyi isaanii saamamee, manca'ee, lubbuun namoota hedduus darbe.

Heenrii Sosziinskii; 2011 (akka lakk. Warra Awrooppatti kaa'ettii), T.T Weetmoor fi Dump faanis akka barreessanitti dhalli Goobanaa akkanaan lakkaa'ama;

Haadha warraa 1:Aadde Danaayee; ijoolleen irraa horate,

1.Aadde Askaala Goobanaa

2.Aadde Tagany Goobanaa

3. Aadde Taaddalee Gobanaa

4.Lij Zawdee Goobanaa

Kitaaba Dajjaazmaach Kabbadaa Tasamma; Yetaariik Maastaawashaarraa fudhatame/Adda waraanaa Tooraa duursummaan kan gaggeessan /

5.Lij Walda Rufaa'eel Goobanaa

6.Lij Tulluu Goobanaa

Haadha warraa 2:Aadde Ayyalach Abarraassaa; ijoolleen irraa horate,

1.Lij Dalansoo Goobanaa

2.Lij Marid Goobanaa

3.Lij Abdii Goobanaa

4.Dajjaazmaach Wadaajee Goobanaa

5.Dubree Mannaa Goobanaa

Haadha warraa 3: (Maqaan hinbeekkamu?): ijoolleen irraa horate,

1.Dubree Yawadar Goobanaa

2.Dubree Atsad Goobanaa

3.Lij Ganree Goobanaa

43. Fiitawraarii Muluu Hasanuu

Muluu Hasanuu abbaa isaa Baaranbaraas Hasanuu Goshuu Gissillaa fi haadha isaa aadde Baanchee Biishaaw irraa bara 1908 godina Shawaa Kaabaa aanaa Kuyyuu ganda Darroo Birbirsa Goshuu bakka Mudhii jedhamtutti dhalate.

Umriin isaa barnootaf yoo ga'u,barnoonni ammayyaa waan hin turreef Giyoorgisii Idoorotti barnoota Qeesii barateera. Akkuma ijoollen baadiyyaa Salaalee itti guddattutti bishaan daakee,horii eegee, wallaansoo tabatee, meeshaa waraanatti fayyadamuu shaakalee fi qonna qotaa guddate.

Ijoollee gaafa turetti fedhii loltummaa qaba ture.Kanuma keessa Xaaliyaanin bara 1928 waan biyya weerarteef jecha gara dirree waraana Maaycaw duulee.Waraana Maaycawiin booda Xaaliyaanin biyya walakkaas gaafa qabattu hoogganaa loltoota Salaalee (duula Maaycaw irratti); Dajjaazmaach Abarraa Kaasaa fi obboleessi Muluu Hasanuu; Balaachaw Hasanuu Xaaliyaanin mana hidhaa Garba Gurraachatti hiiteet turte. Muluunis ijoollee Kuyyuu, Aboote fi Warra Jaarsoo waliin halkan mana hidhichaarratti dhukaasa bananii warren hidhaman baafatanii galan. Gochaa jaraatti kana arte Xaaliyaanin mucaa

Fiitawraarii Amdee Abarraa; Taarikuu ajjeesuf gaafa eeggatan Muluun dhukkubsataa yaalaf geeffamu fakkeessee gateettitti baatee du'a jalaa baasera.

Hayilasillaasen Ingiliiz magaalaa Baaz yeroo turetti namoota Xaaliyaanin lolan oduu dhagayuun achuma taa'ee muudama laachaa ture. Muluunis taayitaa Giraazmaachummaa, obboleessa isaa Balaachawiif ammo Qanyaazmaachummaa laatef.Haamilee kanaanis Dajjaazmaach Asaffaa Wasanee Kaasaa waliin kutattoota ijoollee biyya jaalatan qabatanii fardaa fi lafoon Finfinnee karaa inxooxxon ijoollee Sulultaa waliin ba'anii Xaaliiyaanii ba'aa gala dhoorkan. Balaachaw Hasanuu farda isaa Abbaa Giddiin, Muluun ammoo Abbaa Giraanyin akka xiyyaara samiirraa furguganii akka simbirbutaa diida rukutu ture.

Bara 1931-1935tti ijoollee Darroo, Kuyyuu fi Dhaaye waliin raayyaa ittisaa /loltoota mataa isaanii hundeessun "Mataa Goraa" jechuun moggaasun baandotaa fi Xaaliiyaanii waan wallaalchisan. Moggaasni maqichaa akka muka goraa mataan lafa laale osoo jedhanuu qoree isaatin diree Xaaliiyaanii fi baandota qabuufi. Hayilasillaasen loltoota Ingiliziin deeggaramee magaalaa Baazii Goojjam boqataa turee gaafa gara Finfinneetti dhufu Muluun Xaaliiyaanii waan godhe geerrarsaa fi sirba Salaalen magaalaa Garbagurraachatti itti argisiise. Gootummaa Muluuttis jaarsichi waan gammadeef Muluu Finfinnee qabatee ba'uun Shaanbalummaan muude. Finfinnees akka tureen tajaajila baroota gabaabaa keessa Ministeera waraanaa gochuun Haylasillaasen deebisee isa muude.

Hadiyyaa fi Kanbaatas "nagaa kabachiisuf" ergameera. Ergama isaas xumuree Kuyyuutti deebi'ee itti aanaa bulchaa aanichaa ta'uun tajaajilaa ture.Booddes aanaa Hambiso, Aboote fi Ejeree bulchaa tureera.

Aadde Bayyanach Yimaamuu (kan amma lubbuun hin jirre) akka natti himanitti, Muluun aanaa Warra Jaarsotti bulchaa Hoosee yeroo turetti Kabbee Jimaa; abbaa barreessichaan Muluun waan walitti bu'eef Kabbeen achii ari'ee Kuyyuutti galcheera. Muluun Kuyyuutti ega galee boodas, Salaale bakka bu'uunis mallattoo filannoo isaa qeerransa godhachuun mana maree bakka bu'oota ummataatif dorgomee mo'atee hojjeteera.

Muluun taayitaa Fiitawraarummaa kan argate bara Hayilasillaasen namoota bar sana beekkaman keessaa filatee eebba magaalaa "Alam katamaa" Dharraa yaame innis namoota affeerraman keessaa tokko ture jedhu maanguddoo Warquu Dabalee dhalataan Agaloo fi jiraataan magaalaa Garbagurraachaa. Obbo Warquu Dabalees Muluu waliin affeerrameet ture.

Dubbichi aantee aanteen aangon kan hiramu ta'ee Muluuf qofti Fiitawraarummaan laatamee ijoollen Salaalee kaan muudama gaafa dhaban Muluun utaalee ka'ee aarin inni akka aangoo isaanii hin barbaanne fi hiriyoota isa waliin duulaniif akka laatamu iyye. Haata'uutii garuu maqaa namootaa yaamaa kan turanii fi muudama kan himan Salamoon G/Maariyaami fi Abbabaa Wandimmeenah Salaale wacee namoota jeeqnan akka gadi ba'an taasifamee Muluufaantis Garbagurraachatti deebi'an. Kanneen dhaqanii muudama Giraazmaachummaa argatanii galan Mulgeetaa Gizaawu fi Giraazmaach Nagaash Abbabaa qofa turan.

Obbo Warquu Dabalee akka jedhanitti Dargiin 1966 aangotti yoo dhufu Muluuf miseensummaan mana maree isaa hafe. Magaalaa dhiisees baadiyyaa bakka dhaloota isaa Darrootti galee qonnatti bobba'e.

Dargiin aangoo qabatee irree yoo cimsatus Muluun akka qabamu loltoota itti ergaa ture.Muluunis qophaa'ee ecgun takka lamaan lakkaa'ee lafa isaan buuse. Dubbiin cimaa gaafa deemu bulchaa Kuyyuu kan ture obbo Abbabaa Tsiggee Muluutti jaarsa itti erge, mootummaa waliin akka araaramu. Obbo Warquu Dabalee dabalatee warreen jaarsummaa Darroo Birbirsaa bu'an keessaa;

1. Obbo Dabalee Kormaa
2. Obbo Zawdee Araddoo
3. Obbo Waaqtolaa Baalchaa
4. Obbo Addunyaa Anbaachaw
5. Hidhattoota Dargii/milishaa 17

Jarri araaraf taa'anii osoo jiranuu, Muluun Meettadhaa isa bira kan dhufee fi isa waliin bosona seenuf kan kutate Tufaa Uurjii mariisisa. Tufaa Uurjiis "Muluu ani si'eerumeen Meettadhaa dhufee atimmoo ana dhiistee Dargiitti heerumtaa?" jedhee Muluutti dubbate.Muluun araaramuuf yaada qabu battalumatti garagaree yaada isaa jijjiiee iyyoo dideen fuula guuree jaarsolii fi hidhattoota irraa qawwee guuree Kuyyuutti ol ari'ee deebese. Muluun yeruma jaarsummaan itti ergamuu bosona seenee ture. Bulchaan Kuyyuus Muluun araara akka hin feene bare.Sirbituun Salaaletis gochaan Muluu Dargiirratti raawwate gaaridhaan Muluu akkanaan faarsan;

Adiin waaqa laaletii (2x)
Roophilaa adiin waaqa laaletii
Yaahasanuu situ hin agarre malee
Muluukee gaaddisa ijoollee Salaaletii
Muluunkee leenjisa ijoollee Salaaletii

Diddaa araaraa Muluus waraanan hiikuf Waxabajjii 17,1969 milishoota Dagam, Ejeree,Warra Jaarsoo fi Kuyyuu waraana Dargii Shaambal Alamaayyoo Tafarraatin hoogganamuun duurfamaa Darroo Birbirsaa

bu'an.Ganama sa'aa 2:30 waraannis baname. Waraanni kunis guyyoota 2 walitti aananiif gaggeeffataa ture jedhu Obbo Warquu Dabalee. Waaree booda toora sa'aa 8:30tti garuu dubbiin jijjiirramuu jalqabe. Loltoonni muluus rukutaman. Gareen Alamaayyoos dadhabee joonja'e, kaanis madaa'e. Kaanis wareegame. Muluun dadhabbiirra waan tureef akka tasaa osoo dhukaasuu harka bitaa Fiitawraarii Muluu rasaasan ruketee madeesse. Muluunis hoolqa hallaayyaa keessa olseenee barbaadamee argamuun dhibe.

Obbo Warquu Dabalee hiriyaa Muluu fi keessa beeku jedhee Dargiin waan amaneef Muluun akka qabamu/ ajjeeffameef waraana taasifamerratti hirmaataniit turan. Garuu akka "Dutni saree keessa walii beekti,walitti hin himtu" jedhan sana warri wal beekan kallattiin walitti dhukaasaa hin turre.Walirraa qabaniit akaa'u. Gareen lameenuu walirraa qabaniit dhukaasu. Nama wal hin beekne taanan garuu itti qabaniituma rasaasan haamu ture.

Muluu qabuu dadhabnaan namoota toora jireenya isaa jiraatan hunda walitti qabanii dallaa qoree itti ijaaranii keessa teessisan. Bishaanii midhaan dhoorkatanii reebicha itti hammeessan. Lafuma sanuu akka hin ciisne ammoo bishaan lafatti lolaasanii dhaabbii, teessoo, ciisicha dhoorkatan. Namoota gidirsuun itti baay'ate keessaa 2 watwaataa bakka Muluun jiru akka beekan himan. Alamaayyonis loltoota isaa bakka Muluun jira jedhametti gadi erge.Yeroo sanas Muluun harka bitaa isaa rasaasan rukutamee madaa'e hidhatee, ulaa holqa keessa dhokaterra intala isaa hangafa kan taate Kabbabuush waliin taa'ee waan dhufuu malu tilmaamaa haasa'aa ture. Muluun harka bitaa dhahamee Kabbabuush waliin yoo hoolqa keessa jirutti, Salaale weedduu jaalatu oduu kana dhagayee aare dubbichi garaa isa nyaate akkanaan sirbe;

Naga'an kaa! Kabbabuushtoo
intalatoo yaa Kabbabuush(2x),

harki bitaa mirga hin taatuu
ani dhahamnaan
Marideen Aboote gadi laalee
Turaan Aroogee gadi laalee
Yaa Amaaruu mee shugguxii natti azoori
Ilmi Xiggee nama hin maaruu

Jarri dhukaasa gaafa itti banan Muluun shugguxii mudhiirraa qabuun nama 2 ajjeese. Humnis dadhabaa waan dhufee fi harki isaa waan dhukkubbiin itti hammaatef qubni arraba shugguxii harkisu keessatti rakkatee hafuu isaatin Muluun dhukaasuu dadhabe. Waxabajjii 24,1969 harka kennee qabamuun Waxabajjii 26,1969 magaalaa Garba Gurraachaa bulchiinsa aanaa Kuyyuu; yeroo ammaa waajjira poolisii Kuyyuu fulduratti wadaroon fannisan. Reeffisaas nagaan boqata dhabee raakamaa ega turee booda bataskaana Madihaane'aalamii Kuyyuutti awwaallame.

Siidaan yaadannoo isaa bakka itti fannifamee ajjeefametti bara mootummaa ADWUI hojjetameefiit ture. Siidichi amma garuu caccabee badaa jira. Sababiin kanaa ammo haaromsa dhabuu isaa qofa osoo hin taane Muluun bosona gaafa seenee Dargiin walitti bu'u baay'inaan isa qabuuf ergamee kan ture gosa Illaammuu keessaa waan ta'ee fi namoonnis waan jalaa du'aniif arii sana ba'uuf halkan dhokatanii caccabsu jedhu namoonni waajjirri aadaa fi turiirimii aanaa Kuyyuu yeroo seenaa Muluu qoratu dubbise.

Salaalctti abbootin lafaa sa'aa nama 'adabbiin nama barsiisan' wadaroon fannisaa turan. Fakkeenyummaa fannifamuu Kiristoosif macaafa Qulqulluu keessatti akka Muusen bofa gammoojjii keessatti fanniseen ibsame Salaales sa'atu isa dura fannifamaa ture.

Seenaa kana Dagamii fi Ejereedhaa mirkaneeffachuu dandeessu. Muluun garuu wantoota raawwate keessaa kan Salaale gaddisiise, kan jarri kaan sa'a fannisaniiniin osoo hin taane Agarii Tulluu fi obbolceyyan isaa fannisiisuu isaatini ture.

44. Dooluu Jiloo

Namoonni jajjaboon saba tokkoof maqaadha. Kan ittiin waamamu. Kan ittiin dhaadatu; ciminasaa kan ittiin muul'ifatu. Kanaaf waa'ee goota kanaa muraasa isinitti himuu barbaanne. Dooluu Jiloo goota Oromoon Salaalee horate keessaa isa tokko ture. Seenaasaa Mulugeetaa Tsahaay of eeggannoon qoratee akka dhiyeessetti muraasni kinooti.

Akka barsiisaa Malaakuu Tulluu fi obbo Mokonnin Aganyoo jedhanitti Dooluun abbaa isaa obbo Jiloo Boruu fi haadha isaa aadde Onniyyoo Abdii irraa bara 1832 ALA dhalate. Seenaan jaarsolii naannoo irraa argames kanuma hima. Iddoon dhaloota isaas Salaale, aanaa Warra Jaarsoo, ganda Aabbuu Keekuu, iddoo Qarsaa jedhamu.

Kitaabni Mulugeetaa Tsahaayin barreeffame; "Abaarsa Dooluu Jiloo" seenaa goota Oromoo kanaan kan walitti dhufeenya qabu akka ta'e ni hubatama.

Abbaa fi haati Dooluu akkuma uummata aanaa sanaa qonnaan bultoota turan. Dhimma ummataa irrattis hunda caalaa dhimmamtoota akka turantu himamaaf.

Ciminni isaanii kunis maatii sanaaf maqaa "Maatii Jaarsaa ykn Warra Jaarsaa" jedhu kennisiisefii ture. Ummatnillee miseensa maatii Jiloo yammuu argu, "Ilaali warra jaarsaa," jedhaan ture.

Oromoon dhimmasaa waliin jaarsummaan akka fixatu ni beekama. Oromoon jaarsaa fi jaarsummaaf iddoo guddaa qaba. Kabajni jaarsummaa fi jaarsaa kabaja isa dhumaati. Kanaaf fakkaata maatin Dooluu Jiloo kabaja akka kanaa uummata biraa kan argate.

Dooluun ijoollee yeroo sana hiriyoota isaa turan caalaa beekaa ture jedhama.

Dooluun yeroo mara waan cimina namaa ittiin madaalun dorgomuu jaalata. Dargaggoonni umrii isaa fi dandeettii isaa addaa kana waan beekanuuf isaan dorgomuu kan yaalanu, isaan muraasa.

Obbo Addunyaa Darrasaa fi obbo Abaataa Sammuu waa'ee Dooluu yoo himan, loon akka malee jaalata ture jedhu. "Laftii fi loon kennaa Waaqati." jedha ture jedhama.

Guyyaa tokko halkan odoo loon marga dheechisuu waraabessi itti dhufa. Waraabessis harree tokko miila qabatee nyaachuuf yoo carraaqu Dooluun argee gara waraabessichaatti kaata. Harkaanis morma waraabessichaa qaba. Wallaansoon waraabessaa fi Dooluu haala kanaan erga itti fufee booda, irreen Dooluu morma waraabessaa hudhee ajjeesse jedhama.

Hiriyoota Dooluu keessaa kan baay'ee itti dhihaatu Bacharee Warqee ture. Guyyaa tokko Bachareen ganama ka'ee tulluu irraa ingudaayee buqqisuu eegale. Erga harkasaa lafa keessa galchee boóda buqqisee yoo ol fuudhu bofti waliin lafa keessaa ba'ee harkasaatti marame. Bachareenis iyyuu eegale. Dooluun iyyasaa dhagahee gara Bacharee deemee maal akka ta'e gaafannaan, Bachareen inuma iyya. Dooluun waan wallaalee yammuu harka Bacharee ilaalu bofti harka mirgaatti maramee jira. Oggasuma Dooluun erga isa tasgabeessee booda, mataa bofaa qabee qaama biraasaa harka bacharee irraa hiike. Morma bofaa qabees akka cunqursuu godhee sumii keessaa tufsiise. Sana boodas gara samiitti darbatee irbaata allaachaa godhe. Guyyaa sanaa kaasee ijoolleen akkas jedhanii sirbaniif;

Dooluun bofa samiitti darbatee

Culuullen irbaata godhate

Muudannoon kunis hiriyoonni isaa akka isaa ta'uu akka hawwan taasisee ra. Dooluun bishaan daakuu fi farda gulufsiisuun hiriyaa hin qabu.

Ijoollee isa waliin oolan keessaa kan Dooluu waliin hin oolle fi waliigaltee hin qabne gurbaa Biduu jedhamu ture. Gurbaan kun olaantummaa Dooluu hin fudhatu. Olaantummaan Dooluu sun inaaffaas itti uumera.

Naannoo bara 1877 akka lakkaawwii Faranjootaatti namootni muraasni loltoota Minilik dura dhufan, akkasumas qeesonni Amaaraa Ortodoksii duukaa dhufan sababa lafaa irratti uummata naannoo sanaa waliin walitti bu'uu jalqabuutti ka'an.

Namoota dura naannoo sana turan, qeesotaa fi godaantota naannoo Tagulat jedhamu irraa dhufan waliin hojjetaa turan keessaa Biduun tokko ta'e. Dooluu waliin wal dhabbiini fi walitti bu'uun kan dhufe kanarraa kan ka'e.

Qeesonni lafa Oromoo argan hunda mana dhuunfaa fi beetaskaana irratti ijaaruuf fedha dabalan. Ummanni Oromoo nannoo sanaas saammii lafasaarratti aggaammame mormuu eegale. Kuni ammoo qeesotaa fi godaantota dhufan kanarraa sodaa fi jibba itti dabale. Dooluunis saammii lafaa uummatasaa irratti aggaammame yoo argu garaan isaa gubate.

Obbo Addunyaa Darrasaa fi obbo Abaataa Sammuuyoo waa'ee kanaa akka himanitti taanan Dooluun guyyaa tokko bara 1879 akka

lakkaawwii Faranjootaatti ganama ka'ee oduu tokko dhagahe.Oduun kunis loltoota Minilikiin deeggaramanii qeesonni aanaa Warra Jaarsoo lafa hunda iddoo lamatti hiranii saamichaaf akka mijeessan kan jedhu turc. Kunis lallaba qeesii, "Lafti Tulluu Badhaadhaatii gara dhihaa jiru kan gabra-maariyaam, kan gara bahaa jiru kan gabra-gabreel," kan jedhu.

Lallabni namoota Minilik ifaan lafa saamuu fi aadaa Oromoo balleessuuf himame kun uummata hunda bira gahe. Hunda aarse. Dooluunis garmalee aare. Aarii itti dhagahme obsuu dadgabe; waan godhu dhabe.Aariisaa ijoolleen argan, "Dooluu booru waan quba qabaannuu miti," jedhanii waliin hasaasu.

Kun uummata aarsee Dooluunis naannoo bara 1987 ALA kaasee bosonatti gale. Guyyaa sanaa kaasee Oromiyaarraa godaantota lafa saaman irratti lola lallabe; ijoolleen sabaaf quuqaman akka isa hordofanis waamicha dabarse.

Boodarra yoo dhagahus hiriyoonni nama Biduu jedhamu sanaa akka saba ganee, namoota lafa Oromoo saaman kanaaf ergamtuu ta'an dhagahe. Xiiqinii fi hamileen itti dhagahame; onneensaa akka Tulluu Badhaadhaa dhiita'e.

Dooluu Jiloo toora bara 1864 ALA bultii godhateet ture jedhama. Yaa ta'u malee garuu wantootni sana booda ta'an sababii waraana gaggabaaboo namoota gara Tagulatii dhufan waliin godhame irraa kan ka'e, haalli bultii fi ijoollee isaa ifa ta'ee ragaan argamuu hin dandeenye.

Oolmaan quuqamaa Dooluu Jiloo yammuu dhagahamu ummatni quba isaa dhabanii turanis duukaa bu'uun isa hordofan. Walumaa gala namootni afurtamii afur isa duukaa bu'anii waraana cimaa godhan.

Namoota sagal malee kan hafan hundi meeshaa waraanaa kan akka ceboo, ulee (shimalaa) fi waanuma harkaan tolfatan qofa qabu ture.

Bosona galuun Dooluu fi hiriyoota isaa namoota lafa Warra Jaarsoo saamicha dhufanirratti rifaatuu uume.Ummata Oromoo afuurasaa dhabanii isa iyaafataa turaniif garuu abdii fi wabii ta'e. Tiksoonni loon waliin oolanis guyyaa guyyaan sirba haaraa isaaf sirbaa oolu. Hundi garuu kan xiyyeeffatu gootummaa Dooluu Jiloo fi abaarsa lallaba haaraa namoota haaraa Minilikiin ergamanii dhufan kan ilaallatu ture. Mulugeetaa Tsahaay (2014 ALA)

Aadde Rabbituu Bulbulaa fi obbo Hayilee Warqee akka jedhanitti, loltoota Dooluu Jiloo afurtamii afurii ta'an keessaa Dooluu Jilootti aanee hogganaan hiriyaasaa cimaa Bacharee ture.Sababa kanaan Bachareen harka mirgaa Dooluuti jedhama. Dooluun asiin bahee asiin galee malee diinni faanasaa argachuu hin dandeenye. Dooluun garuu ergamtoota Minilik sana jala deemee teechuma isaan dhorkee ture. Yeroo bay'ee midhaan diinni ummata saamee kuufate jalaa saamuun abbaaf deebisaa, kan hafe ammoo gubuun saamtota lafaa fi balleessitoota aadaa sana nagaa isaan dhoorke.

Oolmaasaatin lafti Oromoo naannoo sanaa akka diina jala hin galle gahee guddaa tabachaa akka ture hanga ar'aatti ni yaadatama. Dooluu Jiloo saamamuu lafaa fi gabrummaa sanatti aanee dhufe hanbisuu baatus akka salphaatti akka hin taane gochuu keessatti gahee guddaa taphatee darbeera.

Obbo Addunyaa Darrasaa fi obbo Abaataa Sammuu yoo waa'ee Dooluu himan sochiin Dooluu fi hiriyoota isaa kun weerara nafxanyaa qolachuu irratti kan fuulleffate ture.

Minilik odoo waraana isaa gara lafa Oromootti hin bobbaasin dura namootni muraasni hidhannoo qaban qeesota muraasa waliin gara naannoo aanaa Warra Jaarsoo kanaatti dhufaa turan. Sochiin Dooluus dhufaatii kana kan mormaa ture yoo ta'u, qabsoon isaa sochii waraana Minilik kallatti jijjiirsisuun gara naannawa Finfinneetti ijasaa akka naanneffatu isa dirqisiiset ture jedhu maanguddoonni.

Lolli adda addaa Dooluun irratti hirmaate naannawa Tulluu Badhaadhaa, Qarree Biduu fi naannawa Qarree Gohaa; iddoo Alaante jedhamutti akka tahe ni himama. Dubbii kana obbo Tsahaay Warqee fi barsiisaa Malaakuu Tulluurraa odeeffadheera. Keessattuu naannawa Alaantee kanatti qaama waraana laga Abbayaa ce'ee dhufe qolachuuf jeeha kan godhame irratti madaa'e.

Dooluu Jiloo erga madaahee booda gara Darraa/Dharraa jedhamutti baqatee humnasaa erga jajjabeeffatee booda, gammoojjii Jamaa keessa qaxxaamuruun karaa Biduu lola jalqabe.

Dooluun gosa Hamaaseen (gosa Amaaraa) karaa kaabaa hidhatee itti dhufe wajjiin lola jabaa godheera. Yeroo kanatti garuu humnaan akka caallamaa dhufee fi akka kallattii jijjiirrachuuf dirqame hubatama.

Akka Mulugeetaa Tsahaay kitaabasaa "Abaarsa Dooluu Jiloo" (2014 ALA) keessatti kaasetti, namootni muraasni sabasaanii gananii isas waan gananiif caallamuusaatif gahee mataasaanii qabu ture. Yeroo dargaggummaa isaa muuffii yaraa irratti kan wal dhabaa ture namni Biduu jedhamu seenaa boodaa gootummaa isaa keessattis gahee qabaatee akka diinni sochii Dooluu quba qabaatu gochaa ture. Doolunis diinaf dabarsee isa laachuu isaatin namicha Biduu jedhamu kana abaaret ture.

Dooluun qabsoorra wayita turetti gosa Oromoo Tuulamaa kan ta'e Shaamanaatu nyaachise, obaase, kunuunsee, deeggaraa ture. Gosti kunis dhuma Dooluu keessatti ebbifamaa ta'ee jira jedhu maanguddoonni aanaa Warra Jaarsoo. Dooluunis gosti kuni kan facaase akka marguuf, gaarii akka nyaatu, akka namni ba'uuf, akka kadhaasaas Waaqni dhagahu ebbisee jira jedhama.

Dooluun iddoo Cilalloo jedhamutti bara 1891 ALA erga madaa'ee booda harka gosa Shaamanaa ganda Waaree Goljee keessatti kunuunfamaa turee lafuma Warra Jaarsoo kanarratti lubbuunsaas dabarte.

Yeroo ammaa kana uummatni aanaa Warra Jaarsoo goota kana karaa adda addaatiin kabajaa jira. Iddoo awwalchisaa jiruttis dhakaa tuuluun siidaa aadaa ijaaree yaadata.

Abaarsi Dooluu Jiloo sababii namicha Biduu jedhamuun namoota muraasa irra tures akka irraa ka'u ummanni naannichaa waliin ta'ee Waaqa kadhatee waliin nyaatee, dhugee tokkummaadhaan isa yaadataa jira.

45. Xulaa Duubee

Xulaa Duubee Gombossoo bara 1911 Godina Gujii naannoo magaalaa Nageelleetti dhalate. Xulaan goota Oromoo Gujiiti.

Xulaan nama quuqamaa fi aantummaa ummataa qabu ture. Abbaan Xulaa goota; ilmaan isaa gootummaa fi Oromummaa barsiisee dhaalchise. Xulaanis gorsaa fi dhaamsa abbaa isaa dhaga'aa ega guddateen booda, qabsoo diddaa garbummaa eegale.

Abbaan Xulaa; Xulaan olaantummaa sirna bara sanaa kophaa injifachuu dadhabus amma lubbuun jirutti akka cal jedhee harka hin laannee fi hin teenye isa gorsaa ture.

Xulaan godina Gujii fi Baale keessa deemee hammeenya weerartuu Xaaliiyaanii, sirna Haaylasillaasee fi Dargii ummata barsiisaa, of cinaa hiriirsaa akkasumas waraanaa tureera.

Oromoon mirga ofii akka gonfatu, ofiin akka of bulchu, qabeenya uumamaasaatti akka fayyadamuu fi diinagdeedhan akka fooyya'u lallabaa ture. Xulaan, dadammaqiinsa siyaasaa fi hawaasummaa uumaa tureen; ummata biratti jaalatamaa fi hordoftoota hedduu horachuu danda'eera.

Ummanni qabsoo Xulaafaatti gammaduu fi abdachuudhan;

"Mootin jarattii badee
Wabii naaf waamin badee
Qalaadii tiyyaanis badee
Gabbara gabbariin badee
Daadubbaa ilmee arbaa
Mataan mallayyoo darba
Garaan kombortaa darba." jechuun sirbaafii ture.

Xulaan Haaylasillaasee fi Dargiidhan lolaa ega tureen booda, ABO chaartara mootummaa yoo seenu Xulaan dideet bosonumatti hafe.(Jamjam Uddeessaa, 2017 Awr)

Haaylasillaasen weerara Xaaliiyaanii dheeffee gara Ingiliiz magaalaa Baazitti yoo baqatu; Xulaan kutataa ilma biyyaa ture.

Haaylassillaasee waan jibbeef Xaaliyaanirraa deeggarsa argachuuf baandaa hin taane. Ilma biyyasaa jaalatu; goota gaafa xiiqii ture.

Gootota Ityoophiyaa saboota ollaa Gujii waliin gamtoomee, baandaa fi Xaaliyaanota mogolee dhahaa tureera.

Xaaliyaanin badee, Haaylasillaasen yoo gara biyyaa deebi'u; akkuma gootota biroo biyyaaf oolmaa guddaa oolanii, oolman isaanii awwaalamee kan isaas dagatamee, baandonnii fi namoonni Xaaliyaanitti karaa agarsiisaa turan taayitaa fi badhaasa argataniiru.

Haaylasillaasen kufee Dargiin taayitaa yoo qabatu, haala ture taajjabaa ture. Abbaa irrummaa isaa yoo arguu fi Oromoof deebii kan hin qabaanne ta'uu yoo baru ciisee bulee hin oolle. Dargii diina godhatee bosona firoomfate. Qabsoo ilmaan Oromoo Dargii kuffisuuf taasifame keessatti Xulaan nama maqaa guddaa qabu. Dargiin kufee mootummaan ADWUI taayitaa yoo qabatu, garaan Xulaa hin diriirre.

Waan hunda waanuma xiqqaadhan amanuurra, shakkii guddaa keessa galchee xiinxaluu irra filata.

Bara 1984 ABO chaartara; mootummaa cee'umsaa keessaa yoo ba'u, loltoonni addichaa kallattii Booranaa fi Gujiitin isa waliin turan.

Jabaan Oromoo kun Gujii, Arsii, Baalee, Booranaa fi Sidaamoo keessa deemuun ummanni mirga ofii akka gaafatu, demokraasii isaa akka kabachiifatuu fi qabsoo gamtoome akka gaggeessu ummata barsiisaa ture.

Xulaan akka Aliyyi Cirrii bosonuma keessa deemaa qabsaa'aa, maatii horatee abbaa ijoollee 25 akka ture maanguddoonni Gujii isatti dhiyaatan ni himu.

Bara Waldaan Maccaa fi Tuulamaa jabaatee qabsaa'ota Oromoo Baalee; Waaqoo Guutuu, Huseen Bunee, Huseen Cirrii, Jaarraa Abbaa Gadaa, Haji Abdullaahii Ganamoo fi gootota biroo waliin hidhata qabutti, Xulaan gareesaa hogganee Gujiirra isaan waliin qabsoo finiinsuun adda duree ture.

Yeroo sanas qabsaa'ota ciccimoo akka H/Maammud Alii Rubee, Aliyyii Umar Aagaa, Kadir Boruu Jaarraa, Huseen Jibriil Elemoofaadhan hogganamutti Gannaalee Malkaa Roqomtuutti makameet ture.

Qabsoo sana keessa Xulaan Haaylasillaasee fi Dargiitti muddeera. Gootota Oromoo kanneen waliin Arsii, Baale, baddaa Gujii, Boorana, Somaalee fi bakka hedduutti waraana wal irraa hin cinne mootummaa irratti banuun; rukutaa turan.

Xulaan bara 1965 jaallan isaa qabsaa'ota Baalee waliin mootummaa Haaylasillaasee rukutaa oolee, meeshaan waraanaa awtomaatikii Sayid Baarree irraa laatameef diina haxaa'uun waan isa gammachiisef; gammachuu keessa meeshicha yoo dhungatu hidhiin sisaa akka madaa'uu ta'eera.

Meeshicha dhungachuun kan dhufe; gammachuu haaloo ba'annaa diinarratti gonfateeni. Jaallii Xulaa inni cimaan; Huseen Saldheen lola Ecla Hararii irratti yoo rasaasan dhahamu aaret ture. Meeshichaan takkaa diina yoo haadu garuu gammadee, gaddasaa dagachuun miira keessa seenuu dhungachuu isaa himaa ture.

Sayid Baarren qabsoon Oromoo isarraa deeggarsa argattu; Somaalee Abboon akka waamamtu fedhaa ture. Dirree lolaarratti cimna Xulaas dhaga'ee isa waama. Sayid Baarren maal siif godhu jedhuun; Somaalee nuun hin jedhin, nuti Oromoodha jechaanii ture jedhama.

Yeroo sana kaayyon Xulaa fi qabsa'ota Baalee, Gujii fi Haragee isa waliin jiranii tokkummaa Oromoo ijaaruu malee qabsoo Oromoo hirkattummaan gurguruu hin turte.

Haaylasillaasedhaa amma Dargii, Dargiidhaa amma ADWUI bosona raasaa kan ture Xulaan; Ameerikaa Minesootaa keessas jiraatera.

46. Badhaadha Dilgaasaa

Badhaadha Dilgaasaa
Dhabbitti dhiira albaasaa!

Badhaadhni Salaalc aanaa Yaayyaa Gullallcc, ganda Buuyyamaa Qo'aat, Shakakkcc jedhamutti bara 1953 dhalatc.

Maatin isaa ijoollcc 6 qabu. Badhaadhni akkuma dargaggoota toora isaatti loon tiksec, farda gulufcc, qolannaa shimalaa fi arooressaa barachaa guddatc. Dargaggeessa beekaa gaafa ta'us, rasaasan waan akeeke qolcc hin beeku.

Badhadhni Dilgaasaa magaala, dhaabbata jiddu galeessaa fi fuula daa'imaa nama qabu turc. Badhaadha Dilgaasaa abbaa ijoollcc sadii akka turcs ni himama.

Sanaafis Salaalc akkanaan sirbeefira;

Badhoo koo
Badhaadhaa kiyyaa
Yaa Badhoo xinnumaaf gabaabbattc na duraa
Badhookoo shurshuraa koo
Xinnaakoo hunkuraakoo

Bara 1980 umriisaa 27tti Dargiin humnaan gara dirree waraanaatti isa ergee muuxannoo loltummaa argateera. Turtii dirree waraanaa waggaa

2n booda Dargiin yoo kufu innis gara qc'ee warra isaatti qawwee kilaashii tokko fudhatee deebi'e.

Badhaadhni yeroo mootummaa cee'umsaa bakka bu'oota Adda Warraaqsa Ummattoota Ityoophiyaa wajjin naannoo jireenya isaatti walitti bu'aa tureera. Kanarraan kan ka'e lafa dhaloota isaatti tasgabbaa'ee jiraachuu hin dandeenye.

Aarii kanarraan kan ka'e dargaggoota akka isaa rakkatan hedduu qindeessee gammoojjii Mogor kan ollaa isaanii jirutti galan. Yeroo dheeradhaaf humnaan qabuun waan dadhabameef, mootummaan jaarsummaadhan rakkoo jiru akka furamu isa gaafachaa ture. Innis dhugaa sc'ee akka aadaa warra isaatti jaarsummaan araaramee qa'ee isaatti galc.

Araarri bu'e jedhamee yeroo muraasan booda mootummaan malaan qabee mana hidhaa Fiicheetti isa darbe.

Ji'oota muraasa erga mana hidhaa keessa tureen booda halkan tokko waardiyyaa mana hidhaa sana eegu dhahee qawwee irraa fudhachuun hidhamtoota isa wajjin turan hedduu baasee ofiifis badee bosonatti deebi'e.

Erga mana hidhaatii deebi'een booda loltoota 200 hanga 300 ta'an of jalatti horateera. Loltoonni kanneen kan garee isaa fi humna waraana Adda Bilisummaa Oromoo kan yeroo sana gammoojjii Mogor keessa socho'aniiti. Innis lafaa fi amala nama naannichaa sirriitti waan beekuf, ajajaa waraanichaa ture.

Lafaa fi nama beekuu isaatif Salaalc beekamtii kenneefii yoo sirbu;

Koottu yaa Badhoo, yaa Badhoo qoricha gadhee

Koottu yaa Badhoo, yaa Badhoo gaafa Dheebisaa
Oolankomiin suma leellisaa
Ejereenis suma leellisaa
Incinniinis suma leellisaa
Daagam illee suma leellisaa
Buna dhugdeetuma deebitaa!

Badhaadhni yeroo dheeraaf naannawaa gammoojjii Mogorii fi Abbayyaa gamaa fi gamanaan dabalatee aanaa Warra Jaarsoo, Kuyyuu, Yaayyaa Gullallee, Meettaa, Walmaraa hanga Nyamar cee'ee amma Amboo gahutti humnoota faallaa isaa ta'an waraanaa ture.

Sanarraa kan ka'e Salaale akkanaan sirbeefira;

Amboo jirta jedhanii
Goodaa karaa Gudarii
Ani si yaade yaa Badhoo,
Yaa Badhoo qorichaa gadhee
Looyii koottuu karaa mogorii!

Badhaadha waliin lola bananee nagayaan galuun ulfaataa ture. Sanarraa ka'uun Salaale cimina isaa hubannaa keessa galchuun, taayitaa qabatee biyya bulchaan akkanaan sirbeefira;

Jabeessii loli yaa Badhoo
Jabeessii loli aalgaa korii
Yaa Badhaadha Dilgaasaa leenca Mogorii

Badhadhni injiinara tooftaa lola keessati. Faallaa Badhaadhatiin lola banc lubbuun kan galu muraasa. Yoo lubbuun ba'eellee inni ayyaantudha. Badhaadha qabuuf nama 100 oltu duula.Kan lubbuun galu muraasa.

Yeroo mootummaa ce'umsaa sana Badhaadha ajjeesuuf yookan immoo qabuuf jecha loltoonni ciccimoodha jedhaman, hedduun yeroo baay'ee Mogoritti deddeebiin bobbaafamanii turan. Baay'en isaanii yeroo sana Oromoota muraasaa fi loltoota afaan Tigraay dubbatan ta'uu isaanii maanguddoonni ni himu. Salaales sana himuuf akkanaan sirbeefira.

Maal gocha(x2)
Buute Salaale biyya Badhadhni jiruu
Kilaashi(x2) baroode deebiin hin jiruu..

Warri aanaa Yaayyaa Gullallee, toora Qarree Tokkee waa'ee Badhaadhaa yoo himan ammallee hin quufani. Waadaa inni galeef yoo himanis, qabsoon isaa mootummaa Oromoo hundeessuu ture jedhu. Yaada isaa kanas baay'ee akka jaalatan himu.

Faallaa kanaan kan isa jibbu, ija soda fi shakkiidhan isa ilaalaa tures guutera. Kan faallaa isaa dhaabbatan, gaafa inni du'u taayitaa argataniiru. Kan Oromoof qabsaa'u duruu maqaan hin taane maxxanfameefit, kan ittiin badhaadhummoo cinaadhan isatti fayyadamee jiruu gaarii jiraata.

Salaalc Badhaadhni mootummaa Oromoo nuuf hundeessan itti abdate, gaafa mootummaan isa waraanuuf itti duulu,akkanaan sirbeefira;

Atuu beekta yaa Badhoo
Yaa Badhadhaa Qarree Tokkee
Uri kilaashiin jarri dhuftee

Sirbi kun Salaale Badhaadni cimina tooftaa lolaa beekuu fi jaalala isaaf qaban kan ittiin ibse ture.

Dargaggeessi Salaalee gaafa sirba kana sirbu loltoonni mootummaa isa qabuuf isa barbaacharra turan isaan reebaa fi hidhaa turan.Haata'uutii

Salaalc keenyaa fi kiyyaan addaanin dhokatees sirbaafii akka ture ni himama.

Warri Mogor garuu akkuma garaatti sirbaafii ture. Sun bulchiinsa isaa jala waan tureef jechuudha. Badhaadharraa abdii fi waadaa qabu ture. Innis namuu akka hin amannee fi akka of eeggatee lolu shimalaa fi kilaashii koodee caalaa itti abdatanii fi jaalataniin akkanaan sirbaafii turan.

Hin amanin yaa Badhoo
Yaa Badhoo qoricha gadhee
Saawwan baddaa kormi keessa hin jiruu
Hin amaniin yaa Badhoo
Sobaniiti malee Shimala malee firri hin jiruu
Hin amanin yaa Badhoo

Salaalc yaadda'ee akka of eeggatu sirbuufis Badhaadhni garuu dhumarra waan isaan dhaga'e hin fakkaatu. Gaafa dhumasaa Badhaadhni mana dubartii walbeekanii fi waliin hojjetaniitti re'ee qalanii nyaachaa turan. Badhaadha saamee, hatee hin beeknef kun isaaf haaraa hin turre.

Jarri garuu isa gananiiru. Akkuma jarri warra isa qabuuf yookin ajjeesuuf waadaa galanitti foon re'eetti qorichaa naqanii laataniif. Isaa dhukkubsatee ciisuu warra isa barbaadan itti waaman. Akkuma shira xaxame kana bareen, jalaa ba'uuf yaalii godheet ture. Garuu haalli inni keessa jiru hin eeyyamneef. Isaa dallaa utaalee ba'uutti jiruu rasaasaan miila dhahame. Kana booda harka diinaatti kufuurraa kan hafe eessayyuu gahuu akka hin dandeenye hubate. Falli jiru amma rasaasa fixatutti loluu. Dandeenyan gaafasiif lunnuun ba'uun filannoosaa ture.

Haata'uutii waraanni isa qabuuf deeme hidhannoo guutuun waan tureef lolee lolee yoo rasaasa fixate ofgalaafachuu qofatu itti mul'ate. Lammata mana hidhaa fi dararaa arguu hin barbaanne ture. Rasaasa ishee dhumaaf dhukaasu ofitti galagalchee Sadaasa 1986 Shawaa lixaa aanaa Ada'aa Bargaa, ganda Dheebisaa, Aggaasaa naannawa Tulluu Ejersaatti of galaafate.

Du'asaa boodas Salaale sirboota hedduu sirbeefira. Waa'ee du'a isaatti gaabbuun ciminasaa faarsaa yoo sirbaniif;

Yaa Badhaadha Faalin garagaruu
Duute silas maal godhu garuu
Duuti gootaa kanuma jiruu!
Jechaa turan.

Lubbuudhan isaan biraa dhabamus, qalbii isaanii keessaa baduu yoo didu; Salaale gaabbaa akkanaan sirbeefira.

Kutaa foo'i na godhaa
Naxalaa kutaa foo'i na godhaa
Yeruman si yaadadhu
Halkanii guyyaa boo'i...boo'i na godhaa!

Baras ibsaan elektirikaa akka wal hin geenye, keessummaan magaalaa ibsaa bare akka magaalaa xiqqoo isaatti dhufe ibsaa maashoon eeraa, ajjeefamuu isaatin gubachaa, haalon akka moofaa hin qabne eeruun, ajjeestonni Badhoo diina isaanii akka ta'an akkanaan sirbameera.

Yaa Badhoo kiyyaa
Maali magaaladhaa maashon boba'uu
Ajjeeftanii nurra hin deeminaa,
Dhiigni huccuu mitii, hin moofa'uu!

47. Guutamaa Hawaas

Guutamaa Hawaas maqaan dhaloota isaa Jamaal Roobaleen; bara 1937 abbaa isaa Roobalee Daadhii fi haadha isaa aadde Gaashoo Tofoo irraa Arsii aanaa Gololchaa, toora Haaroo jedhamtutti dhalate.

Barnoota sadarkaa 1ffaa mana barnootaa Gololchaatti, jiddugaleessaa amma sadarkaa 2ffaatti ammoo Finfinnee mana barumsaa Addis Katamaatti barate.

Barnoota ega xumureen booda Boordii Bunaa, damee Finfinnee fi Diillaa irratti yeroo muraasaf hojjeteera. Sanaan boodas bara 1967 kaasee gara waggoota lamaaf bulchaa Gololchaa, 1970 kaasee ammoo gara waggaa lamaaf itti gaafatamaa 'ijaarsa ummataa' ta'ee hojjeteera. Quuqamaa fi aantummaan ummataa baras qabu garuu Dargii biratti akka shakkamu isa godheera.

Dhugumaanis Guutamaan harka wayaa jalaatin ABO waliin hojjechaa ture. Dargii keessa taa'ee dhaaba siyaasaa bosona ture deeggaruun hoggansi ABO; Bariisoo Waabee (Magarsaa Bari), Kinfa-Mikaa'eel Hindheessaa, Ahmad Bunaa (Goota Bobbaas), Baaroo Tumsaa, Abbaas Biyyaa Roobaafaan bakka inni bulchurra akka garaatti akka socho'an deeggaraa ture.

Dargiin shakkii fi xiyyeeffannaa gaafa itti heddummeessu, hojii mootummaa fi mana hoo'aa dhiisee ifatti hiriyoota isaa waliin bosona Arbaguuguu fi Gololchaa seenee Dargiidhan falmuu eegale.

Guutamaan bara 1970nii kaasee amma gara dhugaa deemutti, jaallan isaa waliin ummata isaatif hojjetaa ture. Baruma sanarraa kaasee amma 1976tti miseensa koree godina kibba bahaa yookin kan naannoo Diida'aa, Baalee fi Harargee keessaa Daaroo Labuutti itti gaafatamaa hojii hawaasummaa ture.

Bara 1975 yaa'iin waliigalaa miseensota godina bahaa godina Harargee; laga Raamiis naannoo raaree Aadam Boruu jedhamutti yammuu gaggeeffamu, hoggansa wareegaman bakka bu'uun miseensa koree jiddugaleessaa ta'ee filatameera.

Waggaa itti aanutti walga'iin Koree jiddugaleessaa 2ffaa dhaabichaa Harargee, aanaa Daaroo Labuu, Sakattee Billiqaatti yammuu gaggeeffamu Waajjirri Siyaasaa ABO yeroo jalqabaatif hundaa'era. Innis miseensa waajjirichaa ta'ee filatameera.

Bara 1981 korri ABO 2ffaan Harargee, laga Gobelleetti yammuu gaggeeffamu, miseensa koree qindeessituu kora sabaatti itti aanaa, marsaa 2ffaaf ammoo miseensa koree jiddugaleessaa fi waajjira siyaasaa ta'ee filameera.

Bara 1983 yeroo mootummaa cee'umsaa miseensa mana maree bakka bu'oota ummataa fi itti gaafatamaa godina kibbaa ta'ee ramadameet ture.

Bara 1984 addichi mootummaa cee'umsaa keessaa yammuu ba'u, Guutamaa Hawaas bosonatti deebi'ee itti gaafatamaa dirree qabsoo zoonii kibba bahaa; Baalee, naannoo Gadabii fi Dalloo Bunaa ture.

Eblia 1986 aanaa Dalloo Mannaa, naannoo laga Dayyuu, bishaan Haxaballaatti waraana mootummaarraa irratti banameen guyyoota 3f lolaa ega tureen booda marfamnaan harka hin laadhun; jaallan isaa 4 waliin Barraaq; Dhukkee jedhamutti boonbii harkaatin of wareegera.

48. Laggasaa Wagii

Laggasaan abbaa isaa Wagii Meettaa fi haadha isaa aadde Buzunash Ayyaanaa irraa bara 1952, godina Shawaa lixaa, Shinoo Meettaa Roobii, ganda Kuyyuu Giccii jedhamtu keessatti dhalatee guddate. Laggasaan obbolaa 5 qaba ture.

Barnoota sadarkaa tokkoffaa Bakkameeti, jiddugala ammoo mana barumsaa Hincinniitti barate. Kutaa 10 fi 11 ammoo magaalaa Finfinneetti barateera. Kutaa 11 booda garuu (naannoo bara 1967) kallattii jiruu jijjiiruun, barnoota ogummaa makaanikummaa fi konkolaataa oofuu barateera. Daldalaa ta'ec gara waggaa 5 oliif magaalaa Dirree Dawaa fi Harar jidduu marmaaraa ture. Hojii daldalaa naannoo bahaatti bares, gara dhiha Oromiyaa yoo geessuu hubannaa sochii qabsoo Oromoorratti cimsachuu eegale.

Bara 1979 aadde Waynisheet Geetaahuunin warroomee ijjoollee durbaa; Bilisummaa, Fireehiywatii fi Nastaannat Laggasaa godhateera.

Haalli yeroo, quuqamaa fi aantummaan ummata Oromoof qabu garuu maatii horatee fi bultii hoo'aa gatee akka bosona galu isa taasise.

Jalqaba bara 1982 jiruu idilee fi maatii isaa dhiisee guutummaan siyaasaa fi qabsoo hidhannoo dhiha Oromiyaatii hogganamaa turetti

makame. Bara 1983 barumsa siyaasaa fi leenjjii waraanaa marsaa 18ffaa ega xumureen booda, dirree dhihaatti miseensa ABO ta'e ifatti socho'uu eegale.

1983 Beelmuguutti dabballummaa baratee zoonii Beegiitti ramadamee hojjechaa ture. Naannuma kana keessa hojjechaa osoo jiruus Dargiin kufe.

Kufaatii Dargiitin boodas Qaaqeetti bulchiinsan ramadee hojjechaa ture. Bulchaa ona kanaa yeroo turettis ummataan hariiroo cimaa fi jaalatama nama horate.

Mootummaa cee'umsaa keessaa ABO yoo ba'u, Laggasaan akkuma michoota isaa bosonatti deebi'e.

Bara 1985 Laggasaan warra daangaa Sudaanii fi Ityophiyaarra ture waliin ture. Bara itti aanummoo humna dabalataa ijaaree dhiha Oromiyaatti deebi'uun gareesaa waliin socho'aa tureera.

Gara daangaatti kan deebi'an dhiyeessiin meeshaa fi deeggarsa addaaddaa Sudaan; Kurmuukii fi Giizanii gara biyyaa galu akka addaan hin cinne eeguuf ture.

Laggasaan bara 1985-1990tti sadarkaa miseensummaa irraa kaasee haga qondaala waraana ol aanaatti tajaajileera.

Bara 1990 biyya ollaatti ergamee leenjii fudhatee, waggaa lamaffaatti Oromoo biyya ollaa jiran walitti qabuun Waldaa Hawaasa Oromoo Eertiraa ijaarera.

Sana booda mootummaadhan osoo barbaadamuu 1990/91 irraa kaase itti anaa mooraa leenjii Waraana Bilisummaa Oromoo waliigalaa ta'e hojjechaa ture.

Bara 1992 barumsa waraanaa, siyaasa fi tikaa erga baraateen booda, qondaala waraana addichaa kan zoonnii dhihaa Irreessaa Caalaa jalatti ajajaa bobbaa fi quunnamtii dhiha Oromiyaa ta'uun hojjechaa ture.

Bara 1994 gara mooraa leenjii waliigalaa dhaabichaatti ergamee; Baddallee, Qeebbee, Dambi Doolloo, Gidaamii, Beegii fi Mandii keessatti socho'aa akka ture jaallan isaa ragaa ba'u. Laggasaan zoonii dhiha keessa waan tureef; ks-3ffaa (kora sabaa-3ffaa) bara 1996 gaggeeffame irratti hirmaachuu baatus bakka inni hin jirretti miseensa gs (gumii sabaa) ta'uun filatameet ture.

Ajajaan waraana dhiha Oromiyaa Irreessaa Caalaan ega wareegamee, hanga walakkaa bara 2000tti innis hanga wareegamutti ajajaa waraana dhiha Oromiyaa ture.

Laggasaa; miseensi koree giddugaleessaa fi ajajaan waraanaa barasii godina Qeellam Wallaggaa aanaa Gidaamii, naannoo Laaloogeeree jedhamutti wareegameera.

49. Magarsaa Barii

Magarsaan Arsii naannoo Cilaaloo, Leemmuu fi Bilbiloo Boqqojjiitti bara 1934 abbaasaa Barii Tufaa fi haadhasaa Caaltuu Tufaarraa dhalate.

- Magarsaan namoota ABO hundeessanii fi hogganan keessaa tokko ture.

Warri isaa waggaa 10 booda hacuuccaa turerraa kan ka'e lafa qonnaa barbaacha Arsiirraa gara godina Baalee; Gololchaatti godaananiiru.

Magarsaan eessumasaa Soorilii biratti barnoota sadarkaa Iffaa Gannaalee, Adaabbaatti mana barnootaa "Mission Interior School jedhamutti hordofeera. Barnoota sadarkaa jiddugaleessaa ammoo gara Gindhiir deemee barateera. Bara 1955 qormaata naannoo fudhatee, sadarkaa laffaffaaf Finfinnee; Koomeers galee barataa ega tureen booda, bara 1960 Yuunvarsiitii Finfinnee galee barnoota bulchiinsa daldalaa barateera.

Barnoota digriitin booda Humna Ibsaa Ityoophiyaa, Teelekoominikeeshinii Ityoophiyaatti amma kufaatii Haaylasillaaseetti hojjechaa tureera. Jalqaba bara 1967 hanga walakkeessa 1968tti itti aanaa bulchaa Baalee ta'ee hojjateera.

Magarsaan bara barataa turetti qabsoo Oromoo akka hubatuuf, sochiin Waldaa Maccaa fi Tuulamaa fi qabsoon Oromoo Baalee baay'ee isa gargaarera.

ABO hundeessuu fi addichi dhaabbii siyaasaa akka horatuuf nama hojjetan keessaa Magarsaa Barii adda dureedha.

Hubannoo siyaasaa haalli jireenyaa isa barsiisee fi muuxannoo manneen barnootaa turetti argaterraa ka'uun, qabsoo Oromoo Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruun Galamsotti hidhamee lafa jalaan gaggeessaa ture waliin hidhata qaba ture.

Gareen ergama Waldaa Maccaa fi Tuulamaa akkasumas qabsaa'ota Oromoo lafa jalaan hojjechaa ture boodderra Ganna bara 1965 Magarsaafaa dabalatee walitti dhufuun koree qindeessituu tokko hundeessera.

Dura ta'aan koree qindeessituu kanaa Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruu yammuu ta'u, miseensonni ammoo Magarsaa Barii, Baaroo Tumsaa fi namoota biroo turan. Koreen kunis qabsoo bittinnaa'aa biyya keessaa fi alaa mataa walitti deebisuuf qabsaa'ota waamuun barasuma marii gaggeessaniiru.

Birgaadeer Jeneraal Taaddasaan mana hidhaa Galmsootii ba'ee baadiyyaa Harargee wayta turetti, qabsaa'onni Oromoo biyya alaatti leenjifamanii deebi'an Hasan Ibraahimfaa (Elemoo Qilxuu) turan; Magarsaa Bariin ammoo jaraaf haala mijessaa ture.

Elemoo Qilxuufaan, Birgaadeer Jeneraal Taddasaa wajjin walquunnamsiisuu haa hanqatan malee, haalli yeroo sanaa qabsoodhaf kennataa waan tureef, achumaan qabsoo hidhannoo akka jalqaban taasisan. Kun gara dhuma bara 1965 yoo ta'u, meeshaa waraanaa

dhoksaan biyya seensisanii Elemoo Qilxuufaa dhaqqabsiisuurrati Magrsaa Barii qooda guddaa qabaachaa akka ture ni himama.

Gama biraatinis Magarsaan fincila diddaa gabrummaa kibba Oromiyaa kessaati qooda qabaachaa akka ture ni himama. Magarsaan hanga baadiyyaa Baalcetti qabsaa'ota Oromoo qunnamuun dadammaqsuu fi ijaaruuf tattaaffii godhaa ture.

Keessaattuu bara 1967 fi 1968 wayta itti aanaa bulchaa Baalee turetti namoota sochii kibba Oromiyaa keessaa qooda qabaachaa turanii fi Oromoota Somaaliiyaarraa meeshaa waraanaa hidhatanii. Baale Waabee, Kurkurru, Saawweena, Dalloo Mannaa fi Raaytuu keessa socho'aa turan; Siraaj Haaj Isaaq, Maammee Harqaa, Tilmoo Alii fi kan biroo qunnamaa kan ture jaallan isaa Kabbadaa Tulluu, Hawwal Jiddaa, Ahmed Abdulqaadirfaa waliini.(Goota Oromiyaa, 2008 Awr.)

50. Nadhii Gammadaa

Nadhiin aanaa Zuwaay Dugdaatti abbaasaa Haji Usmaan Roobaa fi harmeesaa Amiinaa Borseerraa bara 1947 dhalate. Maqaan dhalootaasaa Qaasim Hajii Usmaan Roobaa ture. Nadhiin ammoo maqaa abbaasaa kan Hajii Usmaan Roobaa ture. Abbaan Nadhii amantaadhaf maqaasaa gara Hajii Usmaanitti yoo jijjiirratu, Nadhiin maqaa abbaasaa fudhatee Nadhii Gammadaa jedhamee waammamuu jalqabe.

Nadhiin obboloota dhiiraa 8 fi obboloota durbaa 4 qaba. Barnootan Nadhiin sadarkaa tokkoffaarraa kaasee hanga yuunvarsiititti barumsaan hiriyaa hin qabu ture. Barnoota sadarkaa 2ffaa akkuma xumureen, Yuunvarsiitii Finfinnee seenee waggaa 1f barnoota faarmaasii barateera. Haala Oromoon keessa tureen baay'ee quuqamaa fi hirriiba dhabaa kan ture Nadhiin, bara 1970 barnoota waggaa meeqa itti dhama'e dhiisee qabsoo bilisummaa Oromootti makame.

Hubaafnaa siyaasaa fi cimina qabuun yeroo gabaabaa keessatti miseensa koree giddugaleessa ta'uus danda'eera. Nadhiin dubbatee nama qabbaneessa. Waltajjiiwwan dhaabaas ta'e, kan ummataarratti Nadhiin yoo dubbatu dubbiin isaa onnee namatti kakaasa. Nama siyaasa hin beekneyyuu, lubbuu itti horee of barsiisa.

Nadhiin mirgi abbaa biyyummaa fi walqixxummaan sabootaa fi Oromoo akka kabajamu onneedhan dubbataa ture. Osoo ormi nu

bulchuuf lafa dhiituu, nuti ammoo waltaanee mirga keenya kabachiisudhaaf wanti murachuu nu hanqisu hin jiruun lallabaa ture.

Hireen ummata Oromoo tokkummaa, gamtooma, waliigaltee, ilaa fi ilaamee murtee Oromoo harka malee, anatu siif beekaa fi afaan qawwee qaama kamuu jala akka hin taane jala muree himaa tureera. (Goota Oromiyaa, 2008 Awr.)

Oromoon laga, amantaa, siyaasaa fi gosaan adda kan ba'u akka hin taanee fi waliin waan ofii dhabuu malee akka wal hin dhabin garaadhaa barsiisaa tureera.

Nadhii Gammadaa bara 1985 walga'ii Adda Bilisummaa Oromoo Bokee 27 irratti hirmaachuuf jaldhaabdota 6 waliin osoo deemuu as buuten isaa dhabameera.

Addi Bilisummaa Oromoo mootummaa eee'umsaa keessaa osoo hin ba'in, Dargiin akkuma kufeen Nadhiin dhabamuu isaatin dura, hogganaa waajjira dhaabaa kan Gullallee ta'uun hojjechaa tureera.

Iddoon dhabama isaa Innasakoo bakka jedhamuttu yammuu ta'u; Arsii fi Harar gidduutti argama. Ega sanaa Nadhii Gammadaa lubbuun jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa namni beeku hin jiru. Dargaggeessi Oromootis ammumaa, waggaa meeqan booda Nadhiin eessa jiraan gaafachaa jira. Achi buuten Nadhii Gammadaa dhabamuun garuu, ammas hiibbodha.

51. Kumalaa Jaatanii Alii Tandhuu

Jaatanii Alii bara 1932 kibba Oromiyaa Boorana Meelbaanatti dhalate. Boorana keessatti dhalatee guddachuun isaa aadaa, duudhaa, waliin bulmaataa fi sirna Gadaarratti beekumsa akka qabaatu isa gargaarera.

Bara inni dhalatutti akka bara Qeerroo fi Qarree akka ammaa kana Gadaan haaromsarra jiraachuu baatus, Booranni dhoksees ta'u waan ofii barsiifachaa ture. Waraanni mootummaa Soomaaliyaa Sayid Baarree Booranaa fi Gujii yoo weeraru nama obsa malee lolaa ture Jaataniin.

Umriin isaa barnootaf yammuu ga'u naannuma dhalootatti barachaa ega tureen booda, hiriyoota isaa 34 waliin magaalaa Finfinnee mana barnootaa Madihaane'aalamitti hordofaa tureera. (OMN 2009, qophii addaa seenaa Jaatalii Alii)

Bara 1954 barnoota sadarkaa lammaffaa yammuu xumuru, waggaa 3f leenjii poolisummaa Abbaa Diinaatti hordofaa ega tureen booda gara Gaamo Goofaa barasii Oomoo ammaatti ergame.

Oomoottis waggaa lamaaf ummataan wal ta'ee hojjechuun, jaalatama argatee jijjiirama fiduu danda'eera.

Jaataniin seerrii fi mirgi ummataa akka kabajamu bakka ga'etti nama gaafatu; ilma sabaa ture.Tajaajila Oomoo waggaa lamaatin booda, Finfinnecti deebi'ee waggaa 5f tiraafikummaan hojjeteera.

Bara 1958 gara biyya Jarman ergamee waggaa 1f saayinsii leenjii loltummaa barataa ega tureen booda gara biyyaa deebi'eera. Bara 1964 Yuunvarsiitii Finfinnee seenee barnoota jireenya hawaasummaa barachuu eegalus, waggaa tokkoon booda haala biyyattiin irra turterraa kan ka'e adda kutee ba'eera.

Bara 1966 mootummaan Haaylasillaasee Dargiidhan yammuu bakka buufamu, Jaataniin bulchaa godina Booranaa ta'uun ergame. Bara bulchiinsa isaattis ummanni aadaa walkabajuu fi waliin jiraachuu akka gabbifatuu fi walitti bu'iinsa gosaa akka dhaabu barsiisaa ture.

Yeroo sana Garrii, Garbaa, Booranni, Gijii, Arsiin darbee darbee walitti bu'uun namaa fi qabeenyarra miidhan qaqqabaa ture. Jaataniinis Oromummaa fi tokkummaa ummataa barsiisuun akka walitti hin buune hojjechaa ture.

Jaataniin Booranatti ergamaa addaa yookin bakka bu'aa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa ture. Misooma, jijjiirama, ijoollee barsiifachuu, faayidaa lafaa fi qonnaa, mana ijaarrachuu, magaalaatti galuu, maallaqa baankii kaa'achuu barsiisa. Hedduun ummataas horsiisee bulaa waan turaniif, yeroo gogiinsaa loon akka jalaa hin miidhamne gurguratee maallaqasaa baankii akka kaa'atu barsiisaa ture.

Jijjiirama ummataaf dhama'aa, barsiisaa waan tureef Jaataniin mana, qabeenya, horii kiyya jedhu akka hin qabaatin dookmantariin seenaa jireenya isaarratti OMN hojjete ragaa ba'a.

Gootichi quuqamaa fi aantummaa ummataa waan qabuuf, rakkoo ummataa akka rakkoo ufiitti lakkaa'a. Gosaan heddummaatus ummanni Oromoo tokko ta'uu barsiisa. Walitti bu'iinsi gosaa akka dhaabbatuu fi hin uumamnes dhama'a.

Booranaa fi Gujiin tooran qubatanii mana akka ijaarratan, magaalaa akka hundeeffatanii fi bu'uuraaleen misoomaa akka guuttamaniif gorsa.

Kana milkeessuufis proojaktii Soortuu hundeesset ture. Proojaktichi jireenyi horsiisee bulaa akka jijjiiramu, rakkoon dheedaa fi bishaanii akka furamu carraaqera.

ADWUIn dhufee Dargiin yoo baqatu baatii 10f Booranuma keessa ega tureen booda, hordoffiin itti heddummaan, ummanni maqaa kiyyaan qooda rakkatuun gara Keeniyaa, Naayroobiitti baqate. Adoolessa 1983 magaalaa Naayroobii hoteela Ingiraataa keessatti kan ajjeefame Jaataniin, dhimma isaatin namni 1 to'annaa jala oolet ture. Haata'uutii mana murtiitti yammuu dhiyaatu ragaan ga'aa mitiin gadhiifameera. Lama ammoo akka miliqantu himama.

Abukaaton dhimma ajjeechaa Jaatajii Alii irratti murtee seeraa argachuuf himata banee ture; Huseen Soraan dhumarra hin milkaa'in hafeera.

Jaataniin ofiif hin jiraanne; giiphittis homaa hin naqanne. Tukkummaa ummata Oromoo qofa barsiisaa ture. Jaataniin dhuma Dargiirra ummanni tokkummaadhan akka walqabatu, gamtaadhan akka dhaabbatu, waliin bulee garaagartee malee akka waliin oolu; "Gogorriin barriftullce, isin duuba hin barrisinaa" jedhee gorseera.

Bara 2008 fi 2009 dargaggoonni Booranaa fi Gujii yoo hiriira ba'an; Jaatanii Aliitif yaadannoon wayii osoo jiraaten gaafachaa turan.

Sanarraa kan ka'e mootummaan naannoo Oromiyaa; DhDUOn bara 2010 Manni Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Yaaballoo; Kumalaa Jaatanii Alii Tandhuun akka waamamu murteessera.

Manni barnootichaa bara 1968 kan hundaa'e yammuu ta'u, Kumalaa Jaataniin gootaa fi hayyuu Oromoof of kenne; godina Booranaatti dhalatee guddatee; ummatasaa tajaajilaa ture ta'uu isaatif beekamtii laatee maqaan isaa akka hin dagatamne taasisera.

52. Badhoo Dachaasaa

Badhoon bara 1943 abbaasaa Dachaasaa Guddataa fi haadhasaa Maammitee Waakkenneerraa Gullallee naannoo Burraayyuu, Gafarsaa Burraayyuu; Dirree Sololiyaatti dhalate.

Badhoon Oromomiyaa jiddugaleessaarraa yeroo jalqabaatif qabsoo hidhannoo bilisummaa Jaarraa Abbaa Gadaa, Baaroo Tumsaa fi Leencoo Lataafaan gaggeessanitti nama makame.

Daadhii Dachasaa; hangafti Badhoo poolii teeknikaa ebbifamee, waajjira Leencoo Lataan keessa hojjechaa ture; Mirkana Qulqullinaa keessa hojjeta ture.

Suufee, Kabbadaa, Sisaay, Gaaddisaa,Tsaggaayee, Atsadaa, Caaltuu, Muluu, Askaalaa fi Geetaahuun obboleeyyan Badhooti. (Finfinnee Raadiyoo 2015 Awro.)

Badhoon bara barnootarra turetti hiriyootasaa waliin gumii dargaggoota Gullallee; kan aadaa, siyaasaa fi gabbina afaaniirratti hojjetu hundeessera.

Gumii kanaan gubba gubbaarra barnoota cimsuun yaa hojjetamu malee, Badhoo fi hiriyoonnisaa dadammaqiinsa siyaasaa, gabbina aadaa fi afaanii, jaalala biyyaa fi Oromummaa barsiisaa turaniiru.

Barnoota sadarkaa lammaffaa magaalaa Finfinnee Madihaane'aalamii; naannoo Gullalleetti yoo baratu barataa naamusaa fi cimina qabu ture. Fakkeenymmaan isaa hiriyootaa fi namoota naannoo isaa jiran maraaf ture.

Badhoon hubannoo siyaasaa baras qabuun waan ummatarra ga'u yoo argu hirriiba dhabaa ture. Quuqqaa garaasaa kanammoo nama beeku mara ittiin kakaasuuf fayyadamaa ture. (Shallamaa Kabbee, "Oromo Nationalism", 2016 Awr.)

Bara 1958 barnoota kutaa 10ffaa xumuree waggaa lamaaf leenjii barsiisummaa hordofuuf Harargee deeme. Leenjiisaa ega xumureen booda naannoo Tigraay Shireetti mana barnootaa Salaklakaatti barsiisummaan hojjetaa tureera.

Sanaan booda Finfinneetti deebi'ee barnoota sadarkaa lammaffaasaa xumuree, carraa leenjii loltummaa yoo argatu, ilmaan Eertiraa Nagaash Alii fi Fiqree Ri'isoomin walbara.

Hiriyoonnisaa lamaan haala siyaasa biyyattiin keessa turtee fi kallattii itti deemtu yoo itti himan, Oromoo yaada akka isaa qabu barbaada ka'uun dirqii itti ta'e.

Badhoon Yuunvarsiitii Finfinnee seenee digrii jalqabaa barnoota seenaa hordofeera. Duula 'guddina gamtaa' Dargiin labseen godina Iluu Abbaa Booraatti ergamee barsiisera.

Badhoon, dadammaqiinsa siyaasaa yammuu uumutti; magaalaa Finfinneetti dargaggoota siyaasan ciccimoo turan Mallas Taklee, Dheeressaa Qixxee Bojii fi Abdataa Guutamaafaadhan walqunnamaa ture.

Badhoon ilaalchan falaasama siyaasaa bitaa fi mirgaa nama hordofu hin turre. Warri mirgee; Ityoophiyaan biyya Kiristaanotaati jedhu Aluulaa Abaataa, Asfaaw Daamxee fi Asaffaa Liibaniin duurfama. Gareen biraammoo; walqixxummaa sabootaa yaada jedhu qaba ture. Gareen kun Baayyisaa Alamuu, Tamasgeen Goobanaa, Dhiinsaa Laxxisaa fi Kabbadaa Haxxee Sanyiifaadhan duurfama.

Dargaggoonni kanneen hiriyoota Badhoo ta'anis inni garuu siyaasan isaan waliin hiriirun filannoo isaa hin turre. Badhoon ani sabboonummaa Oromoo malee ilaalcha biraa hordofuu hin fedhuun; Dheeressaa Qixxee fi Abdataa Guutamaafaa waliin garee qabsoo sosochii hundeeffatan.

Barruu sosochii "Kana Beekta?" Kabbadaa Firrisaa; mucaa Iluu Abbaa Booraan duurfamu irratti hirmaachuun, Badhoo fi hiriyaan isaa Arsii; Tasfaayee Badhaaneen rogeeyyii ciccimoo turan.

Badhoon barreeffamaan hubannaa siyaasaa cimsuu qofaan osoo hin taane, manneen barnootaa, gandii fi naannon qabsoo gurmaa'atti akka mataa walitti qabatu tattaaffataa ture.

Badhoon ilaalcha garee siyaasaa sooshaaliistii bitaa jibbuun ija hubannaa bal'inaan saaqqachuu gaafa eegalu; Baaroo Tumsaa Waajjira Mirkana Qulqullinaa fi Sadarkeessaa keessa hojjechaa ture, Tsaggaayee, Mararaa, Fiqaaduu Ebbaa, Addisuu Bayyanaa fi Baqqalaa Galataadhan walargata.

Sochiin gaaffii siyaasaa Oromoo alaabaa Dargiin mirmirsu jalatti sooshaaliizimiidhan deebi'uu malu hin jiraatun abdii kutachuu eegala.

Sana booda garee sabboontota Oromoo Iluu Abbaa Booraatti; Olaanaa Alamuu(Bobbaasaa Gadaa), Kabbadaa Booranaa (naannoo Wiingeet jiraachaa kan turee fi Dargiidhan kan ajjeefame), Tasfaayee Taaddasaa(Ministeera Dhimma Alaa keessa hojjechaa kan ture), Dooktar Kaliil Mahaammad(shororkaa Diimadhaan kan ajjeefame) makame.

Bara Badhoofaa qabsoon Oromoo caayaa Waldaa Maccaa fi Tuulamaa, sosochiiwwan bakka bakkaa fi Baaletiin mataa walitti deeffatee hidhata qabsoo qawwee uummachaa tureera.

Haaylasillaasen kufee Dargiin taayitaa qabatus Oromoodhaf waan haaraa fidee hin dhufne ture. Kanaaf paartii yookin adda uumun barbaachisaadha jedheet amana ture Badhoon. Badhoottis halkanii guyyaa kan muul'atu Finfinnee keessa deemaa ooluu osoo hin taane hidhatanii loluun biyya hundeeffachuudha.

Gareewwan warraaqsaa Oromoo baras turan Dargiidhan guyya guyyaadhan nyaatamaa oolu ture. 'Warraaqaa'n hayyuu Jarmanitti baratee biyyatti deebi'e Mitikkuu Tarfaasaan hundaa'e. Innuu booddee ME'ISONitti makamee Dargiidhan ajjeefameera.(Finfinnee Raadiyoo 2015 Awr.)

'Oromiyaa'n Baqqalaa Galataa, Fiqaaduu Ebbaa fi Tsaggaayee Namarraadhan hundaa'e.

'Bakkalchi' ogeessa faarmaasii fi seeraa Baaroo Tumsaadhan hogganama ture.

Kan biroo 'Qaanqee' fi 'Mukulkula' turan. Gareewwan sosochii kanneen hundi hubannaa siyaasa Oromoo cimsuu keessatti bakka olaanaa qabu.

Hayyoonni Oromoo bara sanaa garaagartee ilaalchaa jiru keessummeessuun, faffaca'anii deemurra tokkummaadhan socho'uuf yeroo jalqabaatif magaalaa Finfinnee Waldaa Makaana Iyyasuusiitti walitti qabamu.

Waltajjiin sosochii tokkummaa kunis Luba Guddinaa Tumsaa, Trfaa Dibaabaa fi Luba Tasgaa Hirphoodhan hogganama.

Yeroo kanas gareen raayyaa ittisaa Baaroo Tumsaatinn duurfamu alaan haala naannoo to'ataa ture. Miseensonni raayyaa kanneen; Alamuu Nagaraa, Tashoomaa Tolaa fi Geetaachaw Daggafaafaadha.

Waltajjii sosochii tokkummaa kana keessa Badhoonis tureera. Dubbiin gaafasiis Badhoo baay'ee aarsera. Wattajjicha irratti kan hirmaatan gara namoota 80 oliiti. Ilaalcha sooshaaliizimii kan qaban Leencoo Lataa, Dheeressaa Qixxee, Tsaggaayee Namarraa, EHAPA irraa Dajanee Bushuu, Abdataa Guutamaa, Abubakar (Harargeerraa), Daani'eel Dafaa, Mararaa Guddinaafaa turan.

Waltajjichaan haasa'amaa oolus, waliigalteerra osoo hin ga'in addaan galan.

Akka yaada Badhoo Dachaasatti waltajjichaan waliigalamee qabsoo tokkummaa finiinsuu ture. Garuu hin milkoofne. Baay'ee aarees miiran dubbachaa ture.

Badhoon waltajjicharraa waan abdii namatti horuu fi qabsoo Oromoo fulduratti tarkaanfachiisu eegaa ture, dubbiin akka yaade ta'uufii gaafa

diddu abdii kutatee aaree qabsoo hidhannoof yaadni dur qabu garaasaa guutuu ccgale.

Yeroo sanatti qabsoon hidhannoo akka finiinu Muul'is Abbaa Gadaa, tumsa Baaroo Tumsaa gaafachaa ture. Badhoonis walitti dhufeenya Baaroo waliin qabuun dubbii kana waan dhaga'eef Harargee deemee Muul'isfaatti makame. Kana keessa Jaarraa Abbaa Gadaatinis walargata. Jaarraanis akkuma Muul'is qaamoleen hidhannoo qaban akka gamtooman gaafachaa tureera.

Badhoon jalqaba haala mijina qabsoo qorachuuf gara Harar kan imale bara 1967 ture. Haalli yeroo sanaas jajjabeessaa waan tureef; jireenya Finfinneetin nagaatti jedhee qabsootti makame. Dirree Dawaattis Toonii Miisheliin walarguu eegalu. Tooniin ilma Miisheel Dirreeti. Jireenyisaa Harargee yoo ta'u, deeggaraa cimaa qabsoo Oromoo yeroo sanaati.

Badhoo fi Tooniin magaalaa Dirree Dawaa Hotcela Appooloo 11; kutaa ciisichaa lakkoofsa 3 keessatti walarganii haala jiru haasa'u.

Sanaan booda bara 1968 Badhoon, garee hidhataa Jaarraa Abbaa Gadaatin walargee qabsootti dabalame.

Badhoon Oromookoo yoo jedhu malee, manakoo yoo jedhu dhaga'amee hin beeku. Fuudhee ilmaan horachuun isaas dhaga'amee hin beeku. Isaaf jireenyi qabsoo bilisummaa Oromoo ture.

Badhoon jiddugala Oromiyaatii qabsoo bilisummaa Oromootti nama makame kan jalqabaa yammuu ta'u, dandeettii barreeffamaa qabuun bosona wayita turetti barruu Sagalee Bosonaa qopheesaa tureera. Barruun tun loltoota qabsoo bilisummaa keessatti dadammaqiinsaa fi humannaa siyaasaa cimsuudha. Barruun tun barruun qabsaa'otaa

jiddugalccssaa 'Bakkalchi Oromiyaa' osoo hin dhufin qophaa'aa kan turedha.

Dirree waraanaa irratti loltootaf walaoowwan kakaasii, si'eessituu qopheessaa tureera. Barreeffamoota daddammaqiinsa uuman qopheessudhaanis cimaa ture. Ilaalcha siyaasaa dhaabnisaa hordofu hubachiisuu, injifannoowwan dirree waraanaarraa gabaasuurratti cimaa akka turc ni himamaaf.

53. Aslii Oromoo

Asliin bara 1968 Oromiyaa bahaatti kan dhalatte yammuu ta'u, 1983 qabsoo bilisummaa Oromootti dabalamuun Dargiidhan lolaa turteetti.

Asliin ijoollummaa ishcerraa kaastee haala Oromoon irra ture yoo hubattu, quuqamaa fi xiiqii jabaan keessa galaa akka turte kaasti. Oromoon ofiin of bulchaa akka turee fi yeroo dheeraan boodammoo gabrummaa jalatti akka kufe akkawoon ishee itti himaa guddiste.

Asliin Waraana Bilisummaa Oromoo keessatti miseensummaa irraa kaastee amma hoggantuu damee siyaasa koonyaatti tajaajilaa turte.

Baqataaf Jibuutii turte dhiistee, Soomaaliyaa deemuun jalqabaaf qabsoo hidhannootti dabalamte. Soomaaliyaattis Nadhii Gammadaa dabalatee namoota hedduu akka argite gaaffii fi deebii bara 2012(Awr.) Hegeree Miidiyaa waliin taasisterratti himteetti.

Aslii fi jaallan ishee yeroo sana qabsoodhaf manaa haaba'an malee, yeroo sana ABOn Soomaaliyaadhaa buufata, waajjira hin qabu ture. Baqattummaadhan qabsoo gaggeessuuf yaalu ture. Haalli Oromoon yeroo sana biyya keessatti ittiin jiraachaa turee fi jireenyi qabsoo walxaxaa fi ulfaataa ture.

Amma waltajjiif yookin dhimma biraatif socho'an jaallan isaanii waraana Dargiitin miidhamaa, abdii kutachaa takes abdii horachaa fulduratti tarkaanfachuuf carraaqaa turan.

Qabsoo Oromoo barasii keessatti dubartoonni ciccimoon akka Aslii, Saartuu, Jootee Bareedduufaa adda dureedha.(Hegeree Miidiyaa 2012 Awr.)

Asliin lola Dargii waliin Hargeessaatti taasifamerratti harma rukutamtee madaa'uun harka diinaatti kufti. Lolli kunis isheedhaf kan jalqabaa ture. Dubbii waraanichaa kan dhaga'e preezdaantiin Soomaaliyaa Sayid Baarren mooraa waraanaa laatefii, leenjifachaa, barsiifachaa akka socho'an taasise. Kun kan duraarra akka jajjabaatan isaan taasisee ra.

Kora ABO lammaffaa irratti hirmaachuuf waamicha darbeen hunduu argamuuf yoo socho'an Dargiin dhaga'ee isaan eeggata. Asliin; Nadhii Gammadaa fi Bareedduu Callaafaa waliin turte harmarra dhahamtee yoo madooftu, jaallan ishii 9 wareegamaniiru. Nadhii Gammadaa aaree abdii kutachuun shugguxii isaatin of wareeguuf yoo jedhu, jaallan hafan akka irraa buusan Asliin ni himti. Asliin waraana kanarratti madooftes Dargiidhan qabamtee dararaan yoo irra ga'u, loltuun Dargii Oromoo ta'e yaala akka argattu gargaarera.

Jigjigaa baatii 1 ega turteen booda magaalaa Harar; Qalaada Ambaatti deebite. Hidhaa Dargiitii baanan madaan harmaa osoo hin fayyiniif dirreetti deebite.

Bara 1984 ABO chaartaraa ba'ee bosonatti yoo dacha'u, yaala argachuuf carraaqaa hin turre. Booddee itti hammaannan Jibuutii, Oraa deemte. Yaalichi ulfaataa akka ta'e itti himamnaan Finfinnee dhuftee wallaansa argachuuf xiyyaaran gara Dirree Dawaatti deebite. Dirree

Dawaa yoo geessu mootummaa ADWUI ishee barbaadaa ture harkatti kufte.

Sanaan booda Haayiskuul Gaara Gubbaa tursuun Huursoo ishee geessan. Huursotti nyaataa dhugaatin hidhamaaf kennamu qulqullina akka hin qabaatinii fi sanarraa kan ka'e namoonni hedduun miidhamaa akka turan Asliin ni himti. Asliin Huursotti waggaa 1 fi baatii 9f mana fincaanii keessatti hidhamaa turte. Sana booda gara hidhaa Baatuutti geeddaramtee deddeebii mana murtii waggaa 13tin booda duuti itti murtaa'a. Aslii Oromoo fi Araarsoo Abbaa Humnaa haqa qabaatanis Harargeetti yoo deebi'an ni sodaachisaan duuti itti murtaa'e. Mootummaan namoota kaan waggaa 6 hidhaa keessa ega teessiseen booda himannaa isinirraa hin qabuun, akka gadi lakkise Asliin Hegeree Miidiyaatti himteetti.

Haata'uutii murtiin du'aa Asliifaa falmii cimaadhan booda gara umrii guututti geeddarame. Falmiin eegalame osoo addaan hin citin, dhumarra Asliin hidhaadhaa baatetti.

54.Warqituu; Mootittii Walloo

Seenaa Ityoophiyaa keessatti Oromoon Walloo Abisiiniyaa bulcheera. Oromoo Walloo keessaa injifannoo fi maqaan isaanii kan awwaalame hedduudha. Isaan keessaa muraasni Shee Tolaa, Balaay Zallaqaa (Goojjamis), Abbaa Jabanoo, Abbaa Marsee, Hasan Rashiidee, Abbaa Gwaanguul, Hasan Ammee, Mahaammad Makii, Mahaammad Alii, Lij Iyyaasuu, Guugsaa Walee, Ali Gugsaa Walee, mootittii Warqituu fi Mastaawat ni ka'u.

Dubartoota Oromoo bara Tewodroos Iffaan weeraraaf socho'aa turetti Walloo fi naannoo Goondaritti cimtuu kan turte Warqituudha.

Warqituun mootii Oromoo Walloo ilmaa fi qomooshee du'aan mootii Tewodroos Iffaan saamamte. Tewoodroos daangaa, amantaa Ortodooksii fi afaan Amaaraa babal'isuuf carraaqqii guddaarra ture. Sun ammoo Oromoo Goojjamii fi Wallootin walitti isa buusaa tureera.

Walakeessa 1868 keessa Oromoon Walloo olaantummaa mootota kaaba Ityoophiyaa laaffisuun, sabboonummaa cimsuuf dhamaatii guddaarra turan.

Mootin Oromoo Yejjuu Warqituu fi Sheek Jaafaar(abbaan gooticha Tolaa); seenaa sana keessatti bakka olaanaa qabu ture.

Tewoodroos bara sana naannicha to'achuuf sochii bal'aa gaggeessaa tureera. Sana keessa ilma Warqituu; Hamdee booji'ee as buuteesaa ballecssera.

Yeroo sana Miniliik Iffaanis seenaasaa ijaarrachuu fi Shawaarratti olaantummaasaa labsuuf carraaqqii guddaarra ture. Innuu sababii kanaan mootii isa duraa Tewoodroosin Maqadallaatti hidhameera.

Yeroo sana Warqituun Tewodroos injifachuuf Minilik Iffaa fayyadamaa turteetti.

Waraanni Tewodroos Iffaa fi Warqituu jidduu ture gaafa cimu Warqituun ooftee injifachuun, buufata waraanaa Tewodroos seentee haaloo ilmaanii fi qomooshee ba'atteetti.

Sanarraa kan ka'ee injifatamuu Tewodroos ilaalchisuun azmaaronni akkanaan sirbaniiru.

መቅደላ ላይ ጨክት በረከተ
የሴቱን አናውቅም ወንድአንድሰውሞተ

Hiikkaan isaa; Maqadallaarratti gaddii fi boo'ichi heddummaachuu, dhiirri tokku yoo du'u kan dubartii akka hin qulqulleeffatin ibsa.

Bara sanas Tewoodroos lammiilee Ingiliiz madfii naaf hojjedhaan qabateet ture. Ingilizoonni isa barbaacharra osoo jiranuu Tewodroos du'ee argameera. Tewodroos hin booji'amuun yoo ajjeefames, yoo du'es loltoota mootittii Warqituudhani malee kan Ingiliziinii miti.

55. Abbaa Jifaar

Abbaa Jifaar naannoo bara 1953 kan dhalatan yammuu ta'u, maqaan isaanii jalqabaa Tulluu ture. Abbaa Jifaar Abbaa Gomool ammoo moggaasa barmaata Jimmaatini. Haati Abbaa Jifaar Haliima Anshaadha. Abbaan isaa Daawud Alii yookin Abbaa Gomol Abbaa Booqaadha.

Waraanni Miniliik Iffaa Raas Walda Goorgiisii fi Goobanaa Daacceedhaan hogganamu gara Jimmaa yoo qajeelu, Abbaa Jifaar waraana malee bulchiinsa Miniliik Iffaa jala galuu amanee fudhate.

Goobanaa fi Abbaan Jifaar; Miniliik bulchiinsa Jimmaaf beekamtii akka laatu, Jimmaanis mootummaa Miniliik akka fudhatuu fi waggaa waggaatti gabbaraa akka ergu, akkasumas bataskaanni Jimmaatti akka hin ijaarramnee waliigalteerra ga'aniit ture.

Abbaa Jifaar Muusliimonni Hajjiif Makkaa deeman bakka boqataa dhabanii akka hin rakkanne, Maartireezaa kuma 75n Saawdiitti gamoo ijaarsisaniiru.

Abbaa Jifaar umriisaa 73ffaatti yoo boqatu, magaalaa Jimmaa, ganda Jireen Masjiida Afurtamaatti awwaalamaniiru.

Abbaa Jifaar boqatee, yeroo weerara Xaaliiyaanii kan ture hiddi isaa Abbaa Joobir Abbaa Jifaar Oromiyaa dhihaa gamtoomsuu fi walaba taasisuuf carraaqaa tureera.

Yeroo sana Oromoon carraa barnootaa argateen, afaan isaa afaan barreeffamaa fi miidiyaa ta'us, Xaaliiyaanii waliin itti fufuuf fedhii hin qabu ture.

Sanarraa kan ka'e Oromiyaan dhihaa; Wallaggaa fi Jimmi bulchiinsa konfedereeshinii mataa ofii; mootummaa Ityoophiyaatinis ta'e Xaaliyaanirraa adda ba'ee; ofiin of bulchu hundeessuuf carraaqaa tureera.

Carraaqqin kunis 'Liig Oof Neeshinsitti' beekamtii akka argatu irra deddeebiin yaalamaa tureera. Yeruma sana bulchiinsichaaf afaan hojii afaan Oromoo akka ta'uuf ture kan hojjetame.

Seerri sanaaf ta'us afaan Arabaatin hoggansa Abbaa Joobir Abbaa Jifaarin, deeggarsa Baayoot Sheekin qophaa'era. Barreeffamichi garuu mootin biyyattii Ingiliiz magaalaa Baazitti baqatee ture yoo as deebi'uu fi booddee Abbaan Joobir, Haaylasillaasedhaan gaafa hidhamu akka badu taasifameera.

56. Mahaammad Alii fi ilmasaa Iyyaasuu

Mahaammad Alii sababii dhiibbaa Tewodroos IIffaa fi Yohaannis IVrraa kan ka'e; amantaa isaa Islaamummaa irraa gara Ortodooksiitti; maqaa isaammoo Mikaa'eel Aliitti geeddareera.

Isaan dura Warqituun naannichatti dhiibbaa uumtummaan ishee olaanaa ture. Haata'uutii barri mootummaa ishee yoo dhumatu, Barri Mahaammad ammoo sosochii kiristaanota Poorchugaal, Raashiyaa, Faransaay, Xaaliiyaaniin kan guuttame ture. Kun ammoo hariiroo biyyoonni Arabaa Mahaammad waliin qaban laaffisaa, Minilikii fi Yohaannisiif ammoo haala mijataa uumera. Walloonis sana keessa ture baay'ee kan miidhame. Afaan isaa afaan Oromoo akka hin fayyadamne, amantaa Islaamaa dhiisee Kiristaanummaa akka fudhatu, lafaa fi ilmaan isaatin akka bulchiinsa Yohaannis, sana boodammoo Minilikii fi Haaylasillaasee jala akka galu taasisiera.

Hariiron akka addaan hin faggaannee fi icciitin bulchiinsaa akka eegamu Miniliik intalasaa Dasiilaarraa dhalfate Shawaaraggad, Mahaammaditti heerumsiisera. Shawaaraggad ammoo Mahaammadiif Iyyaasuu deessefiitti.

Miniilikis du'a isaatin dura; Lij Iyyaasun mootummaa isaa akka dhaalu dhaamet ture. Haaluma sanaan Iyyasun ijoollummaatti carraa mootii ta'uu argatee ture. Haata'uutii Zawdituu Minilikii fi Haaylasillaaserraa dhiibbaa cimaatu irra ga'aa ture.

Lij Iyyaasun Oromoo hammatee mirgi walqixxummaa amantaa, qonnaan bulaa fi walqixxummaan sabaa akka mirkanaa'u socho'aa tureera. Iyyaasun waraana ciccimoo Haaylasillaasee waliin gaggeessera. Injifatamee yoo qabamu jalqaba Salaalc Fiichetti, Siddist

Kiiloo Yuunvarsiitii Finfinnee, akkasumas Haragee Gurawwaatti hidhameera. Dhumarra bara 1928 duuti isaa bifa dhoksaa ta'een jireenyi isaa dhumateera.

Bara 1847-1860tti hoggansa Tewodroos jalatti Oromoo Yejjuu fi Oromoo Walloo irratti amantaa Waaqeffataa fi Islaamummaarraa gara Kiristaana Ortodooksiitti jijjiiruu fi lafa isaanii irraa buqqisanii arii'uudhaf duulli irratti baname bal'aa ture.

Isaan dura garuu ummanni Oromoo Yejjuu, Walloo, Azaboo fi Raayyaa hammeenya bulchiinsa Abisiiniyaa ofirraa dhoorkuuf dursanii amanta Islaamummaa fudhataniit turan.

Hoggantoonni Abisiiniyaas jaarraa 16ffaa irraa eegalanii amantaa Islaamaa fi Oromoo akka sodaa sabummaa isaaniitti fudhachuu eegalaniit turan.

Bulchiinsichi 1845 Raas Alii IIffaa ega dadhabsiisee booda, Oromoon Yejjuu amantaasaa geeddarachuuf dirqameera. Kiristaana taatee yoo jedhanii isa gaafatanillee Wallaahe ani Kiristaana jedhaa ture Walloon. Ummanni hedduun hallayyaatti gatamaniiru. Hedduunis fannifamanii, kaanis ajjeeffamaniiru. Kaanis gabrummaan gurgurameera.

Tewoodroos Oromoo fi Tuurk lafa abbaa kiyyaa qabataniiru jedhee nama yaadu ture. Sanarraa ka'ee giiftii Viiktooriyaa Ingiliziif xalayaa barreessen haaloo ba'uu akka barbaadu ibsuun deeggarsa gaafachaa tureera.

Yohaannis bara 1870 marii waliigalaa mana amantaa Ortodooksii Ityoophiyaa Booruu Meedaa irratti waamen, namuu cuuphamee amantaa Ortodooksii fudhatu malee siyaasa keessatti hirmaachuu akka hin dandeenyee fi jiraachuunis akka itti ulfaatu akeekkachiisee labseera.

Waaqeffataan battalatti amantiisaa akka gatu, Islaamni dafee akka cuuphamu ajaje. Kiristaanni kaanis Ortodooksiitti akka geeddaratu taasise. Hammeenya Yohaannis IVffaan ummata isaarran ga'u kan hubate mootin Walloo Mohaammad Aliin amantaasaa Islaama dhiisee Kiristinnaa ka'ee Mikaa'el ta'eera.

Abbaan Kiristinnaasaammoo Yohaannis ture. Ortodoksiin daa'ima malee Kiristinnaa hin kaasne jabaas gaafa argate cuuphet Kiristaanessa. Oromoon Walloo amantaa Islaamaa hin gatu jedhes gara Matammaa, Jimmaa fi Hararitti baqateera. Shirri Yohaannis kun Miniliik Kaatolikoota Roomaa Shawaa keessaa akka baasu taasiseera.

Walloon qabsoo farra cunqursaa caalman kan finiinse bara 1870 Minilik IIffaa fi Atsee Yohaannis waliigaltee Booruumeedaa taasisanii Walloon akka cuuphamu yoo ajaja dabarsan ture.

Waraana Bakkee irratti loltoonni mootichaa, Oromoo Walloo irratti hubaatii yoo geessisan, Oromoon Walloo fincilee gara Qaallootti maqeera. Oromoon Walloo; Hasan Wadaajoo fi Sheeh Tolaan yoo hogganaman,loltoonni mootichaa ammoo Raas Mashashaa fi Raas Mikaa'eliin hogganamanii waraanni baname.

Waraanni mootichaas injifatamee duubatti deebi'uun dheeffera. Atsee Yohaannisis hoggantoonni fi loltoonni isaa injifatamuu isaanitiin aaree dhiigni isa daffeera.

Bara 1877 Oromoon Warra Imanuu; Abbaa Jabalii fi aadde Mastaawatiin hogganamee fincila Oromoo Walloo gaggeessu keessatti Sheek Tolaan iddoo olaanaa qaba ture. Oromoon Walloo ajajaa loltoota Atsee Yohaannis; Bajiroond Nawxee dirree waraanaa Kilkkilloo irratti loltoota isaa hunda waliin barbadeessera.

Bara 1905 erga Minilik IIffaan du'een booda ilma Mikaa'el kan ture Lij Iyaasuu V (kan Miniliik akaakayyuutti ooluf) aangootti akka ba'u taasifame. Kun ammoo fedhii Minilikiin kan ta'e. Raas Tasammaa Naadaw amma mucaan guddatutti gorsaa ta'uun muudameera.

Raas Tasammaan yoo du'u Lij Iyyaasun hoggansa qajeelaa laachaa tureera. Dhalootaa fi hariiroo cimaa Oromoo; keessattuu Walloo waliin qaburraa kan ka'ehidhanni Musliimota waliin horate cimaa ture. Kun ammoo sirna bulchiinsa mootummaa siyaasaa fi amantaa makatee maatii moototaa fi mana amantaa Ortodooksiitti bowwoo ta'eera.

Iyyaasun addabaaba'iitti lallabamee muudama hin arganne ture. Haata'uutii abbaan isaa mootichi Mikaa'eel muudama seeraa waan qabuuf bulchiinsa Ityoophiyaa harka wayaa jalaa Iyyaasuun shoorsaa tureera.

Waraana addunyaa Iffaarratti aangon giddugaleessaa Iyyaasuu dhiibbaa keessa akka galu ta'eera. Kunis Iyyaasun Mohaammad Abdullaahii Hasaaniif deeggarsa taasisuu isaatini ture. Iyyaasun maatin isaa warri Walloo Islaama waan ta'aniif hoggansi Ortodooksii fi maatin moototaa shira irratti xaxuu eegalaniiru.

Fulbaana walakkeessa,1908 Iyyaasuu fonqolchuunis aadde Zawdituu Miniliik aangootti baasaniiru. Iyyaasuu fi Zawdituu Miniliik firummaa dhiisanii aangoof walnyaataniiru.

Gaafas gorsaa ishee ta'ee kan muudame Raas Tafarii Mokonnon (Haaylasillaasee I) ammoo barcumasheetti inaafuun guyyaa eeggachuufitti taa'era.

Tafariinis intala intala mootii Walloo Mikaa'eel (kan aadde Sihin Miikaa'eel dhaltu) aadde Manan Asfaaw fuudhera. Gara tokkoon

Iyyaasuu diina godhachaa gara tokkoon ammoo firasaa fuudhuun soddoomaa, ofii karaa qajeelfataa, hiree sabaammoo balleessa.

Mootii Walloo Mikaa'eliif Iyyaasun aangorraa fonqolchamuun isa aarset ture. Onkololeessa torbee jalqabaa (baruma sana) loltoota 80,000 qabatee gara Shawaatti duule. Iyyaasuunis loltoota isaa hiriirsee gara abbaatti imala eegale. Onkololeessa dhumarra dirree waraanaa Sagalee irratti humni waraanaa mootii Mikaa'eliin duurfamu duursee raayyaa Zawdituu irratti waraana baneera.

Gareen raayyaa Zawdituu deeggaru duursee qophaa'ee da'annaa waan qabateef calliseet riphee taa'e. Mootiin Walloo; Mikaa'el loltoonni isaa duursanii waraana waan bananii turaniif rasaasa fixataniiru. Humni deeggarsaa Iyyaasuus dafee waan isaan hin qaqqabiniif, raayyaan Zawdituu Fiit Awraarii Haabta Goorgiis (Qusee) Diinagdeedhan hogganamuun mooticha qabeera. Oromoo tokkotu harka Oromoo biraa nyaate jechuudha.

Ilmi Raas Mikaa'el; Lij Iyyaasun Zawdituu fi Tafarii ykn Haylasillaasen yeroo wafdhabbiirra turan, waraana Sagalee irratti duulee waan tureef Dajjazmaach Gabramaaryaam rukutamee madaa'era.Sila osoo Lij Iyyaasuu deeggaree jiraatee tarii seenaan Haylasillaasee geeddaramee aangof hin ga'u ture.Haata'uutii garuu Lij Iyyaasun lafatti ejjetee lolus mirgi kan isaanii hin turreetii injifatamee harka diina isaatti kufe.

Mikaa'elis qabamee to'annoo Fiitawraarii Habtagoorgiis Diinagdeen iddoola hora cobaatti; gara Shawaa Kibba lixaatti waggaa lamaa fi walakkaadhaf hidhamee tureera.

Iyyannaa dhiyeeffateenis gara mana hidhaa magaalaa Hoolataatti dabarfamee ji'a 6 ega tureen booda boqateera. Waan akaakayyuu giiftii Manan ta'eefis akka mootiitti sirni awwaalchaa gaggeeffameefira.

57. Warra Leeqaa

(Bakaree Godaanaa, Morodaa Bakaree, Kumsaa Morodaa, Jootee Tulluu, Haabtamaariyaam Kumsaa)

Naqamteen Leeqaa fi Billoof jiddugala gabaa guddaa taatee tajaajilaa turteetti.

Naqamteen xiyyeeffannaa argattee giddugalummaan jajjabaatte Bakaree Godaanaa, booddeemmoo ilmisaa Moradaa Bakareen taayitaatti wayita dhufu.

Bara Kumsaa Morodaan(1862 – 1916) Kiristinnaa ka'ee jalqabee, Naqamtee fi naannon ishee jiddugala bulchiinsa mootii Shawaa jala galaniiru. Amantaan Ortodooksiis toorasitti kan babal'ate sanaan booda. (Ittaanaa Haabtee 2011 Awr.)

Abbaan Kumsaa mootii Morodaa Bakareen waraana malee bulchiinsa jiddugalaatti dabalame. Leeqaa Naqamtee laafina sirna Gadaatin booda bulchiinsa mootota jajjaboo sadan; Bakaree Godaanaa, Morodaa Bakaree fi Kumsaa Morodaa jala turteetti.

Morodaa Bakareen bara 1860 -1881 Naqamtee, Jootee Tulluu ammoo 1847 -1910tti Qeellam bulchaa turaniiru.

Mootonni lamaan bara naannichi dhiibbaa gara biraa dhabu, ofiif walsukkummu turan. Adwaadhan dura bulchiinsi isaanii walabummaa qabaatus, Miniliik sana booda humnaa fi beekamtii waan argateef bulchiinsa isaaniirratti nama muudee itti ergaa tureera.

Morodaa fi Jooten akkuma mootii Jimmaa, Abbaa Jifaaritti waliigaltee godhataniit ture Minilikiif gibira waggaatti ergaa kan turan. Goobanaan

waraana oofee dhaqus, waliigaltee gabbaraa fudhatanii bulchiinsa Shawaa jala galan.

Adwaadhan dura loltoonni Miniliik Leeqaa keessa akka hin ejjenne, bulchiinsa keessa akka hin galle waliigalanis Miniliik injifannoo Adwaatin booda yaadasaa geeddaratee namootasaa irratti muudee ergaa tureera. (Ittaanaa Haabtee 2011 Awr.)

1881 Morodaan yoo du'u bulchiinsi garee Amaaraa naannicha to'achuuf socho'us, ilmisaa Kumsaan yoo bakka qabatu yaadichi fashaleera.

Kumsaan 1880 abbaa Kiristinnummaa Minilikiin cuuphamee, waaqeffannaa dhiisee Kiristaanummaa Ortodooksii yoo fudhatu, maqaan isaas Gabra Igzi'aabheer Morodaatti geeddarameera.

Sana booda bataskaana hedduu ijaarsisaa ture.

Amma 1891tti Leeqaan gibira ofumaa guurrachaa kan ture yammuu ta'u, sana booda garuu Finfinneerraa namni itti muudamuun, hojimaanni ture geeddarameera.

Injifannoo Adwaa 1888n booda waliigalteen Leeqaan ofiin of bulchuu jedhu gaaffii keessa galuu eegale. Dhiibbaa faaynaansii qofa osoo hin taane, naannichi weerara Beellaa Shaanguulirratti akka hirmaatu dirqameera.

Naggaadiraas Tanaan Naqamteetti, Naggaadiraas Sartsa Wald ammoo Mandiitti yoo ergaman Leeqaan kallattiidhan ajajaa fi bulchiinsa Miniliik jala galaniiru.

Jooteen dhiibbaa Raas Tasammaa Naadaw; Iluu Abbaa Buuraa dabalatee bulchaa kan ture jala yoo galu, Oromoon naannichaa roorroo, dhiibbaa fi saamichi gamteef manaa fi qabeenyasaa dhiisee gara Mandiitti baqateera.

Caalmadhaan ammoo Jootee Tulluu bara 1910 yoo du'u, naannichi kallattiidhan micciirraa tokko malee Miniliik IIffaa jala akka galu isa taasiseera.

1891 Naggaadiraas Yiggazuun Minilikiin muudamee Kumsaatti yoo ergamu, mootichi Shawaa waadaa fi waliigaltee galeef amanamaa akka hin ta'in muul'iseera. Waliigalteen goyyomsaa 1880 Leeqaan Minilikiin gale bara 1898 guutummaan diigamee cabeera. Loltoonni mootichaa 1300 Shawaadhaa ergauun, bulchiinsa Leeqaa keessa eeyyama malee qaxxaamuruun Arjootti lafa ummataarra qubsiifamanii achumaan bultii horatanii akka hafan taasifameera. (Ittaanaa Haabtee 2011 Awr.)

Leeqaa Qeellamii fi Leeqaa Naqamtee ilma Kumsaa Morodaa; Haabtamaariyaamiin 1912 amma 1922tti mootummaa jiddugaleessaa waliin hariiroo qaba tureera. Barri mootii naannichaas sana booda laafaa dhufeera.

Yeroo weerara Xaaliiyaanii 2ffaa bara; 1928 kaasee amma Haaylasillaasen Ingilizii deebi'ee tasgabbaa'utti dhihi Oromiyaa (Naqamtc, Horroo, Qeellam, Iluu Abbaa Booraa, Buunoo Beddellee, Jimmii fi naannon kanaa) bulchiinsa Haaylasillaasee jalattis ta'e Xaaliiyaanii jalattihammatamuu hin fedhan ture. Konfedereeshinii dhiha Oromiyaa hundeessuuf beekamtii Liigs Oof Neeshins gaafachaa turaniiru. Gaaffichi garuu sababii Ingiliiz Haaylasillaasee deeggaraa turteef hin milkoofne

58. Zawdee Jaankaa, Alamuu fi Haaylamaaryaam Maammoo

Zawdeen, weerara Xaaliiyaanii qolachuuf jecha ilma obboleettii isaa wareege. "Warraaqsi ilma ishee ni nyaattin" bara weerara Xaaliiyaanii 1928 kaasee amma biyya gattee baatu waggaa shanan keessa bal'inaan turcera. Seenan Zawdee fi Alamuutis walfakkaatadha.

Zawdeen abbaasaa Jaankaa Nagawoo fi haadhasaa aadde Dinqituurraa dhalata. Alamuun ammoo abbaasaa Ejersaa fi haadhasaa Dastaa Jaankaarraa dhalata.

Dhalattoonni naannichaa obbo Korraa Kabbadaa Waarii fi obbo Damissee Makoonnan Mulaatuu akka natti. himanitti, weerara Xaaliiyaanii 2ffaa qolachuuf Oromoon gara Tigraay duule hedduudha. As gara naannoo jireenya isaaniitti deebi'anii Xaaliyaanota ari'aa kan turanis lakkoofsa hin qabanu. Ilmaan biyyaa; Xaaliiyaanii qolachuuf naannoo Tigraay deemanii karaarratti wareegamanis kumaatama. Salaale dubbittii hin dagannes;

Osoo gaangonni dhaltee
Gaangota zinnaarii sanatu dhalaa.
Osoo kan du'e galee
Ijoollee Maqalee duulctu gala.
Maqalee, yaa Maqalee, yaa lafa bishaan dheebisaa
Maqalee, yaa Maqalee,
yaa lafa Shawaan diina itti qalee kan hafe galee

jechuudhan sirbaafii akka turan obbo Korraa Kabbadaa fi obbo Damissee Makoonnan natti himaniiru.

Weerara Xaaliiyaanii qolachuuf sochiin naannoo Sulultaa, Waacaalee, Gumbichii fi Jiddaas cimaa ture. Baraanbaraas Lammaa Jimaa Yeeyyii fi baraanbaraas Kabbadaa Muullataa Gumbichuurraa, Dastaa Buttaa

Badhaasaa Muka Xuriirraa, Waaqjiraa Gammadaa Jiddarraa jajjaboo turan.
Sirbi Waaqjiraa yaadatu(gabaabaa ture);

Waaqjiraan kan amma nuusaa
Yaa huurrii buusaa warra Gammeedhaa jechuudhan sirbameefira.

Dastaa Buttaa yaadachuun ammoo(dheeraa ture);

Haaloo baasaa bara duraa
Dastaa yaa labanii
Rasaasa malee mee si yaa qabanii jechuun sirbameefira.

Marii weerara Xaaliiyaanii qolachuuf Waacaaleetti gaggeeffame irratti Hordofaa Jokkee, Baldaa Maallee, Gammadaa Waatoo, Alamuu Ejersaa fi Haaylamaariyaam Maammoo argamaniiru. Marichaan Sulultaa kaasee amma Qarree Go'aatti hunduu naannoo jirutti cimee akka lafa ofii eeggatee lolutu waliigalama. Abbaltii kanaan ummata dadammaqsuun barbaachisaa waan tureef, hojichi hojjetamee ummannis isaan waliin socho'a.
Haata'uutii Xaaliyaanin Inxooxxoo qabattee da'annaa Sulultatti yoo tolfattu, ummataa fi hoggansa ummataa kanneen badhaasa, kennaa fi sossobuun amansiifachuu eegalti.

Sossobbichaaf akka toluuf waltajjiin kun Sulultaatti waamama. Waltajjii Xaaliiyaanii kanarratti Hordofaa Jokkee, Alamuu Ejersaa, Baldaa Maallee, Gammadaa Waatoo argamaniiru. Xaaliyaaninis biyyaa fi ummanni hiyyummaa fi wallaallummaa keessa waan jiruuf, ummata nurraa dhoorkaa, dhukaasa nurraa dhaabaa, waliin hojjennaan sossobanii isaan amansiisu. Jarris naannoo jireenya isaaniitti yoo deebi'an, ummataa fi hoggansa ummataa kan turan Haaylamaariyaam Maammoo fi Zawdee Jaankaafaadhan wal loluu eegalu. Zawdeefaan nuti ummataaf lollaa, isin miila Xaaliiyaanii dhiqaa jechuun haaloo ba'achuuf guyyaa eeggataa turan.

Hoggansi ummataa jaratti muufatee ture garee Haaylamaariyaam, Zawdee, Lammaa Jimaa, Kabbadaa Muullataafaa ture. Warri sossobbiidhan ummata dhiisee Xaaliyaanitti makamemmoo Gammadaa, Baldaa, Horfdofaa, Alamuufaa turan.

Zawdeen ilma obboleettii isaatti aare, Alamuun haadhasaa awwaalee Dabra Libaanosii gaangedhaan yoo deebi'u Caagaalitti eeggatee halbeenidhaan ajjeesa.

Alamuu waliin namoonni turan isas achumatti awwaalanii, nus nu hin dhiisun gara Xaaliyaanitti dheeffan.

Ka'umsi aarii garee Zawdeefaa namni, qabeenyii fi manni Xaaliyaanotaa, fi baandotaan osoo miidhamaa jiruu akkamitti diinatti kooluu galuudha.

Salaales dubbicha irratti xiyyeeffatee Alamuudhaf akkanaan sirbaafii tureera;

Qarqaraan lolan jennaan keessa gadi baatee yaa Alamuu,
Qarqaraanis hin lolle, keessa gadi baananis hin tolle,
Alamuun kan Ejersaa, koottu yaa Zawdee ija qeerransaa.

Zawdeen ilma obboleettii isaa maqaa qabsootin ajjeese; ummata Salaalee sochoosee baddaa Waacaalee, gammoojii Mogor karaa Waacaalee, Gundoo Masqalii kaasee naannessee Waacaalee jalaan marsee Jirruudhan ga'eera. Zawdeen Xaaliiyaanii Waacaalerraa kaasee Jirruudhan ga'ee, Horroo Guduruu Wallaggaatti ergama walfakkaataaf bobba'ee, wareegameera. Salaale Zawdee mararfatemmoo akkanaan sirbeefira;

Alamuun kan Ejersaa
Loli yaa Zawdee ija qeerransaa,
Manni Alamuu fuullee Gumbichuu, kan Zawdee Kurfaa
Gobi Xaaliiyaanii fi baandaa silas maaltu dhufaa

Gitni isaa Haaylamaariyaam Maammoon ammoo gammoojjii Shawaa Kaabaa, Kasamitti wareegame.

Haaylamaariyaam Maammoo dhalataa Salaalee malee, Shawaa Kaabaa kan naannoo Amaaraatii miti. Seenan isaa kanaan dura akkanaan dabsamee barreeffamaa ture. Haata'uutii dhugaan jiru kana. Qayeen Haaylamaariyaam ammallee ni jira. Baargamoo fi geeshon dhaabe, ammallee akka jiru dhalataan naannichaa fi seenaa ummataa beekan obbo Damissee Makoonnan natti himaniiru.

Qacceen Haaylamaariyaam amma magaalaa Yaayyaa Gullallee; Kaamboo jiru. Badhaadha Dilgaasaa horteen Haaylamaariyaam isaa waliin bosona akka galan gaafatee dinnaan, walitti bu'iinsa uumameen miidhamaniiru. Gootummaa Haaylamaariyaamif akkanaan sirbamaafii ture;

ታይለ ማር ያም ማሞ የ ሞሩ ገ በሬ
ፈረሱን አንደ ወንድ አስ ታጠቀ ው ሱሬ

Hiikkaan isaas;

Haaylamaariyaam Maammoo raayyaa qonnaan bulaa

Fardasaatti uwwise kofoo, akka ilmasaa dhiiraa

Dabalataanis;

Haylee yaa ilma Maammoo
Guraandarraan yaase Xaaliiyaanii
Hayleen daggala seenee
gogorrii seetee hin darbatinii
Xaaliyaanin nama gadheessitii
Hiriyaa seetee hin abdatinii;
jechuun sirbaafii ture.

Maatin Zawdee ammallee maatii fi qayee bareedaa waliin Shararoo, Kurfaa Nya'aa Jaankaa Nagawoo jiraatu.

Holqi Boolee aanaa Waacaalee keessa jiru, holqa ummanni akka da'annaatti itti fayyadamaa ture. Maatin Alamuufaa garaanaan jiraatu. Xaaliyaanonni namoota manaa yoo dhaban, gara hoolqichaa deemuun rakkoo uumaa turaniiru.

Aanaa Waacaalee keessa holqoota weerara Xaaliiyaanii barasii ittisuuf akka da'annaatti tajaajilan hedduutu jira. Daangessanii hambummaan fayyadamuuf garuu wanni hojjetame hin jiru. Isaan keessaa holqi Boolee, malkaan Duulaa gara Mogor, holqi Fuullee fi tulluun Fuullee muraasa.

Wabiilee

1. Kitaabolee, miidiyaa fi barruulee afaan Oromoo

Abaadir Jeeylaan.2003.Seenaa Qabsoo Qomaan Bultoota Baalee. Waajjira Aadaa fi Turiizimii Godina Baalee.

Alamuu Wadaajoo.2003.Seenaa Jeneraal Huseen Bunee. Waajjira Aadaa fi Turiizimii aanaa Sawweenaa.Baalee Roobee.

Ayyaaloo Mokonnon.2005.Gootummaa fi Oromoo. Mana maxxansaa Alam.

Barkumee Oromiyaa.2000.Magaalaa Baddallee. Itiyoophiyaa (Barsiisaa Darajjee Mangashaa Wayyeessaa. Wasiila Fiit Awraarii Shuuramuu).

Barruu Goota Oromiyaa.

Daraaraa Maatii fi Mahaammad Hasan. 2008(Awr.). Goota Oromiyaa. Dhaabbata Maxxansaa Oromiyaa. Atlaantaa, Joorjiyaa.

Fayyisaa Fiixaa. 2015 ALA. Meettoo. Hidda latiinsa Meettaa fi seenaa gootota Oromoo. Finfinnee.

Ginbaar Nagaraa Kumsaa. 2011. Seenaa Abiishee Garbaa fi Gootota Oromoo Biroo.

Hegeree Miidiyaa. 2012(Awr.). Gaaffii fi deebii Aslii Oromoo waliin taasifame, kutaa Iffaa fi IIffaa.

Jamjam Uddeessaa.2017(Awr). Jeneraal Xulaa Duubee. Kutannoo dhaloota sadii maadeeffate.

Koloneel Galaan Urgeessaa Waaqee seenaa loltummaa fi injifannoo

Mohaammad Ismaa'el fi Yaasiin Mohaammad.2006. Qaanqee qabsoo Oromoo, Finfinnee.

Mulugeetaa Tsahaay.2014 ALA. Abaarsa Dooluu Jiloo. Mana Maxxansaa Faar Iist, Finfinnee.

OBS. 2008. Sagantaa ayyaana Iid Al Faxiira 1437ffaa fi seenaa Aliyyii Cirrii.

OMN. 2009. Qophii addaa seenaa Jaatalii Alii

Oromiyaa.1984. Albamii Elemoo Alii qabsoo fi waraana Cirootti gaggeeffame ittiin faarse.

Finfinnee Raadiyoo. 2015 Awro. Gaaffii fi deebii hayyuu seenaa Oromoo Eda'oo Borruu waliin seenaa Badhoo Dachaasaarratti taasifame.

----------.Muddee 2017 Awr. Seenaa Taaddasaa Birruu fi maatiisaa ijoolleesaa Muusee Taaddasaa fi Maartaa Taaddasaa waliin turmaata taasifamerraa kan fudhatame.

Sagalee Bilisummaa Oromoo. Gurraandhala 3, 2016

VOA, qophii qfaan Oromoo. Waa'ee Oromoo kana beektuu laataa: seenaa Abiishee Garbaa.

Weebsaayitii "Oromedia".Dr. Mohammed Hassen, assoosheet prooofeesara seenaa Yunvarsitii Joorjiyaa.

2.Kitaabolee afaan Amaaraa

ላጲሶ ጊ ድሊቦ (ዶ/ር) ፡ 1983 ፡ የኢትዮጵያ የገባር ሥርዓትና ጅምር ካፒታሊዝም ፡ ከ1900-1966 ፡ ሁለተኛ መፅሀፍ ፡ አዲስአበባ፤

----------፡ 1999 ፡ የኢትዮጵያዊነት ታሪካዊ መሰረቶችና መሳሪያዎች የኢትዮጵያና የኢትዮጵያውያን የመነሻና የማንነት ግንዛቤ አራተኛ መጽሀፍ ፡ አዲስአበባ፤

መንግስቱ ;ንይለማርያም፡2004፡ትግላችን፡የኢትዮጵያ ሕዝብ አብዮታዊ የትግል ታሪክ፡ ትዕአንድ፡ ወሐይ አሳታሚ ድርጅት፤

ሺፈራው መንገሻ፡1993፡የሻለቃ በቀለ ወያ ታሪክ፡ "የትውልድ አርአያ"፡ብርሀንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት፡ኢትዮጵያ፤

ባህሩ ዘውዴ ፡ 1999 ፡ የኢትዮጵያ ታሪክ ከ1847 እስከ 1983 ፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ ፕሬስ ፡አዲስአበባ፤

ብላታ ማሀተመ ሥላሴ፡1942፡ዝርክረ ነገር፡አዲስ አበባ

ወርቅነህ አባሶሪ፡2008፡

ተራሮችን ያንቀጠቀጠ ትውልድ፡1990፡ቅፅ 2፡እውነተኛ ታሪኮች፡በሲሳይ ንጉሱ፡ሚጋ አሳታሚ ድርጅት፡አዲስ አበባ

ተክለፃዲቅ መኩሪያ፡1936፡የኢትዮጵያ ታሪክ ከአጼ ቴዎድሮስ እስከ ቀዳማዊ ኃይለስላሴ፡ብርሀንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት፡አዲስ አበባ

----------፡1981፡አጼ ሚኒሊክና የኢትዮጵያ አንድነት፡ኩራዝ አሳታሚ ድርጅት፡አዲስ አበባ

----------፡1984፡አፄ ዮሃንስና የኢትዮጵያ አንድነት፡

ተሾመ ጀብሬ መኮንን ፡ 1989 ፡ የሀበሻ ጀብዱ፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ ፕሬስ ፡ ኢትዮጵያ

ታደሰ ቱሉ ሶልቫና፡2004፡ገድለ መፈንቅለ መንግስት በኢትዮጵያ 1953 ዓ.ም፡ብራና ማተሚያ ድርጅት፡አዲስ አበባ

ቴዎድሮስ ሙላቱ፡1992፡አኬለዳማ፡አዲስ አበባ፡

እሸቱ አረና፡2001፡የኦሮሞ ታሪክ፡ከጥንት እስከ 1890ዎቹ መጨረሻ፡

አላና ቦጋ፡1987፡ግዝትና ግዞት፡አዲስ አበባ

ኦርዮን ወ/ዳዊት ፡ March 03,2013 ፡አዲስ አበባ፡አዲስ አድማስ

ዋለልኝ እምሩ፡1997፡የአለም ምርጥ ጀግኖች አጭሎር ታሪኮች፡ብርሀንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት፡አዲስ አበባ

ገብረ ሥላሴ፡1959፡ዳግማዊ ምኒሊክ

ፍቅረ ማርቆስ ደስታ፡ 2002፡ጃጋማ ኬሎ የበጋው መብረቅ የህይወት ታሪክ ፡ ማስተር ማተሚያ ቤት ፡ አዲስ አበባ ኢትዮጵያ፡

ፍቅረሥላሴ መግደረስ ፡ 2006 ፡ እኛና አብዮቱ ፡ ዐሐይ አሳታሚ ድርጅት ፡ አዲስ አበባ ፡ ኢትዮጵያ፡

ፖሊስና እርምጃው፡ከየካቲት 30 እስከ ሚያዝያ 15 ቀን 1962

3.Kitaabolee afaan Ingilizii

Abarra Gambare.1983 E.C. Bälay Zälläqä. Addis Abäba.

Adhana Mengist Ab.Yohanes IV and Kasa.an article in Kasa and Kasa.

Andargachew Tiruneh, The Ethiopian Revolution, 1974-1987 (Cambridge: University Press, 1993), p.237

ANON.1977 E.C.1902.1937.Addis Zämän,Mäskäräm10, 3,7.

-------. 1979 E.C. Addis Zämän, Miyazya 1, 3.4.

Conti Rosini,Carlos.1935.Italia ed Etiopia dal Trattato d'uccialli alla Battalia di Adua.Roma:Istituto Del oriente.

Del Boca,Angelo. The Ethiopian War 1935-1941.Chicago,1969.

Donald Levine, Greater Ethiopia, the Evolution of a multicultural society (University of Chicago Press: 1974)

Dump_html v1.3 (S.McGee) and (T.T.Wetmore). Lifelines v3.0.28.

Etana Habte 2011 (GC). Assessing the Aftermath of Adwa in Wallagga Territory (Ethiopia): The Case of Leeqaa-Naqamtee and Leeqaa-Qellem (1896-1937).2011 International Conference on Social Science and Humanity IPEDR vol.5 (2011) © (2011) IACSIT Press, Singapore.

Finfinne Radio .2015. An interview with an oral Oromo historian obo Edao Boru; on the life history of Bedho Dechasa
Finfinne Tribune:December 17, 2014. "The Demise of the Military Government", Library of Congress website (accessed 29 October 2009)

GETIE GELAYE .1999.Amharic War Songs and Heroic Recital Composed and Recited in SAMSON CHANE .1991. The Court System of Dajazmach Balay Zalaqa, B.A. thesis, Addis Ababa University.

---------- .2001.Amharic Oral Poems of the Peasantry in East Gojjam: Text, Classification,Translation and Commentary, Hamburg . Münster . London.

Henry Soszynski. 7 SEP 2011 : Database .

Hussein Ahimed.1988.The life and carreer of Shaik Talha B.Jaffar.Volume XXII.

Mohammed Hassen, The Oromo of Ethiopia: A History 1570-1860 (Trenton: Red Sea Press, 1994), p. 198

PANKHURST, RICHARD .1969.The Ethiopian Patriots and the Collapse of Italian Rule in East Africa, 1940.1941., Ethiopia Observer 12, 2, 92.127.

SALOME GÄBRÄ ÉGZIýABHER .1969 .The Ethiopian Patriots 1936.41., Ethiopia Observer 12, 2, 63.91.

SELTENE SEYOUM .1999. A History of Resistance in Gojjam (Ethiopia): 1936.1941, Ph.D.thesis, Addis Ababa University.

Sheleme Kebe. 2016. Oromo Nationalism. Segli printers.
Ulrich Braukämper: Islamic History and Culture in Southern Ethiopia. Collected Essays, Göttinger Studien zur Ethnologie 9, 2003, ISBN 978-3-8258-5671-7, p. 117-119

YOHANNES BERHANU .1972. The Patriots in Gojjam 1936.194: A Study of Resistance Movement, B.A. thesis, Haile Selassie I University.

ZELALEM ASSEFA .1983. Dejazmach Balay Zallaqa (1912.1945): A Tentative Biography, B.A. thesis, Addis Ababa University.

4.Odeeffannoo afoolaa fi dabalataa

Aadde Rabbituu Bulbulaa; jiraattuu aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Leencoo.

Barsiisaa Malaakuu Tulluu, jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Badhaadha.

Haji Adam Tiinaa. Seenaa qabsoo Oromoo Baalee fi Koloneel Aliyyii Cirrii.

Obbo Abarraa Tolaa (dhalootan Dhaayee Goorgisii,jiraataa magaalaa Finfinnee).

Obbo Abaataa Sammuu; jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Keekkuu.

Obbo Addunyaa Darrasaa; jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Keekkuu.

Obbo Baqqalaa Mallasaa,ogeessa qonnaa fi misooma baadiyyaa godina Shawaa Kaabaa,aanaa Warra Jaarsoo.

Obbo Damissee Makoonnan Mulaatuu fi Korraa Kabbadaa Waarii dhalattoota aanaa Waacaalee, seenaa Zawdee Jaankaa, Alamuu Ejersaa fi Haaylamaaryaam Maammoo irratti.

Obbo Hayilee Warqee; jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Leencoo.

Obbo Mokonnin Aganyoo; jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Keekkuu.

Obbo Shaashoo Taaddasaa,qonnaan bulaa godina Shawaa Kaabaa, aanaa Warra Jaarsoo.

Obbo Tsahaay Warqee Gammachuu; jiraataa aanaa Warra Jaarsoo; Aabbuu Leencoo.

Obbo Warquu Dabalee;maanguddoo seenaa, magaalaa Garba Gurraachaa.

Waajjira Dhimmoota Koomuniikeeshinii aanaa Madda Walaabuu. 2008. Seenaa Aliyyii Cirrii fi qabsoo Oromoo Baalee.

Waajjiraraalee aada fi turiizimii godinaalee fi aanaalee Oromiyaa.